 - c. Kitaabuma tokko keessatti walmaddii barreessaa, ykn bifaa, ilaali, sababnisaa kitaaba Qulqulluuf barreessaan isaa tokkichuma, afuura Quqlulluu.
5. Haalaafi yoomessa seenaa argite sakatta'uuf gargaartuu qo'annootti fayyadami.
 - a. Qoa'nnoo kitaaba Quqlulluu
 - b. Guuboo jechootaa, kitaaba qajeelchaafi Insaayikilopidiyaa kitaaba Quqlulluu
 - c. Seensa kitaaba Qulqulluu
 - d. Ibsituu kitaaba Qulqulluu (qo'annoo kee sadarkaa kanaa irratti akka qo'annoo kee siif sirreessaniif hawaasa amantootaaf carraa godhi).

IV. Hojmaata hiikkoo kitaaba Qulqulluu

Sadarkaa kanatti gara hojmaataatti deebina. Barru yoomeessa ka'umsaan hubachuuf yeroo fudhateerta, amma aadaafi jireenya kee keessatti dhugomsuu qabda. Ani aboo kitaaba Qulqulluu akka “hubannoo ergaa barreessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa bara sanaafi hojmaata dhugaasaa bara kanaa” ti hiikeera.

Hojmaanni hiikkootti fedha barreessa ka'umsaa yeroofi loojikiitti aanee dhufuu qaba. Hanga gaafa bara

isaati inni jedhu beeknutti dubbisa kitaaba Qulqulluu hojiirra oolchuuf hin dandeenyu! Dubbisni kitaaba Qulqulluu waan hin jedhamne jechuu miti.

Baafanni, sadarkaa buufataatti (marsaa dubisaa # 3) gadi bu'ee jiru qajeelcha keeti. Hojmaanni sadarkaa buufataatti, malee sadarkaa jechaatti tolfamu hin qabu. Hiikkaan jechootaa sadarkaa barruutti, hiikkaan jechamaa sadarkaa barruutti, hiikkaan himaa sadarkaa barruutti ta'u qaba. Hiikkaa keessati hiikkaan afuuraa barreessa ka'umsaa qofadha. Ibsa afuura qulqulluun hoggansa isaa horfofna. Ibsaan garuuu afuuruu jechuu miti. Waa jechuudhaaf "Gooftaan isinitti hima" jedhe fedha barreessaa ka'umsaaf abbomamuu qabna. Hojmaanni fedha barreeffama waliigalaa, boqonnaa barruu addaafi dagaaga buufatatti firoomuu qabu.

Dhimmoonni bara keenyaa akka dubbatan odoo hin taane, akka kitaabicha keessaa akka baafannu nu godha. Yoo barruun qajeelfama kana ni deggera ta'e fudhatama argata. Yeroo hedduu qajeelfamni keenya matumasaa qajeelfama "kenya" – malee qajeelfama barruu miti.

Kitaaba Qulqulluu hojmaatessuurratti raajootaan alatti) barrichaaf hiikkaan tokkoofi tokko qofti akka sirrii ta'e beekuun barbaachisaadha. Hiikkaan isaas fedha barreessaa ka'umsaa gaafa saniitti firmudha. Hiikkaa Tokkotti kana irraa hojmaanni hedduu bahuu ni danda'a. Hojmaatichi fedhii argataa irratti bu'uraa, garuuu fedha barreessaa ka'umsaati firoomuu qaba.

V. Kallatti hiikkaa afuuraa

Hanga ammaa adeemsa loojikaafi barreeffamaa hojmaataafi hiikkaa ibsaa tureera. Amma ammoo kallattii hiikkaa afuuraa ibsuu yaala. Tartibni sakatta'a armaan gadii anaaf gargaarsa ni qaba.

- A. Kadhaa gargaarsa Afuura Qulqulluu (1 Qor 1:26-2:16)
- B. Kadhata dhiifamaafi dhiqama cubbuu beekkamaa dhuunfaaf godhamu (1 Yoh. 1:9)
- C. Kadhata fedha guddaa Waaqayyoon beekuuf godhamu (Far. 19:7-14, 42:1ffa; 119:1ff)
- D. Ilaa toltuu jireenya keetti dabalii
- E. Gadjechuufi barsiisu danda'urra turi.

Hoggansa Afuuraa Afuura Qulqulluufi deemsa loojikaa madaallii jiru eeguun guddaa rakkisaadha. Kana lameen walmadaalchisuuf waraabi kun na gargaare.

- A. Scripture Tmisting, James W. Sirerra ful 17-18 "Itti gara sammuu namoota Waaqayyooti dhufe – gara warra Afuuraa muraasa miti. Kiristaanumma kitaaba Qulqulluu keessatti gartuun beekkamo, ibsituuniifi ummanni hiikkaan qixaa keessa dhufe jedhaman hin jiran. Afuurri Qulqulluu kennaa addaa ogummaa, beekumsaafi hubannoo kennullee garuuu inni abbootii hiikkoo sagaleesaa kiristaanoota ol bahan hin ramadne. Barachuun, murteessuuniifi hubachuu hanga saba isaati, kitaaba Qulqulluuti hirkachuun, warra Waaqayyoo dandeetti addaa isaanii kennellee ta'an. Waliti qabuudhaaf tilmaamni ani kitaabicha irratti godhadhe kitaabni Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo namootatti muldhisedha, aboo nuyi waan inni dubbatu hundarratti qabnudha, sunis ajaa'iba gararraa odoo hin taanee waan namoota aadaa gargaraan hubatamu danda'udha.
- B. Kitaaba "kiyeerkigaard protestant biblical interpretation" ful. 75 jedhu keessatti. Akka kiyeerkigaardifi qo'annoon giraamaaraa laaksilaalaafi seenaa kitaaba Qulqulluu barbaachisaadha, garuuu dubisa dhugaa kitaabaa dursuu qaa. "Akka sagalee Waaqayyooti kitaaba Qulqulluu dubbisuuf namni tokko afaaniifi lapheesaatiin, qeensa qubaan, eegumsa dammaqinaan, haasa'a Waaqayyoo keessatti dubbisuu qaba. Kitaaba Qulqulluu akka qalbi dabinsaati, ofumaan ykn yaroominaan, ykn ogummaan dubbisuun akka dubbisa sagalee Waaqayyoo hin ta'u. Akkuma namni xalayaa jaalalaa dubbisutti sagaleen Waaqayyoo dubbifamuu qaba.
- C. Kitaaba H.H Rowleey, The Relvance of Bible ful. 19 jedhu keessati moo "Hubannoon beekumsaa hayyoomaa kitaaba Qulqulluu hangamu guutuu, hunda qabatee hin jiru. Hubanno guutuuf barbaachisaa waan ta'eef hubannoo akkanaa gad buusuuf miti. Yoo guutummaa kitaabichaaf kan ta'u ta'e garuuu gara hubannoo afuuraa qabeenya afuuraatti qajeelchuu qaa. Akkuma kana hubannoo afuuraa dammaqina hayyoomaa daran caaluu barbaachisa. Wantoonni afuuraa afuuraan murtaahu, kanaaf bartoonni kitaaba Qulqulluu amala argataa afuuraa, akka isaanitti of ibsuuf fedha Waaqayyoo, qabaachu qabu akkaqo'annoo saayinsiin duuba darbani gara dhaala duuroma qabeenya kitaaboota isaa gurguddooti darbuudhaaf.

VI. Mala ibsiituu kanaa

Ibsituun qo'annoo kanaa kan qophaa'e deemsa hiikkaa kee bifa armaan gadii akka ta'uufidha.

- A. Seenaan ifaa kartuu kitaabbilee ni agarsiisa. “Marsaa dubbisaa # 3” eegi tolfateen booda odeeffanno kana sakatta'i.
- B. Ilaan barruu jalqaba boqonnaa hundaratti ni argama. Kunimmoo caasaa boqonnaa barruu akka ilaaltusi gargaara.
- C. Jalqaba boqonnaa ykn barruufi hirtaan buufataafi kaptioniin ibsaaf tolu hiikkaa hammayyaa adda adda irraa kenname jira.
 1. Barruu Giriik, Yunaayitid Baayibil Soosaayitii maxx4 (YBS)
 2. Niiw Ameerikaan Sitaandaard Baayibil, 1995 fooyya'e (NASB)
 3. Niiw Kiingi Jemsi Vershini (KJHH)
 4. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershiin (NRSV)
 5. Tuudeyis Ingilish Versiini (HIH)
 6. Jerusaalem Baayibil (JB)

Hiramsi buufata kaka'umsaan miti. Barruurraa mirkanaa'e. Hiikkaa hammayyaa adda addaa kallattii tiyooriifi tiyoolojii adda addaan walbira qabuun ilaalcha barreessaa ka'umsa tilmaame xiinxaluu ni dandeenya. Buufanni tokkoon tokko dhugaa jabaa tokko ni qaba. Kunis “hima, matoomaa” ykn “yaada wiirtuu barruu” jedhama. Ilaalchi gamtooma kun furtuu hiikkaa giraamaraafi seenaa qixaati. Namni tokko waan buufataan gadiin, hiikuu, lallabuu ykn barsiisuu hin danda'au. Buufanni kamuu akka firooma buufatoota olla jiraniin qabu dagatamuu hin qabu. Kanaafi barbaachisummaan kartuu kitaabichaa sadarkaa buufataa barbaachiseef. Nuyi yaa'aa loojika dhimmicha barreessaa ka'umsaa duraan gahuuf danda'u qabna.

- D. Hikkaan yaadannoon Bob lakkoofsa – lakkoofsatti. Kun ammoo ilaalcha barreessaa ka'umsaa akka hordofnu nu dirqa. Yaadannichi odeeffannoo gama hedduu kenna.
 1. Qabiyyee barruudhaa
 2. Ilaa aadaafi seenaa
 3. Odeeffannoo giraamararaa
 4. Qo'annoo jechootaa
 5. Dubbisa walmaddi fayyadan

E. Ibsituu keessatti sadarkaa ta'etti, maxxansi Niiw Ameerikaan Sitaandaard Kershini (haarofni 1995) hiikkaa hammayyaa hedduun deeggeramee jira.

1. Niiw Kingi Jemsi Vershini (KJHH) barruu “Tekistus Resiptas” jedhu duuka bu'eeti.
2. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershini (NRSV) isa jecha – jechatti kaawunsila waldaale biyyaalessa irraa gargale.
3. Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa Ameerikaa Baayibil sosaayiti irraa gitaan gargale.
4. Jerusaaleem Baayibil (JB) isa hiikkaa Kaatolika Faransaayii irratti bu'uuraa'ee Ingiliffaatti hiikkame.

F. Warreen afaan Giriik dubbisuu hin dandeenyeef rakkoo barruu irratti isa mudatu madaalee adda aasuuf afaan Ingiliffaan fayyadamuun isa tola.

1. Garaa garuummaa barruuwwanii
2. Hiikkaa jechootaa filatamoo
3. Caasaafi barruu giraamara rakkisoo
4. Barruu jeeqamoo

Yaata'uti hiikkaan Ingiliffaa rakkoo kana hin furiin malee, akka iddoo gadi fagoofi qo'annooti xiyyeeffatu.

G. Xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii kaasan barbaachisoo ta'an kaa'amani jiran. Isaaniis yaada hiikkaa muumme ta'an irratti xiyyeeffataniiti.

Seera Uumamaa 1:11 Qayyabachuuf Ibsa Seensaa

A. Seerri Uumamaa 1:11 hangam saayinsii ammayyaa biyyoota lixaa waliin wali sima?

1. Gonkumaa walii hin galan.
2. Waliigaltee waliigalaa qabu.
3. Xuqaa walii galaa qabu.

Saayinsiin mala qorannaati. Mudannoo ammayyaati. Garuu yeroo hundumaa jijjiirama beekumsa haraati. Waaqayyo akka Uumamaa fi akka fayyisummaa isaatti Macaafa lama wal-qabatee jira. Uumama (Mullata Uumama Faarsaa 19:1-6) fi dubbii isaa (Mullata addaa Faarsaa 19:7-11) Waaqayyo lammanuu barreesee jira. Lammanuu wal hin mormani.

B. Seerri Uumamaa 1-11 seena amayyaa waliin maaliin wal simaa?

1. Og-barruun dhaloota bahaafi lixaa adda adda. Dhugaa fi soba kanjedhu miti. Sirriif sirrii miti kanjedhus miti. Garuu addaa adda. Seerri Uumamaa 1-11 seenaa duraati. Barumsa hafuraa jalqabaati. Garuu kan golgameedha. (Toora Caaffata gabaabadhaan). Barrefamni kun hidda dhalootaatiin kan golgameedha. Fakkeessuu seenaatiin kan golgameedha. Bara dhumaatiin kan golgameedha. (Jechuunis mullataan).
2. Amantiin kiristaanummaa akka amntii yihudii seenaa irratti kan hundaa'edha. Kan inni dhaabbatus kan inni kufus sababa seenaa mataa isaa irratti. Ta'us sababni tokkoon tokkoonii (jechaun seera Uumama 1-11) hubanno keenyaan oli. Kanaafuu isaanis kan qophaa'an daandii dhalli namaa hubachuu dana'un. (jechaun akka kuufamaatti). Kana jechuun amanamummaa isaa mormuuf miti. Garuu human barumsa hafuraatiif xiyyeeffannaa kennuuf male. Macaafnii qulqulluun seera Uumamaa irratti xiyyeeffachuu hin barbaanne. Garuu Uumamaa keessa deebii (Oolchuurratti malee).
3. Seerri Uumamaa kan inni hundaa'e seenawwan cuubataarratti. Galmeewwan mullatoo fi kan wal hin faallessine seenaawwa amantii kan hintaane boqonna 12irra kaanee ilaalun hin danda'ama. (Nuzi and Mari Tablets (jechaun seenaa Kuniizi fi Bidiruu kakuu meerii) Ta'us boqonnaa 1-3 seenawwan qabatamoos ta'e garaagarummaa hidda sanyiitiin oli.

C. Seerri Uumamaa 1-11 akkamiin og-barru waliin wal simaa?

1. Iddoo kanatti burqaa Misoopotaamiyaa Boqonnaa 1-2, 3, fi 6-9 walcina jiru. Yeroo hundumaa jechootaan, Tarreeffamaan, Adeemsa seenaan walfakaatu. Ta'us Macaaf Qulqulluu, Misoopotaamiyaan fi ulfinni dhala namaa garaagara.
2. Macaafa Qulqulluu akka og-barruutti fudhachuun yoo xiqqaate balaa lama of keessaa qaba.
 - a. Akka og-barruu seenaa Afaaniitti hundumtuu seenaa hinqabu.
 - b. Akka og-barruutti dheedhummaatti kan barreeffameef akkaataa ibsa afaaniitti kan hintaane gosa warra bahaa kan hinqabne fi agarsiisa kan hintaane 'ulfina qabeessa.Waaqayyo kan ofii isaa mullisee yeroo murta'adhaaf aadaa murta'adhaan yeroo ta'u afaan namootaan gargaaramuudhaan. (Jechuu akkaataadhaan fakkenyaan gonkuma) , Kun dhugaaf kan amanamuudhaa garuu kan xumurame miti.
3. Uumamni mullata dhugaa dabalaa deemudhan. Seera Uumamaa 1-2 hundedhaa garuu farsaadha (kakuu haaraadhaan) akkasuma yaada siriidhaaf murteesadha. Tokkon-tokkon burqaa sadanii uumama, Malaa fi kaayyoo barumsa hafuura hubannoo dabaluu.

D. Seerri Uumamaa 1-11 Akkamiin hiikama?

1. Hundumtuu akkamiin akka jalqabeef akkamiin akka xumuramu hagugamaadha. (Seera Uumamaa 1-11 fi mullata jechun Dawiiti keessaan kan ilalaamu dukkana).
2. Waaqayyoof deebii kenuudhaaf Macaafa Qulqulluu hubachuudha. Haalli dhugaa nijira. Garuu dhugaa qabatamaa fi walisimate hin qabnu. Barumsa hafuura filatamaa fi hiikamaa qabna.
3. Ilaalchi Seera Uumamaa 1-11 toorri ittiin ilaalamu,
 - a. Baareefama gosootaa
 - b. Xiyyeeffannaa barumsa hafuura
 - c. Argannoo seenaa
 - d. Ammayyummaa murtee sanyii adda Warraa lixaa

4. Namoonni kufan hundumtuu fuula Macafaa Qulqulluu nidhaabbatu. (Jechuun mulla'ata waaqayyooti) kanaafu isaanitti nimurta. Inni yaada sammuu keenyaa oli. Garuu hubachun dirqama keenya. Isaaf deebii quubsaa kennuudhaf. Amantoonn bifa adda ta'en hiikoo kennu. (Yaada dadhabaadha). Garuu hundumtuu hubachuu dhaga'uuf itti gaafatamummaa qabu. Innis Waaqayyoon ibsa. Fincilummaa dhalaa namaa ibssa. Innis olichummaa Waaqayyoo ibsa. Jireenyi baraa hamma bara-baraati jirachuun keenya dhugaan kana waliin kan waliqabateedha malee seera Uumamaa 1-11 kan jiruu uumamni akkamitti, Yoom akka ta'e walin kan ibsu miti. Jalqaba eenyuu fi, Maaliif ta'en baayye murteessaadha. Waaqayyoo hunduma keenyatti haa araaramu!

Seensa Seera Uumamaa

- I. Maqaa Maacaafaa
 - A. Afaan Ibrootaatttti (barreefama kan Musee) jecha jalqaba Macafaati. Beereshit. Jalqaba yookaan dandii jalqabaati.
 - B. Macaafa Qulqulluu warra Giriikotaa (jeechuun hiikoo Septu'agint) innis seera Uumamaati. Hikoon isa jalqaba yookaan ka'umsa. Ta'us inni Seera Uumamaa 2:4 irraa kan fudhatameedha. Jechi kun tarii jecha hiikituun barreessaan ittiin ibsu ta'un hin hafu. Yookaan barumsa hafuura addaa addaa jeechun akka barreessitoota warraa Babiloonotaatti barreeffame ta'un hin hafu. Akka hiiktuu jechaatti kan gargaaru akka walii galaatti malee akka seensaatti miti.
- II. Akkaata Macaafonni itti calalaman (CANONIZATION)
 - A. Kun Macaafa jalqabaati fuulaa jalqabaa Macaafa Ibrootaa toora jedhamee kan waamamu yookaan barnoota yookaan seera.
 - B. Kutaan kun (jechuunis hiikoo Septu'ajiint) jedhamee beekama. (Jechuun shanan waliigalaa)
 - C. Isaanis yeroo tokko tokko shanan Macaafa Musee jedhamanii waamamuu.
 - D. Seera Uumamaarraa jalqabee hanga seera keessa deebiitti bifaiitti fufiinsa qabuun itti gaafatamummaan (sirrii kan ta'e) Museedhaan yeroo ta'u yeroon Musee haala Uumamaa kan ilaaluudha.
- III. Sharbee (GENRE) -Gosa sanyii Macaafa seera Uumamaa jalqaba irratti Barnoota amantiitti, seensa seenaati. Garuu ammo barreeffama og-barru gosa barreeffama addaati.
 - A. fakkeenyawaan draamaa seena qabeessas 1:1-3
 - B. fakkeenyawaan Weeduu 2:23, 4:2, 8:22
 - C. fakkeenyawaan Raajii 3:15, 49:1
- IV. Barreessaa
 - A. Macaafi Qulqulluun Maqaa bareesaa hintuqu. (Akuma macaafota Biik hundaa (OT) seerri Uumamaa akka Iziraa, Nahiiimiyaa, "Ana" kan jedhu kutaa hin qabu. Yookaan akka hojii Ergamootaa kutaa "nuyi" jedhu hinqabu. Akka wliigalaatti barreessaan isaa Waaqa.
 - B. Aadaa Yihuudotaa.
 1. Yihuudonni dur barreessaan Museedha jedhu.
 - a. Ben Sirah's *Ecclesiasticus*, 24:23, Tilmaamaan Jaarraa 185 barreeffame.
 - b. *Baba Bathra* 14b. kutaa Taalmuud
 - c. Alegzaander isa biyya Misirii Fiiloo, Kalaqaan biyya Yihudaa timaaman jarraa duraa 20-40 kan jiraatte.
 - d. Flaaviyuus Jooseferii Ogeessa seenaa isa hangafa kan Yihudii bara 37-70tti kan jiraatedha.
 2. Kun mullata Museeti.
 - a. Museen Uummataaf akka caafuu goodhamee
 - 1) Seera Ba'u 17:14
 - 2) Seera Ba'u 24:4, 7
 - 3) Seera Ba'u 34; 27, 28
 - 4) Seera Lakoobisaa 32; 2
 - 5) Seera keessa Deebii 31:9, 22: 24-2
 - b. Waaqqayo karaa Musee akka Uummatatti dubbatu ibsee.
 - 1) Seera keessa Deebii 5:4-5, 22
 - 2) Seera keessa Deebii 6:1
 - 3) Seera Keessa Deebii 10:1

c. Museen sagalee tooraa sana Uummatatti dubbachuu issa ibseera

- 1) Seera keessa Deebii 1:1, 3
- 2) Seera keessa Deebii 5:1
- 3) Seera keessa Deebii 27:1
- 4) Seera keessa Deebii 29:2
- 5) Seera keessa Deebii 31:1, 30
- 6) Seera keessa Deebii 32:44
- 7) Seera keessa Deebii 33:1

3. Barreesitoon Kakuu Moofaa Musee ta’u issa ni ibsu.

- a. Iyyaasuu 8:31
- b. Mootota 2ffa 14:6
- c. Iziraa 6:18
- d. Nahii miyaa 8:1, 13:1-2
- e. Seenaa Bara 2ffa 25: 4, 34:12, 35:12
- f. Daan’el 9:11
- g. Milkiyaas 4:4

C. Aadaa kiristaanawaa

1. Yesuus Tooraa irratt yeroo caqasuu Musee agarsiiseera.

- a. Wangeela Maatiwos 8:4, 19:8
- b. Wangeela Luqaas 5:14, 16:32, 20:37, 24:27, 44
- c. Maarqos 1:44, 7:10, 10:5, 12:26
- d. Yohaannis 5:46-47, 7:19-23

2. Barreesitoonni kan biraaf OTn yeroo ibsan Musee agarsiisu

- a. Luqas 2:22
- b. Hojii Ergamootaa 3:22, 13:39, 15:1, 15-21, 26:22, 28:23
- c. Roomee 10:5, 19
- d. Qoroxos 1ffaa 9:9
- e. Qoroxos 2ffaa 3:15
- f. Ibroota 10:28
- g. Mulla’ata 15:3

3. Baayyeen waldaa kiristaanaa duriif Abbootiin amantaa waa’e barreeffama Musee fudhataniiru ta’us Ireeniyus, Clement Alegzandriya, Orriin fi Teruliyaan hundumti isaanii Musee Seera Uumamaa yeroo ammaa fi Macaafa Qulqulluutii gaaffii qabuu. (Cf. D. 2 Fulla 5)

D. Barsiisa Ammayyaawaa

1. Tooraa irratti Aartiiwwan dabalachuun isaa ifaadha. (kunis isa durii hojii namootaa dhaloota ammaatiif akka mijatutti qopheessuudhaaf yaalameeti) kunis ammoo amala namootaa biyya Misirii

- a. Seera Uumamaa 12:6, 13:7, 14:14, 21:34, 32:32, 36:31, 47:11
- b. Seera Ba’u 11:3, 16:36
- c. Seera Lakkobsaa 12:3, 13:22, 15:22-23 21:14-15, 32:33
- d. Seera keessa Deebii 3:14, 34:6
- e. Barreesitoonni durii muuxannoo gaarii kan qabaniif namoota barataniidha. Tooftaan barreessuu isaanii biyyaa biyyatti walcaala.

1. Misoopotaamiyaatti waan tokko akka hin ijjiiramne of eeggannoo godhu turan. Akkasumas hojiin isaanii sirrii ta’uu isa xiinxalaa adeemuu turan, Barreeffama yadanoo miiljalaa namoota Sumeeriyaan durii yeroo ilaallu “jalqabaa hangaa xumuraatti waraabbiin irratti taasifameera”. Sirreeffameeras. Mirkana’eera. Xuqaa xuqaadhaan mirkanaayeera”. Naannoo jaarraa 1400 irraa jalqabee.

2. Barreesitoonni biyaa Misirii durii bilisa ta’uun akkataa namoota ammaatiif galutti keessa deebi’anii barreessaniiru.

2. Jarraa 19ffaa keessa haayyota ilaalcha isaanitiin kan irratti xiyyeeffatan burqaawwan hedduu irraa kan argame yeroo, Baroota dheeraaf kan walit sassabame ragaa ta'usaati. (Gaariif Welhawuusen). Yaadi barumsa isaa kun kan irratti hunda'es:
 - a. Waaqayyoo Maqaa garaa garaa ba'an
 - b. Barreeffamicha keessatti namoota lama ta'an ragaa godhachuudhaan.
 - c. Qabiyyee barreeffamichaa tilmaama keessa galchuun.
 - d. Humna hafuura Waaqayyoo tilmaama keessa galchuun.
3. Yada keessa kangalan burqaawwaniif yeroota.
 - a. burqaan J. (Itti fayyadama Yaahiwween kibba Isiraa'el) -Jaarraa duraa 950.
 - b. Burqaan E. (Elohomi kan Itti fayyadamu kaaba Isirar'eel) -Jaarraa duraa -850 Q. L. K.
 - c. Walta'insa JE -Jaarraa duraa -750 Q. L. K.
 - d. Burqaa D ("Macaafa Seera" 2ffaa Mootota 22:8, Yeroo haaromsaa Iyoosiyaas keessa kan argame, Innis Mana Qulqullummaa irra debi'e ijaaruti. Macaafa Seera keessa deebii irratti akumma ilaalame, Luba hin beekamne tokkoon, Bara Iyoosiyaas kan turee haaromsa sana deggaruuf akka barreeffame ni tilmaamama). Jaarraa duraa-621
 - e. Burqaa P. (Seera mana qulqullummaatiin irra deebi'amee kan barreeffame OT keessumaatti sirna Waaqeffannaa) -Jaarraa duraa 400
 - f. Tooraa irratti Aartiiwwan dabalatee gulaalatee ta'un isa ifaadha. Yihuudonnis kana mirkaneessu.
 - 1) Hangafoota lubaa (yookaan miseensa maatii biroo) barreeffamichi yeroo geggeeffamu.
 - 2) Rajii Ermiyaas
 - 3) Iziraa barreesichi-4ffaa Isdiiraas akka jedhutti inni irradeebi'ame sun tasa badeera, Yeroo kufaatii Yerusaalem -Jaarraa duraa 586.
 - g. Ta'us barsiisi J. E. D. P. akka jedhutti harki caaluu waa'e ilaalcha og-baruu keenyaa fi ramaddii keenyaati, Raaga Tooraa ta'u mannaa R. K Haarsen, (R. K. Harrison, *Introduction to the Old Testament*, pp. 495-541 and *Tyndale's Commentaries*, "Leviticus" fuula. 15-25).
 - h. Amala og-barru Ibirootaa.
 - 1) Lama kan taan akka seera Uumamaa 1 fi 2, Ibirootaan kan amaleeffatamaniidha. Yeroo hundumaa akka waliigalaatti ibsatu godhama, Murtaa'e waan sirrii ta'e dukka bu'ama, (Jechuunis Abboomii kurnanii fi Seera Qulqullummaa). Kun tarii dhugaa \ shaakaluu yookaan afaaniffaan gargaaruu danda'a.
 - 2) Raabonni bara durii akka jedhanitti lammanuu kan baraman Maqaa Waaqayyoo ayyaanni surraasaa faayida qabeessa.
 - a) Yahiwweh-Maqaan kakuu ayyaana isa fayisaa Isra'el waliin walqabsiisuu akkasumas oolchuusaa (Farissa 19:1-14, 103).
 - b) Eelohem-akka humna qabeessummaa ayyaana isati, akka arjummaa isaattiif jireenya biyaa lafaarratti fiduu issa. (Faarsaa 19:1-6:104).
 - c) Barreeffamoonni bahaa durii kan biroon baayyeen maqoota garaagaatti fayyadamu, Waaqa isaanii isa oljedhaa ibsuuf (*Encyclopedia of Bible Difficulties* by Gleason L. Archer, fuula. 68.)
 - 3) Barrefaaman Macaafa Qulqulluu kan hin taane biyya bahaa dhihoo tooftaa adda addaatiif jechootatti fayyadamuun barreessuun kan barameeda, Hojii og-baruu wal simee barreeffame uumuudhaaf (*Introduction to the Old Testament*, R. K. Harrison, fuulawwan. 522-526) ilaali.

E. Namoonni baha dhihoo durii ragaan og-barruu argame akka ibsutti Museen kalleerratti kan barreeffamanitti akka fayyadamaa tureedhaa yookaan tooftaa Misooppotaamiyaa (paatraarkiiwwan) Seera jechootaa fayyadameeti. Yookaan og-barruu gargaarameera, Seera Uumama barreessuuf. Kun garuu bifa kamiiniyyuu hafuuraan liqimfamuusaa isa kan gadi buusu miti, Garuu qabiyyeen Macaafa Seera Uumamaa og-barruu mullisuudhaaf yaaludha malee, (P. J. Wiseman's *New Discoveries in Babylonia about Genesis ilaali*. Seera Uumamaa 37 jalqabee tooftaa dhiibbaa warra Misirii akka qabu agarsiisa, Jecha isarraa yoo ilaalluu Museen kan barbaadu bu'aawwan og-barruu yeroo Israa'elotaatii lamaanuu, Misiriittis ta'e Mesooppotaamiyaatti fayya- damuusaati. Barumsi Musee akka Idileetti kan Misiriiti. (Kan Peentaatiiyuti) inni sirriin bu'urri barreeffamichaa hinbeekamu. An akkan amanutti Museen yeeroo hedduu Kan

Peentaatiyootaa qindeesaa raga og-barruu ta'usaati, Yoollee barreessitoonni barreeffamichaa jechootaan (akka abbaatti) fi Hambaatti yoo itti gargaarameyyu. Barreeffamoonni isaa booda kana barressitoota birootiin fooyya'eera. Macaafonni inni jalqabaa warra OT yaroon isaani akka seenawaatiif amanamaatti akka qorannoo hambaalee (archeology) ammayaatti dhiyaachaa jira.

F. Akka haaraan kan dhufaa jiru barumsi jira, Innis (Israa'el bakka adda-addatti) barresitoota akka turani, isaanis Peentaatiyootaa bakka garaagaraatti kallattii Saamu'eelirrayeroo wal fakkaataa hojjetaa akka turan. (Saamu'eel Iffaa 10:25). Barumsi kun yeroo jalqabaatiif kan inni dhiyaate E. Roobertsan rakkoolee kakuu Mooffa kan jedhamurratti.

V. Yeroo

A. Seerri Uumamaa kan inni haaguugamu jalqaba Uumamaa jalqabee hanga maatii Abrahaamitti yeroo jiruudha. Jireenya Abrahaam amatiirratti malee kan ta'e yeroo og-barruu irraa kaanee kaa'u ni dandeenya. Yeroo tilmaama ta'u kan inni danda'u Jaarraa 2000 Q. L. K. ti. Kanaafu lammaffaa Miliiniyeemiiti Jaarraa Duraanii. Bu'uurri kanaammo

- 1) Abbaan maatii isaa akka lubaatti tajaajiluu isaa (akka Iyyoob)
- 2) Jireenya akka horsiisee bulaatti faana horii duukaa bu'un.
- 3) Godaansi saba warra Seem yeroo kana ta'a

B. Seeri Uumamaa 1-11 haala dursaaf Seenaa sirriidha. (Innis agarsiisa seenaa kan ta'u). Garuu beekumsa yeroo keessatti guyyaan isa hin kaa'amne.

1. An akkakootti umuriin lafaa Biiliyoona hedduudha isa jedhamu nan fudha. (Innis Biiliyoona 14. 6 samiin akkasuma Biliyoona 4. 6 lafti, (Huuf Roos). Gaaffii Uumamaa, lubbuuwwan fi yeroo).
2. Ta'us animmo Uumama Addaam fi Hewaan irraa adda kan ta'e bara boodaa ta'u isa nan fudhadha. Akka natti fakkaatutti seerri Uumamaa kan kan dhiyaate seenaa walfakkaatuudha, Garuu qabiyeen seenummaa isaa dukkataadha. (Jechuun seera Uumamaa 1-3) , Ijoolleen Addaamiif Hewaan Ammayyummaa Misooppotaamiyaa jalqabaniiruu. (Jechuun boqanna 4). Akkaataan kun kan hinfooyya'u yoo ta'e egaawoo Addaam nama ammayyaati. (Hoomoo Saapiyaan). Kanaafuu nama durii Hoomoo Irrektes hin turre. Kun dhugaa yoo ta'e egaawoo dhalli namaa jijjiirama suuta qabeessa keessa darbeera jechuudha. (Tarreeffama Tiindaali OT "Seerri Uumamaa" Kiindineer fi Addaam eenyu? Faazalii fi Huuf Roos) akkasumas Jarraa boodarraa akka ta'e kan Waaqayyoo Uumamaa addaa. Kun anaaf guutummaan guututti naamijaawu. Hata'u malee garuu goochuu kanan danda'u yeroo ammaa Macaafa Qulqulluu fi Saayinsii hubachuunkoo fooyya aadha.

C. Yeroo Seerri Uumamaa qo'atamu waanti yaadatamuu qabu ta'eewwan seenaawwanii Museedhaan isaatiifi innis saba Waaqayyoo biyya Misiriitii yeroo baasu geggeessuu isaati. (1) Jaarraa duraa, 1445 Mootootaa Iffaa 6:1; yookaan (2) Jaarraa duraa 1290 ragaa Arki'oolooji ammayyaarratti hunaa'udhaan. Kana waan ta'efis, Duubii jeechootaa ta'e, Barreefaama burqaansaa hinbeekamneen, yookaan mullata Waaqayyoo fula-fulleetti, Museen kan galmesse. "Hundumtuu akkamiin akka jalqabamee". Kan jedhu "Eenyu" fi "Maalifi" kan jedhuurratti xiyyeeffatee "Akkamitti" fi "Yoomi" kan jedhuu garuu dhiisee!

B. Ibsituu kana (Seera Uumamaa 1-11) kanan barreesseef 2001tti. Seera Uumamaa 1fii ofiikootii ammayyummaa barakanaa gidduuti qabsoo guddaan godha. Macaafa Johon H. Walton, Kan seera Uumamaa tokkoo addunyaa bade. IVP (2009) nagargaareera, Hangami yoomessi mataakootii hammama dhibaa akka ga'e. Hiikoon siirrii ta'e kan inni jalqabu yaada barreessaa isa hangafaa irraati, haata'u malee garuu dhimmi anaafi ifaa ta'e hiikoo yaada barumsaa muuxannoo shaaka hojii kootiirraa ol ture Macaafi Waalten kun waa'e Seera Uumamaa 1 irratti ejjennoon qabu akkan geeddaru nagodheera, Hojiiwwan jalqabaatii jalqabee kan walqabatee samii kanaa jalqabee qabeenyaan kan wal hinqabanne. Inni dhugumaan ija kan banuu ture, Inni karaa ilaalcha haaraan akka jiruu na amansiiseera. Barreeffama kana akka isa olaanaatti ilaaluuf, Innis saayisiif amantii gidduutti, Addunyaa haaraaffi addunyaa moofaa gidduutti, Jijjiirama suuta qabeessaafi sanyii Uumama addaa addaa gidduu wal falmii jiru caqasuun. Anis harka caalaa Macaafa kana akka isaan ilaalan nan ibsa!

VI. Yeroof bakka seena qabeessa ilaaluudhaaf burqaa jiranu

A. Macaafota Qulqullaa'o Kanneen biroo. .

1. Uumama- Farssa 8:19, 33, 50, 104, 148, fi OT (Yohaannis 1:3, Iffaa Qoronxos 8:6, Qolaasayis 1:16 Ibiroota 1:2)
 2. Bara Abrahaam-Iyyoobitti
- B. Burqaawwan Ambaa durii
1. Seerri Uumamaa 1-11 Aadaa yoomessaan walcina barreeffamoota seenaa durii agarsiisan kan Ibiilaa Gabatee barreeffamaa yoo ta'a, Isaanis Kaaba Sooriyaa Jaarraa Duraa 2500 kan lakkoofsisaniidha, Akkadiiyaaniin kan barreeffaman.
 2. Uumama
 - a. As dhihoo kan ta'an argannoon Meesoppo- taamiyootaa Uumama waliin kanwalqabate Innummaa Illiishi, Guyyoota kan herreguu (1) (NIV Hiika haaraa kan Addunya maraa) Qo'annoo Macaafa Qulqulluu, Tilmaamaan 1900-1700 Jaarraa Duraa, Yookiin (2) 2) John H. Walton's *Ancient Israelite Literature in Its Cultural Context*, Fuula 21 tilmaamaan Jaarraa Duraa 1000. Innis kan argame Mana Macaafaa Ashurbaniipaal Nanaweti Sihiini waraabbii kan biro kan biroon ammo bakka adda addaati argaman. LXXti Gabatee barreeffamaa durii Akkaadiyaaniin kan barreeffame, Mardukiin akka kalaqaman kan ibsuudha.
 - 1) Waaqolii *Apsu* (bishaan Qulqulluu) -dhiira) fi *Tiamat* (Waaqa Ashaboo) -dubartii) Kan hi abbomamne Ijoollee jeeqamtuu qabu. Isaan kun Waaqolii tolfamoo warra dargaggoo sana lamaan tasgabbeessuuf yaalu.
 - 2) Mucaan *Ea* fi kan *Damkina* Inni tokko, *Marduk* (hangafa waaqolii tolfamaa, Magaalaa guddachaa Baabiloon keessa Jiruu). Tiyaamaatiin mo'ate. Innis qaama shee irra samiif lafa hojjete.
 - 3) *Ea* Hundee Eenyummaa kan hin qabne Waaqolii talfamoo mo'amanirraa, Kiingu, Innis Tiyaamaaniif obboleessa, Du'a Appisuu booda, Eenyummaan kan dhufee dhiiga Kiinguutiin.
 - 4) *Marduk* Mootii Baabiloonotaa ta'e.
 - b. "Chaappaan Uumamaa" Gabatee barreeffamaa duriiti. Innis Dhiira qullaadhaaf dubartii Muka Ijaqabu bira kan jiran, Bofis solloqqee Mukichaatti maramee, Kallattii dubartittiin gateetti ishee biraan akka waan hasofsiisuutti kan jiruudha.
Koollajjii Weeltoon kanta'ef nama seera jabeessu akkasumas hambaalee kan qoratuu Proofeesera Alfard J. horiz akka jedhutti chaappaan (Asxaan) amma akka ejja agarsiisuutti hiikama. Kun fakkeenya gaariidha, Dur durii ogumman dhugaa namoota dhuunfaattif adeemsa yerootiin akkaataa addaatiin akka hiikamu arguufi. Kun irra deebi'ee ragaan addaa kan itti qoratamuu qabuudha.
Dhugaan nama dhuunfaafi adeemsi yeroo akkamitti bifa adda ta'ee akka hiikamu ilaaluudhaaf. Adda kanta'e ragaan kun irra deebi'amee qoratamuu qaba.
 3. Uumamaafi Bishaan badiisa- *The Atrahasis Epic* Barri Atrhaahaasis kan galmaa'u waaqolii tolfamoo yaroon sababii isaan fincilaniif ta'e. Sababiin isaammoo baayyee waan hojisiisaniif namoonni torba lama lama taiuun waaan huumamaniif (suph, Dhiiga, fi gorora irraa) Isaan kun hojii waaqolii shifoo agarsiisuufi. Namoonni sababiin isaan barbada'aan: (1) Baayyina namootaatii fi (2) Iyyaani. Ilmaan namaa lakkoofsi isaanii kan hi'arratu dhayicha, Gogoonsaa fi dhuma irratti lolaa bishaaniitiin. Kunis Eniliil kan karoorfameedha. Antransis bidiruu hojjetee beelladoota ofitti bute oolchuudhaaf. Ijoon kun kan wal fakkaatu.
seera Uumamaa 1-8 rratti duraaf duubaan mullataniiru. Qindoominn barreeffama durii yeroo wal fakaatuun bara isaa kaa'a. Akka Inuuma aliish fi Gelgaamesh Ippiik, Tilmaamaan Jarraa 1900 - 1700. Hundumtuu ammo Akkadiyaaniidha.
 4. Bishaan badiisaa Noohi
 - a. Kan warra Sumeeriyaanotaa Gabateen barreeffamaa Kiinii Puriirra, Iriiduu Jenesi jedhamee waamamu, Tilmaamaan Jarraa 1600 kan laaka'amu Ziiyuusudiraa fi waa'ee isa dhufaa jiru waa'e lolaa bishaanii ibseera.
 - 1) Inkaa waaqa bishaanii waa'ee dhufaatii lolaa bishaanii Ziiyuusudiraan akeekkachiiseera.
 - 2) Ziiyuusudiraa, Mootii-luba, mullata kana amanee Bidiruurogaa afur qabu hojjetee gosa hundumaarra itti guute.
 - 3) Lolichi guyyoota torbaaf ture.

- 4) Ziiyuusudiraa foddaa Bidiruchaa saaqee simbirroota heeduu gadiilakisee lafa googaa akka jiru hubachuuf.
- 5) Innis Bidiruusana gad lakkisee yeroo Ba'u sangaa tokkoofi hoolaa tokkoo arsaa dhiyeese.
 - b. Waa'een lolaa bishaanii Baabloonotaan Gabatee barreeffamaa Sumeeriyaanotaa afur irratti qindaa'e. Innis kan waamamu Gilgaameshi Ippiki hangafummaa kan inni yeroo agarsiisu tilmaamaan Jarraa 2500-2400 yoo ta'u, Barreeffama durii kana kan qindeessu garuu Akkaadiyaadha, Isa bara booda (Jarraa 1900- 17000) ti. Innis kan mullisu waa'e warra lolaa bishaanii irraa hafaniiti, Yutinaappiiviitis, Gilgaameeshif, Yuruuk Mootichaaf, Akkamitti lolaa bishaaniirraa akka oole fi jireenya barabaraa akkaataa itti kennameef itti hima.
 - 1) EA, Waaqa bishaaniis, Waa'e dhufaatii lolaa bishanii ni akeekkachiisa akkasumas Yutinaappiishiitiim (Baabiloon Ziyuusuudira jechuudha). Bidiruu akka hojjetatu ittima.
 - 2) Yutinaappiishiitiimiif maatiin isaa filatamaa biqilaa daawwaa wajjin lolaa bishaanii irraa oolan.
 - 3) Bishaan badisiisichaa guyyaa torbaaf ture.
 - 4) Bidiruuchi kaabaa faarees boqote, Tulluu neezir irra.
 - 5) Innis Simbirroota addaa addaa sadii gad lakkise lafti goguu isaa baruuf.
5. Og-barruun Mesoopotaanotaa waa'e lolaa bishaanii durii kan ibsani madda walfakaaturraati. Maqaan isaanii yeroo hundumaa tokko miti. Seenaan isaanii garuu wal fakkaataadha. Fakkeenya kanta'u Ziiyuusaadraa, Atrahasiis fi Yutinaappiishiitiim (*Zivusudra, Atrahasis and Utnapishtim*) hundumtuu bakka bu'a Mootii namaati.
6. Hiriyoota Seenaawwaniit, Ta'eewwan seenaa duraati bittinaa'u Dhal namaan dura haala ture hubachuun nidanda'ama. (Seera Uumamaa boqonna 1-11). Beekumsa Waaqayyoo fi muuxannoo jireenya. Seena dhugaan kun dubbii isa olaanaan yaadannoo isaa foyya'eera. Akkasumas dubbiiin afoolaa itti dabalameera, Kunis lolaa bishaanii yeroof guutummaa addunyaatti kan bameedha. Wafakkaataan Uumamaa kun Uumamarratti duwwaa miti kan jechisiisuu danda'u (Seera Uumamaa 1, 2) fi lolaa bishaanii (Seera Uumamaa 6-9). Garuu walargee namaa fi Ergamootaa. (Seera Uumamaa 6)
7. Bara abbootii (Middle Bronze)
 - a. Barreeffamoonni Gabatee maarii – Barreeffamoota seeraa durii (Aadaa Amoonotaa fi Barreeffamni dhuunfaa Akkaadiiyaan tilmaamaan jaarra 1700.
 - b. Barreeffamni gabatee Nuuz- Barreeffama mana galme durii kanta'an kan ta'an kun barreeffamoota maatii (aadaa Hooriiti fi Hurriyaan) Akkaadiiyaan kan barreesse Nanawwee irraa maayilii 100 kaaba bahaan tilmaamaan jaraa 1, 500-1300. Innis kan galmeesse maatii isaafi qajeelfama daldaalaati. John H. Walton's *Ancient Israelite Literature in its Cultural Context*, fuula 52-58. Ilaali.
 - c. Akkaataan ergaa gabatee barreeffamaa- Barreeffamni durii kaaba Soriyaarra tilmaamaan jaarra 2000.
 - d. Seera Uumamaarra maqaan jiran tokko tokkoo barreeffa gabatee Meeriirratti maqaa idootiin galmaahanii jiru. Seerugi, Piilegi, Teeraahi fi Naahor. Maqoonni biro Macaafa Qulqulluu kan beekamaniidha. Abrahaam, Yisihaaq, Yaa'iqoob, Laabaa fi Yooseef. Kun kan agarsiisu maqaa Macaafa Qulqulluu yeroo kanaaf idoo kanaaf mijataa ta'uisaati.
8. Wal maadaallii qo'annoo seenaa kan agarsiisan, Hetayites irraa deebi'ee, Ibroonni durii baayyee sirrawaa dhageetti ta'e kan qabaniiti fi galmeessitoota itti gaafatamummaan guutamaniidha. Seena baha dhihoo Ar. K. hariisen CeePhoo Macaafa Qulqulluu fuula 5
9. Qooratoni Amibalee durii gargaarsa guutu Macaafaa Qulqulluu kaa'uuf baayyee kan nama gargaru ta'unsaa hubatameera, Ta'us jecha ofi eggannoo kaa'un ni barbaachisa. Qorattani hambaalee durii gonkiffa ta'ani amantaan kan irratti gatamu mitii, Saababiin isaas,
 - a. Halaa dadhabaa soqiinsa duri turerraa kan ka'e
 - b. Heddumina, Bayyee qabatamummaa hin qabnee hikoon hambalee kan irrati godhamuu isaatiin.
 - c. Bahaa dhihoo durii tartiibarratti waliigalteen tokkollee dhibamuu isaa (ittumaa inni tokko kan kaa'u amartii Mukaa qubaatiifi suphee irraa yoota'eyyu)

- C. Kan warra Misirii tarreeffamni uumamaa ibsituu John H Walitoniin barreffame Isira'elonni durii og-barruu qabiyyee aadaatiin (John H. Walton's, *Ancient Israelite Literature In Its Cultural Context* (Grand Rapids, MI: Zondervan, 1990 fuul 23-24, 32-34
1. Og-barruun warra Misirii Uumami kan jalqabuu boja'ammi jireenyaa (፳፻፱(Idoon jiruutti, Bisaaniin dura. Umamni kan argamuu gudina kan qabuu caaseffama (Tuulluu) Bishaaniin jireenyi jeeqamuun dura,
 2. Og-baruu Misirii Mememfis, Uumammi kan argamee Haasawaa pitaahirraati.
 3. Tokkoon tokkoon magalaawwan guguddoo Misirii aadaa isaani kan addaan baasan aadaa waaqa isaaniitiin dhiibbaa gochuuni.
- D. John H. Walton Macaafaa haraa, Seerra Uumama addunyaa badee tokko, IVP, 2009, amantii BE. . IN. I Waa'e Waaqummaa Waaqaafi addunyaa walitti dhufeenya jiruu ifa haraa jirus kan agarsiisuudha. Isa innii jeedhutti (anisi ittiin waliin gala) eenyus haa waraabu enyuu dubbii hangafaa mitii. Garuu waliigalli waliigaltee adda, kanguute BE. IN. I kunisi kan Uumamaafi Uumaan olii wan ta'edha. Aadaan hundumtuu ilalivha kan dubatuu.

VII. Mataa duree Og-barruu (qabiyyee)

A. Museen “dhaloota” kan jedhu irratti kan hundaa'e yaada (*toledoth*) :

1. Uumamaa Lafaafi Samii, 1:1-2:3
2. Uumamaa Namaa, 2:4-4:26
3. Dhaloota Addaam, 5:1-6:8
4. Dhaloota Nooh, 6:9-9:17
5. Dhaloota ijoolee Nooh, 10:1-11:9
6. Dhaloota Seemi, 11:10-26
7. Dhaloota Taaraa (Abirahaam) 11:27-25:11
8. Dhaloota Isimma'el, 25:12-18
9. Dhaloota Yisihaaq, 25:19-35:29
10. Dhaloota Eesawu, 36:1-8
11. Dhaloota ijoolee Eesawu, 36:9-43
12. Dhaloota Yaaqob, 37:1-50:26 (#1-11 kan meesoppotaamiyaatti barreeffame dhabbi faanaa qaba, Garuu #12 ammoo barreeffama biyya Misirii dhihoo qaba.

B. Bafaata bareefamaa hafuuraa:

1. Uumama namaaf ta'aniif Uumama nama, 1-2
2. Dhala namaaf kufaatii kufaatii Uumama, 3
3. Bu'aawwa kufaatii, 4-11
 - a. Dhiibbaa isa hamaa, Qaayeeleef maati isaa
 - b. Dhiibbaa isa hamaatiif, Dubartiif maatii ishee
 - c. Dhiibbaa isa hamaa waamn hundumaarratti
 - d. Isa guda lolaa bishaani
 - e. Dhiibbaa isa hamaa ammas maatii Nohirratti
 - f. Dhalli namaa ammayyu akka fincileettii jira, masaraa baabi'li
 - g. Waaqayyoo akka facaasetti.
4. Namni tokkoo nama hundumaaf (3:15) 12-50 (Roome 5:12-21)
 - a. Abrahaam (12:1-3) , 11: 27-23: 20
 - b. Yisihaaq, 24:1-26: 35
 - c. Yaa'iqoob, 27:1-36: 4
 - 1) Yihudaa (hiddaa dhaloota masihii)
 - 2) Yoosef (lafa dachaa kan dhaale)

VIII. Hangafoota dhugaa

A. Waanti hundumtuu akkamiin jalqabame?

1. kan jalqabame waaqayyoon (Seera Uumamaa1-2). Macaafi Qulqulluun addunyaa kan ittiin ilaalu hedduuminaan miti. Haata'u malee garuu tokkummaan. “Akkamiin” kanjedhu Uumamaa irratti caalatti hinxiyeeffatu, “Eenyu” kan jedumale, Inni gabaabadha, Garuu akkaataan dhiyeenyasaa baayyee ulfaataadha. Barumsa hafuuraa Macaafa Qulqulluu yeroo mataa isaatiitti guutummaa

- guutuutti adda kan ta'e ture, karaa Jechoota tokko tokkotiin, Kallatti gochaarratti, Akkasumas kanbiraan karaa og-barruun Mesooppotaamiyaa irratti matadureen argameera.
2. Waaqayyo tokkummaa barbaada. Uumamaa, Waaqayyo dhala namaa waliin tokkummaa inni qabuuf waltajjii akaa ta'ufii qafadha. Kun "Addunyaa qabatamaadha" (C. S. Liyyuus).
 3. Kutaan Macaafa Ququlluu inni kanbiraan seera Uumamaa 1, 2-4 fi 11-12 malee hubachuuf carraa hin qabu.
 4. Namoonni amantaadhaaf dirqama deebii kennu qabu, Waa'e fedha Waaqayyoo hamma hubatan (Seera Uumamaa 15:6 fi Roome 4)
- B. Addunyaan maaliifi hamaa fi garii kan hintaane Ta'e? inni "Baayyee gaarii" turee (1:3). Garuu Addaami fi Hewwaan cubuu hojjetan. (Seera Uumamaa 3; Roome 3:9-18, 23, 5:17-21). Bu'an inni sodaachisaan ifaadha.
1. Qaa'yel Abeelin ajjeese (Booqonaa 4)
 2. Ijaa Ba'u Laameh (4:23)
 3. Tokkumma barbaachisaa hintaane (6:1-4)
 4. Hammeenya namaa (6:2, 11-12, 8:21)
 5. Machi Nooh (9)
 6. Gamoo (Gimbii) Baabel (11)
 7. Waaqota heedduu Waaqessuu Uur (11)
- C. Waaqayyo akkamiin raggaasisee?
1. Masihich ilmaan namaa hundumaaf dhuffaa (3:15)
 2. Waaqayyoo tokkoo waameera, Hunduma Waamuuf (Seera Uumamaa 12; 1-3 fi Seera Ba'uu 19: 5-6, Roome 5 :12-21).
 3. Waaqayyo dhala namaa isa kufee waliin hojjechuuf fedha qaba (Addaam, Hewaan, Qaayel, Noohi, Abirahaam, yihudii, fi Ormoota). Akkasumas ayyaanasaatiin kankennu.
 - a. Abdiisaatiin
 - b. Kakuu isaa (Dursa haalaatiif dursa haahaala malee.
 - c. Aarsaa
 - d. Waaqeffanna

Dubbisa naannawaa (fuula vi ilaala)

Kun hiikoo qajeelfama qo'anno yeroo ta'u, sana jechuun garuu Macaafi Qulqulluu dhuunfaakeetti yeroo hiiktu itti gaafatamummaa fudhatta jechuuda. Tokkoon tokoon keenya ifa nuu kennameen deemuu qabna. Dursitoonni hiiktotaa siyi, Macaafa Qulqulluuf hafuura Qulqulluudha. Kanas deebiftee hiika isaarratti jechoota birootiin akka hin fudhanne. Guutummaa kutaa Macaa Qulqulluu altokko dubbisi. Qabiyyee hangafaa giddu-galeessaa guutummaa Macaafichaa jecha keetiin qubachiisi.

1. Qabiyyee guutuu Macaafichaa.
2. Gosa Og-barruu (Barreeffamicha)

Naannowwan barreeffamootaa lama (Fuula vi-vii Ilaala)

Kun qo'anno kanaaf hiikoo qajeelfama yoo ta'u, Sana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu Dhuunfaa keetti yeroo hiiktu itti gaafatamummaa fudhatta jechuuda. Tokkoon tokoon keenya ifa nuu kennameen deemuu qabna. Dursitoonni hiiktotaa siyi, Macaafa Qulqulluuf Hafuura Qulqulluudha. Hiika deebii isaa irratti jechoota biraatiin akka hin fudhanne.

Guutummaa Macaafa Qulqulluu al- tokko yeroo lammaffaaf dubbisi. hangafoota ijoo yaadaa adda baasii qubachiisi.

- 1) Akkasumas ijoo yaadichaa hima tokkoon ibis.
- 2) Isa jalqabaa ijoo yaada barreeffamichaa
- 3) Isa lammafaa ijoo yaada barreeffamichaa.
- 4) Isa sadaffaa ijoo yaada barreeffamichaa.
- 5) Itti fufa. . .

SEERA UUMAMAA 1:1-2:3

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Uumama	Seenaa Uumama	Seenaa Uumama	Seenaa Uumama	Uumama
(1:1-2:3)	(1:2-2:7)	(1:1-2:4a)	(1:1-2:4a)	
1:1-5	1:1-5	1:1-5	1:1-5	1:1-2 1:3-5
1:6-8	1:6-8	1:6-8	1:6-8	1:6-8
1:9-13	1:9-13	1:9-13	1:9-13	
1:14-19	1:14-19	1:14-19	1:14-19	1:14-19
1:20-23	1:20-23	1:20-23	1:20-23	1:20-23
1:24-25	1:24-25	1:24-25	1:24-25	1:24-25
1:26-31	1:26-28	1:26-31	1:26-2:4a	1:26-27
Uumama dhiiraa fi dhalaa 2:1-3	(27) 1:29-31			1:28-31
	2:1-3	2:1-3		2:1-3
	2:4-7	2:4		2:4a

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata duraa

*Kaka'umsa dhabuyyuu, qoqqooddaan keeyyataanii yaada barreessaa jalqabaa hubachuuf furtuu cimaadha. Tokkoon tokkoon jijjiirraawwan ammayyaas keeyyata qoqqoodamee fi kan cuunfame ni qabu. Keeyyanni kamiyyuu immoo bakka adda ba'ee jirutti mata duree ijoo, dhugaa fi yaada ijoo tokko ni qaba. Tokkoon tokkoon sararaas bakka adda ba'anii jiranitti mata duree sana ni calaqqisiisu. Akkuma barreeffama kana dubbisteen jijjiirraa isa kamtu akka hubannoo, dhimmaa fi qoqqooddaa sararaaf ga'umsa siif ta'u of gaafadhu.

Boqonnaa kamiyyuu keessatti dursa Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi dhimma isaa adda baasuuf yaaluu qabna. Itti fufnees, hubannoo keenya hiika ammayyaa waliin wal cinaa qabnee madaaluu qabna. Yeroo miira barreessaa jalqabaa hubannu qofa sabqora (logic) isaa fi haala inni ittiin dhiyeesse ilaaluun Macaafa Quqlulluu

dhugaan kan hubachuu dandeenyudha. Barreessaa jalqabaa qofaatu kaka'umsa uumuuf ga'aadha malee Dubbistoonni Macaafa Qulqulluu, barootaa fi jireenya isaanii keessatti dhugaa eerame hojjiirra oolchuuf itti gaafatamummaa ni qabu.

Hub: Jechoonni teeknikaawaa fi gabaajeewwan hundi guutummaa guutuutti miiltoo (Appendices) tokkoffaa, lammaffaa fi sadaffaa keessatti ibsamaniiru.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Ibsa ittiin seenan

A. Uumama 1-1 Qayyabachuun Sababii rakkisaatif

1. Hundumti keenya karaa aadaaf kutaa amantii keenyaan waan qabamneef
2. Harra dhiibaan hedduun ta'e jedhamees utuu hin beekin waa'ee isa jalqabee ilaalchi keenyaa dhiibbaa fiduusaatiini:
 - a. Argannoo hambaalee seenaa kara (Misopotaamiyatiin).
 - b. Saayinsii ammayya (yaadota barsiisaa)
 - c. Hiikawwan seenaa
 - 1) Yihudummaa
 - 2) Waalda kiristaanaa iseedurii
3. Kutaa jalqaba saaqiinsa seenaa Macaafa Qulqulluutti dhiyaate. Garuu waantonni bayyeen namicha hiikesana ana hindinqifachiisuu.
 - a. Kara Misopootomyatiin (kallatti)
 - b. Akkaataa barreeffama kar bahaatiin (waliigala yaadonta umamaatiin)
 - c. Ta'eewwan harawaatiin
 - 1) Nadhittiin "lafee cinaachaakeessaa" umamuu
 - 2) Bofa dubbatu
 - 3) Bidiruun horii kormaaf dhalaa baate waggaa tokkof mana jireenya t'u isaa
 - 4) Ergamoonniif namoonni walmakuu isaani
 - 5) namoonni umurii dheeraa jiraachuu.
 - d. Maqoonni warra taatoowwan hangafootaa tapha jechoota baayyee (3)
4. Kiristaanonni Kakuu Haaraan ifa inni ittiin Seera Uumama 1 fi 2 hiiku hubachuutu isaan barbaachisa. Inni'umama irratti bakka bu'uaa Abbaa ta'e ture (Yohaannis 1:3, 10 Iffa Qoroxos 8; 6; Ibroota 1; 2) lammanuun kan mullatanis ta'e dhugaawwan hin mullanne (Qolasaayis 1:16). Mullatin haaraan kan inni agarsiisu uumama 1-3 dheedhii isaa xiinxaluun barbaachisaadha. Waaqni sadan kun uumama keessatti turan.
 1. Waaqayyo Abbaan Seera Uumama 1:1 keessatti
 2. Waaqayyo Hafuura Qulqulluun Seera Uumama 1:2 keessatti
 3. Waaqayyo Ilma Kakuu Haaraa keessatti ml'ata walitti fufiinsa qabuun.

Kunis tarii Uumama 1:26, 1, 3 9-6 keessatti danooma (PLURALS) ibsa.

B. Uumaama boqonnaa 1-11tti galmee saayinsaawaa miti. Hata'u malee karaa tokko tokkoon akkaataa dhiyeenya isaa kallattii saayinsaawaa isaa godhaa. (Tartiibni qo'annaa sadarkaa teessuma lafaa). Inni kun ammo mormaa saayinsii miti. Garuu dursa sayinsiiti malee. Inni dhugaa dhiyeessa.

1. Ilaallee lafaa (nama addunyaa kanarra do'atu)
2. Ilaalleen ta'eewwanii (Jechuun qaama miira shananii nama do'atuusanaati). Waanta kana itti ta'aniif. Inni jiruu qaba akka dhugaan mullisutti waggoota hedduuf. Addunyaawaa hedduuf innis saayinsii ammayaawaatiif dhugaa kenna. Haata'u malee utuu Kiristoosiin hin ibsini.

- C. Inni dinqisiifamuu isaaf qabaabadha. Akkaata bareedadhaan mullate kara ogummaatiins chinkaarame.
1. Waantooni gargar ba'u
 2. Waantooni ni guddatu
 3. Waanta boroj'amaarra gara lafa qabatamaatti, lubbuun kan irra jiru.
- D. Isa hubachuudhaf furtoon kan keessatti argamanu.
1. gosaan
 2. Walitti dhufeenya inni yeroo ofii isaa waliin qabu (John H. Walton, *The Lost World of Genesis One*) ilsali
 3. Caaseeffama isaa
 4. Tokkummaan isaa
 5. Kaayyoo waqayyummaa isaa
- Hiikin isaa dirqama madaallii isaa eeguu qaba.
1. Hiikoo waraabiilee
 2. Caaffata qulqullaa'oo hundumaa ogummaan hubachuu
 3. Haala barreeffama (genre) gosa addaa.
- Kan inni ibsu waan toonni mullatan jiraachuu isaan.
- ("Kanaafu inni gaariidha. "1:31) akkasumas waantooni kun hundinu baduu isaanii (boqonna3) karaa hedduudhaa ta'en kiristoos Umama haaraadha kanaafu Iyyesuus addaam isaa haaraadha (Roome 5; 12-21) Barri haaraa tarii itti galadhumaa kan inni godhatee jannat eden deebi'u isaatiif isaanis tokkumma inni waaqayyoo fi horii wajiin jiraatudha. (Umama1-2 Mullata21-22 waliin walbira qabi)
- E. Dugaan boqonnaa kanaa inni hangafaa akkamiif yoomii isaa miti haata'u malee eenyuu fi maalifiidha!
- F. Seeri umamaa beekumsa dhugaa calaqisiisa hata'u malee beekumsa xumuraamaa miti. Innis isabara durii nuuf kenname (Kan misoopotaamiyiaa) Akkaata yaadaati. Ta'us garu surraa ayyana waaqayyoo isa hin mitiqneedhugaadha. kunis kan yeroo walin walqabatu yoo ta'u akka waliigalaatti addadha. Inni kan inni dubbatu kan hin mullanneedha Haata'u malee waanta inni haasa'u dhugaadha. Akka bu'uraatti inni ilaalcha addunyaa kan (Eenyuuf maalifi) fakki addunyaa kanaa miti. (Attamiif Eessatti)
- G. Uumamaa 1-3 malee Macaafni Qulqulluun guutuu hin ta'u ture. Seenaan isaa akkamitti akka tarkaanfachiisehubadhu. (1) Cubbuu irra gara ooluuatii fi (2) namummaa irra gara Israa'elitti. Uumamni tokkummaa fida garu Waaqayyo Israa'eeliin Addunyaa maraa kaayyoo oolchuutiifi filachuu isaa yaada keessa galcha. (Uumama 3, 15, 12:3 22:18 Seera Ba'u 19:5-6 fi Yoh. 3:16 Ho. Er. 3:25, Gal. 3:18 1Xim. 1ffa 2:4 Peexroos lammaffaa 3:9
- H. Kaayyon hafuura keessa lixuuf mullata hafuuraa maal? Gaaffii jedhuuf deebiin keessan Uumamni tokko kallattiin isaan ittiin ilaallatan dhiibbaa uuma. Kaayyoon Isaa waa'ee uumaama dhugaa garatokkee tiin ilaallatu yoo ta'e karaa tokko duwwaa ilaallatu jechuudha. (Dhiibbaawwan dhugaa jechuudha) Waa'e Waaqayyo Eenyummaa fi cubbu yoo ta'e akka waliigalaatti kaa'amen waa'e dhugaatiif ka'aman karaa yumna Waaqayyo ilaallatuun jechuudha. (Kana jechuunis karaa fakkeenya isaatiin. Haata'u malee kaayyoon inni dursaa Waaqayyof nama waliin walquunnamtii inni godhu akka ijaarsaatti yoofudhatan waanti inni ta'u waan biraati. (jechuunis haquma.
- I. Kutaan seera Uumamaa kun dhuguma barnoota hafuuraa kan ilaallatudha (theological). Dhayichi Seera Ba'u kan inni agarsiisu humani YHWH jiraataa waaqolii Misirii irratti jabaachuu isaati. Seera uumama 1, 2, tarii Kan inni agarsiisu Waaqayyo yookiin YHWH jiraataa human isaa waaqolii Misooppotaamiyaarratti jabeessuu isaati. Matadureen jalqabaa waa'e Waaqayyooti. Waaqayyo oofiiIsaa qofa kaayyo isaaf jedhe godhe.
- J. Wallaalummaan koo naan ajaa'ibsiifadha! Seenaafi adaa mataakoofi kutaawwan amantiiwwanii nan jeeqa! Waaqa guddaa akkamiiti kanan tajaajilu! Waaqa guddaa sodaachisaa akkamiiti kan nutty dhiyaate (Finciltoota taanulle)! Macaafni qulqulluun madaallii jaalalaafi humnaati, Kan haqaatiifi ayyaanaa! Hanga waan hundumaa beeknee waa akka hinbeekne waa wallaaluukeya mmoo beekna!
- K. Asitti macaafota cuubataa xiqqo dhiyeessaa bu'ura ilaalla.
1. Uumama1-2tti toora sanyii ammayyummaa hiika.
 - a. Bernard Ramm's *The Christian View of Science and Scripture* (Karaa Saaynsawaa fi kara barnoota hafuuraatti gaarii)

- b. Hugh Ross' *Creation and Time* and *The Genesis Question* (Karaa Saaynsawaa gaarii kara barnoota hafuuraatti gaarii miti)
 - c. Harry Peo fi Jimmy Davis' *Science and Faith: An Evangelical Dialog* (baayyee kangargaaru)
 - d. Darrel R. Falk, *Coming to Peace with Science: Bridging the Worlds Between Faith and Biology* (Waaqayyoonis kan amanau jijjiirama suuta qabeessaa (evolution) kan amanu.
 - e. Francis S. Collins, *The Language of God*
 - f. Fazale Rana and Hugh Ross, *Who Was Adam?*
2. Seera Uumama 1-2 yeroo toora hiriyoota bahaa dhihootiin hiikamu,
 - a. R. K. Harrison's *Introduction to the Old Testament* and *Old Testament Times*
 - b. John H. Walton's *Ancient Israelite Literature in Its Cultural Context*
 - c. K. A. Kitchen's *Ancient Orient and Old Testament*
 - d. Edwin M. Yamauchi's *The Stones and the Scriptures*
 3. Uumama 1-2tti toora human Waaqayyooti hiikamee LaSor, Hubbard and Bush's *Old Testament Survey*
 - a. Meeshaaleen og-barruummoo maqaawwan hojjiirra oolaniin mullata. Hojiin namichaatiif maqaan isaa yookaan gahee kan qabu fi walta'insi isaanii ni dinqifachiisu. Addam jechuun dhala nama akkasumas Heewaan (jireenya kaate) jechuudha. Barreessaan seenaa tooftaawwan duraa seenaa namaa lubbuu isaani yeroo moggaasu waa'e frooma waan sadrkaawwan tokko ta'e jedhameetu jedhama. Haaluma walfakkaatuun Qaayeen Qulleessu (sibiila) jechuudhaan heenkoo jechuudhaan kan ittiin walqabatu kan eebbifameefi kennameefi jechuudha. (4:17, 5:18) Juubil Malakat gaafaatiif Ululleedhaan (4:21) Qaa'elnaad "jooraa" Akka ta'uuf yeroo abaarame Ido jedhamu akka jiraatuuf deeme. Maqaan isaa biyya Misiriitiin kan walfakkaatu Ibiroota jelatti argame. Biyya inni jooraa sokkaa! Kunis kan agarsiisu barreessichi seenessaan seenichaatti akka barreessetti. Meeshaaleen og-brruu barreeffamootaa ogummaatti fayyadamu. Eenyuyyuu barreessuuf ibsuu yoo barbaade seerota og-barruutti fayyadamuun dirqama. Fuula 72
■ “**Nama biyya lafaarraa**” Nama kan jedhu ibraayisxiidha, Addam (BDB, 89). Hiikoon isaas (1) “Diimaa” jechuudha. Hiikoon lammaffaammo kan qabu (seera ba`u 25:5; 28:27, Seera lakkoofsaa 19:2, Isaayaas 63:2; zakkaariyaas 1:8) Yookaan (2) “lafa Adaamah, Lakkoofsa 6) kunis “Diimaa suphee dhoqqeedha” fakkaatu. Kunis kan inni calaqisiisuu gaddeebi`ummaa namaa fi gadbu`aata`uu isaati. Asirratti walfalmii maseenetu jira. Dhala namaa iddoosaa gidduuf (akka bifa Waaqayyooti isa tolfame) fi oddoo gadi`anaattihaala gadibu`aan! Horiin

kan Uumaman kara walfakkaataadhaani, (Lakkofsa 19. Innis kan agarsiisuu danda`u dhalli namaa dhoqqee irraa akka tolfamuusaati (Isaayaas 29:16; 45:9; 64:8; Ermiyaas 18:6 Roomee 9:20-23).

■ **“itti Baafate...Hafuura jiraataa”** “Itti baafate” kanjedhu gaaleen kun (BDB655, KB708) kan hinxumuramneedha. Hafuura baafachuu maqaa (BDB 675) kan agrsiisu Waaqayyo namoonni foon isaaniitiin hundumaayyu kanneen lafa kanarra jiraatan horrin kan godhan hundumaa godhu. (Jechuun, Nihaguu, Ninyaatu, Bobbaa gatuu, Fi walhoru). Namoonni bifa addaatiin Waaqa waliin ni firoomu, Yoodhumallee addunyaa kanaa waliin hiriiraan walitti hudhanillee. Uumamni keenya bifa fuula lama qabuudha. (Kunis kan hafuuraaf fooniiti).

■ **“Namnis lubbuu jiraataa kan qabuta`e”** Namoonni *nephesh* ta`an (BDB 659, KB711-713), Garuu ammoohoriinis (1:24; 2:19). Kan dhala namaa adda tauun isaa kan Waaqayyoo Uumama ta`uu dhuunfaa saafi Hafuura jiraataa isaati. Namoonni lubbuu hinqaba, Isaanumatu lubbuudha! Nuti kan fooniitiif kan hafuura qabeenyadha. Du`aafi du`aaka`uu gidduu kan jiru ejjennoo cewuun asitti (Iffa Teseloonqee 4:13-15)

■ Addaam kanturee nama duraatimoo yookiis ammayyaawaadha? Kanneen biro fakkaattii namootaa waliin maaliin waltti firooma? Jaarraa dhagaa kan turan namoonni namoonni Qarmeelloos gaaricharratti 200,000irraan dura turan. Addaam yoom Uumamee? Inni guddina isa dhumaa turemoo yookiis Uumama addaa jalqabaati?

2:8 “Jannata” jechi kun (BDB 171) bu`arra kan oole biqilaa daangeffame sanadha. SEPT kan hiiku Afaan faaresiitti, “Jnnata”dha.

■ “Edenitti” Ibiraayisxii *Eden* jechuun “Gammachuu” jechuudha yookiin “gammachuu lafaa” jechuudha. BDB(727III, KB 792 Ii).iddoon biqilaa sun “Jennata”jedhamee waamamuun, Garuu jannata keessa ta`uu isaa hubadhu. Kun teessuma lafichaa ta`uun isaa iffaa dha. Maqaa bakka kanaaf kennamee keessa tokkoo ta`uu jechi Sumeeriyaanotaati. “Bakka lubbuu” jedhama. Lakkoofsa 8,10-14 ibsijiruu hedduu seeneffamaadha. Innis bakka sirrii ta`e ibsa, Haata`u malee iddoon teessuma lafiichaa sun hin beekamu, Seenessitoonni hedduun bakkicha kan godhan (1) laga Xeegroosiif Eefraaxis balbaladha. (2) Karaa bishaan kanaa ti.

Ta`uyyuu maqaan laga kanaa teessuma lafaa ammayyaa waliin walin simu. Lafti sababii bishaan badiisaatiin amma akka geeddaramte anaaf mirkana miti. Meesooppotaamiyaatiif Macaafa Qulqulluu seeneeffamnii waa`ee jannataa haguuggiitti ibsee kaa`a Meesooppotaamiyaan yeroo ta`u seeneffamaan qofaadha. Addaam Eenyuu? Kanjedhu ilaali. Foozalii Raanaa fi Huufroos fuula 45.

2:9 “Muka jannataa....Hamaafi gaarii kan addaan baasu muka” Gaaleen dhumaa kun hammattuu keessatti ta`uu danda`a. (TEV Macaafa Qulqulluu, fuula 7). Uumama 3:3 kan agarsiisu muka tokko qofaa ta`uu saati Gama biraatiin 3:22 kan agarsiisu muka lamadha. Gaariif hamaa kan gargar baasu homaayyu walcinummaa hin qaban Kan baha dhihoo barreeffamootaan. Mukti kun muka dhayichaa hinturre, Garuu dhalli namaa Waaqa Uumaa isaaniirraa bilisa akka bahuuf karaa kan agarsiisu fakkii;kun yaada cubbuuti. Innis ammoo Heewaaniif kandhiyaate Addaamiif akka ittiin abbomamtuuf filannoodha. Innis waliigaltee Uumamaa kan diiguudha.

Macaafa Hiika Haaraa 2:10-14

10 Iddoo dhaabaa sana obaasuudhaaf Eeden keessaa bishaan in burqe; bishaanichis achii ba'ee, gargar hiramee lagaafur in ta'e*. **11** Maqaan, isa duraa Phiishon, innis guu,tummaa biyya Hawiilaalafa warqeenjirutti naanna'ee in yaa'a. **12** Warqeen biyya sanaas ba'eessa; hapheen urgaa'u, Sardoniiksis achii inargamu. **13** Maqaan laga isa lammaffaas Giihon, Innis guuturnmaa biyya Kuushitti naanna'ee in yaa'a. **14** Maqaan laga isa sadaffaas Xegros, inni immoo fuulle mandara Asor gara ba'a-biiftuutiin in yaa'a; lagni inni afuraffaan immoo Efraaxiis jedhama.

2:10 “Lagoota” isaan kun laggotadha, (BDB 625)

2:11 “Fiishoon”kun dheedhummaasaaniitti lolaa jechuudha.Kun kan agarsiisu dhangala`aa bishaanii isa kan bara durii yoo kaan bo`oo yoo ta`u innis karaa biraatiin Misooppotaamiyaatiin kan jiruuf “Fishaanuu” kan jedhamuudha.

■ Naannoosaa dhan gala`aa kun dheedhummaatti “Gosa qilleensaati” (BDB 685, KB 738, *Qal* ACTIVE PARTICIPLE).

■ **“Ewlaaxi”** Kun dheedhummaatti “lafa cirrachaa(kaashoo” jechuudha. (BDB296). Kun Misiriitti kan agarsiifame iddoo miti, Hata`u malee Kuushi waliin walitti dhufeenya qaba. 10:7. Jechi 10:29 irradeebi`ee bu`arra kan oole, Lafa cirrachaa biyya Arabaati.

1:12 “Beedliyuum” Kun tarii foolii urgaa`a kan qabu hapee mukaa (Ixaana) dha. (BDB 95). Sgaleen kuniif hordoftoonni hiikoo mirkana miti. Tokko tokkoon yaadasaaniikka dhiyeessanitti, Dirqamatti hiikamuu kan qabu “dhugaa gatii jabeessa” kan jedhuudha. (kan Helen spuukiil fi Jamsi Moofaat hiikoodha).

■ **“onyx”** Hundumtuu jecha durii faayyaadhaan kan moggaafamu heddumminaan mirkanummaa kan hin qabneedha. (BDB, 995). Kan dhagaa gati jabeessa Lubni olaanaan qomasaarra kaa`atu 12n faayyaa qomatti kaa`amuu keessa isa tokko (Seera ba`uu 28:9). Kan eden faayyaa sookiffa isaatiin Hisqi`eel 28:13 bu`arra ooleera. 1:13 “Giyoon” Kun dheedhummaatti “kan burqu” jechuudha.(BDB 161) Kun tarii bishaan dhangala`aa durii yookiin bo`oo bishaanii yoo ta`u, Innis kibba Meesooppotaamiyaatiin kan jiru fi “Gohaanaa” kan jedhamuudha.

■ “Kuush” kun jecha gosa karaa sadiiyiiti:- Kan biikii bu`arraa kan oolu (1) Isaankanaaf 10:6Kan xeegroos bowwaa gara bahaatiin jiru kaastesiin agarsiisadha. (2) Imbaaqom (3:8; 2ffaaseena baraa 14:9; 21:16 Kaaba Arabaa agarsiisuuf fi (3) yeroohundaa bu`arra kan oolu Itoophiyaadha yookiin Nubiyaa kara kaabaa Afriikaatiin kanjiran agarsiisuufi. (BDB,468)

2:4 “Xeegroos” kun dheedhummaatti “Hiideekel” dha. (BDB 293)

■	
NASB, NKJV	“Sooriyaa”
NRSV, TEV	“Asheer”
NJB	“Asheer”
JPSOA, NIV	

Jechi (BDB, 78) agarsiisuu danda`u (1) Saboota (Fakkenya, seera lakkofsaa 24:22; 24; Hoose`aa 12:2 14:4) yookiin (1) lafa uumama 2:14; 10:11; Hoose`a5:13; 7:11; 8:9; 3; 10:6) Barreeffama kanaan #2 caalmaatti waliigala.

■ “Eefraaxis” Kun dheedhummaatti “Peeraaz” jechuudha. Innis yeroo hundaa “lagicha” jedhamee waamama (Uumama 15:18; Mootota 1ffaa 4:21; 24).

Macaafa Hiika Haaraa 2:15-17

15 Waaqayyo goftaan namicha fuudhee iddoo dhaabaa Eeden sanaakka tottolchuuf, akka eeguufis achikeessa in kaa'e. 16 Yommus Waaqayyo goftaan namicha abboomee, "Ija mukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiranhundumaa irraa innyaatta; 17 ija mukicha nyaatanii hamaa fi gaarii ittiinbeekan sana irraa garuu hin nyaatin! Gaafa isa irraa nyaatte garuu dhugumain duuta" jedhe*.

2:15 “Akka tottolchuuf akka eeguufis” Hojiin jiru dhala namaatii Kunis kufaatiin dura malee bu`aa cubbuu miti.Jechi tottolchuu jedhu “tajaajiluu jechuudha. (BDB 712, KB 773. Keeyyata baaqqee dubbisi). “Eeguu” kan jedhu ammo kunuunsuu jechuudha. (BDB,1036, KV1581, Inni kan biraan keeyyata baaqqee dubbisi). Kun kan dhala namaa bulchu kutaa itti gaafatamummaa isaatiiti. Nyaachistootas ta`u saamtota utuu hintaane, qabeenyaa lafaa kanarraa kan dhala namaa yeroo hedduu kan uumamee Waaqa tajaajiluudha. Garuu Macaafni Qulqulluun Addamiif Hewaaniin fakkii Waaqayyoti, Uumama hundumaarrati aboo bulchuu akka qabaataniif hojiin irratti ramadamanii kana qofa, Kanaafuu fedhii Waaqayyoof jedhanii kan isaan hojjetan hinjiru.

2:16 “Muka jannataa hundumaarraa akkanumaan nyaadha” Inni kun muka isa keewwata xiqqaa guutummaan guutuutti wal makaadha, Isa hin xumuramin sanaawajjin walfakkaataa hidda as dhufaa kan qabu (BDB, 37, KB40). Bu`arra kan oole cimsadha. Kan Waaqayyoo ba`aa abboommii miti.

Waaqayyo ni qora (Uumama 21:1; Seera ba`uu 15:22-25; 16:4; 20:20 Keessa deebii 8:2; 16; 13:3; Mootota 2:22; Seenaa baraa2ffa 32;31) Kan isa jeraataa Uumamani namaaf ajajamuusaa.

1:17 “isa gaariif isa hamaa kan hubachiisu muka” Inni kun muka isa danagaboo miti, Innis homaatokkollee kuyisni iccittii ijasaa keessatti hin argamu, Sammuu namaa bifa addaatiin kan kakaasu, Inni kan ajajamuutiif kan amanannaa qormaata ture.

Mukkichi dadhabbiif cimina akka qabaatu ilaali, Anaan kan naajaayibu dhalli namaa addunyaan kun kan uumu qabeenyaadh. Dhalli namaa uumama sodaachisaadha, Gaarummaafis ta`e hamaaf kan ta`u human qaba. Beekumsi itti gaafatamumma hordofsiisa.

■ **“hamaa”** Kun jecha Ibrootaa *ra yeroo ta’u “caccabuu” yookiin balleessuu jechuu yeroo ta’u.* (BDB 948). Innis raawwiidhaa fi dhiibbaa isaa wajjin wal maka (Robert B. Girdlestone’s *Synonyms of the Old Testament*, fuula 80).

■ **“Guyyaa”** Ilaalcha Addaamiif Hewaanitti erga nyaatanii booda jireenyaitti fufuu isaanii, Guyya kana “Guyyaa” iitti fayyadamaadha. Safarri altokko sa`aa 24 utuu hintaane (BDB398).

NASB “Ati dhugumaan hinduuta”
NKJV “At dhugumaan niduuta”
NBSV “Atni duuta”
TEV “Ati guyyaadhuma sana duuta”
NJB “Ati akka duutuuf sitti murtaayeeera”

Kun kan hin murtoofneguutuuf yaada firoomaati “du`aadhuma gara du`aatti “ (BDB, 559 Kb 562) Innis kan Ibraayisxii seerluga galmaatin ta`ecimsa kan agarsiisuudha. Kun akka lakkoofsa 16tti kan jiruudha. Caaseffamnii kun hiikoo hedduu yaada keessa galchee qabata, (*Twenty-Six Translations of the Old Testament*). Kun kan ibsame du`a kan agarsiisu du`a hafuuraadha. (Efesoon 2:1) Innis bu`aa du`a foonii kanta`e (Uumama 5) Macaafa Qulqulluu keessatti du`a sadarkaa sadiitu ibsama. (1) Du`a hafuuraa (1:17; 3:1; 7; Isaayaas 59:2; Roomee 5:12-21; 7:10-11; Efesoon 2:15; Oolaasaayis 2:13; Yaayiqoob 1:15); (2) Du`a foonii (Uumama,5) fi (3) du`a barabaraa, Innis du`a lammaffaadha jedhama. (Muullata2:13; 20; 6; 4; 21:8). Akkaataa galmasiirrii ta`en kan kana agarsiisu sadanuuti.

Macaafa Hiika Haaraa 2:18-25

¹⁸ Ergasii Waaqayyo gooftaan, "Namichi kophaa isaa ta'uun gaariimitti; kan akka isaatiikan isa gargaar-tu, ani isaaf nan tolcha" jedhe*. ¹⁹ Waaqayyo gooftaan biyyoo irraabineensa bakkee hundumaaf, warraqilleensa keessa- balali' an hundumaa-fis bifa tolchee, maal jedhee akka inniisaan waamu ilaaluudhaaf gara namichaatti isaan fide; wanti namichi uumama lubbuu qabaatee jiraatu ittiinwaame hundinuu immoo maqaa inta'eef. ²⁰ Namichis horii qe'ee hundumaaf, warra qilleensa keessa balali' a-niif, bineensa bakkee hundumaafismaqaa in baase; namichaaf garuu kanakka isaatii, kan isa gargaartu hinargamne. ²¹ Waaqayyo gooftaan namichi ra-fee akka of wallaalu godhe; utuu nami-chi rafuu lafee cinaacha isaa keessaatokko fuudhee iddoo isaatti foon inguute. ²² Waaqayyo gooftaan lafee ci-naachaa isa namicha keessaa fuudhesana irraa dubartii tolchee namichattiin geesse. ²³ Namichis, "Amma reefuu ta'e; isheen kun lafeen ishee lafeekoo keessaa, foon ishees foon koo irraafuudhame; isheen kun namattii waanargamteef, 'Namee' jedhamtee haawaamantu!" jedhe. ²⁴ Kanaafis dhiirri abbaa isaa fihaadha isaa in dhiisa, haadha manaaisaattis in maxxana; isaan lachanuusfoon tokko in ta'u*. ²⁵ Namichii fi haatimanaa isaa qullaa isaanii turan, lamaanuun isaanii garuu wal hin saalfatan.

2:18 “Namni qobaa isaa ta`uun gaarii miti” Kun iddoo qobaadha. Kun kan Biikii boqonnaa baniisaa “Ggrii” miti kanjedhu bu`arra kan ooledha. Waaqayyo namni tokko akka isaaf barbaachisu godhee kan hojjete, Isaa wajjin tokkummaa qabnuun asitti namni taliigaa bahuu hin dandeenye, Kan uumama bituu isaatii, Nadhittiin hamma isatti michoomtutti, Keessumaayyu ammo horaa lafas guutaa kan jedhu abbommii raawwachuu hin danda`u.

■

NASB	“Issa kan mijattu gargaartuu”
NKJV	“Isaaf gargaartuu michuu:
NRSV	“Gargaartuu akka michuu”
TEV	“Kan waliigaltu hiriya gargaartuu”
NJB	“Gargaartuu”

Kana jechuun “ittimichoomu yookaan gonkiffa kan godhate jechuudha (BDB, 740 I; KB 811 I), TEV Macaafni Qulqulluun hafuu kan hhin dandeenye michummaa “ (Fuula 8) Kun sagalee yeroo hundaa bu`arra oolu kan Waaqayyoo gargaarsa ibsuufi, Seerabahuu 18:14, keessa deebii 33:47; 29 Faarsaa 32:20, 115:9-11; 121:2; 124:8; 146:5); Dhiiraaf dubartii tokkummaatti 1:28 irrakanneen jiran hubadhu. Mataa ofiin bitamuun hanga kufaatiitti hindhufne (3:16). Kun adda kan ta`u seensadha. Kan dubartii Uumani adda, Og-barruu baha dhiyoo duriitiin.

Ajaayibsiisoo kan ta`an qorannoo *Hard Sayings of the Bible*, fuula 92-94 irra jira. Achiis Waalter kayser hiikoo isaa dubbatu “Hamna (yookiin jabina) dhiiraa waliin waldorgomsiisee” (Yookaandhiraan walqixa).

2:19 “Waaqayyos bineensa lafarratti godhe” tokko tokko kan akan hubatan Waaqayyo horii kan uume Addaamiin booda, Kanammo lammaffaa senessuu uumamaa jedhanii waamu (seera uumamaa 2:4-25). Maqibsi (BDB, 427,KB 428 kan hinxumurane). Hiikamuu kan dana`u hin “tolche” kan jedhuudha. (AAAT) .Maqibsi Ibraayisxoonni qabiyyee yeroo barreeffamaati,

Doctor Rich Joonson, Tekisaas baha bappistiiksi yuniiversiitiitti profeeserri Amantii, seenessa kanaarratti Weedduu kanaa yeroo naakenu “hiikoon hin xumuramin, Kan wal faallessu maqibsi kun yeroon, yeroo dhihoon kan darbuu. Innis caaseffama Ibraayisxootaa duraaf duubaan haalaati. Kan wali hin faallessine jiru mabibsi haalonni akka ta`aniif duraa duuba dhiyeessa. Ati kanaa asitti kan tuqxe hiikoo tilmaama duraa irratti akkamiin dhiibba akka geessisuudha. Kana, NIV hiikoon dursa tilmaama akkamii godhe kana kan lakkoofsaafi itti dabalatee 2:8 hiikoon kanaa waljela kan boroojeesseedha, Waaqayyo gooftaan jannata qophe sseera... NIV hiikoo kana tilmaaman kun (keewwata dirqama keewataan wal simsiisuun akka irra jiruufi, kan barreeffame seera dubbisuu Ibraayisxootaa seera malee cimsuudhaan tilmaama seenaa dhugaa gochuuf yaaluudha. Hangafa gaaffi kan ta`e isa tilmaama dursa eessaa akka argateedha. Maqibsi kun kan hiikame akka itti gaafatamaa dhiyootti KJV, ASV, ERV, RSV, NRSV, NASB, ESV, NEB, REB, Hiikoon NET dheedhii maxxansa Yihudii hiikoo Uummataa TANAKH, New American Bible, fi New Jerusalem Bible. NIV kan adda ta`eedha.

■ **“Maqaa maaliin akka isaan waamaman arguufi”** “Waamuun kan jedhu maqibsi (BDB, 894, KB 1128), Lkkoofsa 19 fi 20 irratti yeroo sadii tuqameera. Maqoonni Ibraayisxootaa baayye fayyadoodha. Kun dhala namaa warraa abbaa aangoo beelladoorratti aangoo qabuu agarsiisa. Kun kan agarsiisu (1) hundumtuu kan garaagara ta`an beelladoota biyya lafaarratti argamanii (2) Hangafoota ka`umsa beelladootaati ta`an yookaas (3) Kan Meesooppootaamiyaa beelladootaa?

2:21 Maqibsi kun kan cimsuu dhiiraafi dhalaa giduu kan jiru walitti dhufeenya addaati. Addamiif Hewaan (23). Innis tarii hubannoo ibraayisxootaa ta`uu danda`a michummaa fi walitti dhiyeenya. Sgaleen Ibraayisxootaa “lafee cinaachaa) Yeroo iddobraatti hiikamu “cinaacha jedhameeti” (BDB, 854, KB 1030).

Dubbin nama ajaa`ibsiisu macaafa *Introduction to the Old Testament*, fuula 555-556, R. K. Harrison jedhamu “Lafee cinaachaa” sagalee Ibraayisxootaa, asitti kan ta`u “Inni irrakeessoo fuula namummaa” Inni kun kan uumame fakkii Addaam fakkii Waaqayyoof bifa Waaqayyon uumamuu yeroo ta`u akkasumas irra keessoo fuula namummaa nidabalata. Akkasumas kan nama aja`ibsiisu “lafee cinaachaa” Uumamuu qaama dubartii ta`uun uumama seenessuu Sumeeriyaanotaa sagalee xiqameera. Inkiniin Tiin ni dhufa. (D. J. Wiseman’s *Illustrations from Biblical Archaeology*) Qulqulluu Arkiyooloojii ibse). Barreeffamni Sumeeriyaanotaa lafee cinaachaaf (jechuun, T) ammo kan ta`u, ”lubbuun jiraachuudha”. Heewaan lubbu qabeeyyi hundumaaf haadha. (3:20) Dirqama yaadachuu kan qabnu, museen kan barreesse (sirreessaafi ijaaraa) ture. Keewwatoonni kun hedduu baroota booda. Isaan kunii Sagalee Ibraayisxootaan dhimma kan itti bahaniidha. Garuu faayidaa Ibraayisxootaa irratti kan oole qooqa hangafaa hinturre.

2:22 “Ishee gara dhiiraatti fide” Raabonni akka jedhanitti Waqayyo akka waa`ilaatti gochaa agarsiiseera.

2:23 “Dubartii...Dhiira” Lakkoofsi kun weedduu dha. Weedduu Kun dheedhiitti Ashaahiidha, (BDB, 35)...Ishi (BDB, 35) Ifaa kan ta`e itti gargaarama jechaa (Keessumaa, “maqaa ishee Ishaahi). Addaam moggaaseera (Yoo

xiiqqate hewaaniiin off fakkeesse ibseera) Hewaan. Jecha wal fakkaatu mirkanaa`a miti. Addaam yerro hundaa kan caqasu gara namaati. Ishi gara nama dhuunfaati.

2:24 “Abbaaf haadha ni dhiisa” Maqaibsi kun (BDB, 736, KB 806) kan hin xumuramneedha, Tarii bifa Juuseev kan galeedha. Dhimmi gaarummaa maatii yaadi dur kenname haala duuba deebi`uun dubbifama. Museen bara kan isaa ta`e calaqqisiisa akkasuma garee faayidaa maatii isaa. Dhaloota haala jireenya maatii isaa serri gaa`ila dura idoon kennamaaf!



NASB	“Walitti hidhamsa”
NKJV	“Walqabachuu”
NRSV	“Walitti maxxanuu”
TEV	“...Waliigargaaruu”
NJB	“Akka walqabatu ta`e”

Kun amanamummaa Ibraayisxii ta`ees sokkoowwan walitti dhiyeenyaati, (BDB 179, KB 209, *Qal PERFECT* Kan xumurame, Ruut 1:14, Maatiwoos 19:5-6, Efesoon 5:31).

■ “Foon tokko” kun kan agarssiisu gonkiiffa kan ta`e tokkichummaafi gaa`ila hiriyummaa walitti dhufeenya dursi kennammuufiidha. “Tokko” kan jedhu bifa lakkoofsa bbaqqee kan ibsu namooti lama yeroo isaan walittii qindoom.

2:25 “Lamaani isaanii qullaa turan; wal hin salfatan turan” Kun dirqama deemuu kan qabu keewwata sadii wajjini. Yaadi toora kanaa kan ta`u, Addam ofii isaa hiriyaa gaa`ila isaa Waaqayyo duraa waan dhoksu kan hinqabaanne ta`uu isaati, (BDB 101, KB 161, *Hithpolel IMPERFECT*) Waanta`eef sookoo amanamaadha. Dubbiin yeroo dhiyootti nijjirama!

Dhugaan dubartiifi dhiirri qulla ta`uu isaanii (BDB, 736 Moggo) Akka ibsutti naannoo to`annoon cimaan jiruudha. Kun kan agarsiisuu danda`u ofii issatiin ilaalcha jannata eden iddoo cimaaf booddees, Uumamni addaa kutaa addunyaa addaarraa adda ta`uu isaati (Jechuun itti fuffinsa kan qabu uumama).

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo`annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda`a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Seera Uumamaa tokko Waaqayyo kan inni uumeefi waantota akka isaan baayyatan kan godhe giddu garaagaruummaan jiraayi? Yoo ta`es kun maal ibsa?
2. Namni beellada bifa maaliitiin fakkaata? Namnis akkamittiin Waaqayyoon fakkaata?
3. Dubartiin bifa Waaqayyootiin uumamteetti yookaan bifa addaam qofa?
4. Namni uumama to`annaa ofiisa jela galchuu bituuf yaada maalii qaba?
5. Horra baayyadhaa kan jedhu yaadi baayiba uumata dabaluuwallin walitti firooma?
6. Namni baala haa nyaatuuf jaalala Waaqayyootii?
7. Akka Seera Uumamaa 2:2, 3 Namni sanbata duraa waaqessuurra guyyaa dilbataa waaqessuun sirridhaayi?
8. Keewwata 1 fi 2 addaa adda ta`anii maaliif baayye wal fakkaatan?
9. Addaam maalif bu`aa maqaa lamaan waliigalaan hiikame?
10. Teessumni lafa eden maalif akkasittiin tartiibaan dhiyaate?
11. Sadan macaafa Qulqulluu irraa bifa du`aa ibsi.
12. Nuuf akka walitti dhufeenyaa foonii raawwatu uumama lakkofsa 18 jechuun maal jedha?
13. “Gargaaraan” Hiriyumma ni ibsaa?

SEERA UUMAMAA 3:1-24

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Abeelii fi Qaayeel 3:1-7	Qoromsa naamaa tii fi kufaatii 3:1-8	Seenaa qormaatichaa 3:1-7	Abboomamuu diduu namaa 3:1 3:2-3 3:4-5 3:6-7	kufaatii 3:1-7
3:8-19	3:8-9	3:8-19	3:8-9 3:10 3:11 3:12 3:13a 3:13b	3:8-13
(14-16)	(14-1b)	(14-16) (17b-19)	Waaqayyos firdii raawatte	
(17b-19)	(17b-19)		3:14-15	3:14-16 (14-16)
3:20-21	3:20-24	3:20-21	3:20-21	3:17-19
3:22-24		3:22-24	Addaamii fi Hewaan Jannataa ba'an 3:22-24	(17-19) 3:20-24

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Seensa

- A. Seerri Uumamaa 3 Rakkina Hammeeniyichaa fi qoramsa isaa Addunyaa keenya kana irratti kan inni fide hubachuun barbaachisaa dha. Waanti nama ajaa'ibu Barsiisonni Waa'e hammeenya ilma namaafi, cubbuu irratti ibsa yeroo kennan barreeffama kana sirriitti fayidaa irra oolchu dhiisuu isaaniiti.
- B. Ilmi namaa hammeenya fedha ofiisaatiin hojjete kunis, Waaqayyoon isa jaal'atu, isa kunuunsu, isa qopheessu irratti fincila taasisuun isaa kan inni miidhe jireenya amantaasaanii qofa miti, akkasumas eenyummaa isaanii fi jireenya maatii isaanii akkasumas kaayyoo isaaniiti.
Waaqayyo gatii guddaa kan inni kaffaleef ilmaan namaa bilisummaa akka shaakalaniif. Hammeenya namaarraa kan ka'e gammaachuun Waaqayyoo fi kaayyoonsaa inni olanaan uumamaa wajjin miidhameera. Gaarummaa Waaqayyoofi gargaarsa isaa yeroo yaannu, hammeenya namaa (akkasumas kan ergamootaa); ulfina kan hinbeekne (of-tuummaa) fi of-jaallachuu nu agarsiisa. Jaalalli Waaqayyoo fi abdiin fayyinaa (3:15) isaa kan walitti fufiinsa qabu karaa amala garalaafummaa isaatiin baay'ee bu'uura qabeessa ta'a.
- C. Boqonnaan kun hammam illee barreeffam warra ba'aa wajjin kaayyoo waliinii yoo qabaate iyyuu, akkaataa inni itti dhiyaate akka waan yeroo jalqabaaf barreeffameetti malee bifa wal-makaa ta'een miti.

Ka'umsa Cubbuu fi kaayyoo isaa

A. Ragaa Macaafa Qulqullu

1. Akka ilaalchaa fi tilmaama beekumsa Waaqayyoo ani qabutti, Seexanni kaayyoo ittiin uumameef qaba ture (1) Waaqayyoof, uumama yaaduu danda'an akka filannoo tokkootti aarsaa gochuu ta'ee, kunis gara walabummaatti kan geessu fi itti gaafatamummaa kan qabuudha. Iyo. 1-2; Zek. 3 yookiin (2) Uma. 3, Hammeenya Ergamootaa isa darbe, uumama Waaqayyoo irratti yookaan yoo xiqqaate walitti dhufeenya Waaqayyo namootaa wajjin qabu bakka bu'iinsa Ergamootaan ta'uu isaa dursee tilmaama.
2. Ilmi namaa qormaata kanaan miidhameera.
3. Macaafni Qulqulluun madda hammeeniyichaafi kaayyoo isaa hin ibsine.
 - a) Barreeffamooti Yi'udotaa tokko tokko akka jedhanitti, cubbuun kan jalqabe Uuma 3 irratti (Seexanan, itti aansee namaan)
 - b) Barreeffamoonni Yi'udotaa ijoonsaa Macaafa Qulqulluu ta'e kan biroon cubbuun kan jalqabe Uma. 6 irratti (Ijoollee Waaqayyoon)
 - c) Barsiisoti sobaa Iyesuus Kiristoos booda ka'an ilaalcha warra Grikii waliin wal-makanii akka jedhanitti, hamaa kan ture, uumama namaafi qaama isaati. (jechuun, 'Giniston' isa jedhamu ilaalcha warra Grikiti. Qol. ; Efe. ; 1Xim. ; 2Xim. ; fi Tito.)
4. Akka yaadamaa turetti , kaayyoo hamaa qaba yookaan qabaachuu dhiisuu danada'aa. ta'us Kakuu Moofaa kaasee amma kakuu harawaatti (*The Theology of the OT* A. B. Davidson fuula 300-306) ilaalcha Seexanaafi hammeenya cimaa ta'e jira. Kakuu Moofaatti Seexanni diina Waaqayyoo hinturre. (yoo kutaa kana ta'e irraa kan hafe.) garuu gaafa hundumaa diina namaati. Barsiisonni akka jedhanitti, Waaqayyo ilma namaafi jaalalaafi kunuunsaa godheef sanaaf inni hamaan sun hinaafee ture.
5. Cubbuun Addaam Uumama hundumaa miidheera. (jechuun, kun ilaalcha Ibrootaa isa

cimaadha. Uma. 3:14-24, Rom. 5:12-21, 8:18-23

- B. . Guddina Beekumsa Macaafa Qulqulluu (Tiyooloojii) isa seena qabeessa (El. Berkofiin)
1. Barsiisonni cubbuu isa adda duree ta'e hin ganu, akkasumas yaada gama laamanuun akka filmaataatti jirus (gaarii yookin hamaa) Uma. 3 bal'inaan hin ibsan.
 2. Eriyanos (130-202) Abbaa Waldaa Kirstiyaanaa kan ture, cubbuu Addaamiifi miidhaa isaa ibsuuf nama jalqabaa ture, kunis sababa cubbuu Addaamiif ilmaan namaa akka kufan ilaalcha agarsiisu Waldoota Kirstiyaanaa warra Lixaa jiran biratti beekamaa ture. (jechuun, Augisxinoos) kunis akka walii galaatti fayidaa irra kan oolaa ture Ginstisiizimiin dhowwuuf ture.
 3. Oriijin (182-251) akka ibsetti namni kam iyyuu cubbuu kan hojjetu fedha ofisaatiin.
 4. Abbootiin Amantii Griik (kan Waldoota Kirstiyaanaa Baha) Addunyaa keenyarra kan jiru rakkina hammeenya, ga'ee Addaam isa Jaarraa sadaffaafi Arfaafaatti xiyyeefannaa hin kennan. kunis gara palaji'anizimiitti guddachaa dhufe. (Moloksee biyya Ingliz tokkorraa) wal-quunnanti kam iyyuu kan hin fudhanne.
 5. Abbootii Amantii Warra Laatiin (kan Waldoota kirstiyaanaa warra Lixaa) Augisxoositti aansuun xiyyeefannaa kan kennan, Addaam hammeenya, cubbuufi rakkina biyya lafaafi sababa ta'usaati.
 6. Yeroo haromsa Pirotestaantiitti Augisxoositti fufuun dura buutoti haromsa sanaa, Armeen'ioos mormii pilaaji'anotaa walakkaa isaa gara kalvanizimii Qananawwiitti fooyesse.
 7. Falaasonniinii fi beektonni beektonni barumsa hafuuraa cubbuu irratti yaadirimee (theories) baay'ee dhiyeessaniiru.
 - a) Kaanti:- kan hin beekamne, ibsuufi kan hin danda'amne daangaa beekumsa namaa ol kan jiru
 - b) Liibiniiz—sababaa hanqina waajjin uumame irraa kan ka'e waanta wayyaba kana keessaa jiru hundumaa (cosmos)
 - c) Iskilmacher—uumaman miira namni qabu irraa kan ka'e
 - d) Rischel—wallaalu namaa irraa kan ka'e
 - e) Barzi—utuun bira hinga'amin akka iccitiitti kanqabame.
 - f) Whitehead cubbuun sirna biyya lafaa kana wajjin kan huumameedha. Kunis kan hojjetu Waaqayyoo fi nama guddisuudhaaf.
 8. Xiyyeefannaan Macaafa Qulqulluu inni guddaan, ilmaan namaa cubbuufi hammeenya irraa bilisa baasuudha. kunis karaa Kiristoos isa nulaal'ate Waaqayyooni. Ka'umsi cubbuu raawwatee hin ibsamne.

Mataduree addaa: kufaatii irratti Guddina beekumsa Barumsa hafuuraa (THEOLOGICAL) kan Kakuu Haaraa

1. Kufaatichi ilmaan namaatti bu'u isaa Paauloos ibseera. Rom. 5:12-21. Rom. 5:12-21 ibsa Iyyesuusiiti, akka Addaam lammaffaatti. (1Qor. 15:21-22, 45-49; Phi. 2:6-8) innis xiyyeefannaa kan kennu, yaadirimee beekumsa Macaafa Qulqulluu kan ta'e lamaan irratti. isanis cubbuu nama dhuunfaafi cubbuu isa cimaadha. Kan Paauloos, ilmi namaa (fi kan uumama) kufaatii Addaam booda guddachaa kan dhufee fi isa adda ta'eedha barsiisonni kan jedhaniin, ilaalchi isaa kan dhaalame kallattiimaan barsiisa Barsiisonni kennaniin ture. kunis kan agarsiisu dandeetti Pauloos Iyeruusaalemitti Gamaaliyaa jalatti barumsa barachaa tureen baay'ee fudhatamee barumsicha fudhachuusaafi deggersa barumsichaaf qabu ibsuuf. (Erg. 22:3)
Uma. 3 irratti cubbuu isa olaanaaf ibsi Amantii (Doctrin) guddachaa kan dhufe Augisxoosiifi Kaalviiniin ture. Innis kan ibsu namooti cubbuun dhalachuusaanii ti. Far. 51:5, 58:3 fi Iyo. 15:14, 25:4 yeroo baay'ee fayidaa irra kan oolu raga barreeffamoota Kakuu Moofaaf. Ejjennoon beekumsi Macaafa Qulqulluu (Tiyooloojii) akka filmaataatti jiru jechuunis namooti akkasumaanis ta'e gama jireenya afuuraanis filannoofi galmi isaan fudhatan itti gaafatamummaa akka qabu, fooyya'aa kan dhufe jalqaba barsiisotaan itti aansuun Waldoota Kirstiyaanaa Peelaagiyoos fi Armini'osiin. Ilaalcha isaanifis ragooti jiru. Kes. 1:39, Isa. 7:15 fi Yon. 4:11, yoh. 9:41; 15:22, 24; Erg. 17:30 Rom. 4:15.

Ijoon dubbii Ejjennoon beekumsi Macaafa Qulqulluu (Tiyooloojii) kun Ijoolleen umurii hamaafi gaarii addaan baasaanii beekan bira amma ga'anitti qulqulluu ta'uu isaanii ti. (Barsiisotaafi kun waggaan 13 dhiiraaf, waggaan 12 immoo dubaraaf.) bakka kanatti ejjennoon araaraa tokko jira innis cubbuun dhaalaa laamaanuu itti gaafatamummaafi umurii hamaafi gaarii addaan baasanitti itti gaafatamummaan lamaanuun isaa sirrii ta'u, hamaan kan dabaluu qofa miti garuu, hammeenya guddachaa deemuufi cubbuu itti dbaleeti. Dhimmi isaa hammeenya ilma namaa miti. (Uma 6:5, 11-12, 13, Rom. 3:9-18, 23) garuu yoom, yeroo dhalootaa moo yookiis jireenya isa itti aanutti?

2. "Samii haraafi lafa harawaa" ta'eera galma kakuu harawaa isa dhumaati. Samii haraafi lafa harawaa jechi warra Griik kun 'harawaa' jechuun "keyinoos" xiyyeefannaa kan kennu qulqullina isaati malee duraafi duuba yeroo kan agarsiisu miti. (2:17, 3:12, 5:9, 14:3, 21:1, 2, 5) kun galma Kakuu Moofaa ture, addunyaa lammaffaa dhalateef (Isa. 11. 6-9; 65:17; 66:22 Rom. 8:18-25, 40 2pex. 3:10-12) amantoonni hundinuu lammii mootummaa harawaa kanaati. (Phi. 3:20; Efe. 2:19; Hib. 12:23)kanaaf uumama harawaa kana hirmaatu (2Qor. 5:17; Gela. 6:15; Efe. 4:24) yaadirimeen beekumsa Macaafa Qulqulluu (Tiyooloojii) kan ta'u, "Magaalaa Waaqayyoo harka namaan kan hin hojjetamne." Hib. 11:10, 16; 12:22; 13:14.

Uumamni harawaan kan ta'u akka ka'umsa uumamaatti. Samiin jenneta Edeniin hin deebisa. Waaqayyo, ilma namaa bineensotaafi Uumamni hundinuu tokkummaa hin qabaatu akkasumas lammaffaa ni gammadu. Macaafni Qulqulluun kan jalqabu tokkummaa jabaa Waaqayyo, ilmi namaafi bineensota gidduu tureen. (Uma. 1-2) Macaafni Qulqulluun kan xumuramu Waaqayyo fi ilma namaa jenneta taa'uudhaa (Mul. 21-22)fi tilmaana Raajiitinis bineensotis (Isa. 11 6-8, 65:25,) Amantoonni gara Samiitti hin deeman, Iyerusaalem ishee harawaan Samiirraa gadi-buuti (Mul. 21:2) Yeroo lammaffaafi isa itti humamteef Addunyaa qulqulluun ni dhufi. Waaqayyoofi Ilmi namaa yeroo lammaaf waliin ta'u. (Uma. 3:15 Isa. 7:14; 8:8, 10, Mul. 21:3)

QO'ANNOO JECHAAFI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 3:1-7

1 Bineensa bakkee Waaqayyo gooftaan uume hundum bofni caalaa haxxee ture; innis dubartittiidhaan, "Dhuguma Waaqayyo, 'Ijamukkeetii iddoo dhaabaa kana keessajiran hundumaa irraa hin nyaatinaa!'isiniin jedhee?" jedhe. 2 Dubartittiin immoo bofichaan, "Nuyi ija mukkeetii iddoo dhaabaakana keessa jiran irraa nyaachuu indandeenya; 3garuu muka isa iddoodhaabaa kana walakkaa jiru duwwaa, Waaqayyo, 'Ija isaa irraa hin nyaati-naa, isattis hin bu'inaa! Kanaa achi induutu' jedheera" jette. 4 Bofichi immoo deebisee dubartit-tiidhaan, "Hin duutan; 5isin ija muki-chaa irraa yeroo nyaattan iji keessan akka banamu, hamaa fi gaarii beekuudhaanis akka Waaqayyo akka isin taatan, Waaqayyo in beeka" jedheen. 6Dubartittiinis iji mukichaa nyaataafgaarii ta'uu isaa, ija namaatti kan tolu, ogeessa nama gochuudhaafis gomjaasisaa ta'uu isaa argitee, ija isaa irraakutattee in nyaatte; abbaa manaa isheesa ishee wajjin tureefis immoo in laatte, innis innyaate. 7Yommuu lamaanuu ijiisaanii in baname, qullaa ta'uu isaanis in beekan; kana irratti isaan baala harbuu walitti hulluuqsisanii marxoo isaahojjetatan.

3:1 'Amma' kun waan amma ta'u kan agarsiisu utuu hin taane, tooftaa Hog-barruun ittiin barreeffamutti fayyadamuun uumama irratti sadarkaa harawaa raawwatamaa jiru ibsuuf kan taa'eedha. Addaamiifi Waaqayyo yookaan Addaam, Hewaanifi Waaqayyo hammam akka isaan waliin jiraatan kana dura hinbeeknu.

■ **"Bofichi immoo"** mata duree itti aanu ilaali Bofiti Seenaa (bara)Gilgamesh keessa diina ture (11:287-289) innis muka jireenya barabaraa kennu kan hateedha.

Mataduree addaa: Bofichi

- A. Jechi Bofa jedhu ‘Nachash’ (BDB 638) kunis jechoota wal-fakkaatan baay’ee qaba.
1. Kal-stiim:-‘Fooricuu’ jechuudha.
 2. Pel-stiim:-‘Hasasuu’ akka Eker-dubbiftuutti
 3. 4:22 ‘calaaqisuu’ kun jecha sibiila jedhu waliin wal-fakkaata.
 4. Jecha Arabootaan: lafa irra loo’a
- B. Keewati murta’an kan ammaa yeroo ta’an innis kan agarsiisu bofa adda ta’e tokko yookaan waan namatti fakkeeffame tokkodha.
- C. Bofti hiika ifa ta’een dhiyaachuunsaa kan deggerame:-
1. Akkuma bineensota daggalaa kaanii Waaqayyo uume keessa jiraachuusa
 2. Adabbiin isaa akkuma bineensota kaaniiti 3:14
 3. Innis kan ibsame, keessumaa Kakuu Harawaa 2Qor. 11:3 fi 1Xim. 2:13-14 irratti.
- D. Bofi bifa adda ta’een Seexanaa wajjin ibsamuusaa.
1. Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa gidduu kan ta’e Macaafni Ogummaa 2:23-24 Waaqayyo nama kan uumeef jiraataa akka ta’uuf; ... ta’us, inaffaa Seexanaa booda du’i gara biyya lafaa dhufe
 2. Eriniyoos (tilmaamaan 130-202)
 3. Mul’ata 12:9; 20:2
 4. Mallattoon kun Kakuu Moofaa irra iyyuu hin jiru, sababi isaa inni Seera Uumama 3 sirriitti waan hin ibsineef. Innis Kakuu Moofaa Keessatti hin caqasamne yookaan hin hiikamne.
- E. Seexanni maaliif bifa adda ta’een hinmoggaafamne?- xiyyeeffannaan barreefamichaa itti gaafatamummaa ilmaan namaa irratti malee uumama ala qormaata ta’e miti. Rom. 1-3 namni cubamaa ta’uusaa bakka itti dhiyaateefi 4-8 bu’aan namaa bakka itti galmaa’ee Seexanni raawwatee hin caqasamne.

■ “**Jal’aa**” hasawaa gosa lamatu jira (hikni jechasaa kan dhiyaatu “qullaa ta’uu” waliin 2:25) sagalee kana waliin wal-qabatee (BDB 791, KB 886): (1) “Jali’ina” ykn “Oogessa” fi (2) “Hubataa (Fak. 1:4; 8:5, 12:16, 23; 13:16; 14:8, 15, 18; 22:3; 27:12). Jechi kun jecha faallaa hinfakkaatu, Bofaaf faayidaarra kan oole, garuu amala isaaf beekamti kennuuf jedhee ti (Mat. 10:16) kun kan ta’uu danda’u hammeeniyichi maaliif Bineensa adda ta’e kun foon huffachuu akka barbaade dha.

■ “**Bineensi daggalaa kam iyyuu**” kun kan agarsiisu Bofi akkuma bineensota kaanii ta’usaati.

■ “**Waaqayyo Gooftaan**” Goofta”a jalqabaa jechi jedhu Waaqayyoof maqaa kakuu ti. YHWH, innis jecha Ibrootaa n “ta’uu” (Ba’uu 3:14) sagaleen lammaffaa “Waaqayyo” jedhu jecha afaan Ibrootaa yeroo ta’u, Elohim, innis hedduminaan, maqaa Waaqayyoo isa waliiniiti. bara durii warra baha dhiyootti, *El*. Barsiisonni akka jedhanitti YHWH, Waaqayyoof itti waamama kakuu harawaati; *Elohim* immoo Waaqayyoof akka uumaatti itti waamamuuf kan ta’uudha. Mataduree addaa: Maqaa Waaqayyummaa 2:4 irraa ilaali.

■ “**Innis jedhee**” Waa’ee hasa’uu bofa ilaalchisee ibsi baay’een godhameera. Namootaafi bineensota gidduu hariiroo jiru hinbeeknu, yooma illee dirqamatti firummaa ta’e ille. Akka tilmaamakootti hasawaan kun Waaqayyo nama waliin bifa wal-fakkaata malee bineensota waliin miti. Tokkummaan wal-fakkaatu kun bara dhumaatti hin deebi’a. (Isa. 11:6-11) an akkan yaadutti bofichi Seexanaan kan guutameedha; kanaaf sabaleensaa dhaga’ame. Gama beekumsa Macaafa Qulqulluun (Tiyooloojii) kan nama ajaa’ibu Hewaan dinqisiifachuu dhiisusheeti.

■ “**Dubartittiin**” warra ibsa kennan gidduutti morkii baay’een adeemsifameera; Hewaan maaliif Addaam irraa fagaatte, yooma illee gochimi Seexanni itti fayyadame heddumina (plural) ta’u ille. 3:6 keessatti kan agarsiisu Addaam tarii adeemsa hasichaa keessa jiraachuu hin oolu. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti eeyyama ofiisheef barbaaduun fakkeenya jedhu. Warri kaan immoo kan amanan Seexanni illee kan inni ishee qore isheen dhiyeenyatti kallattiidhaan abboommii Waaqayyoo ala jiraachuu dhiisusheen. (2:16-17) kun hundumtuu akkaataa itti hikameedha.

■ “**Sirrimatti Waaqayyo jedheera**” Barsiisonni akka jedhanitti, Seexanni jecha Yahiwwe jedhamutti fayyadamuu hindanda’u; sababi isaas araara Waaqayyo waan hinshaakalleef. Waanti ta’es ta’ee, hammeenyi guddaan qaama seexanaarra akka jiru Macaafa Qulqulluu keessatti ibsameera. (A. B. Davidson, fuula 300-306)

Mataduree addaa: Hammeenya isa Qaamaa

Kun sababoota baay’ee mataduree baay’ee rakkisaadha

1. Kakuu Moofaa diinni inni adda dureen Waaqayyoof jiraachuusaa hin ibsu. Garuu tajaajilaa YHWH innis ilma namaaf filmaata kan dhiyeessuufi waa’ee qulqullummaas kan ceepha’uudha.
2. Diinni inni qaamaa adda duree ta’e, yaadirimeensaa guddachaa kan dhufe Hog-barruudha kitaaba Awaaldi yookiin macaafota Macaafa Qulqulluu keessatti hin haammatamne (non-canonical) dhiibbaa Amantii Faariotaa (*Zoroastrianism*) irraati .Kunis galagalchaan Yi’udummaa isaa kan Barsiisotaa dhiibbaa irraan ga’eera.
3. Kakuu Harawaan bifa nama ajaa’ibsiisuun dhugumaa Kakuu Moofaa tumsaa dhufeera

Qayyabannaa hammeenyichaa isa tokko akkaataa beekumsa Macaafa Qulqulluun ilaaluun yoo barbaachise ilaalchi hammeenyichaa baay’een hin mul’atu.

Hata’u malee, eenyu iyyuu qayyabannaan hammeenyicha Macaafa Qulqulluu irratti kan hin taane yookiin Macaafa Qulqulluu irraa kan hafaa ta’an jechuunis, akkaataa Amantii adda addaa addunyaarraa yookaan kan warra baha waliin yoo ilaalle, sanaan boodas guddina kakuu harawaa dualismii (dualism) warra Faarisiifi jireenya hafuurummaa (Greco-Roman spiritism) gaadissi irratti godhameera.

Namni kami iyyuu tilmaama akkas ta’innaan qabame aboo waaqaummaa Macaafa Qulqulluu yoo ilaale, guddinni kakuu harawaa dirqamatti kan mul’atu kallattii guddinaatiin.

Kiristiyaanonni dirqamatti kan isaan irraa of-eeggachuu qaban, Seenaa qabatamaa hintaane Yi’udotaa ykn

Hog-barruu Ingilizootaa (Dante, Milton) irratti ibsi akka kennamu iyyamuu hinqaban. Gama mul’ataan waan icciti ta’uufi murteessuuf nama rakkisu hin jiru. Waaqayyo hin filanne, kallattii hammeenyichaa hundaa, ka’umsi isaa, kaayyoon isa, akka mul’ataniif, garuu mo’amuusaa ibseera.

Kakuu Moofaa keessatti jechi hammeessaa jedhamu bakka sadiitti hiramee ilaalama

1. Hammeessitoota namaa. 1sam. 29:4 2Sam. 19:22 1Mot. 11:14, 20, 29; Far. 109:6
2. Hammeessitoota Ergamootaa Lak. 22:22-23; zek. 3:1
3. Hammeessitoota Seexanaa 1Sen. 21:2 1Mot. 22:21; Zek. 13:2

Boodarratti yeroo kakuu Uma. 3 irratti bofi Seexana jechuudhaan beekama (macaafa ogummaa 2:23-24; II Heenok 31:3), isaan booda kun filmaata Barsiisotaa ta’e (*Sot* 9b fi *Sanh.* 29a). Uma. 6 irratti kan argaman ijoolleen Waaqayyoo 1Hen. 54:6 irratti Ergamoota ta’u. Kana kanan jedhuuf, sirrii ta’uusaa mirkaneessuuf jedhee miti, garuu guddinasa agarsiisuuf jedheeti malee. Kakuu harawaa keessatti hojiin Kakuu Moofaa Ergamootaaf, hammeenyota qaama warra akka namaatti ibsamaniif kan kennameedha (1Qor. 11:3 mul. 12:9

Hammeenyi qaamaa inni akka namaatti ibsamu ka’umsa isaa Kakuu Moofaa irraa murteessuuf rakkisaadha. (ilaalcha nama dhuunfaan kan daangeffamuudha) kanaaf sababoota tokko kan ta’u tokkummaa Israa’elotaa isa jabaadha. (!mot. 22:20-22:Lal. 7:14 Isa. 45:7 Amo. 3:6) Addummaasaa mul’isuuf sababooti hundumtuu gara Yahiwetti agarsiisu. (Isa. 43”11; 44:6, 8, 24, 45:5-6, 14, 18, 21, 22)

Kallattii ittiin ragaan sassaabamu keessa inni tokko kan xiyyeeffatu (1) Iyo. 1-2 dha Seexanni “Ijoollee Waaqayyo” kan itti ta’e (jechuun ergamaa) fuula Waaqayyo duratti (zek. 3) yookiin (2) Isa. 14, Hiz. 28 inni oftulaan Mootota warra baha cina yeroo itti taa’e (Babilooniifi Qiroos) oftulummaa Seexanaa mul’isuuf hojiirra oolan. (1Xim. 3:6) Hisqi’el tooftaa inni itti waa’ee Jenneta Eeden itti fayyadamee ibse, MootiiQiroosiin akka Seexanaatti dhiyeessuu qofaan miti, (His. 28:12-16) garuu immoo, Mootii Misiraafi akkasumas akka muka isa hamaafi gaarii mul’isuuti. (Hiz. 31) ta’us Isa. 14, keessumaa lak. 12-14 oftulummaarraa kan kaasu hammeenya Ergamootaa kan ibsuudha. Waaqayyo uumama Seexanaafi ka’umsa isaa ibsuuf kan itti fayyadamuudha. Beekumsa Macaafa Qulqulluu kan fakkaatu isa tooftaa adda addaan dhiyaatu irraa of-eeguutu nurra jiraata. kutaa Macaafa Qulqulluu keessaa isa waan wal-faallessu fakkaatu barreeffamoota, akkasumas kitaabota adda addaa waliin makuun waan ibboo namatti ta’u akka hin uumne.

Alfred Edersheim *The Life and Times of Jesus the Messiah*, vol. 2, appendices XIII (pp. 748-763) fi XVI (fuula. 770-776) akka jedhutti Barsiisonni Yi’udummaa dualismii warra Faarisiifi ibsi

Seexanummaa baay'inaan dhiibbaa irratti godheera. Naannoo kanatti dhugaa jiruuf Barsiisonni ragaa gaarii miti. bakka kanatti Iyesuus barsiisa Mana Qulqullummaatti barsiifamu irraa garagarummaa guddaa qaba. An akkan yaadutti Barsiisotaaf yaadirimee kan ta' kadhta Ergamootaafi mormii, Museedhaaf gaara Siinaa irratti abboommiin yeroo kennameef angafoota Ergamootaa YHWH fi ilma namaa mormuuf karaa argatan. Waaqi tolfamaan warri Iraan lamaanuun *Ahura Mazda* (Waaqa isa gaarii) fi *Angra Mainyu* (Waaqa isa gadhee) ol-aantummaaf lafa irratti akka dirree waraanaatti wal-lolaniiru. Lola kana booda Judaism keessatti dualismii guddachaaaa dhufe, YHWH fi Seexana gidduutti.

Hammeenya isa Qaamaa ilaalchisee mul'ati itti fufiinsa qabu Kakuu Harawaa keessa jira; garuu akka Barsiisotaa ibsi kan itti kenname miti. Garaa garummaa kanaaf fakkeenya kan ta'u lola Samii irratti ta'eedha. kufaatiin Seexanaa bifa adda ta'een hin dhiyaanne. Kanumti kennameef iyyuu fakkeenya mul'ataan haguugameera. (Mul. 12:4, 7:12-13) Seexanni yooma illee mo'amee gara lafaatti gadi darbatameera ta'e iyyuu, har'a iyyuu akka tajaajilaa YHWH, tti hojjeta. (Mat. 4:1; Luq. 22:31-32, 1Qor. 5:5 1Xim. 1:20).

Xiyyeefannaa naannoo kana irratti qabnu dhaabuu qabna. Dhiibbaa dhuunfaa kan ta'ee fi qormaatini isa hamichaa jira garuu Waaqayyo tokkichi jira, akkasumas ilmi namaa filannoo ofii isaaf itti gaafatunmaa fudhata. Lolli hafuuraa ni jira, karaa lamaaninuu fayyuu duras boodas. Mo'ichi argamuu fi hafuu kan danda'u tokkummaa Waaqota sadanii keessatti. Inni hamaan mo'ameera akkasumas hin bada.

■ **“Muka iddoo dhaabaa Jenneta keessa jiru irraa akka hin nyaanne”** Gaaleen afaan Ibrootaa kun qophaatti jira, garuu kan wal-simuu danda'u mirkaneessuuf malee gaaffiidhaan miti. Bofichi waa'ee muka isa Waaqayyo dhowwe jenneta gidduu jiru ilaalchisee dubartii waliin hasa'uu jalqaba,

3:2 Hewaan fedhi Waaqayyoo muka isa kaan nyaataaf kennuusaa (2:11) garuu bofichi kana bira darbee muka isa hamaafi gaarii addaan baasu isa Waaqayyo dhowwe irratti xiyyeeffate.

3:3 “ Nuti ija mukeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran irraa Uma 2:9 kan hubannu mukooti lama jenneta walakkaa jiraachuusaanii yoo ta'u, isaanis mukti ijisaa nyaatamee jireenya namaaf kennuufi mukti hamaafi gaarii ittiin beekan dha. Walumaa galatti yeroo barbaachisaa ta'etti mukooti kun ijasaanii ilma namaaf kenna turan. garuu ilmi namaa of-jaal'achuusaan fedha Waaqayyoo ala akka itti fayyadamu isa taasise. (deebii Iyesuus Phil. 2:6-11) Mukti jireenyaa oduu durii warra dhiyoo baha jira biratti kan beekameedha, ta'us hamaafi gaarii mukti namatti beeksiftu Macaafa Qulqulluu keessatti bakka addaa qaba. Waa'een hammeenya warra qoricha namatti godhanii waan tokkoyyuu hinjiru. inni karaa waaqayyo itti fayyadamaa tureedha. qaama fooniin ijasaarraa waanti dhaalamu tokkoyyuu hin turre.

■ **“ Kana ta'uu baannaan hin duuta”** jechi kun (BDB, 559, KB 502) lak. 3 fi 4 irratti yeroo sadiif hojiirra oole. Waanti sirrii ta'uunsaa hin beekamne, Hewaan waa'ee du'aaf hubannoo isheen qabduudha, sababi isaas bineensi tokkollee waan hinduuneef. Ta'us kun kan ta'uu danda'u namtichaafi dubartittiin waliin wal-arguuni. Macaafa Qulqulluun akaakuu du'a sadan beeka. (1) Du'a afuuraa kunis kan ta'u Uma. 3 Isa. 59:2 Rom. 7:10-11 Efe. 2:1 Ya'i. 1:15. (2) Du'a foonii kunis kan uumamu Uma. (3) Du'a barabaraa kunis gara jabinaafi hammeenya namaarraa kan ka'eedha. (Mul. 2:11, 20:6, 14:21; 8)

3:4 “Bofichi immoo deebisee dubartittiidhan ‘hin duutaan” kun keewwata xiqqaa xumurameefi kan hin raawwatamneedha jecha hundee wal-fakkaatu (BDB559, KB 562) cimsuudhaaf fayidaarra oole. Inni kun (INFINITIVE ABSOLUTE fi *Qal* IMPERFECT). Seexanni jalqaba amanummaa Waaqayyoo miidhe; ammammoo dhugummaa Sagalee Waaqayyoo miidha. akkasumas lak. 5 gaarummaafi yaada Waaqayyo ilmaan namaaf qabu miidheera. Afaan Ibrootaan himi kun baay'ee cimsee dubbata. Seexanni sagalee Waaqayyoo ganeera.

3:5 Isi ija mukichaarraa yeroo nyaattan ijikeessan akka banamu Waaqayyo waan beekuuf malee” Seexanni kan dubbate keessaa dhugaa xiqqaan jira, garuu kan nama gaddisiisu dhugaa guutuu miti. (Tit. 1:15) kun kan ta'uu danda'u, tooftaa hiktonni macaafaa itti hog-barruu barreessanii fi guyyaa itti fayyadaman yeroo ta'u, yoom iyyuu jechuuf akka hog-barruutti gaaleen afaan Ibrootaa kan ta'u, "yeroo sana" dha.

“Hin banaman” gochi-himi jedhu ((BDB 824, KB 959, *Niphal* PERFECT, Lakk. 7) kan agarsiisu bakka bu'aadha, human mukichaa ykn hammeenyichaati.

■ **“Akka Waaqayyoo akka taatan”** jechi kun Waaqayyoof Elohim dha. 2:4 mata duree addaa ilaali. Inni barreeffama kana irratti fayidaa irraa kan oole Waaqayyoof. Innis hammam hikni sagalee kanaa akka hiikaan agarsiisa. Ta'us jechi kun hojiirra kan oolu ergamootaaf. (Far. 8:5; 82:1, 6) kunis tarii hojiirra kan oole hojii afuuraaf (1sam. 28:13) akkasumas fayidaa irra kan oole Manguddoota Israa'eliif (kes. 21:6 22:8-9) innis gara caalu kan inni fakkaachuu yaalu Ergamoota. Innis keessisaa ejersa, ilmi namaa Waaqayyoorraa kan argatu durumaa isa kansaa ta'eedha. Qaamni Ergamootarra sadarkaa afuuraa kan qabuudha. (Hib. 1:14; 2:14-16 1Qor. 6:3)

3:6 “Dubartittiinis iji mukichaa nyaataaf gaarii ta'uu isaa, ija namaatti kan tolu, ogeessa nama gochuudhaafis gomjaasisaa ta'uu isaa argite” kana irratti kan ilaallu guddina dachaa sadii yeroo ta'u, innis qormaata irraa gara cubbuu qabatamaatti. Barsiisonni akka jedhanitti ijaa fi gurri foddaa lubbuuti, hanga karaa argatee fedhasaa raawwatutti laphee keenya irratti guddata.

■ **“Abbaa manaa isheeisa ishee wajjin tureefis immoo in laatte, innis innyaate”** Lakkoobsa kanarraa hiika guddaatu jira. Barsiisonni akka jedhanitti, Addaam kan nyaate hadha manasaarraa akka adda hin taaneef. Ta'us barreeffamicha irraa akka hubannutti, Hewaan akkuma Bofi isheerratti hojjete, Isheen immoo Addaam irratti hojjete. Raga shaakala irraa fudhannuun isheen dursitee fudhatteetti garuu hinduune. Barsiisonni kana caalaas kan isaan jedhan, bofichi tooftaa wal-fakkaatu Hewaan irratti fayyadameera; kunis ija mukichaa erga itti buusee booda, “ilaalimee hin dune” ittiin jedhe. Isheenis akkasuma Addaamiin “ilaalimee ani hin dune” ittiin jette.

■ **“Qullaa ta'uu isaaniis in beekan”** kana hiiktonni baay'een Uumamni saalaa ka'umsa cubbuu akka ta'e akka dubbtan godheera. (2Qor. 11:3 bofichi dubartittii dogogorse) Barsiisonni kanumarra darbanii akka jedhanitti, bofichi Hewaan waliin wal-quunnamtii saalaa gochuun ishee dogogorse jedhu; kun garuu gara sagalee Waaqayyootti tilmaama ofii dursanii galchuudha. Beekumsi harawaan kun eebba miti. (Tit. 1:15)

■ **“Baala harbuu walitti hulluuqsisanii marxoo isaa hojjetatan”** akka aadatti Hewaan ija arbuu sana nyaachuun ishee bal'inaan ibsameera. Barsiisonni akka jedhanitti “Isheen muka arbuu sana nyaatteetti, qullaa isaanii dhoksuufis kan isaan fudhatan mukichuma irratti. Ta'us ijisaa ija mukaa kan biraa kan nuti hin beekne ta'uu danda'a.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 3: 8-13

⁸Kana booddee namichii fi haatimanaa isayeroo qilleensi qabba-naa'aan qilleensa'utti Waaqayyo gooftaan iddoo dhaabaa sana keessa utuuadeemuu sagalee dhaga'an; isaan Waaqayyo gooftaa duraa mukkeetii iddoodhaabaa sanaa gidduu in dhokatan. ⁹Waaqayyo gooftaan garuu namichawaamee, "Eessa jirta?" jedheen. ¹⁰Namichis, "Ani sagalee miillakee iddoo dhaabaa keessatti dhaga'ee, qullaa koo waanan tureef nan sodaadhe, nan dhokadhes" jedheen. ¹¹Waaqayyos, "Qullaa kee akka turte eenysitti hime? Sila'oo ija mukichaa isa ani 'Hin nyaatin!' jedhee si abboome sanairraa nyaattee ree?" jedhe. ¹²Namichis, "Dubartittii ishee atinaa wajjin akka jiniattuuf naaf laattetuija mukichaa naaC kenne, anis nannyaadhe" jedhe. ¹³Yommus Waaqayyo gooftaandubartittiidhaan, "Wanti ati goote kunmaal inni?" jedhe; dubartittiinis, "Bo-fichi na sossobnaan nyaadhe" jette.

3:8 “Kana booddee namichii fi haatimanaa isaa yeroo qilleensi qabba-naa'aan qilleensa'utti Waaqayyo gooftaan iddoo dhaabaa sana keessa utuuadeemuu sagalee dhaga'an” ‘King James’ “Sagalee Waaqayyoo Gooftaa “ jedha garuu jechi afaan Ibrootaa, sagaleensaa utuu deddeebi'u (BDB 229, KB 246, *Hithpaal* PARTICIPLE). akkaataa gurmaa'ina barreeffamoota afaan Ibrootaa mul'isuu kan barbaade, kun hojiisaanii isa idilee isa Abba manaafi Haati manaa itti tokkummaa uumaniidha. Kun gaalee Antiropamorfaa'i ti, Waaqayyo isa Waaqa hafuuraa ta'e qaama foonii isa hin qabneef. tokko tokko baay'ee bal'isani, Waaqayyo ofiimaasaan bifa namaa uffatee Addaamiifi Hewaan waliin tokkummaa godha ture. Kun dhugaa ta'uu danda'a, garuu Waaqa tokkummaa sadan keessa foon isa uffate Waaqa Ilmaa godhu. (Yoh. 13, 10; 1Qor. 8:6; Qol. 1:16 Hib. 12) Yeroo

maree Mul'achuu Waaqayyoo isa qaamaatu ta'a. (jechuun Ergamaa Waaqayyoo Uma. 16:7-3; 22:11-15; 31:11, 15; 48:15-16; Ba'u. 3:2-4; 13:24; 14:19) kun kan tarii inni agarsiisu Kiristoos utuu foon hin uffatin.

■ **“Aduun erga lixee booda”** afaan Ibrootaan qilleensa jecha jedhu waliin wal-qabsiisa (BDB 398) innis kan ibsu qilleensa diilalla'aa, yookiin ganama yookiin galgala

■ **“Namichaafi Hatimanaasaa fuula Waaqayyoo gooftaa duraa dhokatan”** (BDB 285, KB 284) Hojii cubbuu keessaa waanti nama gaddisiisu Waaqayyoofi uumama isaa keesasatti miiraanis hata'u qaamaan addaan ba'uun durumaanuu mul'ateera. (Far. 139; Mul. 6:16)

3:9 “Eessa jirtaa?” kun yoom iyyuu Waaqayyoo odeeffannoo barbaadaa akka inni barbaadaa jiru hin mul'isu, garuu maal akka hojjetan akka beekaniif gaaffii kana gaafate. Lak. (11) gaaffiin wal-amansiisuu akkasii kun Kakuu Moofaa keessatti hojiirra kan oole, amala Waaqayyoo kan ittiin mul'atu yoo ta'u, Open Theism” (i.e. Clark Pennock, *The Most Moved Mover*) kan jedhamuudha.

3:10 “Qullaa koo waanan tureef nan sodaadhe, nan dhokadhes” akkam nama gaddisiisa Addaam Waaqa isa jaal'atu, Umaasaa, isa baruuf hawwu sana sodaate. Asiratti Ciminni hammeenyichaa kan inni ittiin Mul'atu, namni Waaqayyoo irraa, ofiisaa irraa, maatii isa irraa, sirna Uumamaa baqachuu yeroo itti fufuudha. Qullaasaa kan inni ta'eef dhokachuuf kunis fedha waaqayyoo irratti mul'inatti yeroo jal'atu.

3:12 “Addaamis jedhee” asiratti itti gaafatamummaa Addaam kan nutti mul'isu dhugaan jira, yoom illee inni Hewaanitu bal'eesse jedhe isheetti qabatee darbees Waaqayyootti qabachuu yaale. Sababa adda addaa gidduutti Waaqayyoottis hata'u Hewaanitu Bal'eesse jedhee itti qabatuu, namni bal'eesaa isaaf isumatu itti gaafatama. Tiyyoojiin Piliip Wilson, “Seexanatu kana akkan hojjedhuuf nagodhe” “Aadaa naannokootu no-hojjechiise” ykn “Maatiikoorraa kanan dhaale amala dadhabakootu kana nagodhe” K. K. F. “kana booda sababa ta'uu hindanda'u.

3. 13 “Bo-fichi na sossobnaan nyaadhe” Hewaan yerooma sana isa akkuma Addaam irraa barteem waan biraatti qabatte. ”Na-sossobe” jechi jedhu, “akkan irraanfadhu nagodhe” (BDB 674, KB 728, *Hiphil PERFECT*) jecha jedhu fakkaata. Kunis foorica bofaa irraa waan warabame fakkaata. Kakuu Harawaan hojii Hewaan 1Qor. 11:3 fi 1Xim2:14.

Ijoo Barreeffama Seera Uumama3:14-24

Seensa

- A. Keewwati kun akkuma 3:1-12 isa murteessaa dha. Addunyaan keenya amma cubbuu, dhukkuba, gidiraafi haqa dhabuun haala hammeenyichaa isheen har'a irra jirtu akka hubannuuf. Addunyaan kun Addunyaan isa Waaqayyo akka jiraatu barbaade miti.
- B. Keewwati kun, keessumaa lakkoobsi 15, sagalee jalqabaa nuuf kenna. Addunyaan keenya maal akka ta'u, Olchuudhaaf gidduu-seenuu Waaqayyoorraa kan ka'e, kunis abdi olchuu Waaqayyoo isa guddaadha, ilmaan namaa warra kufaniifis warra hamoof kun karaa “dubartittii” isa dhufuu dha.
- C. Qaama fi Sagalee Waaqayyoo irratti jal'inni godhamu kan nama adabsiisuudha. Seexanni ifumatti akka mul'atu abbaa sobaa yoo ta'u, adeemsa cubbuutiin Addaamiifi Hewaaniifi ijoolleesaniin irra adeema.
- D. Namtichaafi dubartittii gidduu wal-quunnamtiin jiru ifatti taa'ee jira. Lak. 16 (2Xim. 2:9-15, Efe. 5:22; Qol. 3:18; 1Pex. 3:1) dhiphinaan kan guutame wal-quunnamtiin addunyaa keenyaaf adda dureen, bu'aa abboomamuu didu isa fedha ofiin godhameet. Kakuu Moofaa keessatti sababbii kan qo'atuu (etiology) yoo jiraate kun fakkeenya ta'a. yookiin Kiristoosiin kan kenname ayyaana Waaqayyoon fayyadamaa ta'a.

- E. Barsiisonni (rabbis) cubbuu isa jalqabaa hin fudhatan. Ta'u fakkaachuu kan danda'u Kakuu Moofaa keessatti kan deddeebi'ee mul'atu Addaam ka'amsa irratti cubbuu hojjechuu isaati. (Iyo. 14:4; 15:14; 25:4; Far. 51:5 Kakuu Harawaa isa durii Rom. 5:12-21)

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Harawaa: 3:14-19

¹⁴Waaqayyo gooftaanis bofichaan, "Kana waan gooteef, ati horii hundumaa, bineensa bakkee hundumaa keessaasa baaramaa in taata; ati garaa keetiin lafa irra in loota, bara jireenya kee hundumaatti biyyoo in nyaatta, ¹⁵Ani sii fi dubartittii gidduu, sanyii isheetii fi sanyii keegidduus diinummaa nanbuusa; inni mataa kee in buruqsa, atis koomee isaa in iddita" jedhe. ¹⁶Dubartittiidhaan 'immoo, "Yerooati ulfooftuttiani rakkina kee guddaa nanbaay'isa; ciniinsuudhaanis mucaa in deessa; kana keessaa immoo abbaamanaa kee in hawwita, innis aboo si irratti in qabaata" jedhe. ¹⁷Waaqayyo amma immoonamichaan, "Ati dubbiihaadha manaa keetii waan dhagesseef, ija mukichaa isaani 'Hin nyaatin!' jedhee si abboomes waannyaateef, lafti sababii keetiif abaaramaain ta'a; atis bara jireenya keehundumaattiitti dadhabdee isa irraa in nyaatta. ¹⁸Inni qoraattiidhaa fi baalaanwaraantee siif in biqilcha, atis biqila lafaa in nyaatta. ¹⁹Ati biyyoo dha, deebitees biyyoo in taata; ati biyyoo lafaattii waan kutamteeffara isaatti hamma deebituttis, dhamaatee dafqitee 'buddeenain nyaatta' jedhe.

■ **“Waaqayyo Gooftaanis”** kun jechoota adda duree ta’an lamaan wal-makanii jraniidha, **“Bofichaanis jedhee”** Waaqayyo Addaamiifi Hewaaniin akka gaafate boficha gaaffii hin gaafanne. Bofichaafi kan murteeffame hammeeniyichi akka meeshaatti.

■ **“Ati horii hundumaa, bineensa bakkee hundumaa keessaasa abaaramaa in taata”** (BDB 76, KB 91) Kana jechuun Bineensonni hundinuu jalqabumaa kaasanii abaaramaniiru jechuu miti. Gaaleen “gubbaa” jedhu “bineensota hundumaa irraa “ jechuu ta’uu danda’a. Barsiisonni akka jedhanitti kun kan inni agarsiisu, yeroo guddina bineensotaati.

■ **“Ati garaa keetiin lafa irra in loota,”** Ibroota biratti Bineensonni garaadhaan lo’an hundinuu akka qulqulluu hin taanetti ilaalamu. (Lew. 11:42) Barsiisonni akka jedhanitti Waaqayyo miilla bofichaa kuteera. Kun tarii kan fakkaatu Seera Uumamaa 9:3 kan jiru mallattoo Sabbata Waaqayyoo waliin, innis isa gaafa hundumaa jiraatuu dha. amma garuu hiika biraa qabaata, Waaqayyo bifa fayidaa irra yeroo oolu.

■ **“Bara jireenya kee hundumaatti biyyoo in nyaatta”** kun Isa. 65:25 isa jiru agarsiisa. Gaaleen kun tarii sagalee Waaqayyoo keessatti kan inni agarsiisu mo’amuufi qaana’uudha.

3:15 “Diinummaa nan buusa” Diinummaan (BDB) Qaamota lamaan gidduutti jecha fayidaa irra oole dha. Kunis kan inni fakkaatu firdii kennuu Waaqayyoo Seexanarratti, bofa irratti darabeedhaan miti. (Mul. 12. 9 ; 20:2) argamuun Waaqayyoo Cas-luga saba keenyaafi hiika isa seena qabeessa yeroo fooyyessu. Uma. 3:15 ‘ Veron, A. S Payitres, Jets, Vol. 50. 1, Ful. 87-103)

■ **“Ani sii fi dubartittii gidduu, sanyii isheetii fi sanyii keegidduus diinummaa nanbuusa”** Lakkoobsa kana ilaalchisee warra hiika kennan gidduutti wal-falmiin godhameera. Jechi isaa ijoollee bakka bu’a (jechuunis sanyii BDB282) kan hammeenya (Mat. 13:38; Yoh. 8:44 fi ijoollee Masi’I (Erinas) lakkoobsi itti aanu lakkoobsa baaqqee “isaafi ishee” waan fayyadamuuf, ta’uu kan danda’u Waaqayyoofi hammeeniyicha gidduu faallaa jiruu dha. Hojii Fayyinaasaaf masi’I fakkeenya godhachuun (Erinaa’os) Addaamiifi Hewaan fakkeenya kun akka isaaniif hin galle ifaa dha, Musees yoo ta’e, yoom ille Kes. 18:18 Raajiin isa Caalu akka dhufu hubaateera ta’e, kun tarii durbi akka deessu agarsiisuu danda’a. kun nama isa barreessuuf kan hin galleef yoo ta’e iyyuu, Afuura qulqulluu isa barreessaa jalqabaa ta’eef hin gala. Ilmi namaa gowwoomfamuu dubartittiin akka kufe, ajajamuu isheetinis Masi’ichi uumama irra bifa adda ta’een Afuura Qulqulluun hin dhalata. (Isa. 7:14 Mat. 1. 18-25, lak. 1. 26-38 *A Guide To Biblical Prophecy* Ful. 78-80 ilaali).

Raajii kana guutummaa guututti hubachuun nama rakkisuus, xumura seerichaan, jechuunis durbi iyyesuusiin amma deessutti akkasumas Uma. 1 fi 2 hikni isaa akka kana. Seenaan Mul’ati sirrii ta’uusaa agarsiisa. Qorannoon Saayinsii lafa keenyaa fedhii keessaafi walitti hidheenye uumamaa hojjiin Waaqayyoo akka jiru akka agarsiisu, walitti hin bu’u, beekumsa guutuu ta’e nama bira yoo jiraate, akkuma hojii Waaqayyoo.



NASB “Inni matakee irra situma”
NKJU “ Inni matakee situma”
NRSV “inni Mataakee si dha’a”
TEV “Sanyiin ishee mataakee si dha’a “
NJB “Inni matakee situma”

Tumuu jechi jedhu “buruqsuu” “tumuu” “Sukkuumuu” “daakuu”ykn “rukutuu” ta’uu danda’a. (BDB 1003, KB 1446, *Qal* IMPERFECT, si’a lama kan hojii irraa oole, cf. Job 9:17). Yaadadhu isa baaqqee (SINGULAR PERSONAL PRONOUN) (Romaa. 16:20). Lolichi wal qabatee gara namoota dhuunfaatti shufe.



NASB “Atis koomee isaa irra tumta”
NKJU “Atis koomee isaa tumta ”
NRSV “Atis koomee isaa hin rukutta”
TEV “ Atis Sanyiin ishee koomee isa hin ciniinta “
NJB “Atis koomee isaa hin rukutta”

Gochi-himi wal-fakkaatu (BDB1003, KB1446, kan hin xumuramne (VERB (BDB 1003, KB 1446, *Qal* IMPERFECT) lamaanuuf fayidaarra ooleera, garuu ifa kan ta’e, seexanni xumurri isaa gadhee ta’uu isaati. kun akka Kakuu Harawaatti Fannoosaa nutti agarsiisa.

3:16 “Dubartittiidhaan jedhee” asiratti dubbii ijoo ta’an afurtu jira. (1) Mucaan yeroo dhalatu ciniinsuun dabaluu (*Hiphil* INFINITIVE ABSOLUTE fi *Hiphil* IMPERFECT goochuma gosa tokkihca irraa, BDB 915, KB 176); (2) Daa’ima baay’ee guddisuu. (3) Daa’ima baay’ee guddisuu waliin rakkoo wal-qabatan Abba Manaana bitamuu. Asirratti hammeenya Hewaan waliin attamitti akka wal-qabatu ilaalla. Isheen walaba ta’uu barbaadde garuu, guutummaa guututti hirkattuu Abba manaa isheeti. Isheen Ija mukaa akka hin nyaanne dhowwamte keessatti gammachuufi boqonnaa ilaalte garuu jireenya amma agarte keessatti gidiramte. Kakuu Harawaan kana kan inni ibsu akkaataa Tiyolojiin ta’uun isaa ifaa dha. Akkaataa wal-quunnamtii dhiiraafi dubartii warra kufeen (1Xim. 2:9-15). Nuti dirqamatti madaallii isaa ilaaluu nurra jiraata. Kiristoosiin eenyuu ta’uu keenya. Iqor. 11:11; Gel. 3:28 fi gara fuul-duraatti eenyuun ta’uun akka nurra jiraatu, bifa tokko tokkoon Addaamiin, Efe. 5:22, Qol. 3 :18; 1pex. 3:1. Barreeffamoota kana irratti afaan Ibrootaan waan bita namatti galutu jira. jechi isaa asitti kan hiikame “mucaa godhachuun” yoo ta’u qubeensaa addatti afaan Ibirootaa jechuu kan barbaadu, “gadi jedhee dhokachuu’ kan agarsiisu ijoollee hamootaa akka qoruudha (*Hard Sayings of the Bible*, fuua. 90-99)..

■ “**Abbaa manaa kee in hawwita**” jechi afaan Ibrootaasitti kan hiikame “fedhii” ykn “hawwii” jechuu dhaan (BDB 1003, KB 180) Wilter Keyeser akka jedhutti “Naanna’uu” ta’e “akka bittaatti” (Uma. 4:7) Hewaan Yaahiwwee irraa galagalte. Adaabbiinshee itti fufiinsaan gara abbaa manaasheetti galagaluu isheeti (cf. *Hard Sayings of the Bible*, IVP fuula 97-98).

■ “**Innis aboo sirratti hin qabaata.**” Gochi himi kun (BDB 605, KB 647) *Qal* IMPERFECT) dha hin xumuramne, kun kan inni fakkaatu, bu’aa kufaatichaafi Waaqayyoo nuun nugargaaruusaa, uumama dhiirotaa isa cubbamaa akka hubannuuf, Inaaffaa, dirqisiisanii gudeeduu, gaa’ila hiikuu, bulchiinsa sirrii hin taane, amala saalaan dhibamuun nama saaxileera. Nuti akka bineensaa taaneerra, garuu rakkoo of-jaallachuu irratti fedhiin sal-quunnamti itti dabaleera.

3:17 “Ati dubbii hadha manaa keetii waan dhageesseef” Addaam sagalee Waaqayyoo hordofuutu irra ture garuu sagalee hadha manaasaa hordofee abboommii Waaqayyoo isa addaa cabse (2:15-17)

■ **“Lafti Sababikeetiif abaaramaa hin ta’a”** hiikni isaa faallaa eebbifamuuti. Lafti kana booda bilisaan ija irraa hafa laachuu hin dandeessu. Lafti isheen ammaa kun ishee Waaqayyoo barbaade miti. “Addaam” jechi jedhuu fi “Lafa” jechi jedhu lamaanuu jecha bu’ura wal-fakaatu qabu. Kufaatii namaaf ka’umsi Rom. 8:18-23 uumama ilaaluun hin danda; ama. Kara kan biraa immoo kan dhiyaate, Jenneta Edeniin ala haala uumamaa kan calaqqisiisu dha. Hammeenyaasaanii booda Addaamiifi Hewaan bakka addaa isa Waaqayyo isaaniif kenne keessaa akka ba’an akka ba’an godhamanii lafa gidiraan guute keessa seenan.

■ **“Atis bara jireenya kee hundumaatti itti dadhabdee isarraa hin nyaatta”** Addaamiif kufaatii dura hojiin jenneta eeguu kennameefii ture. (2:15) kunis mallattoo bittaati, amma garuu hojiinsaa dadhabsiisaa, hojii irra deddeebi’amee hojjetamu, dirqisiisaafi isa xumura hin qabne, itti ta’eera. Akkasumas hojii namaarraa kan kaase laftichi ija inni kenna jiru yaraa dha. “Nyaachuu” gochihim jedhu ammam hojiirra akka oole hubadhu. (BDB 37, KB46) boqonnaa baniinsaa kana irratti (2:16, 17; 3:1, 2, 3, 6, 11, 12, 13, 14, 17, (yeroo lama) 18, 19, 22) inni kan inni waliin wal qabatu baay’achuu waliin.

3:19 “Ati biyyoo lafaatti waan kutamteef gara isaatti amma deebitutti” kun kufaatii Addaam fi du’a afuura (boqonna 3) du’a foonii (boqonna 5) isaa waliin qallattiin wal-quunnama . Waaqayyo amanamaadha. Akkuma inni jedhe du’aafi gidiraa isaa arganiiru.

■ **“Biyyoo dha”** (2:7 ilaali).

QO’ANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Harawaa: 3:20-21

²⁰ **Namichi Addaam jedhames haati manaa isaa haadha warra jiraatanhundumaa waan taateef, maqaa ishee "Hewwaan" jedhee moggaase; (innis "liraattuu" jechuu dha). 21 Waaqayyo goftaan Addaamii fi haadha manaaisaatiifuffata gogaa irraa hojjetee isaa-nitti in uffise.**

3:20 “Namichi Addaam jedhames haati manaa isaa haadha warra jiraatanhundumaa waan taateef, maqaa ishee "Hewwaan" jedhee moggaase; (innis "liraattuu" jechuu dha” Abbaan manaa hadha mana isaa irratti aboo akka qabu fakkeenyummaa maqaa ishee baasuudhaan mul’ise. Hewaan (Hawwaa) fi “Hiyawaan” (Hayyaa) jechoota afaan Ibrootaa baay’ee kan wal-fakkaatan yoo ta’an tarii kun afaan Ibrootaa keessatti akkaataa itti jechooti uumaman dha. kan Addaam, Hewaan, qayen-nodi jechooti kun kan agarsiisan akkaataa uumama Hog-barruu isa bara duriiti. ”Hewaan” jedhamtee waamamuun ishee keessishee Ejersa dha. ”Hiyawaan” kan jedhu du’a irra jireenya argattee osoo jiru.

3:21 Waan hin beekamne kan ta’u, sirriimatti namni uffati kan isa barbaachisu ta’usaati, haalli qileensa isaa ykn jijjiiramni bu’ura ilmaan namaa Jenneta Eden irraa hanga isaan hin eegnetti. Du’i jalqabaa kun, Waaqayyoon kan dhaabbate yoo ta’u, fedha ilma namaaf ta’ee, ifatti kan mul’isu kunuunsa Waaqayyoo fi kennaasaa akkasumas Firdii isaa isa qabatamaafi ka’umsa dha. Mataduree addaa armaan gadi jiran ilaali.

Mataduree addaa: Waaqayyo Addaamii fi Hewaaniin maaliif gogaa bineensaa maaliif itti huwwise

- A. Edeniin alatti jireenya rakkisaa jiruuf eegumsa gochuuf
- B. Qullaa ta’usaaniif qaani isaanitti dhaga’ame haguuguuf
- C. Ilma namaaf gogaan bineensaa akka uffataatti itti gargaaramuun sirrii akka ta’e mul’isuuf

- D. Kunuunsa ilma namaa (baala) fi kan Waaqayyoo (gogaa) gidduu garagarummaa jiru mul'isuuf
- E. Du'a isa kan isaanii isa dhufaa jiru agarsiisuuf (Uma. 5)
- F. Kirstoosiin qulqullummaa nuuf kenname akka uffata harawaatti (Rom. 13:14; Gel. 3:27; Efe. 4:24; Qol. 3:8, 10, 12, 14, Ya'I 1:21 1pex. 2:1)
- G. Waaqayyo ilmaan namaaf yooma illee kufanii jiran jaalala fi kunuunsa itti fufiinsa qabuu argisiisuuf.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Harawaa: 3:22-24

²²Ergasii Waaqayyo gooftaan, "Kunoo, namni hamaa fi gaarii-beekuusaatiin . nu keessaa akka isa tokkoota'eera; ammas harka isaa hiixatee ijamuka jireenyaa immoo , fudh, atee nyaachuun, bara baraanis jiraachuun isaafhin ta'u!" jedhe. 23 Kanaafis Waaqayyogooftaan nama iddoo dhaabaa Eedensana keessaa gad baase; namichis lafaisa ofii isaatii biyyoo isaa irraa kutamesana akka qotu in godhe. 24 Waaqayyonama gad oofee, karaa isa gara mukajireenya kennutti geessu sanas in eegsise; isa eegsisuudhaaf bukkee iddoodhaabaa Eeden gara ba'a-biiftuutiin Kiruubelii fi billaa akka ibiddaa boba'uisa gara hundumaatti nanaanna'u in dhaabe.

3:22 “Kunoo namni hamaa fi gaarii beekuu isaatiin nukeessaa akka isa tokko ta’eera. ” Wal-morkii baay’een godhameera kanaaf Uumama (1:26, 3:22; 11:7) lakkoobsa hedduminaan jiran. Lak. 22 baaqqeedhaan jalqabe gara hedduminaatti guddata. Jechichi jechuma akka hiiku yoo dhiifne, kun kan inni agarsiisu waa’ee qaama Waaqa sadanii malee boca Caas-luga afaan Ibrootaa miti. waa’ee kabajaa fi baay’inaa miti. Ta’us kan inni agarsiisu. (1)Yaa’ii Ergamootaa 1Mot. 22:19. (2) Qaama Waaqummaa lamaan Far. 110:1 (3) Namummaa Waaqummaa innis Ergamaa Waaqayyoo jedhamee isa beekamu Fakkeenyaaf Ba’u. 3:2, 4 ilaali.

■ “**Muka Jireenyaa**” akkuma jalqaba irratti hubatame, muki jireenyaa barreeffamoota warra dhiyoo baha jiran biratti kan beekameedha. Asiratti Ilmi namaa itti hin hammatamne, inaaffaa Ergamootaa osoo hin taane, Ilmi namaa ejennoo kufatiisaaf barabaraan jiraachuun abaarsa waan itti ta’uuf.

■ “**Barabaraan jiraachuu**” mataduree asii gadi jiru ilaali

Mataduree addaa: Oolam (barabaraan)

Kun jecha beekamaa (yeroo 400 ol Fayidaa irra kan oole) *olam* (BDB 761, KB 798) daangaa yeroo agarsiisuuf fayidaa irra oole. Bifa baay’eedhaan innis tokko tokkoonsaa wal-qabachuu kan qabu akkaataa uumamaa agarsiisuuf jedheeti.

- A. Yeroo darbe (Fakkeenya qofa)
 1. “Gootota durii” Uma. 6:4
 2. “Tulluudhaa fi Gaarota” Uma. 49:21
 3. “Dhaloota durii”Kes. 32:7
 4. “Abbummaa” Iya. 24:2
 5. “Yeroo duriitti” Isa. 51:9
- B. Hamaa bara jireenyaatti kan itti fufu (Fakkeenya qofa)
 1. “Sitti barabaraan hin amanna” (Fak. Musee) Ba’u. 19:9
 2. “Garba bara baraa” Kes. 15:17 Isa. 27:12
 3. Barakee hundumaa Kes. 23:6
 4. “Saamu’eel barabaraan ai turi”Isa. 1:22
 5. Mootichi “barabaraan hajiraatu” 1Mot. 1:21 Neh. 2:3 Far. 21:4
 6. “Waaqayyoon barabaraan galateeffadha” Far. 115. :18 145:1-2
 7. “Barabaraan faarfadhaa” Far. 89:115:18; 145:1-2
 8. “Barabaraan gadameessa keessa” Erm. 20:17
 9. “Ta’uu kan danda’u” Fak. 10:25

C. Jiraachuu itti fufiinsaa qabu

1. Namoonni barabaraan hin jiraatu. Uma. 3:22
2. Lafa Far. 78:69; 104:5:148:6 Lal. 1:4 (2Pex. 3:10)
3. Lubummaa Haaron Ba'u 29:9 40:15 (1sam. 2:30)
4. Waaqarraa 31:16-17
5. Guyyaa ayyaanaa Uma. 12:14, 17, 24 Lew. 16:29, 31, 24, 23, 14, 21, 41
6. Dhanna qabaa Uma. 17:13 (Rom. 2:28-29)
7. Biyya abdii Uma. 13:15; 17:18; 48:4; Ba'u 32:13 (Ariyatamuu)
8. Magaalota diigaman Isa. 25:2; 32:14; 34:10

D. Kakuu Haalotaa

1. Abrahaam Uma. 17:7, 8, 13, 19
2. Israa'el Kes. 5, 29; 12:28
3. Daawit 2Sam. 7:13, 16, 25, 29; Far. 89:24
4. Israa'ek Abo. 2:1 (Gel. 3)

E. Kakuu haalota hin taane.

1. Nohi Uma. 9:12, 16
2. Kakuu Harawaa Isa. 55:3; Erm. 32:40; 50:5 (Erm. 31:31-34; Hiz. 36:22-30)

F. Waaqayyo iyyuu

1. Hilawwee isaa Uma. 21:33; Kes. 32:40; Far. 90:2; 93:2; Isa. 40:28; Dan. 12:7
2. Maqaan isaa Ba'u. 3:15; Far. 135:13
3. Daangaa isaa Ba'u. 15:18; Far. 45:6; 66:7; Erm. 10:10; Mik. 4:7
4. Sagalee isaa, Far. 119:89, 160; Isa. 40:8; 59:21
5. Gaarummaa isaa, Far. 25:6; 89:2; 103:17; 118:1-4, 29; Erm. 33:1

G. Masihii isaa

1. Maqaa isaa, Far. 72:17, 19
2. Barabaraan Eebbifamuu Far. 45:2, 17; 89:52
3. Kan bitu, Far. 89:36, 37; Isa. 9:7
4. Luba Far. 110:4
5. Duraan kan ture Mik. 5:2

H. Jireenya bara Harawaa

1. Jireenya barabaraa Dan. 12:2
2. Qaanii barabaraa Dan. 12:2
3. Isaan booda Bo'ichi hin jiru Isa. 65:19 (Mul. 21:4)
4. Aduunis hin jiru Isa. 60:19-20 (Mul. 21-230)

Jecha Ibrootaa kana hiikuudhaaf jechoonni afaan Ingliiffaa meeqa ammam akka hojii iraa oolaan hubadhu

(Hiika harawaa isa Addunyalessaa yookiin NIV)

1. Barabaraan
2. Kan dur durii
3. Kan hin dhumne
4. Kan barabaraa
5. Xumura
6. Gaafa hundaa
7. Jireenyaaf
8. Kan hindhumne
9. Idilee
10. Dhaabbataa
11. Yeroo hundaa
12. Kan durii, yeroo durii
13. Xumura kan hin qabne
14. Addunyaa barabaraa
15. Isa dhumaaf
16. Yeroo dheeraa
17. Bara durii

3:23 “Kanaafis Waaqayyo gooftaan nama iddoo dhaabaa Eden sana keessaa gad baase.” Kun boca gochihima isa cimaa dha.((BDB 1081, KB 1511, *Piel* IMPERFECT) Kes.21:14 inni kan agarsiisu addaan ba’uudha. Akkasumas 1Mot.9:7 Firdii saba Israa’el irra jiru agarsiisa.

3:24 “Kiruubel” isaan kun Ergamoota warra bal’ee qabanii dha.(BDB.500) Ilmaan namaa baasuudhaan Jenneta Waaqayyoo kan eegan,. Boodas, Godoo taabota Waaqayyoo(Oogummaa Mana Qulqullummaa irratti mul’ateera. Akkaataa itti jenneti eegamaa jiru yoo ilaale,bakka addaa ilmi namaa kan bira hin geenye ta’uusaa agarsiisa. Mataduree addaa as jala jiru ilaali.

Mataduree addaa: Kiruubel

- A. Ergamoota baay’ee keessaa isa tokko. Bakka addaa isa qulqulluu sana eega (Kes.25:18-22, 1Mot.8:6-7)
- B. Jechi bu’ura isa beekamaa miti
 - 1. “Gidduu seenuu” ykn Waaqaafi nama gidduutti kan dhalatu
 - 2. Akkaataa gurmaa’ina jechoota afaan Ibrootaa keessatti Fardeenii fi Kiruub (Hiz.1:10)
 - 3. Tokko tokko akka jedhanitti , inni kan jedhu “Fuula ifaa”
- C. Boci qaama isaa kana mirkaneessuuf nama rakkisa; sababi isaas Macaafa Qulqulluu keessatti ibsa adda addaafi boca Nam-bineensa , warra bahaa dhiyoo durii jiran tokko tokko kan isaan waliin wal-qabsiisan
 - 1. Qotiyyoota warra baal’ee qaban kan warra Mosopotamiyaa
 - 2. Alaattii fi Leenca warra baal’ee qaban “Giriifiins jedhamanii kan waamaman
 - 3. Yehiraam Uumama warra baal’ee qaban, Teessoo Mootii Qiroos
 - 4. Sifiniksii Misiraafi Mootummaa Ahaabitti masaraa ilkaan Arbaa Samariyaas kan jiran akaakuu tokko qaba
- D. Akkaataa Qaama isaa
 - 1. Boci Kiruubel jedhamu Isa.6 Suraafel kan jedhu waliin wal qabata.
 - 2. Bocaa fi fakkeenya adda addaa
 - A. Lakkoobsa Fuul-duraa
 - 1. Lama Hiz. 41:18
 - 2. Afur Hiz.1:6,10;10:14,16,21,22
 - 3. Tokko Mul.4:7
 - B. Lakkoobsa Baal’ee
 - 1. Lama 1Mot.6:24
 - 2. Afur Hiz.1:6,10;10:14,16,21,22
 - 3. Ja’a (akka Isa.6:2 Suraafeliin kan fakkaatan) Mul.4:8
 - 3. Qaamni biraan isaa
 - a. Harka namaa Hiz.1. 8,10;8,21
 - b. Miillota
 - 1) Jilba kan hinqabne kan dhaabbate Hiz.1:7
 - 2) Miilla jabbii Hiz.1:7
 - 4. Flavius Josephus,Kiruubel eenyuun akka fakkaatu namni beeku akka hin jirre amaneera *Antiquities of the Jews*, VIII:3:3 ilaal).
- E. Bakkoota Macanfa Qulqulluu keessatti argaman fi Hojii isaanii
 - 1. Eegdota muka jireenya Uma. 3:24(tarii Seexanaaf hojiirra ooleera Hiz. 28:14,16)
 - 2. Eegdota Mana Qulqullummaa
 - a. Saanduqa kakuu irratti Ba’u 25:18-20 lak. 7:8-9 1Sam. 4:4
 - b. Golgaadhaan kan haguugame Ba’u 26:1,31;36:8,35
 - 3. Eegdota Mana Qulqullummaa Solomoon
 - a. Kirubeloota gurguddoo balali’a lama iddoo qulqulla’aa isa gara keessa 1Mot. 6:23-28, 8:6-7: 2Sen. 3:10-14,5 7-9
 - b. Keenyan isa keessa irratti 1 Mot. 5: 29,35 2 sen. 3:7
 - c. Babattee qaalaa qaban sana irratti 1 Mot. 7:27-39
 - 4. Eegdota Mana Qulqullummaa Hiziqeel
 - a. Keenyanii fi balbala irratti kan maxxanfaman Hiz.41:18-20,25

5. Deemsa Tiyoolejii (beekumsa Maconsa Qulqulluu) waliin kan wal-qabatu
 - a. Haala qilleensaa ta'uu kan danda'u. 2Sam.22:11 Far.18:10;104:3-4, Isa.19:1
 - b. Eegdota teessoo waaqayyoo Far.80:1;99:1 Isa.37:16
 - c. Eegdota teessoo waaqayyoo isa fardeenin socho'u Hiz.1;4-28:10:3-22, 1Sen. 28:18
6. Mana Qulqullummaa Herodis
 - a. Keenyan irratti fakkiinsa kaafameera.
7. Agarsiisa mul'ataa teessoo irraa (Jechuun Eegduu Mul. 4-5)

GAAFFILEE MAREE

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Kun fakkeenya (alagorii) ykn oduu duriiti?
2. Bofichi qabatamoodha? dubbachuu hin danda'aa?
3. Bofichi humnaan kan guutamee fi Seexanni kan irra buufate dha moo? taanaan akkamitti heyyamuu danda'e?
4. Addaamii fi Hewaan waan gochaa turan Waaqayyo beeka turee? yoo beeka ta'e akkamitti heyyamu danda'e
5. Jecha ofikeetiin guddina sadarkaa qormaata bofichaa fi himata inni waaqayyoo irratti kaase ibsi
6. Waaqayyo hafuura, akkamitti qaama qabaachuu danda'a?
7. Boqonnaan 3 Seexanichi ykn hammeenyichi lafa keenya irra jiraachuunsaa cubbuun laphee nama keessa jiraachuusaa agarsiisaa? Yoo akkas ta'e Kakuu Moofaa keessatti akka walii galaatti maaliif hin ibsamne?
8. Bofi akkuma tajaajilaa waaqayyooti ilmaan namaa qoruu dhaaf ta'amoo inni dursee waaqayyo irratti ka'eera? Iyob. 1-2 fi Zek. 3
9. Waaqayyo bineensota irratti maaliif farada? sababa seexanaaf meeshaa hojii ta'eef qofa?
10. Lak. 15 Masii isa sichi dhufu agarsisaa moo soda dubartootaafi bofa gidduu jiru agarsiisa?
11. Hawaasichi har'a wal-qixxummaa dhiiraafi dubartootaa gidduutti xiyyeefannaa kan kennu waan ta'eef lak. 16 akka qajeelfamatti akka hin fudhanne beekamaa dha. Atis lakkoobsa kana ammayyuu taanaan jira(hin jiru jettee maaliif amanta?
12. Lak. 20 hojii qalbii diddiirraanaa fi amantii Addamii? yookiis fedha ofiin kan ta'u, isaafii Hewaan ofisaaniin gochuu kan dada'an?
13. Lakk 22 irra kan jiru attamitti akka waaqayyoon bakka bu'u ibsi. Innis gaaddisa dhugabaatii amantii Waaqa sadan tokko ti moo? Kan biraa dha? Maaliif ykn maaliif hin taanee?

SEERA UUMAMAA 4:1-26

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Qaayelii fi Abeel 4:1-8	Qaayeel Abeeliin Ajjeese 4:1-8	Qaayeel Abeelii fi Seet 4:1-7 4:8-16	Qaayelii fi Abeel 4:1-7 4:8	Qaayelii fi Abeel 4:1-8
4:9-15	4:9-15		4:9a 4:9 4:10-12 4:13-14 4:15-16	4:9-16
4:16	Maatii Qaayeen 4:16-18		Dhaloota Qaayeen	
4:17-22		4:17-22	4:17-22	4:17-22
	4:19-24			
4:23-24		4:23-24	4:23-24	4:23-24
(23-24)	(23-24)	(23-24)	(23-24)	(23-24)
	Ilma dhiiraa haaraa		Heenokii fi Seet	Seet fi dhaloota isaa
5:25-26	4:25-26	4:25-26	4:25-26	4:25-26

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAH ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko gofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Seensa

- A. Beektota baay'een akka jedhametti 4:1-24 kan inni ibsu Sanyiin Qaayin warri jal'oonni guddachaa dhufuu isaani yoo ta'u, 4:25,5:32 kan inni ibsu sanyii sheem warra qajeeloo dha. boqonnaan kun yooma illee ilaaluuf kan nama fayyadu ta'e, inni kan inni ibsame boqonnaa 6:5-6, 11,12,13 hammenya namoota hundumaati
- B. Baay'een akka jedhanitti boqonnaan 4 hidda warra lixaa hin tarreessu, garuu hidda sanyii Ibrootaa warra baha ibsa. Guyyaa uumama yoo itti edaate waan wal-irra taa'e fakkaata, kanaaf garaa garummaa waggaa 2000 agarsiisa. Kanaaf ani akkan amanutti kun naamunaa lakkoobsa ykn fakkeenya qofa (akkuma yesuusiin Wangeela Maatiyosii fi Wangeela Luqaas keessatti ibsame) (ibsa hidda dhalootaa isa xumurame miti.
- C. Boqonnaan 5 boqonnaa du'aa jedhamee beekama, garuu lak. 21-24 fayyinni guddaan ilmaan namaaf sabaaba Henooki fi Eliyasiif. jechooti wal-fakkaatan hojirra oolaniru. Eliyasiif 2Mot. 2:3,5,9,10.
- D. Uumama 3:8-11:9 kan ibsu bu'aa cubbuu isa sodaachisaa yoo ta'u, innis dhalootaa amma dhalootaatti kan itti fufee dha.
- E. Qomoon Qaayin akka qomoo sheeti hin tarreeffamne, sanyiin Qaayin bishaan badiisaan dhumeera, miilla lamaanuun kan deeman hundinuu, meeshaa kan hojjetan buqqee mataa guddaa kan qaban hundumtuu fakkeenya waaqayyoo hin turree

QOANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa: 4 1-8

¹ Addaam, Hewwaan haadha ma-naa isaa bira ga'e; isheenis ulfooftee ilma Qaayin jedhamu deessee, "Anigargaarsa Waaqayyootiin nama tokkogodhadheera" jette; ² itti dabaltees ob-boleessa isaa Abeelin deesse; Abeeltiksituu hQ,qlaa ta'e, Qaayin garuu qot-tuu ta'e. ³ Guyyaa baay'ee booddee Qaayinwanta lafa irraa galfate irraa Waaqay-yoof kennaa dhi'eesse*; ⁴ Abeelis immoo hoolota isaa keessaa warra dura dhalatan qalee cooma isaanii aarsaa dhi'eesse; Waaqayyo gara Abeelii figara qalma isaa faara tolaadhaan inilaale*. ⁵ Gara Qaayinii fi gara kennaaisaa garuu faara tolaadhaan hin ilaalle;kana irratti Qaayin aaree boba'ee, mataabuuse.6 Waaqayyo yommus Qaayiniin,"Maaliif aartee bobaate? Maaliifismataa buufte? ⁷ Wanta gaarii utuu hojjetee, ol jetta turte mitii ree?Wanta gaarii hin hojjetu yoo ta'egaruu, cubbuun balbala kee dura riphee si eeggata, si argachuus in kajeela; ati garuu isa irratti aboo godha-dhu!" jedhe.8 Qaayin obboleessa isaa Abeeliiwajjin in dubbate; erga gara bakkeettiba'aniis Qaayin obboleessa isaa Abeelirratti ka' ee isa ajjeese*.

4.1. "Addaam, Hewaan hadha manaasaa bira ga'ee" jechi Afaan ibrootaa "bira ga'e" jedhu wal-quunnamtii saalaa argarsiisa (BDR 3Q3, KB 390 kan xumurame Erm. 1:5(kun Addaamiifi Hewaan gidduutti wal-quunnamtii saalaa isa jalqabaa ta'uusaa hin ibsine. Macaafni Qulqulluun ijoollee meeqa akka isaan qabani fi yoom akka godhatanis waan ibse hin qabu. Kan nuti beeknu warra maqaa isaaniitiin beekaman sadan qofa. Kunis baay'ee fayida qaba, sagaleen Kakuu Harawaa "waaqayyoon beekuu" jedhu kan agarsiisu qabiyyee qabatamaa qofa miti ,garuu quunnamtii dhuunfaafis xiyyeeffannaa kenneera. Bu'urumamaan ilmaan namaa deebi isaan waaqayyoof kennan kan inni of-keessatti hammatu. (1) Dhugaa qabatamaa ta'e (2) Nama fudhatuu fi (3) Jireenya qajeelaa ta'e jiraachuu dha. Mata duree addaa kana gadi jiru ilaali

Mataduree addaa beekuu(caalmaatti seera keessa deebii waliin wal-simsiisuuf kan fayyadame)

Jechi afaan ibrootaa "Beekuu" (BDB 393(tilmaamota baay'ee qaba (jechaan hiikkoo baay'ee qaba(

1. Hamaa fi gaarii addaan baasuu. Uma 3:22, kes.1:39 isa 7: 14-15, yon 11

2. Hubachuudhaan beekuu. Kess. 9:2,3,6, 18:21
3. Muuxannoodhaan beekuu. Kes.3:19,4:35,8:2,3,5,11:2:20:20:31:13, Iya.23:14
4. Hubannoo fudhachuuf Kes. 4:39:11:2;29:16
5. Dhuunfaa dhaan beekuuf
 - a. A. Nama Uma 29:5 Ba'u 1:8: Kes. 22.2;28:35,36;33:9
 - b. Waaqa(Waaqoa(Kes. 11:28:13:2,6,13;28:64,29:26;32:17
yaa'ivee Kes. 4: 35,39:7:9; 29:6, Isa. 1:3;56:10-11
 - c. C. Wal-Quunnantii saalaa Uma. 4:1,17,25,24:16;38:26
6. Dandeettii ykn beekumsa baratan Isa. 29:11,12 Amo. 5:16
7. Oogessa ta'uu Kes. 29:4 fak. 1:2:4:1: Isa 29:24
8. Beekumsa waaqayyo
 - a. A. Kan Musee Kes. 34.10
 - b. Kan Israa'el kes. 31:21,27,27

■ **“Qaayin”** Maqaan Qaayin jedhamu (*qayin*., BDB 884 111,KB 1097, fi BDB 888-89(Afaan jecha Ibrootaan “Argame” (qaniitti (jedhamu waliin walitti dhufa innis kan inni mirkanessu barbaadu Qayiin kennaa addati, gargaarsa ya'iiween (akkasumas 3:15 xumura)

■ **“An ilman waaqayyoo biraa argadhe”** hiikni isaas “mucaa ilmaa” yeroo ta’u xiyyeeffannaan kan itti kenname fakkaata. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti Hewaan dursitee ijoollee dubara qabdi turte, kanaaf inni kun ilma isa jalqabaati. Kun garuu akka yaadaatti kan galee inni xumura lak. 1 “Gargaarsa gooftaan” (BDB 86) kan inni agarsiisu dhugaa baatu amantii ti, kan Hewan Uma. 3:15 irratti bu’ureefachuun . Kun akkaataa itti fayyadama isa yaa’iwee dha. Yeroo itti aanutti kan uumamu waaqeffannaa sanyii sheet 4:26 irra.

4:2 ”Itti dabaltees obboleessa isaa Abeeliin deesse “ Barsiisonni akka jedhanitti, gaaleen “Addaam fi Abeel lakkuu ta’uusaani agarsiisa jedhu kun immoo raawwatee kan hin fakkaanneedha.

■ “Abeel” jechi ibrootaa “hafuura” “Fixeensa” yokiin “akkasumaan” jechuudha. (BDB 211 11 Lall. 1:2(maqaa kana ilaalchisee tilmaama filannoo sadiitu jira. (1) Kun tarii kan inni calaqqisiisu (a) Hewaan haala kufaatii isheettii jajjabaachuu dadhabuu yookaan (b) Jireenyi isaa gabaabaa ta’uusaaf Raajii dubbatame (2) “Mucaa” (*ibil*) Jecha warra Akaadiyaan waliin firummaa jiraachuu malu fi (3) Kaan immoo akka jedhanitti “Dadhabummaa” jecha jedhu waliin wal-fakkaata, sababi isaas Hewaan jajjabaachuu dadhabuun ishee ijoollee ishee irratti abaarsi bu’u isaan. (uma. 3:16)

4.3 “Qaayin waanta lafarraa galfate irraa waaqayyoof kennaa dhiyeesse” Qaayin waaqayyoof kennaa kennuun nama jalqabaa ta’uusaa hubadhu BDB 97, KB 112, *Hiphil* IMPERFECT) durumaan akka beekamu kennaa midhaaniifi kennaa horii gidduu garaa garummaan hin jiru. Naannoo iddoo aarsaa sanatti Waanti guddaan, amantii malee akaakuu aarsaa sanaan miti. tarii isaan aaricha Jenneta Eden cinatti dhiyeesaniiru ta’a.

4.4 “Abeel immoo hoolota isaa keessaa warra duraa qalee cooma isaanii aarsaa dhiyeesse “ furtuu kan fakkaatu “Warra duraa” jecha jedhuu dha (BDB 114) Qaayiin gosa qonnaa isaarra, Abeel garuu hoolota isaa keessaa isa filatamaa dhiyeesse, kunis ulfinaafi amantii agarsiisa. Garuu kan beekamuu qabu, barreeffamichi baay’ee gabaabaa fi murteessuuf kan nama rakkisuu dha. Dhimmoota durii kana baay’ifnee yeroo dubbifnu of-eggachuutu nurra jiraata.

NASB	“ Qaama cooma isaa irraa
NKSV	“Cooma isaanii irraa “
NRSV	“Qaama coomaa isaanii irraa”
TEV	“Qaama filatama irraa
NJB	“Cooma isaanii irraa xiqqoo ishee”
SEPT	“Warra cocoomoo keessaa ”
JPSOA	“Filatamoo keessaa “
NET	“Warra cooman keessaa”

Waluma galatti isaan kanas ta'e Yi'udota gara boodattis xeerii coomni isaa waliin wal-qabate iddoo aarsaatti dhiyaata: (1) Isaan kan mul'atan bakka buufata miiraa jedhamanii beekamu yookaan (2) Coomni fakkeenya badhadhumaa fi fayyummaa fudhatama ture.

SEPT, JPSOA fi TEV Macaafni qulqulluun gaalee kana kan hubatan cooma xeerii agarsiisuuf utuu hin taane, hoolota keessaa isa filatamaa dha.

■ **“Waaqayyo gara Abeelii fi gara qalma isaa faara tolaa dhan in ilaale** “ kun hikni isaa “ilaaluudha” BDB 1043, KB 1609, *Qal* IMPERFECT TEV fi NJB) yaadoti adda addaa yooma jiraata illee, attamitti isa jedhuuf kana jechuun nama rakkisa. Waaqayyo isa tokkoof gammachuusaa akka ibsuu fi isaan kaanitti immoo akka hingammanne mul'isuun isaa beekamaa dha. Waaqayyo Abeeli fi qalma isa akka simate beektota duriinis warra ammaan isbsameera. Kun durumaan iyyuu seera isaati (Hib. 11:4(rakkoon Qaayin filannoo isaati, waaqayyo waaqummaa isaa mul'isuuf isa angafa dhiisee isa quxusuu jaal'achuu dand'a. Kun uumama keessattis mul'ateera.

4:5. “Qaayin aaree boba'ee “ jechi ibrootaa kun baay'ee cimaadha miira Qaayin ibsuudhaaf. (BDB 354, KB 351, Baay'ee kan jedhu BDB 547) inni waaqayyootti aaruusaa, garuu dheekkamsa isaa obboleessa isaa irratti mul'isuusaa ilaalii ijoon as jiru waaqefannaa gidduutti dheekkamsa. Inni kennaa dursee dhiyeessee kansaa fudhatama dhabee kan Abeel gaafa fudhatamu aaruu danda'a.

■ **“Mataa buuse”** as irratti akkaataan jechoota isaati “hin aare” lak. 5 fi 6 (BDB 656, KB 709) akkasumsa lak 7 “ol jetta turte mitiiree.”

4:6 “Maaliif aartee bobaate ?” asiratti waaqayyoo gaaffii baay'ee gaafate, ragaaf utuu hin taane namni miira ofiisaatii akka hubatuuf nama gargaaruuf (lak. 9 fi 3:9,11,13)

4:7 “Cubbuun balbalakee dura riphee si'eeggata” lakkoobsa kana irratti cubbuun akka bineensa daggalaa isa nama nyaachuu barbaadu (1pex 5:8) “riphuu” jecha jedhu waliin wal-quunnamti Akaadiyaantu jira innis seexannoota waliin fayidaa irra kan oole (BDB 918, KB 1181(kunis amala cubbuu isa sirrii nu agarsiisa.

■ **“Si argachuus hin kajeelti”** jechi wal-fakkaatu (BDB 1003 KB 1802) Uma 3:16, kunis kan agarsiisu kaayyoon Seexanichaa(hamaa (nuballeessuuf.

■ **“Ati garuu isa irratti Aboo godhadhu”** Goochmni kun (BDB 605, KB 647) *Qal* IMPERFECT dha. kunis kan agarsiisu harka nuyi hamaa (Seexanaa) sanatti akka nefkaa (puppet) akka hin taane dha. Garuu gargaarsa waaqayyoon isa hamaa sana mormuuf aboo qabna (Efe. 6:13, Ya'I 4:7, 1pex.5:9 (gaabbuudhaa fi deebi'uuf Qaayin cubbuu addaamitti hin hidhamne ture (Hiz.18:2-4) nuti cubbuu addaamii fi Hewaaniin miidhamneerra, garuu filannoo dhuunfaa keenyaaf itti gaafatamummaatu nurra jira.

4:8 Qaayin obboleessa isaa Abeela waliin hin dubbate” Gaalee kana irratti maree baay'eetu adeemsifame, warri kaan isa waaqayyo lak. 7 fi 8 irratti itti dubbate Qaayin Abeelitti himeera jedhu, warri kaan immoo, Saamrootaa piintaatiuti, SEPT, Afaan sooriyaa vaalgeetii fi hiikoon Temet, Qaayin gara diidaatti fuudhee kan ba'e ajjeesuudhaaf jedheeti jedhu. (jechuun silumaa kan itti yaadame ajjechaa raawwatamee dha).

■ **“Qaayin obboleessa isaa Abeel irratti ka'e** “ boqonnaan 3 cimsee kan dubbatu qormaata isa uumamaa ala ta'e ti, boqonnaan 4 immoo amalli kufaatii Addaam ilmaan namaa irratti guddachaa dhufuu isaa ti, asitti kan isaan dogoggorse hin jiru, cubbuu akkasumaan ka'ee dho'eedha. Kunii cubbuu Addaamiifi Hawaan irraa argamee fi qomoo hundumaa irratti kan darbee dha. (Rom 8:9-18,23,1yoh.3:12(“irratti ka'e” (BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERFECT) fi “hin ajjeese” gochihimi jedhu (BDB 746, Kb 255(hammeenya itti fufe agarsiisa.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa: 4 9-15

⁴Qaayin obboleessa isaa Abeeliwajjin in dubbate; erga gara bakkeettiba'aniis Qaayin obboleessa isaa Abeelirratti ka' ee isa ajjeese*. ⁹Waaqayyo yommu, "Abeel obboleessi kee eessa jira?" jedhee Qaayi-nin gaafate; inni immoo deebisee, "Anihin beeku, obboleessa koo natu eegaa?" jedhe. ¹⁰Kana irratti Waaqayyo, "Wantiati goote kun maali? Dhiigni obboleessaa keetii lafaa natti in iyyata *. ¹¹ Ammas ati

abaaramaa dha! Lafa isa dhiigaobboleessaa keetii afaan banee akkadhugu goote sana irraa in ari'atamta*.¹² Lafa yeroo qottu deebi'ee midhaansiif hin baasu; biyya lafaa irrattis namajooraa, nama lafa dhaqu hin qabnes intaata" jedhe. ¹³Qaayin deebisee Waaqayyoon,"Adabamuun koo isa ani baachuu danda'u gararraa ta'e. ¹⁴ Kunoo, ati har'alafa maasii koo irraa na ariiteetta, fuulakee duraas dhokachuun na irra jira; anilafa irratti nama jooraa, nama lafadhaqu hin qabnes nan ta'a; namni naarge hundinuu ana in ajjeesa" jedhe*. ¹⁵Kana irratti Waaqayyo, "Akkasmiti, nama Qaayinin ajjeese irraa gumaan dachaa torbaa in barbaadama!"jedheen; kana booddee Waaqayyo, namni Qaayinin arge rukutee akka hinaajjeefneef, milikkita itti godhe*. ¹⁶Qaayinis fuula Waaqayyoo duraaba'ee, Eeden gara ba'a-biiftuu biyyaaitti jooraa hafetti egale.

4:9 “An hin beeku obboleessa koo natu eegaa?” rakkoon Qaayin inni guddaan laphee qalbii diddiirannaa hin qabu ture “Eegduu” kan jedhu “tiksee” jechuu saati (BDB 1036, KB 1581) hammeenya itti fufe agarsiisa.

4:10 . “Dhiigni Obboleessa keetii lafa natty in iyyata” gaaleen kun baay’ee faayidee qaba (hin iyya BDB 858, KB 1042 (warra Ibroota biratti humni jireenyaa dhiiga jedhu, (Lew 17:11;Mul 6:9,10) jechi “dhiiga” jedhu Afaan ibrootaan heddummina agarsiisa. Raashin akka jedhu heddumini kan agarsiisuu Abeelii fi sanyiin isaa ta’uu kan danda’ani dha. Heddummini cimaa ta’uusaa agarsiisa.

4:11 “Ammas ati abaaremaa dha “ Kun abaarsa Namaa isa jalqabaafi isa kallattiin dhufeedha. Abarsa Addaam irraa kan ka’e lafti abaaramteetti Qaayin qotee bulaa ture, isaan booda garuu hojii kana iffi fufuu hin dandeenye, innis gara gammoojiitti bahe, innis bakka jireenyaa seexanaa fi bakka hojii qonnaa isaa itti adeemsisuu dha.

4:12 “Lafa yeroo qottu deebi’ee miidhaan siif hin baasu” beektoti macaafaa baay’een akka jedhanitti sanyiin Qaayin jireenya baadiyyaa caalaa jireenya magaalaa Babali’isaa turan (lak. 16-24)

Nama jooraa, nama lafa dhaqu hin beekne “jecha sagalee wal-fakkaatu qaban kun (BDB 631,KB 681 fi BDB 626, KB 678.Lak. 14) jireenya horsiisee bulummaa Qaayin agarsiisa.

4:13 “Adabamuunkoo isa ani baachuu danda’u gararraa ta’e,” Qaayin cubbuu godhetti hin gaddine, garuu miidhaa inni fidetti gadde.

4:14 “Ani lafa irratti nama jooraa nama lafa dhaqu hin qabnes nan ta’a “ kun bu’aa cubbuun Qaayin fide isa qabatamadha. Gaaleen itti aanu ”fuulakee duraa nan baqadha” bu’aa afuuraati (3:18(cubbuu Qaayiniif.

■ “Namni naarge hundinuu ana hin ajjeesa” Qaayin jireenya ofiisaatiif sodaateera. Barsiisonni akka jedhanitti inni bineensota sodaate jedhu. ta’us barreefamichi kan inni agarsiisu firootuma isa akka sodhaatee dha. Innis ija baatonni Abeel akka hin ajjeefneef kunis kan inni agarsiisu Addaamiif Hewaan maqaadhaan kan hin dah’amne ijoollee akka qabanidha.

Maree inni baay’ee nama dhibu, Addaamiifi Hewaan namoota seenaa durii qaban waliin wal-arguu isaanii ilaalchiseeti, kan Kidner keessatti irratti barreeffamni *The Tyndale Commentary on Genesis fi Bernard Ramm* ibsa antiropooloo irratti, ilaalchi *The Christian’s View of Science and Scripture* irratti argama. Lakkoobsi isaa tarii uumama warra yaaduu danda’an ilaallata. Uumama nama duraa fi qabiyyeen uumama isaanii warra baha dhiyoo duriitti, K. Harrison’s *Introduction to the Old Testament*, fuula. 147-163 Fi *Who was Adam? Kan jedhu* Fazale Rana fi Hugh Ross kan qophaa’e ilaal.

Qaayin ‘homosaphiyan’ kan hin taane afuura Waaqayyoo ala yoo fuudhe, Uma. 6:1-4, uumamni waaqayyoo inni adda ta’e bineensota warra biro waliin wal-makate jechuudha. Namaa fi ergamaan alatti.

4:15 “Akkas miti, nama Qaayini ajjeese irraa gumaa dacha torba in barbaadama” jechi “Dacha torba” jedhu kan jechuu barbaade ija ba’umsa addaa ti. waluma galatti, Waaqayyo cubbuu isa guddaaf mallattoo kan ta’e Qaayiniin jireenyatti dhiise . Barsiisoonni akka jedhanitti waaqayyo ija hin ba’aaf

■ **“Qayinitti Milikitta itti godhe”** kun yookiin mallattoo (BDB 16) kan ta’u (1)Araara Waaqayyoo firdii gidduutti ykn (2) Waaqayyo yeroo eeggatee firdii akka raawwatu kan agarsiisu ture. Barsiisonni akka jedhanitti waaqayyo gaanfa bineensaa mataa Qaayin irra kaa’eera jedhu, garuu kan inni fakkaatu baay’ee kan wal-fakkaatu adda irratti mallattoo gochuusaati (Hiz. 9:4,6).

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa: 4 :16

16 Qaayinis fuula Waaqayyoo duraaba'ee, Eeden gara ba'a-biiftuu biyyaaitti jooraa hafetti egale.

4:16. “Qaayinis fuula waaqayyoo duraa ba’ee “ kun kan inni fakkaatu bu’aa qaamaa, isa bu’aa afuura hordofee dhufe (gad ba’e BDB 422, KB 425, *Qal IMPERFECT*) lak.16-24 sirriimatti kan inni agarsiisu ariyatamuun ilma namaa seera addunyaan jalqamuusaa, innis waaqa irra fagaachuusaa, Kun akka diina yaa’iwwaatti ilaalamuu kan danda’amu mul’ata Daan’el keessatti Mootota ka’aniin. Kunis keessumaa kan inni mul’atu Baabiloon gudditti ishee gaalamoota mul’ata yohannisifi yohannis “Addunyaa” jechuun jecha inni itti fayyadamuudha.

■ **“Lafa Noodi” Noodi”** jecha Afaan ibrootaa yeroo ta’u **“Jooraa “ jechuu dha.** (BDB 62711(kun maqaa qaayin waliin kan wal-qabatu ta’uunsaa ifaa dha. Iddoon kun eessa akka ta’e hin beekamu garuu ifaa kan ta’e Edenirraa gara baha addaamiifi Hewaan kan deeman irraa fagoo ture.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa: 4 :17-22

17 Qaayin haadha manaa isaa biraga'e; isheenis ulfoofttee ilma in deesse; maqaan isaas "Henok" jedhame; Qaayin mandara tokko ijaaree, mandarichas maqaa ilma isaa Henokitti moggaase. 18 Henok, Iraadin godhate; Iraad,Mahuyaa'elin dhalche, Mahuyaa'el, Maatushaa' elin dhalche, Maatushaa' elimmoo Laamekin dhalche. 19 Laamekdubartoota lama fuudhe; maqaan isheetokkoo Aadaa, maqaan ishee kaaniimmoo Xiilaa ture. 20 Aadaan, Yaabaalin deesse; inni abbaa sanyii warragodookeessa jiraatanii horii horsiisaniiture. 21 Maqaan obboleessa isaa immooYubaal ture; inni immoo abba sanyiiwarra kiraara rukutanii fi ulullee afuufanii ture. 22 Xiilaan immoo Tubaal Qaayinin deesse; warri sibiila boorraj-jii fi sibiila gurraacha tuman hundinuusa irraa. baran; obboleettiin Tubaal Qaayinis Naa'ima turte.

4:17 “Qaayin hadhamanaasaa bira ga’ee” eenyuun fuudhee? beektoti Macaafa Qulqulluu tokko tokko akka tilmaamanitti obboleettii isaa tokko fuudhee jedhu. Kun garuu Macaafa Qulqulluu keessatti hin ibsamne. Uumama 5:4 kana ibsa, innis Addaamiifi Hewaan ijoollee dhiiraafi durbaa kan biraa akka qaban agarsiisa. inni baay’ee nama dhibu kan biraan jennetaa alatti namootaa jiraniidha. Isaanis warra Qaayin godhaatee dha. 4:14.Warra jiranidha.

■ **“Isheenis ulfoofttee ilma in deesse, maqaan isaas Henok jedhame** “ maqooti kun bu’urri isaani nama shakkisiisa. Henook” jechuun tarii “isa jalqabaa” yokaan “isa ka’umsaa” jechuu ta’uu danda’a (BDB 335) maqaan ifatti wal-fakkaatu tarreeffama ijoollee Qaayiniifi ijoollee Sheet gidduutti baqonnaa 5 irra jira. Jechoota bu’ura wal-fakkaatan kanaaf sababiin kallattiin ka’amu hin jiru, garuu kan inni agarsiisu. (1)Maatii lamaan walitti dhufeenya jireenya hawaasummaa yookaan (2) Garaa garummaa hafuura Henokota lamaan gidduu jiruudha.

Darbees immoo hiddi sanyii Qaayin dheerina umurii isaaniis akka hin ka’amne hubadhu. Kun tarii kan inni agarsisu hiddi sanyii Sheet inni umurii dheeraan irra deebi’amee beekamuuf ykn mallattoo galataati (akkuma tarreeffama mootota warra Suumerootaa umurii dheerate baay’ee akka qaban, bishaan badiisan duraa fi booddee , Umuriin dheerachuun bishaan badisaa booda baay’ee gadi bu’eera, garuu akk ejjennoo bara kanaatti baay’ee dheeraa dha.

■ **“Innis mgaalaa ijaaree”** kun kan inni fakkaatu, kallattii ala isa ta’e ajaja waaqayyoon marmuu dha, innis jooraa ta’a isa inni jedhe, (lak. 12,14) worri kaan kana akka waan sodaan Qaayin ittiin mul’ateetti fudhatan, namni barbaade lafumaa ka’ee akka isa hin ajjeefneef maatiisaafi ofisaa oolchuuf daannoo akka ijaare.

4:18 “Henok Iraadiin godhate “ jechi bu’ura kun 1.Faay’a Magaala 2>Nama Magaalaa ykn 3. Nama miilla si’aa qabu (BDB 747)

■ **“Mahuyaa’el”** hikni jecha kanatti dhiyaatu 1.Waaqayyo jireenya kan kennuu dha.2Waaqayyo galaana jireenyaa kan kennuu dha. 3. Waaqayyoon kan dha’ame ykn 4. Waaqayyoof kan hojjetame (BDB 562)

■ **“Maatu Saalaa”** hikni jecha kanaa: (1) Nama Waaqayyoo (2) Dargaggeessa Cima yookiin (3) Mootii (BDB 607).

4:19 “Laamek Dubartoota lama fuudhe” kun ga’iila irratti gaa’ila isa jalqabaa yoo ta’u kan inni jalqabee sanyii hidda Qaayin isa kufe keessa. jechi laamek jedhamu ka’umsi isaa inni sirriin hin beekamu (BDB 541)

■ **“Aadaa Xiilaa”** maqaan dubartoota kana lamaanis bareedina qaamaa waliin kan wal-qabateedha. Barsiisonni akka jedhanitti isheen tokko ijoollee kan deessuuf yeroo taatu, isheen kan biraan immoo inni itti gammaduu qofaaf kan inni itti fayyadamuu dha. maqaan Aadaa jedhamu hikni isaa faaya ykn ganama jechuu yoo ta’u (BDB 725) “Xiilaan” immoo “gaaddisa” ykn “da’oo” “Sagalee qallaa” ykn nama meeshaa muuziqaa xabatu jechuu fakkaata (BDB853)

4:20 “Yaabaaliin deesse, inni abbaa sanyii warra godoo keessa jiraatanii horii horsiisanii ture” hikni jecha kana Jooraa jechuu yoo ta’u (BDB 385) innis kan inni mul’isu jireenya horsiisee bulaa yoo ta’u kunnis bara sana babal’atee ture.

4:21 “Yuubal ... inni immoo abbaa sanyii warra kiraara rukutaniif ulullee afuufanii ture” namoonni tokko tokko akka jedhanitti maqaan isaa “Sagalee”dha. Kun yeroo itti oogummaa muuziqaa itti jalqabame ture muuziqaan Seexana (hammeenya(waliin akka wal-qabatu Hiz.18:13 irra jira. Kennaan Waaqayyoo hundumiti isaa hojii Seexanaaf hojiirra ooluun hin danda’ama. Muuziqaa kiraararraa hojjetaman qofa osoo hin taane, muuziqaa afuufamanis hojjetamaa turan.

4:22 “Tuubal Qaayin, warri sibiila borrajjiifi sibiila gurraachaa tuman hundinuu isarraa baran” Namni kun (BDB 1063) meeshaan lolaa hojjechuun isa jalqabati namoonni sadii lak 21-22 xuqamuun isaanii hojiisaanii maqaasaanitiin ibsuuf.

■ **“Naa’imaa”** maqaan kun “gammachiisaa’ jechuu dha. (BDB 653 1) Barsiisonni akka jedhanitti isheen Nohitti heerumteetti jedhu, garuu rawwata kan hin fakkaanneedha.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa: 4:23-24

23 Laamek yommas dubartootaisaatiin, "Yaa Aadaa, yaa Xiilaa!Sagalee koo dhaga'aa!Yaa dubartoota Laamek, waanani jedhu dhaggeeffadhaa!Namni yoo na madeesse,dargaggeessi yoo nadirmammeesses,ani isa nan ajjeesa;24 gumaan Qaayin dachaatorbaerga ta'ee,gumaan Laamek dachaatorbaatamii torba in ta' a"jedhe*

4:23 “Laamek yommas dubartoota isaatin” kun macaafa Qulqulluu keessatti ciigoo isa jalqabaati (%40 kan ta’an Kakuu Moofaa bifa ciigoon barreeffame) innis caas-luga isaatiin lak 22 waliin walitti firooma. Oduun durii Barsiisotaa akka jedhutti “Qaayinin akka tasaa waan ajjeeseef dubartooti isaa lamaan isa dhisaniiru,” kun mammaaksa akkasumaaniiti. Inni xiyyeefannaa kan inni itti kennuu barbaadu cubbuun guddachaa akka deeme, hanga sanatti laamek gumaa isaatiif fakkarsuu dhageessisaa ture.Namoonni tokko tokko akka jedhanitti, Tuubal qaayin meeshaa waraana isaa erga qabatee booda fokkorsuu kana qaaqaan dhiyeesse. waa’ee yeroosaatii ilaalchisee beektota Macaafa Qulqulluu gidduutti mare baay’ee adeemsifameera (isa darbee fi isa dhufu) baay’een kan isaan tilmaaman gara fuul-duraatti isa ta’u agarsiisa malee waan kanaan dura ta’e miti.

4:24 “gumaan Qaayin dachaa torba erga ta'ee,gumaan Laamek dachaatorbaatamii torba in ta' a" jedhe . kun kan inni asarsiisu gumaan laamek kan caalu ta’uusaati (4:15) beektonni tokko tokko akka jedhanitti, kanaaf waa’ee dhiifamaaf isa Iyesuus dubbate waliin wal faalleessa Mat: 18:21, 22

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 5:1-2

25Addaam ammas haadha manaaisaa bira ga'e; isheenis ilma deessee,maqaa isaa "Sheet" jettee moggaafte;kana irratti, "Iddoo Abeel isa Qaayinajjeese Waaqayyo dhala kan biraa naafbuuse" jette; ("Sheet" jechuun "Iddoo buusuu" jechuu dha). **26** Sheetiifis ilmi in dhalate, innis maqaa isaa "Enosh" jedhee moggaase; bani sana namoonni Waaqayyoon maqaadhaan waammachuu jalqaban*.

4:25-26 Kun akka barreeffama isaanitti kan inni wajjin deemuu qabu boqonnaa 5 walin kutaan boqonnaafi lakkobsaa qaama barreeffamichaa isa ol-aanaa miti. kakuu moofaa isa Afaan Ibrootaa yookaan kakuu harawaa isaa Afaan Giriik ta'us.

4:25 Afaan Ibrootaa kun “Daangaa” isa jedhu waliin wl-fakkaata (Shaata,(BDB 1011,KB 1483) fi sheet (BDB 1011) jechi kun Gara Umamaa 1-11 maqaa jiran waliin itti fufa jecha jechaan kan ta'e amala maqaa sana agarsiisa.

4:26 “**Innis maqaa isaa ‘Enosh’**” jedhee moggaasa Afaan Ibrootaa kun “Namaaf” (BDB 60) Addaan waliin wal-fakkaata (Iyo: 25:6, Far.8:4 Far 96:3 144:3 Isa. 51:12 56:2)

■ “**Barasana Namoonni Waaqayyoon maqaa dhaan waammachuu jalqaban**” kun kan inni fakkaatu Waaqeffannaa isa idilee dha, Maqaa Waaqarraa yaahiwwee sababa fayyadamuuf namoonni baay'een lakkoobsa kanaaf kess.6:3 gidduu faallaan jiraachuusaa ilaalaniiruu. Namoonni yaahiwwee maqaa jedhu fayidaa isaa guutummaatti utuu hin beekin amma bara museetti akka itti fayyadamamaa turan tilmaamama. Kun sanyii hiddaa masichaan isa jalqabaati:

SEERA UUMAMAA 5

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Dhalootee Addaam	Maatii Addaam	Dhaloota Addaamii hanga Nohi jiru	Dhalootee Addaam	Abboota bishaan badiisaa dura turan 5:1-2
5:1-2	5:1-5	5:1-2	5:1-5	2
5:3-5		5:3-5		5:3-5
5:6-8	5:6-8	5:6-8	5:6-8	5:6-8
5:9-11	5:9-11	5:9-11	5:9-11	5:9-11
5:12-14	5:12-14	5:12-14	5:12-14	5:12-14
5:15-17	5:15-17	5:15-17	5:15-17	5:15-17
5:18-20	5:18-20	5:18-20	5:18-20	5:18-20
5:21-24	5:21-24	5:21-24	5:21-24	5:21-24
5:25-27	5:25-27	5:25-27	5:25-27	5:25-27
5:28-31	5:28-31	5:28-31	5:28-31	5:28-31
5:32	5:32	5:32	5:32	5:32

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko gofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 5:1-2

1 Caaffanni waa' ee warra Addaam irraa dhalatanii kanatti fufee jira; Waaqayyo gaafa nama uume, akka fakkaattii ofii isaatiitti isain tolche; 2yeroo isaan uumes "Nama" jedheesaan in moggaase; inni dhiiraa fidubartii isaan uumee isaan in eebbise.

5:1 “Warra Addaan irraa dhalatan” jechi kun (BDB 910) Seera uumamaa (2:4; 5:1; 6:9; 10:1; 11:10,27; 25:12,19; 36:1 32:2) yeroo kudhan irra deddeebi'ameera. Kun kan inni agarsisuuf yaalu barreeffamichi waan inni irratti

barreeffamee dha. Bara durii warri mosopotaamiyaa barreeffamooti biraannaa jechi isaa ykn gaaleen isaa fayadaa irra kan oolu, gabatee suphee adda addaa walitti fi duudhaan barreeffamoota uumu. An akkan amanutti museen kan inni fayyadame. (1) Jechoota Aada (2) Abbootaa irraa burqaa barreeffamaa, akkasumas (3) Mul'ata kallattiin Gaaleen kun Seera Uumamaa keessatti yeroo baay'ee irraa deddebi'ameera. Yeroo baay'ee kan inni fayyadu barreeffamoota ittiin xumuruuf akka mallattootti.

■ **“Waaqayyoo Addaamins yeroo uume’** kun barreeffamoota gabatee isa jalqabaati Seera Uumamama 1-2 walitti qabeeti.

5:2 “Nama jedhee isaan moggaase’ kun walumaa galatti maqaa Addaan ta’uusaa ilaali lak.3 gama biraan akkataan itti fayyadamaa kun wal qixxummaa cimsuuf 1:26-27

■ **“Guyyaa keessaa”** kun akkataa itti fayyadama guyyaa yoo ta’u, akka sa’a 24 yeroo itti lakkoofnu miti garuu akka lakkoobsa baraatti kan a waliin wal-fakkatu Uma. 2:4 Far: 90:4 mata duree addaa 15 ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 5:3-5

3 Addaam waggaa dhibbaa fi soddoma jiraatee, ilma fakkaattii isaa ta'ebifa isaas qabu tokko dhalche; maqaaisaas "Sheet" jedhee in moggaase. 4 Sheet erga dhalatee booddee, Addaamwaggaa dhibba saddeet jiraatee, ilmaanii fiintaloota biraas in godhate. 5 BarriAddaam jiraate hundinuu waggaa dhib-ba sagalii fi soddoma ture, kana booddees in du'e.

5:3 “Addaam ilma fakkatti isaa ta’e bifa isaas qabu tokko dhalche” Gaaleen kun hiika lama qaba: (1) Akkuma bineensota bira Addaam fakkaatti isaatti ijoollee godhate (1:11) ykn (2) Kun kan inni agarsisu bifa Waaqayyooti (1:26-27) kufaattii boodas ilmaan namaarra jiraachuusaa.

5:5 “Barri Addaam jiraata hundinuu waggaa Dhibba sagaliifi soddoma ture” waa’ee dheerina umurii nama duraan isa tureefi bishaan badiisaa boodaa ilaalchisee marii baay’een adeemsiyameera. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti. (1) Fakkeenya jedhu (2) Isaan baroota bifa adda ta’een lakkaa’u (3) Cubbuun akka ammaa kana biyya lafa hin mine ture (4) akkoobsi guddaan geggeessitoota duriif akka mallattoo ulfinaatti hojiirra oolaa ture akka tarreeffama mootota warra sumeeriyanootaan. Tarreeffama sana keessatti mootonni bishaan badisaa booda jiraatan irra warra bishaan badisaa dura turanitu umuri dheeraa jiraatu, akka tarreeffama hidda dhalootaa macaafa qulqulluu keessatti ka’ametti.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 5:6-8

6 Sheet dhalatee waggaa dhibbaa fi shanitti Enoshin in dhalche. 7 Enosh erga dhalatee booddee, Sheetwaggaa dhibba saddeetii fi torba jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas ingodhate; 8 barri Sheet jiraate hundinuuwaggaa dhibba sag alii fi kudha lamature, kana booddees in du' e.

Kun 4:26 irratti duraan dhiyaatee isa tureen wal-sima.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 5:9-11

9 Enosh dhalatee waggaa sagalta-matti Qayinaanin dha1che. 10 Qayinaan erga dhalatee booddee, Enoshwaggaa dhibba saddeetii fi kudhashan jiraatee, ilmaanii fi. intalootabiraas in godhate. II Barri Enosh jiraate hundinuu waggaa dhibba sagaliifi shan ture,kana booddees in du' e.

5:10 “Qaayinaan” kun kan inni ta’uu danda’u (1)“Isa dhaalu” (2)“ “Mucaa” (3)“Isa Uumame” (4)“ Dargaggeessa” ykn (5) “Nama Waraanaa” (BDB 884) Asiratti filmanti baay’een ifa ta’u kan qabu nuti akka salphaatti hiika isaa beekuu hin dandees Isaan kun wal-cina ykn

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa: 5:12-14

12 Qayinaan dhalatee waggaa tor-baatamatti Mahalalelin dhalche; 13 Mahalalelin erga dhalchee booddee, Qayinaan waggaa dhibba saddeetii fi afurtam a jiraatee, ilmaanii fi intalootabiraas in godhate. 14 Barri Qayinaanjiraate hundinuu waggaa dhibba sagaliifi kudhan ture, kana booddees in du'e.

Kunniin karaa jecha ifaa ifatti ta'een kan bukkoo (paralleled) akka ta'an ifaadha.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 5:15-17

15 Mahalalel dhalatee waggaa jaa-tamii shanitti Yaaredin dhalche; 16 Yaared erga dhalatee booddee, Mahalalel waggaa dhibba saddeetii fisoddoma jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas in godhate. 17 Barri Mahalalel jiraate hundinuu waggaa dhibba saddeetii fi. sagaltamii shan ture, kanabooddees hin du'e.

5:15 “Mahalalel” kun “galata Waaqayyoo” jechuu dha (BDB 239)

■ “Yaared” kun “amala gaarii” jechuu dha (BDB434)

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 5:18-20

18 Yaared dhalatee waggaa dhibbafokkoo fi jaatamii lamatti Henokindhalche; 19 Henok erga dhalatee booddee, Yaared waggaa dhibba saddeetjiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas ingodhate. 20 Barri Yaared jiraate hundinuu waggaa dhibba sagalii fi jaatamiilama ture, kana booddees in du'e.

5:18 “Henok” kun kan ta'uu danda'u (1) “Jalqaba (2) Kan Eebbifame (3) ‘Ka’umsa” (BDB 335) 4:17 yaadannoo jiru ilaali hidda sanyii Qaayin keessa maqaa wal-fakkaatu (boqonnaa 4) akkasumas hidda dhalootaan Sheet keessas (boqonnaa 5)

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 5:21-24

21 Henok dhalatee waggaa jaatamiishanitti Matusaalaa dhalche; 22 Matusaalaan erga dhalatee booddee, Henok karaaWaaqayyo irra deddeebi'uudhaan wag-gaa dhibba sadii Waaqayyoo wajjin injiraate; ilmaanii fi intaloota biraas ingodhate*. 23 Barri Henok j irate hundi-nuu waggaa dhibba sadii fi jaatamii shanture. 24 Henok karaa isaa irra deddee-bi'uudhaan Waaqayyoo wajjin jiraate;Waaqayyo waan isa bIdhateef deebi'eachitti hin argamne*.

5:21 “Maatusaala” kana jechuu (1) Nama waraanaa (2) Nama meeshaa waraana (BDB 607). Inni Namoota Macaafa Qulqulluu keessatti eeraman hundumaa caalaa umurii dheeraa nama jiratedha. Garuu dhugaa kanaaf sababi yookaan dhiibbaan kamiyyuu wal-hinqabsifamne. Barsiisonni akka jedhanitti maatusaalaan erga du'ee booda bishaan badiisaa dhufee jedhu.

5:22 “Henok karaa Waaqayyoorra deddeebi'uu dhaan” kun jecha Afaan Ibroota yoo ta'u (BDB 229, KB 246) yitimaal istum innis hiriyyummaa dhiyoo, “Waliin jiraachuu” xuqaa jedhutti fida. nuti akka maqaa Ibrootaa durii hiika isa sirrii hin beeknu (BDB 335) Ibrooti 11:5 Henok amantiin deddeebi'u isaa ibsa gaaleen kun fayidaarra kan oole Nohiy qofaaf, 6:9 irra.

5:24 “Waaqayyoo waan isa fudhateef” jechi kun (BDB 542, KB 534, *Qal* PERFECT) Eliyaasin ibsuuf fayidaa irra ooleera. 2Mot.2:3, 5,9,10 kun kan inni agarsiisu du'a fooni utuu hin argin gara mana waaqayyootti ce'u jechuudha. Henok tokkummaa inni waaqayyoo wajjin qabu argachuu kan danda'e tokkummaa cimaa dhuunfaadhaan godheen boqonnaa lammaaffaa barreeffame keessatti ‘Innis hin du'u kuni fakkeenya Abdiisaati haressuuf (1) Jaalala Waaqayyoo (2) Isa kan amanan hundaaf

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 5:25-27

25 Matusaalaan dhalatee waggaaadhibbaa fi saddeettamii torbatti Laamekin dhalche; 26 Laamek erga dhalateebooddee, Matusaalaan waggaa dhibbatorbaa fi saddeettamii lama jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas in godhate. 27 Barri Matusaalaan jiraate hundinuu waggaa dhibba sagalii fi jaatamiirsagalture, kana booddees in du'e.

5:26 “Laamekis” maqaan kun ta’uu kan danda’u (1) “Cimaa” (2) Dargaggeessa (3) “Lolaa” (4) “Mo’aa” (BDB 541) KB gochima Arabaa eera nama baay’ee humna qabu’ jechuun maqaan kun hidda sanyii Qaayin keessa jira (4:18) tilmaammi kun, (1) Maqichi kan irra deddeebi’ame ta’uusaa (2) Hidda sanyii isaanii gidduu walitti dhufeenyi xiqqoon jiraachuusaa.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 5:28-31

28 Laamek dhalatee waggaa dhibbaafi saddeettamii lamatti ilma dhalche; 29 Laamekis, "Inni kun hojii isa nuyi lafaWaaqayyo abaare kana irratti hojjennu, isa nuyi harkaan itti dadhabnu kanakeessatti nu jajjabeessa" jedhee, maqaaisaa "Nohitti" moggaase; ("Nohi" jechunn; "Jajjabeessaa" jechuu dha)*. 30 Nohi erga dhalatee booddee, Laamekwaggaa dhibba shanii fi sagaitamii shanjiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas ingodhate; 31 barri Laamek jiraate hundinuu waggaa dhibba torbaa fi torbaatamiitorba ttire, kana booddees in du'e.

5:28 Lamekoota lamaan gidduu faallaa hammamiitu jira? Inni tokko amala ijaa ba’ummaa isa cimaan fokkorsuu kan baay’isu yoo ta’u (hidda sanyi Qaayin keessaa) inni biraan immoo araara waaqayyoo abdiin kan godhatu (hidda sanyii sheet)

5:29 “Nohi jajjabeessan” kun kan inni fakkaatu amantii laameekin ibsuuf, innis karaa Nohi Uma. 3:17 kan jiru abaarsa hundarraa kan buqqaa suudha. Kun mallattoo amanti laameehit.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 5:32

³² Nohi dhalatee waggaa dhibba shanitti Seem, Kaamii fi Yaafetin dhalche.

5:32 “Seemi” kun kan inni ta’uu danda’u, kan beekame “maqaa’ dha. (BDB 1028)

■ **“Kaam”** jechi kun immoo kan inni ta’uu danda’u” “ho’aa ta’uu” yookaan “gurraacha ta’uu” dha (BDB 315)

■ **“Yaafet”** jechi kun immoo “Bareedina” yookoon “kan babal’ate” dha (BDB 834)

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasuu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Seera Uummaa 4 fi 5 gidduu walitti dhufeenya Tiyoloojii jiru maali?
2. Dhaloonni Qaayin beela’a kan inni dhufee fi boodas sagalee isarraa guutummaa guututti kan ba’eef maaliif?
3. Sadarka (Status maqaa warra kanaanotaa maaliif wal-fakkataa?)
4. Henok irra maaltu ga’e?

SEERA UUMAMAA 6:1-22

HIIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Baduu Ilma Namaa 6:1-4	Cubamummaa Namatii fi Firdii 6:1-4	Dhalachuu Nafliim 6:1-4	Cubamummaa Namaa 6:1-4	Ijoollee Waaqayyootii fi Dubartoota 6:1-4
		Bishaan Badiisaa		Baduu Ilma Namaa 6:5-8
	6:5-8 Nohi Waaqayyoon Gammachiise 6:9-10	(6:5-8:22)	6:5-8 Nohi	0. 25625 6:9A-12
6:5-8		6:5-8	6:9-12	
	6:11-13	6:9-10		lolichaaf Qophaa'uu (6:13-7:16)
6:9-10		6:11-22	6:13-22	6:13-16
6:11-12	6:14-21			
6:13-22	6:22			6:17-22

DUBBISA MARSAA SADA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 6:1-4

¹Yeroo namoonni biyya lafaa irratti baay'achuu jalqabanitti, durboonnis yeroo dhalataniifitti, ²warri Waaqa irraa "Ilmaan Waaqayyoo" jedhaman, durboonni namootaa mimmiidhagoo akka ta'an arganii, isaan keessaa akkuma fo'atanittii fuudhanii haadha manaa godhatan. ³Yommus Waaqayyoo, "namni akkuma foonicha isa uffate sanaa waan ta'eef, hafuurru koo yeroo hundumaa isa keessa hin jiraatin! Barri jireenya namaas waggaa dhibbaa fi digdama haa ta'u!" jedhe. ⁴Bara sanatti, isa booddees gootonni hojjaadhaa fi humnaan fagoo nama caalan biyya lafaa irra turan; jagoonii bara durii maqaa qaban kun, erga warri waaqa irraa "Ilmaan Waaqayyoo, "jedhaman durboota namootaa bira ga'anii, isaan irraa ijoollee godhatanii argaman.

6:1 "Namooti" akkataa jecha waligala itti gargaarame (5:2) Walluma galatti yeroo hojiirraa oole lakkoofsa 2 fakkachuu kan danda'uu yaada ergama jedhu cimsa.

■ "Isaaniifiis ijoolleen dubaraa dhalataniif" kun kan agarsiisuu ijoolleen dubara yeroo jalqabaatiif dhalachuu isaani miti (5:4) garuu ibsii walii galaa baayachuu sanyii namati. (BDB 408, KB 411, kan xumuramee hojiirraa oolchuu isaati yookiin (*Qal* PASSIVE PERFECT)).

6:2 "Ijoollee Waaqayyoo" mataduree kana gadii jiruu ilaali.

Mataduree addaa: "Ijoollee Waaqayyoo" Seera Uumamaa a 6

A. "Ijoolleen Waaqayyoo" kan jedhu ibsa gaale kana ilalee walii galtee dhabuu guddaatu jira. Hiikaa gurguddaa sadi qabu.

- 1) Gaaleen kun kan agarsisuu Seeti sanyii gaarii ta'uu isaatti (Seera Uumamaa a 5, 4:14 irraatti kan argamuu yadaannoo ilaali).
- 2) Gaaleen kun kan agarsiisu argamuu garee ergamootaatti.
- 3) Gaaleen kun kan agarsiisuu, bulchitoota kan ta'aani sanyii Waaqayyoo (Seera Uumamaa a :4)

B. Gaaleen kun sanyii Seet ta'uu isaatiif ragaan agarsiisuu

1. Seera Uumamaa a 4 fi 5 inni guddaan seenaan barreefama kana kan agarsisuu hidda dhaloota Qa'een isaa jal'a fi isaa filatama guddina sanyii Seet. Waan ta'eef raggaan barreeffama kana cinaan jiru gara isaa simbo-qabeessa sana gara sanyii Seet fakkaata.
2. Barsiisooni kutaa kana irratti hubanaan isaan qaban Mursii sanii Seetiin agarsisaa yeroo jedhan (baayeen saani garuu Ergamootaaf jedhu)
3. Gaalleen abba lakkofsaa baayee ta'e "Ijoolleen Waaqayyoo" yeroo hunda argamuu Hergamoota Waaqayyootiif yoo ooleyyuu, yeroo tokko tokko ilmaan namootaa in ibsa.
 - a. Seera keessa deebi 14:1_ "ijoollee YHWH kan Waaqayyoo keessanii"
 - b. Seera keessa deebi 32:5_ "Ijoolle isaa"
 - c. Seera keessa deebi 22:8-9; 21:6 (tarii Lewoota abba murtii)
 - d. Farfaana 73:15_ "Ijoollee kee"
 - e. Hosee 1:10_ "Ijoollee Waaqa jiraata"

C. Gaaleen kun argamuu Hergamoota fi raga argisisu

1. Kun baayee kan baratame keeyata aadaa hubachudha. Kutaan Seera Uumamaa a balinaan ilaalchuma kana degera. Hammeenya Uumamaa a ol ta'e akeeka Waaqayyoo Ilmaan namaatiif qabu mormudha (barsiisaan hinaaffarraan kan ka'ee jedhu).
2. Abba lakkofsaa baayee kan ta'e gaaleen ("Ijoollee Waaqayyoo") baayinaan kan xuqamee Hergamootafidha.
 - a. Iyoob 1:6
 - b. Iyoob 2:1
 - c. Iyoob 38:7
 - d. Faarfanna 29:1
 - e. Faarfanna 89:6, 7
 - f. Dani'eel 9:6

3. kitaaba dabalataa (kitabaa Henok I) kan ta'e I Enoch 6:1-8:4; 12:4-6; 19:1-3; 21:1-10) kanaaf Jubilis (Iyoob 5:1) innis bara Kakuu Haaraatti kan turan amantoota biraatti baayee beekamadha. Seera Uumamaa a *Genesis Apocryphon* Dead Sea Scrolls irraa kana kan hikaan akka ergamaa fincilaatti. .
4. Boqonnaan 6 yadisaa kan inni fakkatu “namoonni jaboona bara durii turaan maqaan saani waamama turee” kanarra kan ka'ee kan dhufe Uumamaa akka malee walitti makkameedha.
5. Hiikaan Septu Agentuagint “Ijoollee Waaqayyoo” jedhuu ergamoota Waaqayyoo jedhee hiikera.
6. IHeenook immoo akka jedhuutti bishaan badisaa Noohi kan inni dhufe tokkumaan Ergamootaa(namoota innis YHWH dha. Akekaa Uumamaa af qabu wajjiin dinummaa qabuu ballessuuf (I Enoch 7:1ff; 15:1ff; 86:1ff).
7. Barrefamn Uegaritiki ijoollee Waaqayyoo kan jedhu kan inni agarsisuu miseensa Hergamootatti (isaa xiqqaa argamuu hafuura)

D. Hidda dhaloota Qa'een motootaa fi hoganoota kan agarsisuu ragaan himaa kana

1. Ilaalcha kana kan degeru, hiika durii baayee qaba
 - a. Hiika Onkolos (Dhaloota Kiristos booda jaarraa lamma) ijoollee Waaqayyoo kan jedhuu ijoollee gooftootaa jedhe hiikeera.
 - b. Symmachus (Dhaloota Kiristos booda jaarraa lamma) hiika Giriki Kakuun Moofaa ijoollee Waaqayyoo kan jedhu ijoollee moototaa jedhe hiikeera.
 - c. Eeloyemin jecha jedhu geggesitoota Isira'eeliif ala ture (Seera ba'u 21: 6, 22:8, Faarfanna 82:1, 6), NEB fi TEV immoo Macaafa qulqulluu ilaali.
 - d. Nifeeliim kan wal qabatu Gibooriin waliin Seera Uumamaa a 6:4, Giboorim Giboori yemmuu ta'uu hiikiisa” nama jaba jechuudha. Humnaan yookaan qabeenyaan.
 - e. Hiika kanaaf ragaan kutaa Macafaa Qulqulluu jechoota cimaa (Hard Sayings of the Bible) fuula 106-108 irraa kan fuudhameedha.

E. Lamaan isaanii adeemsa isaan ittiin dhimma ba'an ragaa seenaa

- 1) Gaaleen kun kan agarsiisu Setitensidha.
 - a. Siiril Aleksaandarichaa
 - b. Tiyudoorti
 - c. Awugistine
 - d. Jeerom
 - e. Kaalviin
 - f. Kaayilii
 - g. Gilesaan Arkaar
 - h. Waatiis
- 2) Gaaleen kun kan inni ibsu argamuu Hergamootatti
 - A. barreesisoota Kan Septu Agentuagint
 - B. Fiiloo G. Turtuliya Orijiin O. Wenham
 - C. Joosefaas (Antikutii) 1:3:1 H. Origen P. NET Bible
 - D. Iwaldii I. Luutter
 - E. Iriniyuus J. Ewaald
 - F. Klementii Aleksaandryaa K. Delitzsch

G. Seera Uumamaa a 6:4 bira kan jiran “Nefilimoonni” “Ijoolle Waaqayyoo” fi “Ijoollee durbaa namaa” Seera Uumamaa a 6:1-2 wajjiin akkamitti walitti firoomu?

Yadoota isaan kana hubadhu:

1. Isaan baayee dhedheerota (Seera Lakkoofsa 13:33) Walqunaamti Ergamootaa fi dubartoota ilmaan namoota giduutti ta'e.
2. Rawwaatanii walitti hin firoomaan. Isaan kan ibsan waa'ee lafarra jiraachuu saanitti Seera Uumamaa a 6:1-2 ta'a ture isaa boodees i.
3. R. K. Harrison in *Introduction to the Old Testament*, fuula 557, kan inni hordofuu Kiripitik xiqsii qaba. “hundumaa gatiin isaani kan in tilmamamne kan Antropalojoota keessasa Hoomosapiyaanirra wajjiin qunaamti isaan qaban akkasumaas sanyii Addaam dura keeyatoota kanaan qabatee jiru akkasumaas beektoota kanaaf ejjennoo akka ta'u itti gargaramuu kan isaan

hawwaan. “Kun anaaf kan inni agrsiisu, isaan ramaadi lamaan kana ilaalchisee akka gargar ba’an. kan nama (homaaniyudiis) ramadidha. kun kan agarsisuu kana booda Uumamaa a adda Addaami fi Heewanidha. garuudeebi’ee suuta jijjiraamuudhaan jijjirama kan dhufee Hoomo Iraaktesiiinidha.

G. Barreefama walii hin galee kana dhuunfaa kooti akkaan hubaadheetti akkaan hubadhee ifaa gochuun koo sirrii nati fakkaata. tokkon hundumaa keenya hubaachisuuf kan inni barbaadu barreefamni Seera Uumamaa a gabaabadhaa fi wal fakkaatadha. Jalqaba warii Musee dhaga’aan dirqamaatti dabalata seenaa keessa qabachuu qaba. Yookaan Museen dubbi yookaan ragoota barreefamaan baraa Abbootarra fudhatee ta’u danda’a kun mataan isaa siriitti kan hin hubatammedha. Dhimmii kun isaa guddaa mata duree barrumsa qo’annaa Waaqayyuma miti. Nutii yeroo hundumaa damaqoodha Macaafnii Qulqulluun cilancilli isa qofa kan inni kenne garuu dhimoota walfakkataan irraatti isaan akka wal fakkaataan kan gargar cicitee ragaa Macaafa Qulqulluu irratti hirkatee kan ibsamee barumsaa qo’annaa Waaqayyumma ijaarudhaaf dadhabsisadha. Ragaan kun nuuf yoo barbaachisee Waaqayyoo caaladhumaatti karaa ifaa ta’eef guutu nuuf kennuu danda’a ture. Ani dhuunfaa kooti kanaan amanuu Ergamootaa fi namootadha. sabaabinsa.

1. Dhaabatattii kamin illee yoo ta’e akka isaan hin hamatamnee yoo gochuu baatelle “gaaleen “Ijoollee Waaqayyoo” jedhuu Ergamootaaf Kakuu Moofaa Keessatti.
2. Septu Agentuagintiin (Alexandrian) kan inni hiikamee (Dhaloota Kiristoos duraa Jaarraa jalqabaa booda irratti) “Ijoolleen Waaqayyoo” akka “Hergamaa Waaqayyoo”
3. Kitaaba Apakaaliipiis 1Heenook (bara 200 Dhalooyta Kiristoos dura kan barrefamee kan ta’u) baayee kan adda ta’ee (pseudepigraphal) kan innii agarsisuu Ergamootaan (Boqonnaa 6-7)
4. 2 Phexiroos 2 fi Yihudaa Hrgamootaaf, isaanis cubbuu kan hojjeetaniif iddoo saanii kan hin eeganne tokko tokkoof kun kan Matewoos 20:30 irraa wajjin akka wal falleessuu nan beeka, garuu isaan addaa ta’aan Hergamootni kun samiirras ta’ee lafa irraas miti. Garuu mana hidhaa adda keessa jiru (*Tartarus*)
5. Ani akka natii fakkatuutti Seera Uumamaa a 1-11 irraatti kan argamaan dhugaan aaddaa wara biro keessatti dhoksaan argamuu isaa (kana jechuuniis ibsa wal fakkaataa ibsa Uumamaa a walfakkaata waa’ee bishaan badisaa, ergamootin dubartoota fudhachuu isaani ibsa wal fakkaata) namni hundumtuu wali wajjiin ta’uu isaatiif yeroo sanaatti beekumsa waa’ee Yahiwee (Waaqayyoo) qaabachuu isaani yemmuu ta’u haa ta’uu malee Siidaan Babi’eel tamsa’uun booda dhugaan kun baduu isaatiin Waaqa tokkoo ol ta’ee gara Waaqessuuti jijjiruudha. Kanaaf fakkeenya gaarii kan ta’usena afaan Giriikii yemmuu ta’uu innis walakaan isaa namaa walakkan isaa Uumamaa a ol kan ta’ee Titaanis kan jedhamaan gurgudoota Tartareesitti hidhamaniru. Kun maqaan ta’iin kun Macafaa qulqulluu keessatti fayiida irra kan oole al tokko qofadha (1 Phexiroos. 2) mana isaani isa sirii kan hin eegane Ergamootaa bakka turmaata. Barsiisa barunssaa qo’annaa Waaqayyumma addaas ramadii garee adda addaa hirmataniruu. Tolootaaf (Ganata) akkasumaas jalootaf rimidiinsaani (*Tartarus*).

■ **“Dubartootni ilmaan namootaasmimmidhagoo turaan” “midhaaga”** akkasumaatii midhagaa jechuudhaaf “gaarii” yookaan “bareedaa” jechuudha (BDB 373). Kun hidha dubbii baruumsa Waaqayyummaati. Boqonnaa 1irraa (keessumaatti 1:31). Waaqayyoo akkuma gaarii ilaale amma immoo hamaa ilaalera. Lakkoofsa 5-6).

■ **“Kan filatan hundumma haadha manoota fuudhan”** gaaleen jalqaba kan agarsiisu gaa’elii dhiibbaa inni qabuu fi innis Hergamoota wajjiin ta’uu isaa ilaalcha mormudha. (BDB 542, KB 534, *Qal IMPERFECT*). Ta’uyyuu gaaleen lamman kun kan agarsiisu kan heruumaanii fi yookaan kan hin heruumne dubartoota yemmuu ta’uu kan filaatanidha (BDB 103, 119, kan xumurame (*Qal IMPERFECT*) kuniis kan argisiisu (1) Argamuu Ergamootaa yookiin (2) Hidda sanyii Qa’een keessa kan jiran geggesitoota namota cimoo (bitta abba hir’ee) dubartii waliirraatti fuudhuu kan shaakalan.

6:3 “Haafuri koo nama irra bara baraan hin jiraatuu” “Hin jiraatuu” jechii jedhu “hiinaafa “kan jedhuutti hiikamu danda’a (BDB 192, KB 220, kan hin xumuramne, (*Qal IMPERFECT*). NRSV” bule”). Kun tokkoo kan

agarsiisu (1) obsasa Waaqayyoo (jechuun, Innis bishaan badiisaa yeroo biraati darbusa, doonichii hanga xumuramuutti 1 Pheexiroos 3:20) yookiin (2) umuriin ilma nama gabaabachuu.

6:3 Akkam godhee 6:1-2 irraatii fi 6:4 wajjiin in deema? Yaadii barreessaa jalqabaa yaada barreefama kanaa hordofoo baayee rakkisadha. Hagamillee namnii Hergamoota wajjiin yoo wal makkanillee duuni jiru Heewaan “agarte” akka fdhatee ammas akkasuma “Ijoolleen Waaqayyoo” “argan” fudhataan kuniis ammeenya wal fakkaata (jechuun jireenya bara baraa argachuu yookaan birmadamadha).

■ **“Inni foon waan ta’eef** “kun kan fakkatuu hiiki isaa ulfachisuuf yeroo ta’uu, inniis keeyata kana keessaatti kan dubbatan Ergamoota akka tanaii dha namoota du’aanuu wajjiin mufana keessa galeera. Today’s English Version “Isaan du’oodha” jedhee hiika.

■ **“Umuriin isaanii waggaa dhibbaa fi digdama”** kun kan jedhuu baraa ayyaana agarsiisudhaaf (2 Pheexiroos 2:5) Innis kan inni jedhuu Noohi bara kana giduu akka lallabedha waan ta’eef inni kan argisiisuu bishaan badisaa hangaa yeroo innii dhufuutti yeroo argisiisuudha. Akkasumaas kan innii agarsiisuu bari jireenya namaa bishaan badisaa booda gababachusati.

6:4 “Niifiliim” kun kan argisiisuu “wara kufani” dha. (Ibirootarraa Naafal, BDB 658, KB 709). Anattii kan inni agarsiisu isaan fakeenya isa gudda sana (Seera lakkoofsa 13:33, dabalataan Keessa deebi 2:10-11, 9:2 fi SEPTU AGENT, Vaalgeet fi Peeshita hiikasaati) yoo ta’eyyuu hiktoota kan biraan kan akka Maartiin Luuteer fi Echi. Sii. Liyuubaaldi isaan kun kan jedhan jechi kun hiikamuu kan qabuu “bitta geggesitoota hamoota” kun kan agarsiisu sanyii hidda Qa’een kan ta’an motoota jaboo dubartoota baayee kan qabanidha.

J. Wash Watiis barnoota kakkuu moofa fuula 28-30, kan jedhu” Nifiliim kan argisiisu Noohi fi maatii isaati. Mataa isaanii sanyii Qa’eenii fi sanyii Seet irraa adda ba’u, waliwali sanii kan fuudhan. Hiikaa kanaan Nifiliim “Ijoollee Waaqa dhugaa tokkichati. (“Waaqayyoo” 5:22, 24, 6:9). Mata-duree addaa kana gadi jiruu ilaali.

Mata-duree addaa Dhedheraa (jabaata yookaan kan uummata firoota beeksisaarra oole

Isaan kun gurguddaa (dhedheera(jabaa maqaa uummata baayeen wamameera.

1. Nifiliim (BDB 658) Seera Uumamaa a 6:4, Seera Lakkoofsa 13:33
2. Riifayiiim (BDB 952 yookaan BDB 952 II) Seera Uumamaa a 14:5, Keessaa deebi 2:11, 20, 3:11, 13, Iyaasuu 12:4, 13:12, 2 Samuu’eel 21:16, 18, 20, 22, 1 Seena baraa 20:4, 6, 8,
3. Zaamzumiin (BDB 273), Zuuziim (BDB 265) - Seera Uumamaa a 14:5, Keessa deebii 2:20
4. Imiim (BDB 34) -Seera Uumamaa 14:5 Keessaa deebi 2:10-11
5. Anaaqiim (Ijoollee Anaaqi, BDB 778 I) -Seera Lakkoofsa 13:33, Keessaa Deebii 1:28, 2:10-11, 21, 9:2, Iyaasuu 11:21-22, 14:112-15

■ **“Yeroo sanaatti lafarraa turaan”** Ergamootaa fi dubartoota ilmaan namaa wali wajjiin jiraachuu kan amanan lakkoofsa 4n wallaka lammataa isaa akka ragaatti fudhatu, warrii gurguddoonni walquunnamtii kana irraa akka argaman agarsiisuudhaaf. Ta’us kaan walkkaa lakkoofsa 4 jalqaba isaatti gargaaramau gurgudooni duraan dursee lafa irra akka jiran agarsiisuudhaaf.

Kitaaba dabalataa barrefamaa Apookalipitiik kan ta’e IHeenook akka jedhuuti isaan gurguddoon bu’aa wal qunaamti Ergamootaa fi namootaati. Kanaaf kan wal makuun Seera Uumamaa a kun Waaqayyoo bishaan badisaa akka erguu sababa ta’eera. IHeenook immoo kan jedhuu isaan gurguddoon kun kan mataa saanii qaama Uumamaa a bishaan badiisaatiin kan dhabbaan seexana. Isaanis qaama namaa keessa sababa dhuunfa mata saanitiif buluu barbaaduusaani irraa kan ka’e.

■

NASB, NKJV KJV “**Namoota Jaboo**”
NRSV, NJB “**Gootota**”
TEV “**Gootota gurguddoo**”

Kun jechaa Ibirootaatiin *Giboora* yemmuu ta’u (BDB 150), hiikisa bifa addaatiin nama miindafamee, Beelada, yookaan meeshaadha. Innis hojii irra kan oole (1) Namruudi Seera Uumamaa a 10:8-9, (2) Bulchitoota hamoota

Seera Uumamaa 52:1, Hiziraa 32:27, fi (3) Hergamaa Faarfanaa 104:20 (akkasumas faarfanaa galataa 8:11 fi 20:34 Dead Sea scrolls irraa)



NASB, NKJV

NRSV, NJB, NIV

NRSV

TEV

“Namoota beekamoo”

“Loltoota maqaan saani waamamee”

“Namoota beekamoo”

Kan jalqabaa hiika waliitti dhiyaatu kan ta’u, baayeen saanii Ingili ammayaa yookaan hiikaa SEPTU AGENT. Ta’uus akkasumati namoota maqaa qaban jechuudha (BDB 1027). Kun bu’aa yaada karoora saditti.

- (1) Inni kan inni agarsiisuu Yaahiwee kan waaqessuu hidda sanyii gaarii Seeti (jechuun maqaan Waaqayyoo. J. Waash Watiis)
- (2) Inni kan argisiisuu Nifileemidha, Ergamootaa fi namoota irraa kan dhalatan jabaatoo (jechuun gurguddaa, TEV)
- (3) Inni kan inni agarsiisuu Waaqa kan hin qabne kan ta’aan hidda sanyii Qaa’een Motoota isaaniis geggeesitoota jal’oo kan ta’anidha (NRSV), isaaniis dubartoota baayee haadha manaa in godhatu turaan (kana jechuun haadha manaa dadabalaanii fuudhuu Motoota NJB)

Keeyatti kun gabaabadhaaf kan murteessuuf nama rakkisudha. Yadaasa guddaa kan itti fufsiisuu fi kan diiguu kan ta’ee dhaloota cubbamaa sadarkaa dheekamsaa Waaqayyoo isaa jabaarra ga’udha. Ta’uus cubbuun itti fufeera, Noohii fi maatiin isaallee akkasuma turan.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:6:5-8

⁵Waaqayyoo yommu, jal’inni namaa lafa irratti baay’achuu isaa, wanti namni guyyaa hundumaa garaa isaatti yaadee qopheessu hundinuus jal’aa duwwaa ta’uu isaa in arge. ⁶waaqayyoo nama lafa irratti uumu Isaa in jibbe, guutummaa garaa isaatiin in gadde. ⁷Waaqayyoo, “nama isa ani uume lafa irraa nan haxaa’a; nama, horii qe’ee, bineensa, wanta lafa irra munyuuqu, warra qilleensa keessa balali’anis akkasuma nan godha; anoo isaan uumu koo jibbeera” jedhe; ⁹Nohi garuu Waaqayyoo duratti faara tolaadhaan ilaalame.

6:5 “Waaqayyoo hameenyii nama akka baayatee arge” kutaan bareeffama kana cimsee kan inni mulisuu, laphee namaa keessaatti hameenyii gudaachaa dhuufuusaati (BDB 903, KB 1157, jechaa hin xumuuramnee (*Qal IMPERFECT*), Seera Uumamaa a 6:11-12, 13, 8:21, Faarfanaa 14:3, 51:5) innis kallatidhaan kan ta’ee Haayawidha. Seera Uumamaa a 1:31 irraatti kan turee kan Uumamaa a gaarumaa isaati.

■ **“Haawwiin laphee isaatti yeroo hundumaa rawaattee hamaa akka ta’ee arge”** kun kuufatiin Adaamii fi Heewaan bu’aa kuufatii walii galaa argamsiseera. Namooti ja’aa yeroo hafaan waligalaatii abdiid dhabuudhaan hamaadhaan miidhamaan. Isaaniis waa’ee hamaa halkaanii fi guyyaa yaada jiraatu.

■ **“Yaada hamaa”** kan jedhuu akka yaadatti (BDB 428) qajeelummaa ilmaan namoota hubanaa Uumamaa a barsisoota ta’e. Ilmaan namaa kan jiraan haawwiin tokkoofaan (gaarii fi hamaa) hojii irra akka oolchuu ilaalera. Xiqsiin beekamaan kun “tokkoon tokkoon laphee nama keessa saree guraachaa fi adiituu jira. baayee kan atti nyaachiftuu gudda ta’a” (Gaaleen foyaa’ee), mucaa namaa agarsiisa. Mucaa namaa irraattii yaadi jiruu kun 4:7 irraatti cimeera. Baruumsa qo’ana Waaqayyumma Yihudoota Seera Uumamaa a 3 ilaalcha itti hin laatan, Seera Uumamaa a 6 malee akka burqaa hameenyaa biyyaa lafaa irrati. Ijoolleen Uumamaa a isaanitiin hamoota miti, sababiin isaa ittigafaatamumaan kan dhufuu erga ofii baranii booda ta’u isaatti (*bar mitzvah, bat mitzvah*). Filaannoo hamaa qabateera.

6:6 “Waaqayyoo hin gaabee gar’aa Isaatiis hin gadee” Gaaleen kun kan Antiroopomoorfihanotaati. Inni jalqaba yeroo hiikamuu “Waaqayyoo gadaan liqimfame” (BDB 636, KB 688, kan hin xumuramne) Lammaaniis kan hiikamuu Waaqayyoo garaa Isaatti gaabe” (BDB 780, KB 864, Hitipaal kan hin xumuramne (*Hithpaal IMPERFECT*) Isaan kun kan jabaatan gaalee Ibirootaati (34:7, 45:5, 1 Samuu’eel 2:23 20:34, 2 Samuu’eel 19:2, Faarfanaa 78:40, Isayaas 54:6). Waaqayyoo guyyaa hundumaa akka gaduuf akka gabuu kutaa Macaafa Qulqulluu keessatti in dubbaata (Seera Uumamaa a 6:6-7 Seera ba’uu 32:14, 1 Samuu’eel 15:11, 2 Samuu’eel

24:16, Ermiyaas 18:7, 8, 26:13, 19, Yoonaas 3:10). Ta'uus gaaleewwaan biroon kan jedhan Waaqayyoo raawwaate hin gaabu yaadasaas hin geedaruu (Seera lakkoofsa 23:19, 1 Samuu'eel 15:29, Ermiyaas 4:28 Faarfannaal23:11) Kun guyyaa hundumaa wafalmii uumamuudha, jecha namaatiin Waaqayyoon ibsuudhaaf yeroo gargaaramnu. Waaqayyoo nama miti garuu Isaaf miira isaa ibsuudhaaf jecha namadha. Dirqamattii ibsaa kan qabu Waaqayyoo haalan kan hin gegeedaramne ta'u isaati. Inni jabaa fi obsadha ilmaan namaaf kan jiruu akkeeka fayisuu Isaa, haa ta'uu malee ilmii nama cubbuudhaaf deebii qalbii jijiraana kennuu irraatti tokkoon tokkoonsaa haala adda addaatiin yeroo hundumaa tarkaanfii Waaqayyoo waan murteessuuf (Faarfannaa 106:45, Yoonaas)

Akkaata barumsaa qo'annaa Waaqayyoodha kan jijiruunama isaa hin ta'iin Waaqayyoo. Nama cubbamaa wajjiin hojeechuuf fedha isaa ta'eera. Galmii isaa wal fakkaata amala isaa kan callaqisisaan saba tolaadha. Isaan kana qindessuudhaaf kan danda'amu laphee kakuu haaratiin. (Ermiyaas 31:31-34, Hizqi'eel 36:38). Waaqayyoo ayaana firdii caala filaatera.

6:7 “Namaan uumee lafa irraa nan balleessaa” “Balessuu “jechuun “Dhiquu” jechudha. (BDB 562, KB 567, kan hin xumuramnee (*Qal IMPERFECT*), jechuun lolicha). Beeladii sababaa cubbu ilmaan namaatiin in dhiphaatan (Roome 8:19-22). Qurxumiin murtii kana keessaatti hin hammatamne. Murtiin kun kan dhaabamee tareefamaa Mesopotamiyaa akka jedhuutti Waaqayyoolidhaan gocha dheekamsa miti, garuu ilmaan namaa fi hameenya namusaati. Hameenyi kuni isaa tolaa Maatii Nohii biraayyuu tureera (8:21-22) haa ta'uu malee ayyaanii Waaqayyoo hameenya nama isaa itti fufeenyaan hojetama jiruu golgee haga Yesuus Kiristoos dhufuutti ture (Galatiyaa 3).

6:8 “Waaqayyoon duraatt” kuni gaalee kan biroo Antiroopomorfiyaati, Waaqayyoon ibsuudhaaf. Inni ija hin qabu, Inni Haafura. Kun hundumaa beekuu Waaqayyoo jechaa ciigoodha jechaa ciigoodha (jechuun, hundumaa beekuu).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:6:9-10

⁹Nohi dhaloota sana keessatti nama qajeelaa, nama balleessaa hin qabnes ture; inni karaa Waaqayyoo irra deddeebi' uudhaan Waaqayyoo wajjin jiraate; hiddi dhaloota sanyii Nohi kanatti fufee in lakkaa'ama.
¹⁰Ilmaan Nohi dhalche sadaan Seem, Kaam Yaafet.

6:9 “Noohi dhaloota Isaatiin nama tolaadhaaf mudaa hin qabne ture “ibsi jechaa lamaan kana baayee bu'a-qabeessa. Inni jalqabaa kan argisuu Noohi kan mirkanesse fedha Waaqayyoo beekkuuf sadarkaa isaa kan guute ta'uu isaati. Mata duree adda tola ilaalu (BDB 1070) 2 kan argisiisu Waaqayyoon duratti laphee guutuun akka turedha (Macaafa Fakkeenya 17:1, Faarfannaa 18:23). Jechii lamaan turee hojii irraa kan oole mudaa kan hin qabnee haarsadha. Jechooni lamaan kun akka Noohi cubbu hin qabnee hin argisisaan, 9:21 akka inni argisiisuuti.

Mata-duree addaa: Tola

“Tola” Barataan Macaafa Qulqulluu dirqamatti itti fufeenya kan qabu qayyabanaa dhuunfaa yaada isaarratti gochuu kan qabuu mata-dureedha.

Kakuu Moofaadhaan yaada Waaqayyoo kan ibsuu “sirriitti” yookaan “tola” kan jedhudha. Jechii Mesopotamiyaa mataan isaa kan dhufee qarqara bishaanitti shonboqoo yemmuu ta'uu keenyaani fi dal'aa safartuu dalgaa sirriitti meesha ijaarsati. Waaqayyoo sagalee Isaa ciigoodhaan amalaa mataa Isaatii fi waamamaa akka ta'uuf filaateera. Inni sirrii kan ta'ee (saraartuu) fiixeedha, hundumtuu kan madaalamuu isaan. Yaada kana irraatti hunda'ee tola Waaqayyoo ibsa, akkasumaas murteessudhaa fi taayita qaba. Namni Uumamaa a isaatiin bifaa Waaqayyoo qaba (Seera Uumamaa a 1:26-27, 5:1, 3, 9:6). Ilmii namaa kan inni uumameef Waaqayyoo wajjiin tokkummaa akka qabaatuuf. Uumamnii hundumtuu kan inni qophaa'eefi kan inni jiruu Waaqayyoodhaaf wal jijiruu ijoollee namoota jedhaameti. Waaqayyoo Uumamaa a jiraata barbaada, mucaa nama, akkaa beekkuu, akka jalatuu, akka tajaajiluu, akkasumaas isaa akka fakkaatan! Mucaa namaa amanamuumaansaa qorameera (Seera Uumaama 3), kanaaf lamaanuu haadhii manaa fi abbaan manaa warii jalqabaa kufaaniru. Kunnis Waaqayyoo fi namoota gidduutti walitti dhuufenya jiruu baleesera (Seera Uumamaa a 3, Roomee 5:12-21). Waaqayyoo tokkummaa Isaa hareessudhaaf deebisuuf kakuu galeera (Seera Uumamaa a 3:15). kanaas kan inni godheef fedha Isaatiif ilmaatiin. Namooti isaa diigamee deebisu hin dandeenye (Roome 1:18-3:20).

Kuufatti booda, taarkaanfiin Waaqayyoo inni jalqabaa, haraa'umsaa fi kan kakkuu yaada kanarratti hunda'ee affeerasaati fi qalbii jijiraana ijoollee namaatti, deebii ajajamuu kan amaantiiti. Sabaabii kuufaatiin, namootni gochaa sirii raawachu hin dandeenye (Roome3:21-31Galatiyaa 3). Waaqayyoo mataan Isaa ka'umsaasa fudhateera, war'aa kakkuu cabsaan kan ta'aan ilmaan namoota deebisuudhaaf Kanas in godhe,

- A. Nama cubaammaa karaa hojii Kiristoos hojjeteen tolaa godhe labsu (kan murtii tolaaf)
- B. Bilisa kan kennamee tola namaa karaa hojii Kiristoosiin (kan kennamee tola)
- C. Akka kennamuu kan godhuu haafuuri tola uuma (amalaa gaarii tola) ijoollee namoota.
- D. Tokkumaan deebisanii ijaaruun Edeen Ganaati Kiristoosiin bifa Waaqayyoo deebise (Seera Uumamaa a 1:26-27) amantoota (walitti dhufeenya tolaa).

Haa ta'uuyyuu, Waaqayyoo deebi kakkuu barbaada. Waaqayyoo deebisera (tola keennera) akkasumas in kenna, Ijoolleen namoota garuu dirqamatti deebi kennu qabu. Akkasumas deebi isaanitiin itti fufu

- A. Qalbii jijiranaa
- B. Amaanti
- C. Akka jireenyaan abbomaamuu
- D. Jabaatanii dhaabachuu

Tollii, isaa kanaaf kakkuudha. Waaqayyoo fi Uumamaa jiraata giduu kan jiruu gochaa lamaan isaani. Innis kan irratti hunda'ee Waaqayyoo irratti.

Amala, hojii Kiriistoos, gargaarsa hafuurichaatiin, kunnis tokkoon tokkoon namaa dhufaasaati fi itti fuufeenyaan deebi sirri kennuun kan jirudha. Yaadni irratti hunda; ee" Amantiin tolaa ta'u" jedhama. Yaadni irratti hundaa'ee Macaafa Qulqulluu keessatti ibsameera. Haa ta'uu malee jechoota kanaan miti. Innis jalqaba kan mul'atee Phawuuloosiin yemmuu ta'uu innis jechaa Girikii "Tola" bifa adda addaan yeroo dhibba tokkoo ol gargaarameera.

Phawuuloosi barsiisaa leenji'ee waan ta'eef, Diikayosunee (Dikaosune) dubbii jedhuu galumsaa Ibirotaatiin SDQ SEPTU AGENT irratti hojii irra kan oole barrefama afaan Girikii kan hin ta'in. Barreefamoota Girikii jechii kan wal qabsiisuu Tolaa fi abdi Waaqayyumma uummatichaa biratti mirkanessudhaaf. Ibirootaan sirriin isaa yeroo hundumaa kan innii wal qabatuu kakkuu sagalicha wajjiin. Yaahiween firdii qajeela, Waaqa namuusaa fi tasgabiti. Innis sabi isaa amala Isaa akka calaqisinaan barbaada. kan Inni isaan bitaate Uumamaa a haara ta'aniruu. Bu'aan uuma kun garumaa jireenya haara agarsisaa xiyyeefannoo tola Katolikii Rooma (Roman Catholic focus of justification). Isiraa'eel Tiyoookirasoota (Waaqayyoon kan bultu) waan ta'eef fooniin (barsifata uummaticha) fi qulqulluun (yaada Waaqayyoo) gidduu akkasumaas "tolaan" (amantaa waliin kan wal qabate) mallatto adda ta'ee hin qabu. Kun garagarummaan kan inni mulatu jechaa Ibiroota fi jechaa Giriikiitiin. Isaaniis gara afaan Ingilitti yeroo hiikaan "Firdii qajeela" (Uummaticha waliin kan wal qabate) akkasumaas "tola" (amantiin kan wal qabatee).

Macaafni Qulqulluun (misirachoo gaaridha) kan Yesuus, isaa kufee ilmaan namaa gara Waaqayyootti deebisuudha. KanPhawuloos (Paradooks) kan inni ta'u, Waaqayyoo karaa Kiriistoos cubbuu ballessuu Isaati. kun argamuu kan danda'uu jaalala Waaqayyoof, haraarasaa fi ayyaanasaan yemmuu ta'u, jireenyaa ilma namaa du'aa fi du'aa ka'uu akkasumas hafuuraan gara Isaatti fudhachuuf harkisuudha. Tollii gochaa tola Waaqayyootiin haa ta'uu malee gaaruuma madisisuu qaba. Ejeennoon (Awugisxinoos) innis kan agarsiisu lamaanuu saati, jabinnii hara'umsa Macaafa Qulqulluu bilisaatiif ciminaa Katoolikii Rooma jireenya jijirameen jaalalaaf amanammumaa irrattidha). Warra hara'uumsichaa fidaaniif jechuun "Waaqayyoo Tolaadha OBJECTIVE GENITIVE qabatamaati abbaa mirgaa ta'uu yeroo argisisuu (jechuun mucaa nama isaa cubbamaa Waaqayyoon simatamuu hojii godhuu ejjennoo qulqullumaa) Katoolikiin immoo abba mirgaa harkifamudha SUBJECTIVE GENITIVE,. Kunnis immoo adeemsa Waaqayyoon fakkaachuti (yaalii adeemsa qulqullumaa)

Akka kooti Macaafnii Qulqulluun waligalatti Seera Uumamaa a 4, Mula'ta 20 kan galmaa'ee Waaqayyoo tokkuma Hedeem akka deebisuufidha. Macaafni Qulqulluun tokkumma waaqayyoof ilmaan namaa waan lafaatiin jalqaba (Seera Uumamaa a 1-2) akkasumaas bifuma walfakkaatuun Macaafa Qulqulluun yeroo raawatu (Mul'ataa 21-22). Bifa Waaqayyoo fi akkekaa Isaa fakkaata!

Yaada ibsa kanaan olii walitti qabuudhaaf akka itti fufee jiruutti dubbifama akka jechaa Giriikiitti ramadii kan agarsisaan ilaali.

- A. Waaqayyoo qajeeladha (Yeroo hundumaa kan wal qabsiisuu Waaqayyoo abba firditti)
 - 1. Roome 3:26
 - 2. 2 Tesollonqee 1:5-6
 - 3. 2 Ximootiyos 4:8

4. Mul'ata 16:5
- B. Yesuus tolaadha.
 1. Hojii Hergamoota 3:14, 7:52, 22:14 (Aboo Masiihiicha)
 2. Matihooos 27:19
 3. 1 Yohaaniis 2:1, 29, 3:7
- C. Yaadni Waaqayyoo Uumamaa a Isaatiif tolaadha.
 1. Lewoota 19:2
 2. Maatihoos 5:48
- D. Tola Waaqayyoo sirriitti kennuuf uumu
 1. Roome 3:21-31
 2. Roomee 4
 3. Roome5:6-11
 4. Galatiyaa 3:6-14
 5. Waaqayyoon kan kennamee
 - a) Roomee 3:24, 6:23
 - b) 1 Qorontoos 1:30
 - c) Eefesoon 2:8-9
 6. Amantiin kan Isa simataan
 - a) Roome 3:24, 3:22, 26, 4:3, 5, 13, 9:30, 10:4, 6, 10,
 - b) 1 Qorontoos 5:21
 7. Karaa hojii ilma Isaatti
 - a. Roome 5:21-31
 - b. 2 Qoroontoos 6:14
 - c. Filiphisiyoos 2:6-11
- E. Fedhi Waaqayyoo duukka buutuun Isaa toloota akka ta'anidha.
 1. Matihooos 5:3-48, 7:24-27
 2. Roome 2:13, 1-5; 6:1-23
 3. 2 Qoroontoos 6:14
 4. 1 Ximootihooos 6:11
 5. 2 Ximootihooos 2:22, 3:16
 6. 1 Yohaaniis 3:7
 7. 1 Pheexiroos 2:24
- F. Waaqayyoo biyyaa lafaatti tolaan farada.
 1. Hojii Hergamoota 17:31
 2. 2 Ximootihooos 4:8

Tollii amala Waaqayyooti, karaa Kiriistoos ilma nama Isa cubbaamadhaaf tola kan kenname. Innis

A. Seera Waaqayyoo

B. Kennaa Waaqayyoo

C. Gochaa Kiristoosidha.

Haa ta'u malee inni immo adeemsa keessa tola ta'u, innis jajabinaa fi ciminaan qabamuu kan qabudha. Guyyaa tokko deebi'ee dhufuu Kiriistoosiin wallitti dhufna. Waaqayyoo wajjiin tokkummaan jiruu fayinaan deebi'a, haa ta'uu malee adeemsi isaa bara jireenya hunduma fuula fuulatti argama, du'aan yookaan Paarosiya.

Bakka kana xiqsii gaariin jira. *Dictionary of Paul and His Letters* from IVP

“Kaalviin” luuteerfaa biffaa ol ka'aan cimsee kan inni kennu walitti dhufeenya kan ta'e bifa tola Waaqayyoo irrattidha. Ilaalchi Luuteer tola irraati ilaalcha badii irraa walaba ta'u waan qabu fakkaata. Kaalviin cimsee kan inni kennu tolli Waaqayyoo nuuf kan Inni qabu Uumamaa a nama rajeefachisuu walitti dhufeenya yookiin bifa hirmachutinidha” (fuula 834).

Akka kooti amanaan Waaqayyoo waliin walitti dhuufenyi inni qabu bifa sadii qaba.

- A. Macaafni Qulqulluun qaama (Waldaa Kiriistaana gara Ba'atiif ilaalcha Kaalviin ciminaan qabu)
- B. Maacafni Qulqulluun dhugaadha (ejjennoo Awugisxinoosi fi Luuteer)
- C. Macaafni Qulqulluun jireenyaa jijirameedha (Ejjeennoo Katoolikii)

Hundumtuu dhugaadha kanaaf iddoo tokkootti qaabachuun ni ta'aaf, Fayyaa qabeessaa f, hiika kan qabuf, Kiriistanummaa Macaafa Qulqulluu. Eenyuyuu cimsee eejennoosaa yoo kenne yookaan yoo gati dhabsisee rakkinootatuu Uumamaa .
Yesuusiin simachuu qabna!
Wangeela amanu qabna!
Yesuusiin fakkaachuu qabna!

■ “Noohi aadeemsa isaa Waaqayyoo wajjiin godhate” kun (BDB 229, KB 246, *Hithpael* PERFECT) kan raawwate) 5:21-22 irratti gaalee baayee wal fakkataadha. (Hiifaal kan hin rawwaatamiin (*Hithpael* IMPERFECT) Innis gaalicha Heenokiif hojii irra oole.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 6:11-12

¹¹Lafti immoo fuula Waaqayyoo duratti manca'aa ta'e, humnaan wal irratti ka'uudhaanis in guute.
¹²Waaqayyoo gara biyya lafaa ilaalee, kunoo, lafti akka mancaafame, uumamni foon uffate hundinuus adeemsa isaa irratti akka mancasee hin arge.

6:11-12 Fedhii Waaqayyoo ilmaan namaaf fi Bineensaa lafarraa akka baayyatan ture, haa ta'uu malee cubbuutu guute (BDB 569, KB 583, Niifaal kan hin raawatamne) biyyi lafaa goolamaa fi isaa hamaa wajjiin jirti. (Lakkoofsa 13, Faarfannaa 14:1-3, Roome 3:10-18). kana booda “baayee gaarii” kan jedhuu Seera Uumamaa 1:31 ibsa sirrii hin kennu. Kun biyyii lafaa Waaqayyoo akkan ta'u barbaada miti.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 6:13-22

¹³Waaqayyoo yommu Nohiin, “Yeroon uumamni foon uffate hundinuu fuula koo duraa itti raawwatee dhumu ga'eera; lafti humnaan wal irratti ka'uu isaaniitiin waan guuteef, ani lafa irraa isaan nan balleessa.
¹⁴ ati muka ta'u irra markaba tolchi, keessa isaatti kutaa kutaa baasi! Keessaa fi duubanis leelle lafa keessa argamuun duuchi!¹⁵ Ati markabicha yemmuu tolchitu dheerina isaa dhundhuma dhibba sadi, bal'inni isaa dhundhuma shantama, irraan oleen isaa dhundhuma sodoma godhi! ¹⁶Banti markabichaas dhundhuma tokko irraan ole isaa hojjedhu, cinaacha isaa irraan balbala itti baasii irraan ole isaa iddo saditi kuti! Iddo isa jal'a, isa giduu fi isaa irra keessa gargar hirii!¹⁷kunoo, ani Uumamaa foon ufate Uumamaa lubbu qabu hundumaas bantii Waaqa jalaa balleessuudhaaf bishaan badisaa lafaa irratti nan fida, wanti lafa irraa jiraatu hundinuus hin dhuma, ¹⁸ “Sii wajjiin garuu kakkuu nan gala, ati markabichatti in lixxa, haati manaa kee, ilmaan kee, dubartooni ilmaankees sii wajjiin in lixxu.
¹⁹Uumamaa foon uffatee jiraatu hundumaa keessaa sii wajjiin hafaani akka jiraataniif, lama lama markabichatti galchi! Isaaniis kormaa fi dhalaa haata'ani, ²⁰ warra baalleen balali'aan keessaa, horii qe'ee fi bineensoota keessaa, warra lafa irraa munyuuqaan keessaas akka qomoqomoo isaanitti lama lama ta'ani hafanii akka jiraataniif sii wajjiin markabichatti ol haa galaan!²¹waanta nyaatamuu hundumaa keessaa fudhii of biratti walitti qabi tuuli!kunnis nyaata keetiif nyaata isaaniitiif in ta'a “jedhe. ²²Nohii akkuma Waaqayyoo isa aboomeetti hojette in raawate.

6:14 “Doonicha ofii hojeetadhu” jechama (BDB 793 I, KB 889 *Qal* IMPERATIVE. Kun tarii jechaa ergifana kan warra Gibxii ta'u danda'a. “Laphee” yookiin “sanduuqaa” (BDB 1061). jecha kana kan biraan qophasaa ittii gargaramuuf kan ta'uu, Museen keessa ka'amee kan tureWaan akka bidiruu xiqqoo dhaladduu irraa hojeetamedha (Seera Ba'uu 2:3, 4).

■ “muka Goofarirraa “waa'ee jecha kana hundee jechaa sirriitti hin qabu (BDB 781 fi 172). Hiikoota adda addaa keessa murasnii: (1) SEPTU AGENT “bocaa roga afur kan qabuu muka”, (2) Vaalgeet “hundee mukaa soofama kan qabu”, (3) ibsitooni baayeen kan aman, inni kan dubbatuu gosa mukaati jedhu akkasumas Gaatira kan fakkaatu (NRSV, NREB) sababisa Dooniin baayeen isaani dur gara ba'a kan turaan mukaa kanarra hojechaa waan turaniif, hapheedhaaniis wal qabsisaa turan.

▣ **“Doonicha keessatti kutaa kutaa itti baafta”** kun walumma gala ta’uu kan qabu Bineensoota sana gargar qoqooduuf akkasumas hunda’uu Doonicha degeruuf (dabalataa abbaa diribii sadii).

6:15 “Kuubota” kuubota lamaa (BDB 52) Macaafa Qulqulluu keessatti argama Kuubi jabaata kan ta’uu nama gidduu galleesa tokko quba gudda giduu galleessa akka hudhaatti dheerina inni qabuu yeroo ta’u yeroo hundumaa taakkuu 18 dha (Keessa deebii 3:11, Seena bara isaa 2 2:3). Akkasumaas kuubi dherraas qaba. (Kuubi mototaa) innis ijaarsaaf kan ta’uu (jechuun mana Qulqullummaa Solomoon ijaare) kunis Gibxii, Filisxeem, akkasumaas altokko tokkoo Babiloniitiis beekamaadha. Innis dheerina taakku 21 qaba. (Hiziraa 40:5, 43:13). kun qaama bifa Doonichaa tarii faana 450 faana 75 fi faana 45 dha. Kunnis tilmaamaan Motittiin Elsabeet 2 (Doonii) wallaakessaa kan ta’udha. Innis in ta’a jedhaamee kan tilmaamamu gosaa kuubi yemmuu ta’uu haa ta’u malee haga tokkoo kara cinaatiin kan keessaa gadi seenu qaba, kunniis dhiibbaan qilleensaa akka in miinee dhoorkuu isaati.

Warrii durii qaama nama safartuudhaaf gargaaramu turaan. Warri gara ba’a jiraan durii kan itti gargaaraman.

1. Hiree diriree giduu bali’na jiruu
2. Ciqilledha hanga quba gidu galleessatti dheerina jiru (kuubi)
3. Qubaa abuduu direere hanga quba ishee xiqqootti bali’na jiru. (Dheerina)
4. Quboota afuraan abottifataan giduu dheerina jiruu (Gaati) Kuub (BDB 52, kb 61) walumaa galaatti sadarkaa isaa kan eegate miti. garuu dheerina dhabaata lama qabu.
 - a. Nama Giddugalessa irraa hanga quba isa gidduu galleessati (tilmaamaan taakku 18, Keessa deebi 3:11)
 - b. Kuubiin motoota muraasa ol ka’aa (tilmaamaan taakku 21, Seena baraa isaa 2 3:3, Hiziraa 40:5, 43:13)

6:16 “Ati Doonichaaf foddaa tolchita” kun jecha wal fakkaataa miti, 8:6 Foddaan dubatamee. Baayeen isaani kan isaan tilmaaman inni kan agarsiisu ifni akka seenuuf qillensi akka galuu guutu mata Doonichaa jalaanidha.

6:17 “Bishaan badisaa” xiqqoo kan wal simataan dubbii kana irra jiru (BDB 550) jecha warra Sooriyaa “ballessu” waliin kan deeman.

Bara Noohi bishaan badisaa biyyaa lafaa guutuu yookaniis biyyaa gara ba’aa qofaa? “lafa jechii jedhu (Hiiriis) yeroo hundumaa kan hiikamuu “lafa “kan jedhudha akka jecha naannichati (Seera Uumamaa a 41:57). Namni biyyaa lafaa guuturra utuu in tamsanee ta’e innis Siidaan Baabeel akka godhame, Boqonnaa 10-11akka ta’e achirraas lolaan naannoo hojiisaa in hojjeeta. kanaan dubbise Macaafa filatamaan tokko waa’ee lolaa naannoo ragaa amaansiisa kan ta’u kan Beernaardi Ram *The Christian View of Science and Scripture* ta’a.

▣ **“Haafura jireenyaa”** Kun jechaa Ibirootaatiin Ruuhi jechudha. Innis hojii irraa oolu kan danda’uu lubbuudhaaf haafuraa baafanuuf yookaan haafura fudhatnudha. Lamaanuu namniis ta’ee Beeladni lubbuu qabuu jedhama. garuu bifaa Waaqayyooti kan Uumamaa an nama qofa. (1:26-27) akkasumas Uumamaa “adda “qabu. (2:7). akka barreefama kanatti hafuurooni hundumtu in du’uu (7:22, Beeladaa fi Namoota)

6:18

NASB, NKJV,

NRSV

“Nan dhaaba”

TEV

“nan tolchaa”

TEV

“nan jabeessa”

Jechamma (BDB877, KB 1086, Hiifiil kan raawatame) hiika hundee qabeessa “ka’uu” yookaan “sirittii dhaabachuu” dha. Hundeen Hiifaal (jechama) hojii irra kan oolu “hundeessuuf” “mirkaneesu’ dha. (6:18, 9:9, 11, 17:7, 19, 21, Seera Ba’uu 6:4, Hizir 16:62).

Abdii (kakuun kun amaansiisa miti. Tarii kan 9:9, 11, 17 (gadisaa) ta’a. Ijoo kan ta’uu Waaqayyoo mataan isaa ilma nama isaa hama kufee wajjiin kakkuu jiruu jabeessa in abdachisaas. Cubbamtoota giduullee yoo ta’ee, Waaqayyoo tokkumaa saatiif akeekni bara baraa qabuu jabaate jiraata.

▣ **“kakuun isiini wajjiin qabu”** kun isa jalqabaa fayaadama Beerziti. (BDB 136). Innis kan ibsameef kan akka gaariitti mulatee Seera Uumamaa 9:8-17 irraatidha. innis yaada gidduu galleessa tolcheera, lamaan isaaniis Kakuu Moofaa fi Aakii Waaqayyoo nama wajjiin walittii dhuufeenya inni qabu hubachuudhaaf. Kan walii wajjin itti gaafatamumaa, dirqamaa knaaf abdiin gama lamaaniin jira. Kunniis sadaarka hubannoo keenya tolcha Diyaaleektikoota kan ta’e falmii haalichi kakkuu hin taane karraa Waaqayyootiin jedhe haalichi bifa ta’ee deebi namootaaf yookiin tokkook tokkoon dhaloota. Kana gadittii kan jiruu mataduree addaa ilaali.

Mataduree addaa: Kakkuu

Jecha kakkuu kan ta'ee Beeriz (BDB 136) kakkuu ibsuuf salpha miti. Ibirootaan jechii madaluu hin jiru. Madda jechaa hiika argamsisuuf yaaliin ta'u hundumtu kan hin amansiifne ta'aniiru ta'uyyuu yaadni isaa wali gala giddu gallessumma itti gargaarama jecha akka sakata'aan beektoota dirqisiseera. Hiikaa hojii irra oolu murteessudhaaf.

Kakkuun inni tokkoffaan Uumamaa kan ta'ee namaa wajjiin waligaltee godhamudha.

Akka yaadaatti kakkuun, wali galtee yookaan walii galuu ibsa Macaafa Qulqulluu hubachuun murteessadha. Hundumaa gararaa ta'uu Waaqayyoo fi ijoollee Waaqayyoo mirga walabaa gidu falmiin jiru kakkuudhaan akka yaadaatti ifatti mula'tadha. Kaakkuun tokko tokkoo kan isaan irratti hunda'aniidha.

1. Uumamnii mataan isaa (Seera Uumamaa a 1:2)
2. Abirahaam wamaamuu isaa (Seera Uumamaa a 12)
3. Kakkuu Abirahaam wajjiin (Seera Uumamaa a 15)
4. Nohii eegu saatiif abdii isaa (Seera Uumamaa a 6-9)

Ta'uyyuu amalli kakkuu inni guddaan deebi barbaaduu isaati

1. Amantiidhaan Addaam Waaqayyoof abomamuutu irra ture, Ganata giduu kan turee mukicha nyaachuun irra in ture.
2. Amantidhaan Abiraham firoota isaa dhiise Waaqayyoon duuka bu'e, akkasumaas waa'ee sanyii isaa dhufaani amanutu irra ture.
3. Amantiidhaan Nohi doonii guddaa tolchuu, bishaan irra fagaate bineensoota yaadutu irra ture
4. Amantidhaan Museen Isira'eelin Gibxii baase qajeelfama murta'aan, amantaadhaa fi jireenya hawasummaaf kan ta'an kan eebba fi kan abaarsa abdii fudhatuu irra ture (Seera keessa deebii 27-28).

Falmii wal fakkaata Waaqayyoo namoota wajjiin walitti dhuufeenya qabu "kakkuu haara keessatti" ilaaleera. Falmichiis Gibxiitti kan argamuu Raajii Hisqeel 18 tiin Raajii Hisqeel irraa 36:27-37 wajjiin wal dorgomsisuudha gocha Yaahiwee. Kaakkuuchi kan irratti hunda'ee Waaqayyoodhaan gochaa ayyannaati yookaan namaaf kan kennamee itti gaafatamumma bakka bu'umsa? Kun dhimma arifachisaadha. Kakkuu moofaan, kakkuu Haara dabalatee. galmii lamaan saatti wal fakkaatadha. (1) tokkummaa bade deebisuudha seera Uumamaa 3 fi (2) amala Waaqayyoo kan calaqqisuu uummata hundessu.

Raajii Ermiyaas 31:31-34 kakkuu haaran falmiisaa in salphisa. Gochii namoota fudhatama argachuu fi kan godhuu hanbisudha. Seerri Waaqayyoo hawii keessa ta'e, inni alaatti lakkoofsi seera hafe. Gaarii sabaa tolaa ta'uuf galmii bifa wal fakkaatadha. kan hafuu, haa ta'uu malee mallii isaa (galumsasati) kan jijjirame. ilmi namaa bifa mulachuu Waaqayyoo dandeeti ta'u akka hin qabne mirkana'eraa rakkoon isaa kakkucha hin ture haa ta'uu malee dadhabii namoota cubbamootaatti (Galatiyaa 3)

Falmii wal fakkaata kakkuudhaan halichii kan hin taaneef kakkuu haloota giduu akka jirutti kakkuudhaan jiraata. Fayinni raawate bilisa Yesuus Kiristoosiin rawaatamedha, garuu qalbii jijjiranaa fi amanti barbaada (lamaansaa ka'umsaa fiis ta'ee itti fufeenyaaf). innis lamaan isaa labsii leenjii seera qabeessaf Kiristoosiin gara fakkaachuti waamu, ibsa iyyataa simatamuuf qulqullumma barbaachisa! Amantootni gochaa mata isaaniittin kan fayyan miti, haa ta'uu malee abomamuun (Efeesoon 2:8-10). Waaqayyoon fakkaatanii jirachuun raga fayyinaatti malee sababaa fayina miti. haa ta'uyyuu, jireenyii bara baraa hubatamuun kan irra jiruu amala qaba! Falmiin kun warra Ibiroota irratti ifatti argama.

■ **“Gara doonii atti ijoolleekeetiif haadhaa manaakee, haadha mana ijoollee keetti fudhatee seenta”** tolii Nohii gara maatii isaati darbe (1 Qoroontoos 1:14).

6:19 “In fida” kun tarii beladoota argisisa (naannoo tokkoo yookaan biyyaa lafaa guutuu ta'uusaafi siriitti hin beeknu) gara Nohii kan dhufaan NohiiI garuu doonicha keessatti bakka qabsise. innis tarii kana kan godhe turban dhuma dura ta'a. beeladoni doonicha keessatti wali wajjiin akka jiraatanii fi akka nyaatan dhoksadha. Haa ta'uu malee Uumamaa rra Macheetiim ta'ee, Uumamaa rra ol kan ta'e Macheet sababa ta'uu kan hin qabne miti.

6:21 Nohiifiis ta'ee beeladootafiis doonicha keessa nyaati ture (BDB 542, KB 534, *Qal IMPERATIVE*) ta'uyyuu tarreefamaan hin galmoofne. ibsisaasi baruumsa qo'anna Waaqayyuumati raga dhugummaa caala.

6:22 “Nohiis akkasuma godhe” qabataamatti inni guddaan Nohii Waaqayyoof aboomamuu isaatti (7:5, 9, 16) innis deebi sirii ta'e, haa ta'uu malee, ijoolleen Adaamii fi Heewan ijoolleen namoota kan isaan hin goone (Macaafa fakkeenya 6:5, 11-12, 13).

SEERA UUMAMAA 7

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA 'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Bishaan Badiisaa	Bishaan Badiisaa Isa Guddicha	Bishaan Badiisaa Isa Guddicha (6:5-8:22)	Bishaan Badiisaa 7:1-5 7:6-10 7:11-16	Bishaan Badiisaa Qophii (6:13-7:16) 7:1-5 7:6 7:7-10 7:11-12 7:13-16a 7:16a
7:1-5	7:1-12	7:1-5		
7:6-12		7:6-10		
7:13-16	7:13-16	7:11-16		
7:17-24	7:17-24		7:17-24	Bishaan Badiisaa 7:17-24
		7:17-24		

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lam
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALLEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 7:1-5

¹Waaqayyo yommus Nohiin, "Dhaloota kana keessaa, ati naduratti qajeelaa akka taate waananargeef, ati warra mana kee hundumaawajjin markabichatti gali! ² Horii qe'ee fi horii alaa warra akka qullaa'ootti ilaalaman hundumaa keessaacimdii torba torba, kormaa fi dhalaa, warra akka qullaa'ootti hin ilaalamin keessaas cimdii tokko tokko, kormaa fi dhalaa of duukaa glilchi! ³ Simbirrootaa fi allaattii qilleensa keessa bilali'an keessaas akkasuma, cimdii torba torba, kormaa fi dhalaa galchi! Kanas sanyiin isaanii lafa irratti

hafee akka jiraatuuf in goota. ⁴ Ani guyyaa torba booddee guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama lafa irratti bokkaa nan roobsa; uumani lubbuu qabu ani uume hundumaa lafa irraa nan haxaa'a!" jedhe. ⁵ Nohis kana hundumaa akkuma Waaqayyo isa abboometti in raawwate.

7:1 “Waaqayyoos Nohiin jedhe” innis Waaqayyoodhaaf maqaa kakkuuti, Yahiwee asitti garuu lakkoofsa 16 Helehiim jedhamee waamameera. Jecha kan irraatti hubanaan barsisoota kan inni argisisuu akka tokkooffatti (Yahiwee) akka Uumaati (Heloohiim) kan Pentatihoota fayadama isaani kan mul'isuu fakkata. Mata dure adda kan Waaqayyumma maqooti kan jedhani 2:4 irratti ilaali.

■ **“Gara dooni seenii”** gaaleen kun (BDB 92, KB 112 *Qal IMPERATIVE*) xiyaafatadha.

■ **“Dhaloota kana keessa fuula koo duratti tolaa taate sii argeera”** “Tola” jechi jedhuu asirratti hojii irraa kan oolee akkumma Iyoobi irraatti (6:9) dubbatamee “mudaa kan hin qabnee” kan jedhu siriidhuma. kun cubbuu dhaqna Noohi hin agarsiisu haa ta'uu malee eenyuuyu haga isaa galee kan mirkaneessuu fi kan godhu yookaan gama aadaatiin walitti dhuufeenyi Waaqayyoo wajjiin kan ittiin mul'atudha. Noohii tolaa ta'uun isaa maatii isaatiffillee akka ta'ee hubaadhu. Kun dhugaa Macaafa Qulqulluutti kana jechuun garuu tokkoo eenyumaa nama kan biraa irraatti hunda'udhaan Waaqayyoodhaan tolaa ta'a jechuu miti, haa ta'u malee inni kan argisisuu eebba hafuura Waaqayyoon kan beekani gara wara walqabatee dhiyeenyaatti gara sanatti dhangala'a jechuudha. (Seera keessa deebi 5:9-10, 7:9 fi 1 Qorontoos 7:14 wal bira qabi ilaali).

7:2 “Bineensota qulqulluu hundumaa kormaa fi dhalaa” Bakka barreefama kanaan keessatti qulqulluu kan hin ta'iin fi qulqulluu kan ta'an gidduutti addumaan jiru qalbifadhu sababa isaa Muse dura akkaataa haarsaan ittiin dhiyaatu dha (Lewoota 1-7). Waa'een bineensoota qulqulluu uulagaa safartuu yookaan akkeki isaa tokkuuyyuu waan jedhamee hin jiru. Museen booda irratti adda addummaa Leewwotaa kana (Boqonnaa 11) irratti adeemsisuun ifaa dha, seera Nyaataa tiif kan seera aarsaa wajjin kan wal qabatee dha. Waa'ee lama lamaan wal falmii hedduutu jira. (NRSV, NJB, GPSOA) Kana jechuun n bineensota kophaa kophaadhaan ykn bineensota lama lamaadhaaniidhaa?

7:4 “kana irraa guyyaa booda, lafa irratti bokkaa nan roobsaatii” Rashii akka jedhutti kun, yeroo sanatti kan du'e isa tolaa Maatusaalaa yeroo gaddaa ta'uu isaati. Akka barsiisonni Waaqayyoo bishaan badiisaa hin dhiyeessine hanga Maatusaalaan du'etti jedhu.

Kan guyyaan turban kan durii duriitti, ka'umsi isaa gara boodaa deebi'ee tasumaa hin beekamu. Lamaanuu, ji'as ta'e waggaa sadarkaa addeessaa fi akkaataa jijjiirama waqtiilee kan dhufan ta'uu danda'a, garuu torban miti. Amantootaa fi Seera Uumamaa a 1 irratti ka'umsa kaa'ee jira.

■ **“Guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama”** “Afurtama” jechi jedhu kutaa macaafa qulqulluu keessatti hojii irra kan oole irraa deddeebi'eeti (Iziluuniin ilaali). Yeroo tokkoo tokko hiiki isaa kna fudhatamu akkuma jirutti yemmuu ta'u yeroo biraa ammoo akkasumatti jechuun kan ta'u yeroo dheeraa kan hin murtoofnee dha. (Marsaa addeessaa irra kan caalu ta'ee digdamii saddeet akkasumas walakkaa guyyaa tokkoo ta'a; garuu jijjiirama waqtiilee irra kan xiqqaatee dha. Baay'een tarreeffama yaada Mosoppotaamiyaa bishaan badiisaa qindeeffama yeroo guyyootaa ti.

Macaafa Qulqulluu hiika haaraa 7: 6-12

⁶Yeroo bishaan badiisaa lola'ee lafa fudhate sana, Nohi nama waggaa dhibba ja'aa ture; ⁷bishaan badiisaa jalaa ba'uudhaafis Nohi, haadha manaa isaa, ilmaan isaa, dubartoota ilmaan isaa wajjin markabichatti in gale. ⁸Horii qe'ee fi horii alaa warra akka qullaa'ootti ilaalaman, warra akka qullaa' ootti hin ilaalanne, simbirrootaa fi alfaattii, waanuma lafairra munyuuqan kee'ssaas, ⁹lama lama kormaa fi dhaltuu akkuma Waaqayyo Nohin abboometti, Nohi duukaa markabichatti gale. ¹⁰Guyyaan turban sun erga darbanii, bishaan badiisaa lola'ee lafa in fudhate ¹¹Kunis bara jireenya Nohi waggaa dhibba ja'a, ji'a lamma, ji'icha keessaa guyyaa kudha torbatti ture; gaafas burqituuwwan callabboo gurguddaa in futta'an, ittifni bishaanii bantii waaqaa keessaa inbanaman. ¹²Bokkaanis guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama lafa irratti yandoo buuse.

7:11 “Burqituuwwan callabboo gurguddaa hin hir’atan foddawwan samii hin banaman” guyyaaan lakkoofa 11 baay’ee addaa dha, lakkoofsa kana irratti (innis raawwii senaa agarsiisa) akkasums ammoo jechamoota ta’ii lafa irratti ta’e dhayiha isaa qaama irratti kan ibsu (Niifaalii lama kan dhumate, BDB 13:1, KB 986). Sadarkaa badiisichaa lakkoofsa 18 fi 19 barreffama Ibirootaa irratti ilaaluu dandeenya. Baay’inaan rogi Uumamaa lafaa gegeeddaramaera, keessumattuu gara dhiheenya Bahaatti. Burqaa bishaanii gosa lamatu jira. 1. Burqaa gadi fagoo laga jalaa fi 2. Banaa lolaa (jechuun, Ulaa waaqaa, Faarfannaa Daawwit 78:23, Milkiyaas 3:10). Kun fuggisoo Waaqayyo Seera Uumamaa boqonnaa 1 irratti kan hijjetee dha. Deebi’uu Sochii bishaanii.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:7:13-16

¹³Guyyaadhuma jedhame sanatti Nohi, haati manaa Nohi, ilmaan isaa Seem, Kaam, Yaafetis, dubartoonni ilmaan isaa, sadanis isaawajjin. Markabich atti galan. ¹⁴Isaan, kun "bineensonni akka qomoo qomoo isaaniitti, horiin qe'ee akka qomoo qomoo jsaaniitti wanti lafa irra munyuuqu akka qomoo qomoo isaatti, simbirronnii fi allaattiin akka qomoo qomoo isaaniitti, wanti baal'eedhaan ka 'us hundinuu, ¹⁵uumamni foon uffatee: hafuunis qabaatee jiraatu hundinuu, lama lamaan Nohi duukaa markabichatti galan. ¹⁶Warri achitti ol galan foon kan uffatan hundumaa keessaa kormaa fi dhalaa turan; Isaan akka Waaqayyo Nohin abboomee turetti achitti galan; kana boddee dugda isaa duubaan Waaqayyo b albala in cufe.

7:14 Kun kan inni hamatu Seera Uumamaa 1 irratti kan dubbatamee garee bineensoota lafarraa yemmuu ta’u binensoota bishaan keessa hin dabalatu.

7:16 “Waaqayyoo duuban itti cufe” YHWH (jechuun immoo, kakuu, fayyisaa Waaqqumma) balbalicha kan cufe isuma. Barsisooni kan jedhani inni kana kan inni godhe hamooni Doonicha alatti akka hafaniif. Isaan kan jedhaani asii fagaatani deeman, Waaqayyoo doonicha Leencotaa fi hamakeetaan marseera, namoota sana ari’uuf. Anaaf doonichi haraara Yaahieww isaa kan biraadha. Ijoollee namaaf kan inni godhe hidda dhaloota Masihicha itti fufsisuuf dheekamsa wallakattillee yoo ta’e, innis oolchu isaa kan kennu (Seera Uumamaa a 3:15).

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haara 7:17-24

¹⁷Bishaan badiisaa guyyaa afurtama itti fufee lola'ee lafa in fudhate; bishaanichi lafa irra guutee, markabicha ol in fuudhe; Innis lafa gararraa hamma oolutti ol ka'e. ¹⁸Bishaanichi humna godhatee, caalchisee lafa irra in guute; . markabichi immoo bishaanicha irra in adeema ture. ¹⁹Bishaanichi lafa irratti humna godhatee, "tullooda dhedheeroo guutummaa bantii waaqaa jala jiran hundumaa in dhokse. ²⁰Bishaanichi tullooda irra iyyuu dhundhuma kudha shan ol darbuudhaan isaanin dhokse. ²¹ Uumamni foon uffatee lafa irra soch'u hundinuu, simbirronnii, allaattiin horiin qe'ee, bineensonni, munyuuqaan lafa irraa munyuuqu hundinuu; namoonni hundinuu in dhuman . ²²Wanti bakkee lafaa irra jiraatiee, funyaan isaatiin hafuura baafatu hundinuu in du' e. ²³Bishaanichis wanta uumamee lafa irra jiraatu, nama, horii qe'ee, wanta munyuuqu, warra bantii waaqaa jala balali'anis hundumaa haxaa'ee in balleesse; isaan lafa irraa in haxaa'aman; Nohii fi warra isaa wajjin markabicha keessa turan duwwaatu hafe. ²⁴Bishaanichi guyyaa dhibbaa fi shantama irra lafaa guutee taa'e.

7:19 Yaadi lakkoofsa dubbi kanaa sirriidhumatti kan inni agarsiisu bishaaniin liqmfamuu guutummaa biyya lafaa ti (821, 2 Pheexiroos 3:6). Garuu turee jiraa? “dachee” jechi jedhu (Iires, BDB 75) ta’uu kan danda’u “lafa dha” (4157). Innis jecha qaxxaamuraa ta’uu dandaa’a, Luqaas 2:1 fi Qoloosaayis 1:23 (*Hard Sayings of the Bible*, IVP fuula 112-114). Akka qo’annoo barumsa waaqayyummaa bishaan badiisaa yoo ta’e, dhimmi dheerina isaa faayidaa hin qabu. Mosoppotaamiyaa irrattii illee hagana dhaabbataa kan ta’e kuufmani lolaa hin jiru, guutummaa biyya lafaa irraa bifa xiqqaadhaan! Lolaan Mosoppotaamiyaatti kan baratamee dha, sababi isaa, sirni bahiinsa bishaanni gurguddoon lama asitti walitti dabalamaniifi. Ibsi fooyya’aaan, *The Christian’s View of Science and Scripture* Barnaardi Raam, ilaali.

7:22 “Hafuura jireenya lubbuu” (1:30 kan jiru ilaali). Jireenyi bishaanichaa eegamee jira.

GAAFFIILEE MAREE

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. “Ijoollee Waaqayyoo” gaalee jedhuuf hubannoon ati qabdu maali? Akkasumas maaliif?
2. Ergamooti intaloota ilamaan namaa fuudhuu kan isaan barbaadaniif maaliif sitti fakkata?
3. Niifliimomni eenyuun turan?
4. Waaqayyo akkamitti gaabbaa?
5. Waaqayyo wajjin adeemuu jechuun maal jechuudha?
6. Qurxummoonni bineensota lafarraa wajjin maaliif itti hin murtoofnee?
7. Bara Nohiitti qulqulluu kan ta'ee fi kan hin taane maalii dha?
8. Bishaan badiisaa naannoo tokko irratti moo addunyaa mara irratti? Maaliifi?

SEERA UUMAMAA 8:1-22

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Bishaan Badiisaa ni hir'ate	Eeguu Nohi	Badiisa isa Guddicha	Xumuramuu Bishaan Badiisaa	Bishaan Badiisaa ni hir'ate
8:1-5	8:1-5	(6:5-8:22)	8:1-5	
8:6-22	8:1-5	8:1-5	8:1-5	8:1-5
8:6-12	8:6-12	8:1-5	8:6-12	8:1-5
8:13-19	8:13-14	8:6-12	8:13-14	8:6-12
		8:13-19		8:13
				8:14
	8:15-19		8:15-19	Doonicha keessaa Bu'uu Isaa
	Kakuu Waaqayyoo Uumamaa a Waliin		Nohis Aarsaa Dhiyeesse	8:15-19
	(8:20-9:17)			
8:20-22	8:20-22	8:20-22	8:20-22	8:20-22
(22)	(22)	(22)	(22)	(22)

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lam
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

GULUMSA QABIYYEE BARREEFFAMAA

- a) Seera Uumamaa a 1 fi 7 giddu seeruma ifaa ta'eetu jira, deebi'uu raafama bishaani kana irratti.

- b) Seera Uumamaa a 1 fi 8 giddu qajeeltooti ifa kan ta'e jira, innis Waaqayyoo jireenya nama haroomse deebisa.
1. 1:2 irra kan jiruu 8:1 irraa kan jiruu wajjiin wal bira qabii ilaali.
 2. 1:6-8 irra kan jiruu 8:2 irraa kan jiruu wajjiin wal bira qabii ilaali.
 3. 1:22, 24 irra kan jiruu 8:17 irraa kan jiruu wajjiin wal bira qabii ilaali.
 4. 1:28 irra kan jiruu 9:1-2 irraa kan jiruu wajjiin wal bira qabii ilaali.
- c) Seera Uumamaa 8:1-19 fugissoo 7:11-24 ti. Kun sirri dhumatti qinda'umaan barreefamte.

QO'QNNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa :8:1-5

¹Waaqayyoo immoo ammas Nohin, horii qe'ee fi bineensota warra isaa wajjin markabicha keessa jiran hundumaa in yaadate; Waaqayyoo qilleensa lafa irra in dabarse, bishaanichis gad gale. ²Burqituuwwan callaboo, hulaan bishaan bantii waaqaa in cufame, bokkan waaqa keessaa roobus inittifame. ³Bishaanichis guyyaa dhibbaafi shantama booddee irraa jalaan lafa irraa gad galaa adeemee, in hir'ates. ⁴Markabichi ka'ee ji'a torba isaatti ji'icha keessaas guyyaa kudha torbatti tulluu Araaraat gubbaa in buufate. ⁵Bishaanichi hamma ji'a kurnatti ittumaa gad galaa adeeme; guyyaa jalqaba ji'a kurna irratti roggeen tullootaa in mul'atan.

8:1 “Waaqayyoo” Jechii kun Helohemidha. Seera Uumamaa 1:1 yadannoo jiru yookaan mataduere addaa 2:4 ilaali.

■ **“In yaade”** jechii kun (BDB 269, 269, kan hin raawwatamne) fayidaa irra kan oole Waaqayyoo kan ta'uuf gochaa dhuunfaa nama tokkoof murtessuusa argisisuudha (8:1, 9:15, 16, 19:29, 30:22). Waaqni kakkuu ammas hojjechuuf sababaa enyumaasaatiif. Nohii burqaa dhala namaa isaa haarati.

■ **“Nohii”** maqaa kan (BDB 629) “Hiribba” jechuudha, sagalee irraatti kan hunda; ee hudee jechaa beekkamaa waa uumu osoo hin ta'iin.

■ **“Waaqayyoo qilleensa fidee”** jechamichii (BDB 716, KB 778) Hiifaaal kan hin xumiramnedha *Hiphal IMPERFECT* Waaqayyoo galuumsa Uumamaa a fayadameera, haala si'ahaan lolaa bishaanicha gogsuu, lakkoofsa 2, Seera Ba'uu irraatti akkuma godhee (Seera Ba'u 4:21).

Akkasumaas immoo gochaa Waaqa ilaaluun in danda'ama, boqonnaa 8888:9 akka gocha Waaqayyoo kallatti wal cinnadeemutti boqonna 1 irraatti akka jiru. Kun sanyii namaa tiif seera jalqabatti. akkas yoo ta'ee, qilleensi kalaatti bakka kanaan yoo ta'ee” Hafurichii in balali'ee” kan jedhuu 1:2 wajjiin.

■ **“hira'tee”** kun jechaa wal fakkataa (BDB 1013, Kb 1491, kan hin xumuramnee *Qal IMPERFECT*) fayidaa irraa kan inni oolu dheekamsa motichaaatiif Aster 2:1 keessatti.

8:4 **“Gaara Haraarat”** kun karaa sadiin ibsameera, (1) Karaa Turkii (rusiyaa daanga irraatti argamu 92) Karaa kaaba karaa galaana Vaan cinna gaara jiruu fi (3) Jechiichi mataan isaa kan inni maqaa dha'uu sansalataa gaara (Soriyaa Yuraartuu, BDB 76), adda kan ta'ee fiixee gaara kan hin taane (abbaa lakkoofsa baayee kan ta'ee “garoota” hubadhuu).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 8:6-12

⁶Guyyaa afurtama booddee Nohi qaawwa isa markabichatti baasee ture sana cufaa isaa bane; ⁷qurruu tokko in erge, innis hamma bishaan lafa irraa gogutti in ba'a, deebi'ees in gala ture. ⁸Nohi kana booddee bishaan lafa irraa akka gad xinnaate ilaaludhaaf gugee tokko of biraa erge; ⁹bishaanichi garuu amma iyyuu lafa hundumaa irra waan jiruuf, gugeen sun lafa qubattu dhabdee, gara markabichaatti deebitee isa bira dhufte; inni immoo harka isaa gad baasee qabee, markabicha keessa lafa ofii jirutti ol ishee galche. ¹⁰Guyyaa torba turee, ammas gugee tokko markabicha keessaa gad baasee erge; ¹¹gugeettiin immoo galgala gara isaatti yommuu deebite kunoo, xobbee baala ejersaa afaanitti in baatti turte; kanairratti Nohi bishaanichi lafa irraa akka gad xinnaate in bare. ¹²Ammas immoo guyyaa torba turee, gugeettii in erge; isheen ergasii gara isaatti hin deebine.

8:6 “Guyyoota afurtamma” jechii kun guyyaa hundumma kan jedhuu “dheera kan hin murtoofne hanga yeroo “galumsii barreefama kan guyyoota baayee adda kan ta’anidha, guyyoota afurtama.

■ **“Foddaa”** kun sagallee addatti (BDB 319) kan wal fakkaatu6:16 irraati jechii argaman (akkuma jirutii” bantii” BDB 8441). haggaa issaatiif bakkii isa sirritti hin beekamu, garuu tarii bantii isaa mata isaarraan ta’a.

8:6-12 Sinbirooni kun fakkenyoota akka tataan of eegadhu!kalattii sirii ta’e Mesopotamiyaa seeri barreefama jira. (jechuun seena Gilgamesh (odefamma seena) 11:145-55), hiikaan isaa haala wal fakkaata wal simaaniin baayee fakkaata. Walitti dhuufenyii haali barreefama isaa Macaafa Qulqulluu keessatti (Seera Uumamaa 1-11) fi Barreefama Mesopotamiyaa.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 8:13-19

¹³Nohi dhalatee waggaa dhibba ja’aa fi tokkotti, ji’a jalqabaatti, ji’icha keessaa immoo guyyaa tokkotti bishaanichi irra lafaatii goge; Nohis bantii markabichaa irraa fuudhee yeroo ilaale, kunoo, irri lafaa gogaa ta’uu isaa in arge. ¹⁴Ji’a lamma keessaa guyyaa digdamii torbatti immoo lafichi guutummaattigogee argame. ¹⁵Waaqayyo yommu Nohitti indubbate; ¹⁶ inni, "Amma markabicha keessaa ba'i, haati manaa kee, ilmaan kee, dubartoonni ilmaan keetiis sii wajjin haa ba'an! ¹⁷Uumamni foon uffatee si bira jiru hundinuu allaattiin, simbirri, horiin qe'ee, bineensi, warrilafa irra munyuuqan hundinuu si duukaa akka ba' an godhi! Isaan lafa irratti gurmuu haa godhatan, wal horaniis lafairratti haa baay'atan!" jedhe. ¹⁸Nohis gad ba' e; haati manaa isaa, ilmaan isaa, dubartoonni ilmaan isaatiis isaa wajjinged ba'an. ¹⁹Uumamni jiraatan hundinuu, warri munyuuqan, warribaal' eedhaan ka' an, wanti lafa irra socho'uu hundinuu akka qomoo qomoo isaaniitti markabicha keessaa in ba'an.

8:13 “Nohii kakkuu Doonichaa hin kaase” kun jechuu kan inni barbaadu, kutaa gara guutuu jiruu kaasu isaati (BDB 492) hagamillee booddee irraati jecha wal fakkaataa gogaa bineensoota, innis hidda bultisaa kan huwisuuf yoo ooleyyuu, hiika sana isaati gargamuun hin rakkisa.

8:15 “Waaqayyoos Nohiin jedhe” kun walumaa galatti galumsaa barreefama obsaa fi abomamuu Nohii kan ibsudha. Abboomi Waaqayyoo (jechuun, 8:15-19) kallatiin 7:1-5.

8:16 “Ba’ii” kun abboomota baayee, lakkoofsa 16-17 kan jiran isa jalqabaati.

1. “Ba’ii” xiyyeefannoo (BDB 422, KB 425) lakkoofsa 16
2. “In baase” Hiifaal xiyyeefannoo (BDB 422, KB 425) lakkoofsa 17
3. “Baayadha wal baayisa” kan in xumuramne xiyyeefannoodhaan galumsa fayidaa irra oole (BDB 1056, KB953) lakkoofsa 17
4. Ijaa qabeessa ta’ii” kan in xumuramne xiyyeefannoodhaan galumsa fayidaa irra oole (9:1, 7 BDB 826, KB 953) lakkoofsa 17
5. “Baayadha” kan in xumuramne xiyyeefannoodhaan galumsa fayidaa irra oole (9:1, 7 BDB 915, KB 1176) lakkoofsa 17

Abboomoti kun seera Uumamaa irraa 1:22, 24 waliin kallaatidha. Waaqayyoo immo jalqabuu isaa agarsisuu. Bishaan badisaa lafaa hundumaa irra kan jiraataan balleesse, doonichaa irra kan jiran anbissee. Akkeekki Waaqayyoo inni guddaan itti fufeerra (6:19).

8:17 Isaan kun abboomoota Waaqayyoo immo9:1) Seera Uumamaa 1:22, 24 waliim kallatidha. boqonnaa kana jalqabairraa kan jiru galumsa qabiyyee barreefamicha ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 8:20-22

²⁰Nohis iddoo itti Waaqayyoof aarsaa dhi'eessu ijaaree, horii qe'ee warra qullaa'ootti ilaalaman hundumaa, horii baal'eedhaan ka'an warra qullaa'ootti ilaalaman hundumaa keessaas fuudhee, iddoo aarsaa sanairratti aarsaa qalma in dhi'eesse. ²¹Waaqayyoos foolii isa garaa ciibsu sana urgeeffatee yaada isaa keessatti, "Wanti namni mucummaa isaatii jalqabee garaa isaatti yaadu hamaa yoo ta'e iyyuu, sababii namaatiif ani deebi' ee laficha matumaa hin abaaru, deebi' ees akkan kanaan dura godhe

Uumamaa jiraatu hundumaa matumaa hin balleessu. ²²Egaa hamma bara lafti kun itti jiraatutti, midhaan facaasuunii fi sassaabuun, dhaamochinii fi ho'i, bonnii figanni, guyyaanii fi halkan ittuma fufu malee hin dhaabatan" jedhe.

8:20” Nohii iddoo aarsa ijaare” hojiisaa isa duraa kan ta’ee Waaqeffanna fi galata dhiyeessu ture. Aarsaan barsifata ture (aadaadha) (4:3, 12:7, 8; 13:18; 22:19). Kunnis immoo gocha Gilgameesh isa jalbati, bishaan badisa booda seenaan Gilgameesh (11:156-158).

■ **“Hundumaa keessaa bineensoota qulqulluu”** qulqulluu kan ta’ee fi qulqulluu kan hin ta’iin madaliin isaa ifa miti (7:2), haa ta’uu malee walumagalatti aarsich wajjiin adeema, Waaqayyumma (nyaataaf) qajeelfama osoo hin taane (Lewootaa 11, Seera keessa deebi 14).

8:21” Waaqayyoos fooli gaarii hurgefate” . Gaaleen kun Macaafa Qulqulluu keessaati fayaaadamarra kan oole aarsa isaa fudhachuu isaa argisisudhaaf (keessumati, Lewootaa fi Seera lakkofsa). Inni garuu hin argisisuu jechuun foonsaa Waaqayyoof nyaata akka ta’uuf seena Gilgameesh irrati akka jiru (11:159-161). Macaafnii Qulqulluun rawwatee hin argisisu, seera aarsa akka nyaataati argamuu Waaqayyumma dhiyeesusa uummati naanniicha jiran akkuma godhan.

■ **“Lafa lamaaffa hin abaaru...lubbuu jiraata hunduma lamaa hin dha’uu”** isaan barreefamii kallatti kun kan argisinaan laphee Waaqayyoo, innis jalalla isaatiin (Isayaas 54:9) Uumamaa Isaatiif kan Inni qabuu fi firdisaa Isaa qajeela giddu falmii jirudha. ijoolleen namaa hamaadhaaf kan badeedha, haa ta’uu malee Waaqayyoo nuu wajjiin yerootti hojeechu barbaada, innis xumura saa wajjiin kan walitti dabalame (jechuun, guyyoota isa dhuma). Firdii kanaani haali Waaqayyoo ilmaan nama isaa cubamaadhaaf jijjirame, namooti ammas hamoota. Haalli Waaqayyoo ammas hin jijjira, uummatesaa kakuu Musee eegudhaaf yeroo dhabban. Waaqayyoo kakuu haara dhaaba (Ermiyaas 31:31-34 fi Hizqeel 36:27-38). namooti sirrii godhamuu, Waaqayyoodhaan, innis Masihiin kan raawwatee aarsa du’aatiin.

Hagammillee Waaqayyoo bishaan badiisa kan biraa akka hin fidnee kakuu inni galee sirriimatti dhugaa yoo ta’eeyyuu, 2Pheexiroos 3: 10 kan jedhuu biyyaa lafaa abidaan akka quleessudha. Waaqayyoo ilma nama isaa cubbammadha wajjiin hin hojjeta haa ta’uu malee galmiisa tola (Leewota 19:2, Maatihoos 5:48).

■ **“Lapheen mucaa namaa cinumadhaa jalqabee hamaa waan ta’eef”** hameenyii bishaan badisaa fuuldura baayee beekama ture (6:5, 11, 12, 13) ammas yoo ta’ee kan kufee ilmaan, Nohii fi maatii isaa ifaatti kan isaan argisinaan!

8:22 Uumamaa keessatti kun dhaabii kan qabaachuusaati isaa ammayyaa ka’umsaa sayiinsii warra gara lixaa karichaa bannera. Waaqayyoo waan mija’aa tokko dhaabeera. (jechuun, dhaabbata, wanta mija’aa kan qaban kan Uumamaa gochoota). Ta’uuyyuu ka’uumsa gaalee kan ta’ee “bara lafaa hundumaa) kan jedhuu hubadhu. Lakkoofsa 22 afaan Ingilitiin yeroo hiikamuu keeyata bukke qabadha.

SEERA UUMAMAA 9:1-29

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Kakuu Sabbata Waaqayyoo	Kakuu Waaqayyoo Uumama isaaaf	Kakuu Waaqayyoo Nohi Wajjin 9:1-7 (6) 9:8-17	Kakuu Waaqayyoo Nohi Wajjin 9:1-6 9-7 9:8-17	Sirna ittiin bultooma Adunyaa isa haaraa 9:1-7 (6) 9:8-11
9:1-7 (6-7)	(8:20-9:17)	Abaarsa Nohi Kana'aan Irratti 9:18-19	Nohi fi Ijoollee isaa 9:18-19	9:12-16 9:17
9:8-17	9:1-7 (6-7)	9:20-27 (25-27)	9:20-27	9:18-19
9:18-19	Nohi fi Ijoollee isaa	9:28-29	9:28-29	9:20-27
9:20-27 (25-27)	9:18-19 9:20-23			(25-27)
9:28-29	9:24-27 (25-27)			9:28-29
	9:28-29			9:28-29

DUBBISA MARSAA SADA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALÉE

Macaafa qulqulluu Hiikaa Haara 9:1-7

¹Waaqayyo Nohii fi ilmaan isaa in eebbise; inni isaaniin, "Huraa, baay'adhaa, lafas guutaa*!"

²Surraan keessan bineensa lafaa hundumaa, warra qilleensa keessa balali'an, waanuma lafa irra munyuuqu, qurxummii galaanaas hundumaa haa sodaachisu, haa naasisus! Isaan harka keessanitti kennamaniiru. ³Wanti jiraatee socho'u hundinuu nyaata isiniif haa ta'u! Akkuman biqila lalisaa isiniif kenne, isaan kana hundumaas isiniif kenneera". ⁴Garuu foon lubbuun keessa jiru, kana jechuunis dhiigni isaa utuu keessa jiruu hin nyaatinaa"! ⁵Ani lubbuu keessan eeguudhaaf dhiiga keessan bineensa harkaa, nama harkaa nan barbaada; lubbuu namaa, harka nama akka isaatii keessaa nan barbaada". ⁶Ani Waaqayyo nama akka bifa kootti waanan uumeef, namni dhiiga namaa dhangalaasu, dhiigni isaa harka namaatiin indhangallaafama". ⁷Isin immoo horaa, baay'adhaa, lafa guutaa, irratti baay'adhaas!" jedhe.

9:1 “**Horaa baayyadha lafaas guuta**” yaada rimmee yookaan xiyyeefanna sadaan hubadhu, “hoora” (BDB 826, KB 963) “Baayaadha” (BDB 915, KB 1176), “lafas guutaa” (BDB 569, KB 583). Kunnis ilma namaaf jalqabbi isaa lammataati (1:28), garuu cubbuun jijjiira aboommi akka fidee hubadhu, “irratti mo'a bitaas” akka hafuu godhameera.

9:2 “**Sodaa... jeequmsa**” ilmii nama bineensoota wajjiin hariiroo haraa eegalee, kan nagaa fi firummaa of keessa qabuus hin ture, Edenitti fi murtoo du'aan, (Iskaaton) akka turee (Isaayaas 11), haa ta'u malee sodaa (BDB 432) fi jeequmsa (BDB 369) Septuagint “Belladoota” ni dabalata, lakkoofsicha irratti garuu horii mana miidhaan isaan in argatu.

9:3 “**Wantii jiraate socho'uu hundinuu nyaata isiini haa ta'u**” ilmii nama yeroo jalqabaaf baala soraata ture (yoo xiqqatee Janata Edeen keessatti) haa ta'uu malee kuufati isaa booda qonnaan tokkoollee bakka hin jireetti, foonni ni argama ture. Akkasumas immoo qulqulluu kan ta'aniif Belladoota qulqulluu hin ta'iin gidduu adda addumaan akka hin jiree hubadhu, Baasiif ta'uu hamma danda'eetti (Lewoota 11 irraatti baayee adda ta'a) haa ta'uu malee arsaa ilaalchise adda addummaan jira (7:2).

9:4 “**Foon lubbuun keessa jiru yookaan dhiignii isaa utuu keessa jiruu hin nyaatiinaa**” kun hunde barumsa Waaqayyummati bu'uraa sirna haarsati (Lewoota 17:10-16, Keessa Deebii 12:16-23, Hojii Hergamoota 15:29) fi bu'aan du'a Kiristoos. Cubbuun jireenya kafalchiseera. Waaqayyo haraara isaan jireenya beellada geeddare.

9:5-6 “**Namnii dhigaa nama dhangalasuu hundinuu dhiigi isaa in dhangalaafama**” kunnis “ija ijaan” kan jedhu ibsa murtii jalqabaati. Kunnis kan agarsisuu bittaaan motummaa Waaqayyoo murtii du'a kennuuf mirga akka qabuu dha. Kakuu moofan kun fiixan ba'umsi isa in danda'ama kan ture “Go'el Gol” (kan firoota oolchu). Ibsa kakuu haara isa dhugaa hojii Ergamoota 25:11 fi Roome 13 :4 ilaali.

Lakkofsa 5 dubbiisa yoo ta'u lakkoofsi 6 immoo bifa jecha dhokataan kan maxxanfame.

Akkatan tarreefama jecha Ibroota ta'uu kan danda'u jira, Innis tarii hunde jechaa isaa irratti dhiibbaa gochuu kan danda'u, dhiigaa fi (*dam*) akkasumas namaan (*adam*) gidduuti. Afaan Soriyaatiin jechii nama jedhu (*adamu*) kan itti cuphamaan (*adman*) jedhuu wajjiin walitti firooma. Kanafuu dhiiga-waqeefatoota-ilma nama gidduuti walitti dhuufenya qabaata (Robert B. Girdlestone, *Synonyms of the Old Testament*, fuula 45).

■ “**Namas bifa Waaqayyootiin uumera**” kun kan agarsisuu ilmii namaa dursaa ta'u isaati (1:26, 27; 5:1, 3) kunnis akkam carroomuu, ulfinaa fi itti gaafatamumadha.

9:7 “**Lafa irratti baayadha wal hooraas**” kun 1:22, 24, 28 irratti kan mul'atuu dha. Boqonnaa 8-9 kan agarsisuu mul'achuu fedha Waaqayyooti fi gocha isaati Seera uumama boqonnaa 1 irra kan jiruu si'a lammata ta'u isaati. Lakkoofsi kun xiyyaaffanno afur kan qabaatu yoo ta'u bifa biraan lakk.1 sadii qaba. Barsiisooti akka jedhanitti ajeecha sababaa Macaafa qabiyyee barreefama (lakk.5-6) ijoollee akka hin qabaane abboommii kana diduudhaan cabsaniruu.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haara:9:8-17

⁸Waaqayyo kana booddees No-hiin, isaa wajjin kan turan, ilmaan isaatiinis, ⁹“Kunoo, ani isinii fi sanyii keessan warra isin booddee wajjin kakuu nan gala”; ¹⁰akkasumas uumama lubbuu qabaatee jiraatee isinii wajjin argamu hundumaa, simbira, allaattii, horii qe'ee, bineensa caakkaa isinii wajjin jiru hundumaa, hamma markabicha keessaa ba'an hundumaa wajjin kakuu nan gala”.

¹¹Si'achi deebi' ee foon kan uffate hundinuu bishaan badiisaatiin lafa irraa akka hin balleffamneef, ani isinii wajjin kakuu galeera; si'achis lafa balleessuudhaaf lolaan akkasii deebi' ee hin lola'u" jedhe. ¹²Waaqayyo, "Kakuu ani ofii kootii isinii fi uumama lubbuu qabaatee jiraatee isinii wajjin argamuuf, dhaloota dhufu hundumaafis dhaabe kanaaf milikkita nan kenna; ¹³Ani sabbata koo duumessa keessa nan kaa'a, innis milikkita kakuu anaa fi biyya lafaa gidduutti ta' ee ti; ¹⁴yeroo ani, duumessi lafa irratti akka duumessaa'u godhee, sabbatichi immoo duumessoota keessaan mul'atu, ¹⁵yommus ani kakuu isa ani isinii fi uumama lubbuu qabaatee foon uffatee jiraatu hundumaa wajjin gale nan yaadadha; waan foon uffate hundumaa balleessuudhaafis bishaanbadiisaa deebi' ee hin ta'u". ¹⁶Yeroo sabbatichi duumessoota keessa jirutti, ani isa ilaalee, kakuu bara baraa isa ana Waaqayyoo fi uumama lubbuu qabaatee, foon uffatee lafa irra jiraatu hundumaa gidduutti dhaabate nan yaadadha" jedhe. ¹⁷Waaqayyo yommus Nohiin, "Milikkinni kakuu ani ofii koo fi waan foon uffatee lafa irra jiraatu hundumaa gidduutti dhaabe isa kana" jedhe.

9:9 “Anumtii ofii koo nan dhaaba” kakuun kun haalan kan ta’e miti. Kanaaffuu guutumma guutuutti ayyana Waaqayyoo irraatti (9, 11, 12, 17). Kakuun warrii biroo kanneen akka kakuu Addaami fi Abrahaam halootaan kan danga’aanidha. Mata-duree adda kakuu (6:18) ilaali.

9:12 “Dhalootni dhuufu cuftinu” “cuftinuu” (Oolaam) akka lakk.16 jedhuttii “bara baraan”. 3:22 irraa kan mata-duree addaa jiruu ilaali. Dabalataan Raash akka jedhetti “dhalootni” Barreefamni qubee Ibiroota sirri miti. Inni kan hiikee, akka hiika, kakuu amanti dogogoraa warra qabaniif duwwaadha.

9:13 “Milikkita sabbataa” tarii sabbatti Waaqa yeroo jalqabaaf mudate kanaaf ta’a. Uumamaa 2:5-6 kan agarsisuu jalqaba irraatti gadi bu’uu bishaaniin yoo ta’uu gara kallaatti rooba adda ta’eenidha. (Jechuunis uurriin lafa irraa ol-ka’ee). Kunnis sirritti ta’uu kan danda’uu sabbatti (BDB 905) Waaqayyoo meesha gadii buuse dha. (Jechuuniis ilmii namaa dheekkamsaan hin balleefamuu). Bara duriitti sabbata rarrassuun milikkita nagaa ture. Kunniis immoo Waaqayyoo hiika haara kan baratame uumama dhugaa godheera gochuus danda’a.

9:15 “Nan yaadadha” sabbati Waaqayyoo fi ilma namaaf milikkita dha. Kun fakkeenya qaama itti fakkatuu, Waaqayyoo akka hin irraanfanne (“Maacafa jireenya irraa” yaada-rimnee wal fakkaata kan ta’eef “Kaadidid Macafaa Deeds”)

■ “Foon qabessii hundi habaduuf lamuu bishaan badisaa hin dhufu” kana jechuun lolaan tasumaa hin dhufuu jechuu miti, garuu lolaan wali-galaa kan ta’e guutummati ilman nama fi beelada kan ballessuu jechuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haara 9:18-19

¹⁸Ilmaan Nohi warri markabicha keessaa ba'an, Seem, Kaamii fi Yaafet turan; Kaam abbaa Kana'aan ture*; ¹⁹ isaan kun sadan ilmaan Nohi turan; namoonni isaan kana irraa argamanii guutummaa, lafaa irra in tamsa'an.

9:18 “Seem” hundeen jechaa maqaa kana “kan beekame” yookaan “maqaa” ta’uu danda’a. (BDB 1028 II). “Kaam” hiikaan maqaa kana “ho’aa” jechuu dha (kB 325II). Innis kan calaqisisu maqaa durii Gibxitti (jechuun, “lafa ho’aa”).

■ “Yaafet” hundee jechaa maqaa kana ta’uu kan danda’uu “babal’ata” yookaan “kan guddate” (BDB 834, itti galma jecha Ibiroota lakk.22 ilaali).

■ “Kana’an” inni (BDB 488) sababoota lama tuqera, (1)machiin Nohi fi abaarsii isaa kana’aanin midheraa yookaan (2)namootin kana’aan bara gara booddeti Kana’anoota irraa kan gurguddoota Isira’eel rakkoo barumsa Waaqayyumma ta’eera. (jechuunis baraa museeti).

9:19 kunis gochaa waaqayyoo irra dedebiin raawwatamee dha (jechunis, lafa guutu). Gamoon Babel kanaaf mormii fuula fi fuulaa turee.

Aja'ibsisaa kan ta'uu akka qorranoo ammayyaa DNA Miytokoondoriya akka murteesanitti namooti bebbekamoon kan dhufaan kabaa afrikaa irrati. Akkasumas Felolojin ammayya akka ibsuuti ka'umsii afaan sabaa hunduma kaaba Indiiiti. Kunis haala tessuma lafaa macafaa Qulqullu wajjin walitti dhihachuu isaa hubadhu.

Walumaagallati sanyiin garagara ilmaan namoota hundaa ka'umsii isaa sanyii obbolota sadaan kana irrati. Qoranoon DNA ammayya kan agarsisuu sanyiin namoota hundumtu haala sanyii isaanitiin tokkichuma!

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haara 9:20-27

²⁰Nohi inni qottuun iddoo dhaabaa waynii hojjetachuuf isa jalqabaa ta'e; ²¹. inni daadhii waynichaa irraa dhugee machaa'ee, qullaa isaa dunkaana isaa keessa in ciise; ²². Kaam abbaan Kana'aan immoo qullaa abbaa isaa argee, obboloota isaa lamaan warra bakkee turanitti in hime*. ²³Seemii fiYaafet wayyaa fuudhanii gatiittii isaanii lamaan irra buufatanii, dugda duubaan adeemanii qullaa abbaa isaanii in dhoksan; fuulli isaanii irraa gara galeewaan tureef, qullaa abbaa isaanii hin argine. ²⁴Nohi irraa machiin daadhii wayinii isaatii erga galee booddee, waan ilmiisaa inni xinnaan isa irratti hojjete in bare; ²⁵kana iiratti, "Kana'aan abaaramaa haa ta'u, obboloota isaatiifis garba garbootaa haa ta'u!" jedhe. ²⁶Akkasumas, "Waaqayyo gooftichi inni kan Seem haa jajamu! Kana'aan immoo garbicha Seem haa ta'u*!" ²⁷Waaqayyo daarii Yaafet haabal'isu! Yaafeti Godoowwan Seem keessa haa jiraatu. Kana'aan immo garbicha isaa haa ta'u! jedhe.

9:20 “Nohis Qona eggale” Macaafa Qulqullu Hiikaa Haaraa fi Hikaan Teemet jechaa Ibirota bu'uraa baayisanii waan fayyadaman fakkata; Nohi qotee bulaa jalqaba hin turee Qayeenis (4:2) yookaan lameh (5:29)? NR.XV “Nohi nama biyyoo” kan jedhuu qaba.

9:21 “Macha’ee” dhugduu ta'uun (BDB 1016 I KB 1500) dubbicha keessati irra deddebiin balaalefatamera (Fakk.23:29-35). Wayiniin rakko mitii garuu ilmii nama akka malee fayyadamusati malee (keessa deebi.14:26; Faarfannaa 104:15; Fakkeenya 31:6-7).

Mataa duree addaa: wayiini fi dhugaatii jabaa

I. Jechotaa macaafa Qulqullu

A. Kakuu mofaa

1. *Yayin* -kun jecha waligalla wayiiniti, innis yeroo 141 fayidarra olee (BDB 406). Hundeen jechaa kana sirritti hin beekamu, sababni isaas hundeen jecha ibirootaa waan hin taneef. Innis kan inni ta'uu dhangaga'aa cunfaa kuduraa fi muduraa, yeroo baay'ee wayiini dha. Dubbisa murasa kan ta'e Uuma.9:21, Seera ba'u.29:40, Seera Lakk.15:5, 10.
2. *Tirosh* -kunnis guushi dha “daadhii waynii”. Garaa bahaa ti halaa qillensaa irraa kan ka'ee, cuunfan wayini erga qopha'ee bodaa kan inni dhangagga'uu jalqabuu sa'aa 6 bodaa dha. Jechii Kunnis kan agarsisuu adamsa dhangaga'uurra wayinii jiruu dha. Dubbifama sirriin Kun Keessa deebi.12:17, 18:4, Isaayas. 62:8-9, Hosee.4:11 ilaali.
3. *Asis* -kun dhugaati alkoolii dha (Iyu'eel1:5, Isayaas 49:26) (BDB).
4. *Sekar* -kun “dhugaati cimaa” dha (BDB 1016, Isaayas. 5:1). Innis waan itti dabalammu tokko jiraa akka nama machesuuf. Jecha ibirootan” Sikaram” ykn” Sikar” kan jedhuu fayyadamuu.

B. Kakuu Haraa

1. *Oinos* - jecha Giriikii yayiin wajiin wal gita (Fak.20:1, 31:6, Isaayas 28:7)
2. *Neos oinos* (guushi wayinii) gita Giriikii Tirosh (Mariqoos.2:22)
3. *Gleuchos vinos* Vinoos (wayinii minya'aa, Esiis) – Wayinii haraa reef ga'aa jiruu (Hoji Erg.2:13).

II. Qomxaxee

- A. Dhangaga'u kan eeggalu battaluma sanati, tilmaman sa'a 6 bodaa, wayiniin tumamee erga raawwate, keessumatu haala qillensa ho'aa fi qulqullini isaa hin eggamnee keessati.
- B. Akka aadaa Yihudotaati erra keessa isaatti harofaan giddu-galleessa ta'ee yoo agarsisuu jalqabuu (milikitaa bilchachuu isaati) yeroo kanatii mabaa wayinii kenuuf ga'aa jechuu dha. (*Ma aseroth* 1:7).
- C. Biilchinii wayinii jalqabaa nama machessuu kan ga'uu torbe tokko booda.
- D. Kan lamma guyyaa 40 fudhata. Yeroo sanaati akka “wayinii dulloometi” lakka'ama,

- E. iddoo arsaa irratis arsaaf ni dhahataa (*Edhuyyoth* 6:1).
- F. Sefaafu irrattii wayinii ittite (wayini dullome) akka ta'etti lakka'ama, haa ta'uu malee fayidaa irra utuu hin oolin duraa waliin makkamuu qaba
- G. Wayinin dullome kan jedhamuu erga bilchaate waggaa tokko booda yoo turee dha. waggaa sadii isa guddaa dha, Wayinii seeraan kuusuuf. Innis "Wayinii dullome" wayinii jedhama.
- H. Waggooti 100 darbaan keessatii bakka qulqulluu ka'uuni fi mihesituu itti dabaluu dhangagaa'umaa isaa hirisuun danda'amera. Kan durii Addunyaan uumamaa dhangagumaa isaa hanbisu hin dandeenye.

III. Ittii fayyadama macafa qulqullu

A. Kakuu Mofaa

1. Wayniin kenna Waaqayyoo dha. (Uumamaa.27:28, Faarfanna.104:14-15, Mikiyaas.9:7, Hose 2:8-9 Iyu'eel2:19, 24; Amots 9:13, Zakariyaas.10:7)
2. Wayinin kenna haarsa keessa qaama isaa tokkoodha. (Keess.deebii 29:40, Lewoota.23:13, Seera Lakk.15:7, 10, 28:14 Keessa deebi 14:26 Abota Firdi 9:13).
3. Wayinin aferraa Isra 'eloota irrati bu'aa irra ni olaa. (Keesa deebi 14:26)
4. Wayinin akka dawaati ni tajajilaa (1Sam 16;2 Macaafa Fakk.31;6-7)
5. Wayinin rakkoo qabatama ta'uu ni danda'aa (Nohi- Uumama. 9:21, Looxi- Uumama 19:33, 35, Samson Abbota Firdii16:19 Naabal- 1Sam.25:36 Oriyo 2 Sam.11:13, Aminoon 2Sam.13:28 Ilaah Mot isa 1 20:12, Bitoota- Amots.6:6 fi dubartoota- Amots.4).
6. Wayinin yadaa nama walin dhahuu danda'uusa akkekachisaa wajiin walitii firomaa (Macaafa Fakk.20:1, 23:29-35, 31:4-5 Isaayas. 5:11, 22, 19:14, 28:7-8, Hoseey.4:11)
7. Wayinin namoota muraasaf dhorkaa dha (luboootaf Lewoota.10:9, Hizira 44:21, Nazirawootaf, Seera Lakk.6 fi bulchitoota Macaafa Fak.31:4-5, isaayas.56:11-12, Hose7:5)
8. Wayiniin akka dhufaati xumurichati fudhatamera (Amots.9:13, Iyu'eel:3:18, Zak.9:17)

B. Haftee macafaa Qulqululu

1. Wayniin yoo hammasaa xiqqessani fayadaman ni gargaraa. (Lal.31:27-30).
2. Barsistoni akkas jedhuu "wayiniin dawwaa jiraan hundaa irraa isa gudda dha, yeroo wayinin dhumuu dha qorichii biraan kan barbachisuu." (BB 58L).
3. Wayiniin bishaan wajjiin walitii makamee midhaa hin qabu, garuu minya'ina qaba, gamachuus ni dabala (2Macc 15:39).

C. Kakuu Haraa

1. Yesuus bishaan garaa wayiniiti jijireraa (Yoh. 2:1-11).
2. Yesuus wayinii fayadamera (Mat.11:18-19, Luq.7:33-34, 22:17).
3. Phexiroos macha'eraa jedhame komatame "guushi wayini" phenxeqoosxe dhuguudhaan (Ho.Erg.2:13)
4. Wayinin akka qorichati ni tajaajilla (Mar.15:23, Luk.10:34, 1 Xim.5:23).
5. Geggessitooni dhugduu ta'uu hin qabaan. kunis walumaa galati dhugatii fayadamuu dhisuu miti (1Xim.3 :3, 8, Tiito.1 :7, 2 :3, 1Phex 4 :3)
6. Wayinin tajajilaa amantiif ni garagara (Mat.22 :1, Mulata.19 :9)
7. Dhugduu ta'uun kan balalefatemedha (Mat.24:49, Luk11:45, 21:34, 1Qor.5 :11-13, 6 :10, Gal.5:21, 1Phex.4:3, Rom.13 :13-14).

IV. Qabiyyee qor.amantii

A. Waliin mormii faallaa

1. Wayiniin kenna Waaqayyoo dha.
2. Machiin rakkoo isaa guddaa dha
3. Fakkenyii kenya kiristosii (Mat.15 :1-20, Mar.7 :1-23, 1Qor8 :10, Rom.14 :1-15, 13)

B. Dangaa eyyamameraa amala darbuu

1. Waaqayyoo maddaa garii hundumati
2. namnii wan waqayyoo kennaf callati fayyadamuun balleera

- C. Akka malee fayyadamuu irrattii malee wantota irra mitii, rakkoon foon uumama irra hin jiruu (Rome.14:14, 20).

9:22 “Qullaa abba isaa argee gad ba’ee obbolota isaa lamaaniti hime” cubbuu Kaam kan ture (1) abba isaaf ulfinaa dhabuu isaa (2) Wal qunnamtii saala tokko gidduttii ta’u (Lewootaa 18:6, 7). Qullaa ta’uun Ibirootaa bukkeetti baay’ee cimmaa dha.

Akka galumsa barrumsa Waaqayyuummatti kun kan argisisuu kufaatiin gubbaa irraa gad harkisuu isaa itti fufuu isaati. Nohi ni macha’ee! Kaam goowummaadhaa fi qullaa abbaa isaati baay’ee ni gammade! kunnis ulfina kennuu dhisuu fi kashalabbumaan sanyii Kana’aan irratti ciminaan mulatera. Kun qabatamaa madaali gar-tokkootti jigeedha. Nohii, Kaamiin utuu hin ta’iin Kana’aaniin abaruu isa.

Akkataa barreeffama kana yoo ta’e ergaan kun akka Macaafa Qulqulluutti gad bu’uu isaa agarsisaa garuu sanyii gurachoota wajjiin walitti dhuufenya hin qabu. Dhugumma Afrikanootii sanyii Kaam irra dhufaan haa ta’uu malee Kana’anooti garuu gurachaa mitii (jechuun akka fakkii keenyaan warra gibxii irra jiruuti).

9:24 “Nohi...ni beeke” inni baruu kan danda’e sababa gafachuu isaatiin, haa ta’uu malee garuu Seemi fi Yaafet gocha wayyaa irra buusuusaniitiin.

■ **“Mucaan xiqqichi”** Kaam ijoollee Nohi keessa isa lammataa dha, kunnis jecha Ibirootatiin wal bukkee qabe “baay’ee dargagessa” yookaan wal-dorgomsisaa “dargagessicha” ta’uu kan qabu.

9:25 “Innis akkas jedhe” yaad-rimme humna dubbii Ibiroota yaadadhu, Seera uumama.1 akkasumas barbachisummaa eebba maatii. Seera uumama.49

■ **“Kana’aan kan abaramee haa ta’u”** goochmni kun (BDB 76, KB 91) *Qal* PASSIVE PARTICIPLE dha yookiin keeyata rawwaatamedha. Barsisooti akka jedhaanitti kana’aan yemmuu jalqaba qulla abba isaa arge sanaan booda abba isaa Kaamitti hime, haa ta’u malee tarii Nohii amala ulfina hin qabne mucaaisaa isa xiqqaa Kaamiin yookaan Kana’aan irraatti mucaa isaa isa xiqqaa sanyi Kaamiin irraatti quba qabuun waan sirriidha. Kunis abaarsa Waaqayyoon ta’e akka hin taane hubadhu, dhuugattiin kan macheese Nohiin male.

Isira’eeliini seena booda Kana’anoota kan ilaalan akka Waaqa hamaa uummatichaa ta’uun isaa ifaadha, isaanii dirqamaatti guutumaa guutuutti baduu akka in qabne. Isaan gurguddoon kun amma ammatti kan isaan jiratan lafa isaanirra. Kan saani waaqeffannaan ija godhachuun kun Macaafa Lewoota keessatti kan dhorkameedha.

Mata-duree adda Qor-sanyii (Gosummaa)

I. Seensa

- A. kun ibsa waltawwaa Addunyaati, kufaatti hawasumma ilmaan nama irratti. Kunis keessa ilmaan nama (iigoo) dha, innis dugda kan biroo irraatti of hirkisuu isaati. Qor-sanyiin karaa baay’een ta’iinsa ammayyaati, karaa biraatiin gosummaan yookaan (sanyummaan) ibsa baay’ee duriti.
- B. Gosummaan kan jalqabaa Baabi’eelitti yoo ta’uu (Uumamaa 11) kanafuu kan inni firoomu ijoolle Nohii sadaan wajjiin, sanyiituu irraa wal horee kan jedhamanidha (Uumamaa 10). Ta’us ibsa dubbichaa irraa kan ta’ee namumaa fi madda tokko irra ta’uu isaati (Uumamaa 1-3, Hoj.Ergamoota 17:24-26).
- C. Gosummaan murtoo hundaa dursan baayee keessaa isa tokkodha. Kan biroon immo (1) of-tuullumaa sadarka barumsaa irratti dhufu, (2) Of tuulluma ikonnoomi hawaasatiin (3) Qajeelummaa of-irraatti hunda’ee seerawwaan amantiin fi (4) ilaalchasiyaasatiini dha.

II. Ragaa Macaafa Qulqulluu

A. Kakuu Moofa

1. Uumamaa 1-27- ilmaan namaa, durbaa fi dhiira, ta’aan akka bifaa fi fakkeenya Waaqayyooti kan uumaman yoo ta’u adda kan isaan godhu. Innis immoo kan isaanii bu’aa dhunfaa fi ulfina agarsisa (Yohanis 3:16).
2. Uumamaa 1:11-25- “...akka fakkatti gosa isaa” gaaleen jedhuu al kudhaan galma’eera. Kuniis gosumma adda ba’uu degaruuf fayidaa irra kan ooledha. Ta’uus, akka Macaafnii hundee ibsutu beeladaa fi biqilaadhaaf malee namaaf ta’uu dhiisuun isaa beekamadha.

3. Uumama 9:18-27- Kunis fayidaa irra kan oole ol-aantumma sanyii degeruudhaaf. Dirqamaa yaadatamuu kan qabuu Waaqayyoo Kana'aniin kan abaare ta'uu dhiisuu isaati. Noohi, abbaansaa, machii irraa yoo damaquu ni abareen. Macaafnii Qulqulluun kakuu yookaan abarsoo kana Waaqayyoo jabessu isaa hin mul'isuu. Ta'erraa yoo jedhamellee gosa gurachoota kan miidhu miti. Kana'aan biyyaa Filsxeem kan jiraatu abbaa ta'uu isaati fi isaanis guraacha akka hin taane fakkiin keenyaan biyyaa Gibxii kana ni mu'isa.
4. Iyaasu 9:23_Kun jiruu irraa kan oole sanyiin isaa tokkoo isaa kan biraaf akka tajaajiluu agarsisuufidha. Ta'eef akka galumsa barreffama kanaatti warri Gaba'oon akkuma Yiwudoota garee sanyii wal-fakkataa jalatti ramadamu.
5. Izira 9:10 fi Nayimiyaa 13_ Kunis yeroo hundaa fayidaa irraa kan oolu akka sanyummaa sirrii yemmu ta'uu, Macafnii garuu qabiyyeen barreffama kana kan argisuu gaa'ilicha balaleefachudha, kunis sababaa sanyiitiin utuu hin ta'iin (isaan ijoollee Nohiidha Uumama 10) haa ta'u malee sababa amantiidhaan male.

B. Kakuu Haara

1. Wangeeloota

- a. Yesuus yiwudoota fi warra Samariyaa jiduu wal-tuffii jiruu karaa baayee itti fayyadameera. Kunis kan agarsisuu jibbii sanyumma sirrii ta'uu dhiisu isaa agarsisa.
 - (1) Fakkeenya gaarii namicha Samariyaa (Luqaas 10:25-37)
 - (2) Dubartitti bishaan boola (Yohaniis4:4)
 - (3) Galataa lamichaa lamxiin qabamee (Luqaas 17:7-19)
- b. Wangeelli namoota hundumaa fi dha.
 - (1) Yohaniis 3:16
 - (2) Luqaas 24:46-47
 - (3) Ibiroota 2:9
 - (4) Mul'ataa 14:6
- c. Mootummaan isaa namoota hundumaa hammate
 - (1) Luqaas 13:29
 - (2) Mula'taa 5

2. Hojii Ergamoota

- a. Hojii Ergamoota 10 keeyata ibasaati, guutummaan jaalala Waaqayyoo fi guutumma ergaa Wangelaatii
- b. Phawuulos hojii Ergamoota 11 irratti hoi hojjeteen mormiin irra gaheera, kunis rakkoo koree murtii Iyyerusaaleem Hojii Erg.15 irratti wal-gahani hanga furmataa irraa gahanitti rakkicha irraa gargar hin bane. Kutaa Jaarraa 1 irraatti Yiwudoota fi Hormoota gidduu wal-moormii baay'ee cimaa ture.

3. Phaawuloos

- a. A.Kiristoosi irraa kan dhorkuu hin jiru
 - (1) Galatiyaa 3:26-28
 - (2) Eefesoon 2:11-22
 - (3) Qolasiyaas 3:11
- b. Waaqayyoo namoota wal hin caalchisu
 - (1) Roome 2:1
 - (2) Eefesoon 6:9

4. Phexiroosi fi Yaa'iqoob

- a. Waaqayyoo namoota wal hin calchisuu, 1 Phexiroos 1:7
- b. Waaqayyoo loogii agarsisuu dhiisu isaatiin sabni isaas akkuma kana Yaa'iqoob 2:1

5. Yohaannis

Ibsa baay'ee cimaa ta'e diqama amantootaaf kennamee ilaale 1 Yohannees 4:20 irra jira.

III. Xumura

- A. Gosummaan haaluma fedheen ijoollee Waaqayyoof barbachisa miti. Akka Henilii Barneet tuqeetti asi jira innis Gilootelita Niwuu Meksikootti koomishiniin jireenya Kiiriistanotaatiif bara 1969.

“Gosummaan fafakeessuu dha, sababani isaas Macafaa Qulqulluun hin degaramu, akkasumaas amala kiristanumaas miti, sansawaa jedhamee hin ibsamu”

- B. Rakkoon kun Kiristanootaf jalaalan, dhiifama gochuu fi Addunyaa bades hubachuun jireenya Kiristoos fakkachuun carra argisisuu latameeraaf, Kiristanonni rakkoo naannoo kan qaban aboommuu dhiisuun saani barsisa guddachuu dhiisu isaanis agrsisa. Hamtichii anantootni amantiin guddinaan gara boodatti akka hafan carra akka argatu godhe. Namootni hin amaniin Kiriistoositti akka hin dhuufneef gufuu itti ta’a.
- C. Maal gochuun danda’aa? (Kutaan kun kan fudhatamee komishinii jireenya Kiristanoota dubbisa

waraqaa, “walitti dhuufenya sanyii” mata-duree jedhu irratti.

Sadarkaa dhuunfatti

- ★ Dirqama mata kee fudhadhu, rakkoo sanyummaa waliin wal qabate salphisuuf.
- ★ Kadhataan, Qo’annoo Macaafa Qulqulluu fi keessummatuu tokkummaadhaan sanyii biroo wajjiin, sanyuummaa keessaa ba’uuf carraaqii godhi.
- ★ Ilaalcha yaada sanyummaa irratti qabdu ibsi, keessummatuu jibba sanyumma kan kakaasan irratti injifachuu hin dandeenye.

Jireenya maatii

- ★ Bu’aa Dhiibbaan maatii qabuu hubadhu, ilaalcha gosoota bira irratti jiru guddisuuf
- ★ Amalefannaa Kiristaana guddisuuf barbaadi, ijoollee fi maatiin waa’ee sanyumma irratti bakkeedha waan dhaga’aan irratti haa mari’atan.
- ★ Maatiin of eegachu qabu, sanyoota biraa kan ilalate fakkeenya Kiriistanumma ka’uudhaan. Walittifirooma maatummaa sanyoota biraadha wajjiin gochuuf carraa barbaadi.

Waldaa keetti

- ★ Sanyiidha wajjiin kan walqabatee dhugaa Macaafa Qulqulluu barsiisuuf lalabuun ni ta’a, wal-gahii amantoota waligala uummataati fakkeenya kennuudhaan sochoosu danda’a.
- ★ Waaqaeffanna, tokkummaa fi Waldaa Kiristaanatti tajajilaa godhamuu hundumaaf bana akka ta’u beeki, kan Waldoota Kiristaana kakuu haara tokkoollee dhorkaa sanyummaa akka irratti hin godhamne (Eefesoon 2:11-22, Galatiyaa 3:26-29).

Jireenya guyyaa guyyaatti

- ★ Biyyaa lafaa irraa kan jiran hundumma garaa garumma sanyii balessuudhaaf amma sii danda’amee deggeri.
- ★ Hawaasumaa hundaa dhabatoota hirmaadhu, mirgaa guutuudhaaf carraa argamsisuuf, kan yaadamuu qabuu loluun kan nurra jiru rakkina sanyumma male namoota miti. Kaayyoon isaas hubannoo guddisuuf malee hadha’umma uumuuf miti.
- ★ Gaarii fakkate yoo sitti argamee, garee addaa sanyichaa keessaa warra itti dhaga’amu dhaabi, Hawaasicha keessati walitti dhiyeesudhaaf, karaa bantuu qopheessudhaaf, kanaanis walummagala hawaasichaa barsiisuudhaaf gara gochaa addaatti galchuudhaaf, walitti dhuufenya sanyii cimsuudhaaf.
- ★ Seeraa fi sera-baafatoota deggerri, sanyuummaa firdii qajeelan kan ibsan seerota akka baasaniif akkasummas seera kabajiistuu warra aboo seericha garagarumma tokkoo malee akka rawwachiisaniif gargaari.
- ★ Jeequmsa fageesi, akkasumaas seerri akka iddoo qabatuu yaalii godhi, akka lammii Kiristaanatti waan sii danda’amuu hundumaa gochuudhaan, dhaabbata seera garaa garumma sanyii namoota godhaan harka akka hin galleef meeshaa akka hin taane beekii.
- ★ Walitti dhuufenya namoota hundumaa irraatti Haafura Kiristanummaa fi yaadan fakkeenya godhi.

■ **“Kan garbaa garbaa”** kun kan Ibiroota baay’ee hiika wal-dorgommu qaba “garba gad-aana” kunnis Iyaasuudhaan Fileesxeemoota mo’uudhaan rawwatera!

9:26-27 Lakkoofsotii lamaan kun xiyyeeffannoo kan barbaadu, JUSSIVES “haa” jechama yerooti, bocaa dhaabbata sadii fi qabiyyeen tokko dabalameera.

9:26 “Gooftaaniis” “Yaahiwee” kan inni fakkatuu adda kan ta’e maqaa kakuuti (2:4 irraatti kan jiruu yaadannoo ilaali) hidda dhaloota Seem sanyii Masihichaa hubachuudhaaf (Luqaas 3:36).

■ **“Waaqa Seem”** Seem jechuun “maqaa” jechudha kanaafi Waaqayyoodhaan galumsaa maqaa adda ta’ee, Yaahiwee (BDB 1028 II). Hiddi dhaloota Seem sanyii Masihichaati. Kun faalla 11:4 ti!

9:27 “Godoo Seem keessa haa buluu” warri tokko tokkoo kana kan argisisaan (1) Hiika siyaasaatiif kan akka Rooma yookaan Awuroopa oolantumma aadaa qabachuu yookaan (2) Hiika Haafura eebbifamuu Yiwuudootaa fi keessa galuu hormoota, kunnis immoo kakuu hiruu Abirahamiidha (12:3, Eefesoon 2:11-3:13).

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haara 9:28-29

²⁸Nohii bishaan badisaa booda waggaa dhibbaa sadii fi shantama jiraate.²⁹ Walumma galaatti bari Nohii jiraate waggaa dhibbaa sagalii fi shantamaati du’e.

9:29 Du’ii bitaa jiraa (Boqonna 5)!

GAAFFIILEE MAREE

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Kuufaatiin isaa, Waaqayyoo Nohiidha wajjiiniin kakuu inni qabuu hagam dhiibba keessa bulcheera?
2. Adabbii du’aa yaada Macafaa Ququlluuti (Lakkoofsa 6)?
3. Nohii sanyii guraacha abaareeraa?
4. Lakkoofsa 27 kan innii argisisuu maalidha?

SEERA UUMAMAA 10:1-32

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Dhalootee Nohi	Saboota Nohi Irraa Argaman	Tarreessa Sabootaa	Dhaloota Ilmaan Nohi	Saboota Lafaa
10:1		10:1		10:1
10:2-5	10:1	10:2-5	10:1 10:2-5	10:2-5 <i>u</i>
10:6-14	10:6-14	10:6-14	10:6-12	10:5b 10:6-7
10:15-20	10:15-20	10:15-20	10:13-14 10:15-20	10:8-12 10:13-14
10:21-31	10:21-31	10:21-31	10:21-31	10:15-19 10:20
10:32	10:32	10:32	10:32	0.43125 10:22-23 10:24-30 10:31 10:32

DUBBISA MARSAA SADA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

Seensa

A. Kan boqonnaa 5 barumsa Waaqayyumma tareefami uumama isaa malii?

1. Inni kan argisisuu Waaqayyoo hawasaa hundumaaf akka dirqamudha. Boqonnaa 11 tareefama duraa-boodatiin tartibaa isaa kan eegate miti. Kunis agarsisuu kan inni yaalu murtii 10 qofa ta'uu dhiisu isaati (11:1-9), haa ta'uu malee kan 1:28 fi 9:1, 7 raawatadha (jechuun, horaa baayyadha lafaas guutaa).
2. Isaan ammas walfakkaata kan ta'e yeroo hunduma kan isaan dubbatan rajootaaf (Isayaas 7:23; Irmiyaas 46:51; Hizira 27:30;38:39) Waaqayyoo akka itti murtessuu firoota.

3. Innis Abirahamiif wamamuu saatiif sadarkoollee sanyii isaatiif ka'a, kan Luboota motummaa akka ta'an biyyaa lafaa guutu gara Yaahiwee fiduuf (12:3; Seera ba'uu 19:5-6).
4. Innis galumsa seera uumama, hidda sanyii Masihichaa irrati xiyyeefata (9:26).
5. Achiis obbolloota gara 70 kan ta'an dubbatameera. Barsisooni akka jedhanitti afaan Addunyaa 70 ta'utu jira jedhu, kunis Seera ba'uu 32:5 ta'a. Baay'een Luqaas 10:1 kana waliin walqabsiisa, kan Addunyaa guutuu Misiyooni amantii Wangeela dubbachuuf jecha.

B. Akkamitii fi maalifiis inni qayyabanna gosa ammayoomee wajjiin hin deemnee?

1. Qayyabaanaan ammayoomee kan inni hunda'ee geggesitoota beektota aafani irraatti yemmuu ta'u, ibsii bal'aa Macaafa Qulqulluu immoo kan inni xiyyeefatu ragaa teessuma lafa irrati. Tessumi lafaa kun dhiibbaa kan inni irrati geggeesu (1) Guyyaa fi (2) Sochii Ummaticha, innis lamaan isaatinuu hari'atamuu fi waraana (Hizira 16:3; Hoose 12:7).
2. Tokkoo yaada keessa galuu kan qabuu ibsii bal'aan kan uumamaa baruumsa Waaqayyumma
 - a. Kan filatamaanii walitti sasabamaan
 - b. Tokkummaa ilmaan namaa (Addaamii fi Nohii)
 - c. Isira'eeli wajjiin walitti dhuufenyaa uummata irraa baayyee fagaate kan ta'an xiqqaadha (yookaan raawwatee hin ta'u).
3. Boqonnaan kun kan maqoota baay'ee qabateera. Kun kan argisisuu yeroo hunduma sanyichi kan inni dubatuuf firoota isaatiif (garee) Yeroo hundummaa garoota bakkoota teessuma lafa tokkoo wal In qabatu.
4. Kan warraa bahaa kun kan tarreefamee, ibsa sansawwaa miti. Nuti yeroo hundumaa kan Daganuu kun yaalii jalqabatti tareefamni haala kanaan taa'e. Innis sirrii ta'uun isaa kan inni mirkana'ee nuun durse in ta'a, dhiyefamni jechiicha (kennamudha). Ta'uus kan jechuun nun ibsuuf, guutama guutuuti bakka hundumaati yookaan nu'iif warra lixaa qophe wal yachisisuuu nu hubata jechuu miti. Inni jechaa isaatiif dinqiisaa ta'uun isaa sirridha.
5. Tarreefamni kun macafaa seera kan biroo, jechoota irraa debi'aani ilaluu fi foyyeessu kan of keessati qabatu ta'a. Tarreefama kan keessatti kan argamaan maqoota heeddu (jechuun, Simeerihanoota, Siitiyahuyanoota, Filiisxeemoota, fi Meedas) warroota biro barreefama warra bahaa hangaa bara Dhaloota Kiristoos dura 1500-1000ti hin argamne.
6. Innis ta'uu kan inni qabu sababaa uummata Isiyaana poolinesiyaa (kanaaf isaan achiiti Amerikanoni) akkasumaas baay'een uummata Afirikaa hin qodamaan jechuun barreefamni kun tarii kan inni dabalatu har'a kan beekamuu baayina sanyii murasa kan inni dabalatu qofa. Kun dhugaa yoo ta'ee eega inni labsii baruumsa Waaqayyummati, sanyooti kallatiin kan inni dhufee ijoollee Nohii sadaan irrati.
Kana jechuun garuu tokko ta'uu namoota hanbisuuf miti (innis qayyabaanaan DNA akka mirkanessuuti) ifaatti akka dubbatee warra duraa mucaa namaa lamaan Seera uumamaa 1 fi 2.

C. Qinda'ummaa

1. Yaafet, lakkoofsa 2-5, garaa Kaaba Mesopotamiyaatiin naannoo jiruu sanati buufatera, Ispeen irraa hanga garba Kaspiyaatti.
2. Kaam, lakkoofsa 6-20, gara kibba Mesopotamiyaa bakka jiraan buufataniru, Afrikaadha hanga Hindiitti
3. Seem, lakkoofsa 21, kan inni agarsisuu Seem yemmuu ta'u Mesopotamiyaa garbaa guddichaa hangaa Hindi jirudha.

Qo'annoo jechaa fi gaalee

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 10:1

¹Ijoolleen Nohii kan Seem, kan Kaam, kan Yaafet dhaloota isaan kanaa bishaan badisaa booda ijoolleen dhalataniif.

10:1 “Tarreefamni dhalooticha isa kana” gaaleen kun galumsa dubbifama kana keessatti si'a sadii deddebi'era, boqonnaa 10 fi 11 irratti (10:1; 11:10, 27). Kunnis tarii kan isa barreesse tarreefama macafaa isa toofta inni ittiin qopheessu ta'a yookaan kan Baabiloon Kolifoon, wali wajjiin kan ta'an gabatee suphee adda baasuuf.

■ **“Seem, Kaam fi Yaafeeti”** kun akka teesumma tarreefama maqaa saani duraan dursee umurii isaani wajjiin wal hin qabatu, haa ta’uu malee qinda’umma baruumsa Waaqayyumma, duraan dursee hidda dhaloota Masihichaa kan tarreefamani fi sadarka fagoo warra jiratanidha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:10:2-5

²Ilmaan Yaafeet Gomeer, Maagoog, Maada’I, Yaawaan, Tubaal, Meshek, Tiiraas turan*. ³ Ilmaan Goomer immoo Ashkenaa, Riifaat, Togaarmaa. ⁴ Ilmaan Yaawaaniis Elisha, Tarshiish Kitiim, Rodaaniim. ⁵ Warrii biyyaa galaana qarqaraaati argaman keessa jiraatan, isaan kana irraa cabsatan; isaan akka afaan afaanisaanitti, akka qomoo qomoo isaanitti, akka saba saba isaattis ijoollee Yaafeet lakkaa’aman.

10:2 “Gomeer” kun kan dubbatu Simeeriyaniidha (BDB 170) isaaniis Homeriyaadi irrati dubbatameera, boqonnaa 11:13-19, isaaniis kan jiraatan karaa kaaba kan jiraatu Eshiyaa xiqqodha. Isaaniis gara kaabaatti godaananii kutaa gosa Awuroopa ta’uun saani hin hafu. Kun ilaalamuu kan danda’uu kaaba Jarmaan kan jiraan jecha wal fakkatadha, “Kimibii” Wales, fi “Cymri”.

■ **“Maagoog”** maqaa kana kan ilaalatee falmii baay’een jira sababni isaa Hisqeel irraa boqonnaa 38-39 fi haala guyyaa dhumaa wajjin walfakkachuu isaati. Ta’us jedhamuu kan qabu Maagoog (BDB 156 Meesheepi fi Tuubaal wajjiin wal-cina, akkasumaas lakkoofsa 2 irrati dubbatamu isaati, isaan kun sanyii duraan tureedha, Eshiyaa xiqqoo wajjiin kan walqabatee akkasumaas mogaa garba guraacha wajjin. Isaan gara kaabatti akka godaanan sirritti fudhachuun in ta’a achii irraas sanyii kutaa Rusiyaa ishee ammayaadha. Haa ta’uu malee bara durii, isaaniis biyya abdi wajjin baay’ee walitti dhiyataniru. Baay’een akka jedhanitti Maagoogin kanwalitti qabsisaan Kesikiyanoota, kibba-ba’a garba gurachaatiin. Ragaan kun kan argamee Joosefasi irraatti.

■ **“Maada’i”** baay’een akka jedhanitti kun kan argisisuu “Meedaas” yemmuu ta’u (BDB 552) isaaniis kan jiraatan kibbaa fi kibba lixa Kaasibiyaan ta’ee, Isira’eeloota baay’ee kan fayadan, Faariis walliin ta’udhaan Impa’eraa Babiloon (Bitta bal’aa) (Nabukadinatsoor) kan dhabamsisaan turan.

■ **“Javan”** kunni (BDB 402) kan fakkatuu Yooniyaan argisisuuf (kibba) Girikoota (Dani’eel 8:21, 10:20, 11:2). Kunni garee “Yaavan” jedhamee Sansikiritti irraatti dubbifama, “Juuna” Faariis durii fi “Jooyunaan” dhagaa Beerrooseta irratti. Booda irraatti immoo kan ta’ani motumma Girikii qofa miti, haa ta’u malee naannoo Eshiyaa kan jiraatan hawaasa bishaan malee, (jechuun, wara Fiinqee fi Filisxeemootatti).

■ **“Tuubal”** baay’een akka jedhanitti kunni (BDB 1063) kan argisisuu giddugalessa Eshiyaa xiqqoo wara Xibiroosidha. Lamaanuu Toobali fi Moosayi Hisqeel 38-39 irratti dubbatameera, Eshiyaa xiqqoo kabaa jiraatanidha.

■ **“Moosayii”** baay’een kan jedhaan sanyiin kun obbollota (BDB 604) isaaniis kan jiraatan gara garba guraachaa duubaan kibba lixaatti (Hisqeel 27:13, 32:26, 38:2, 39:1). Ragaan kun kan argamee Meroodutuus irratti.

■ **“Teeraas”** gareen kun wanta yaadamuu mallattoon ittiin adda ba’an heeddu yemmuu ta’uu (BDB 1066), isaaniis ibsitoota giddutti kan baranidha. Isaan maqaan heeddun kunni fi biyyootni koo dhugummaa isaa sirriitti hin qabane. Warri yaadan kan isaan hamachisaan (1) Hitirusikaanees, (2) Uummata garba Eshiyaa innis Felasgiyaanis kan jedhamuu, (3) Joosefaas Tirasiyaanoota jedhan, yookaan (4) Raashi akka jedhutti inni kan inni dubbatuu Faarisinidha.

10:3 “Askanaazi” maqaan kunni (BDB 79) kan inni irra dhufee Awuroopaatti Yiwudoota wara boodatti (jechuun Jarmaani). Kan warra ammaa yaadatti qinda’ani (1) Iskitiyanoota bakka Jarmanitti, (2) garba Yoonaritti Uummata itti dhihoo jiruu yookaan (3) Eshiyaa xiqqoo garee sanyii Bitaaniyaa jirudha.

■ **“Reefati”** sanyiin kun akka firaatti fudhatama ture (BDB 937) garba Reebasitti dhiyoo yookaan garee sanyii Boosiforesitti dhiyoo jirudha.

■ **“Teergamaa”** isaan kunni (BDB 1062) (1) Eshiyaa xiqqoo Qaphoodoqiyyaa garoota sanyii Qaphoodoqiyyaa kan jiraan, (2) Magaala ishee durii Karkeemishitti dhihoo, yookaan (3) garee sanyii Phirgiyaa jirudha. Isaan fillaannoon sadan kunni Turkii ishee ammayyooftudha.

10:4 **“Heeleshayi”** baay’een isaani akka jedhaanitti kun kan argisisuu (BDB 47) saba dur Qophiroos jiraatudha. Isaaniis Hisqeel 27:7 irratti dubbatamera.

■ **“Taarsees”** hammamillee Oolibirayitti Sardiniyatti yoo argisiseyyuu, baayyeen qayyabatoota ammayyaa isa kan argisisaan kibba Ispeenitti (jechuun Taarseesidha). Inniis Macaaafa Seena baraa isaa2 9:21, Faarsaa Dawwiiti 48:7, 72:10, Yonaas 1:3, 4:2) dubbatameera.

■ **“Kiitiim”** ilaalcha dhaabbata kan ta’ee qaba, kun kan argisisuu mogga ba’aa Qophiroos kan jiraatan jiratoota akka ta’e (BDB 1076 II).

■ **“Doodanim”** baay’een kan jedhani qubee Ibirootatti D (d) fi R (r), waliin dha’uu akkasumaas kun kan argisisuu sanyii jiraata Yeerod biyyaa bishaan giddu hiika NIVyoo ta’ees, kanbiroon akka jedhanitti kaaba Girikitti akkasumaas ammas yoo ta’ee kanbiroon akka jedhaanitti kibba Xaaliyaniti jedhu. Kun garuu salphaati kan baramuu miti (BDB 187).

10:5 “uummata biyyaa bishaan giddu hunduma” gaaleen kun uummata fagoo jiranuuf karaa haalaatiin kan dhiyatee garuu asitii kan inni argisisuu uummata Medentirihaniyaa dhaa fi moggaa garba guraacha jiraatan yemmuu ta’uu, innis hari’atama ijoollee Yaafet kan hordofudha.

■ **“Biyyaa sanitii....afaan saaniitiin...sanyii saaniitiin...uummata saaniitiin”** kun ramaddi dacha afuri fakkata, boqonnaan kunni akkamiti akka qoqodamee (1) daanga lafaatin, (2) akkataa qooqaatiin, (3) Akkataa qomootii fi (4) Akkataa siyaasatiin.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:10:6-14

⁶ Imaan Kaam, Kuush, Miisraayim, Fux Kana’aan turan. ⁷ Ilmaan Kuush immoo Saabaa, Hawilaa, Sabtaa, Ra’imaa, Sabtekaas; ilmaan Ra’imaas immoo Sheebaa fi Dedaan.⁸ Kuush Namruudii dhalche; Naamrud kun biyyaa lafaa keessatti cima isaa dura ture. ⁹ Inni Waaqayyoo duratti iyyuudamsaa jabaa ture; kanaaf jechi, “akka Naamrud isa Waaqayyoo duratti iyyuu adamsaa jaba sanaa” jedhameed dubbatamuu beekamaa ture. ¹⁰ Innis jalqabaatti mandaroota biyyaa Shiinar isa “Baabilon” jedhamee beekame keessaa Baabel, Ere, Akaadii fi Kaalne irratti in mo’ee.¹¹ Biyyaa sana ba’ee biyya Asor dhaqee mandaroota Nanawwee, Rehoboot-Irii fi Kaala in ijaare;¹² dabalees mandaroota Nanawwee fi Kaala gidduutti Resen mandaratti gidduutti in ijaare. ¹³ Misrayiim, Ludiim, Anaamiim, Lehabiim, Niftuhim, ¹⁴ Fatrusiim, Kasluhiim isa warri Filiisxiyaa irraa argaman, kaftoriimnis in dhalche.

10:6 “Kuushi fi Misraayimi akkasumaas Fuux akkasumaas Kana’aan” isaan ijoolleen Kaam itti fufeenyaan gudunfaa itti fufee jruun ibsameera: Kuush (BDB 595) lakkoofsa 7:12, Misraayim (BDB 595) lakkofsa 13-14 fi Kana’aan (BDB 488) lakkoofsa 15-19. Fuux (BDB 806) hagamillee yoo ibsamuu baate kan inni argisisuu barbaadu ba’a Afirikaa tokkoo (Sumaliyaa) kibbaa Araba Libiyaa yookaan Saaheranidha. Kanna irraa kaane bakkoota beekamoo sirritti beeku akka hin dandeenyee ifaadha.

10:7 “Saaba” kunni bakka Abbayi oliitti jirudha, amma ragaan amma jiruutti dubbachuu akka dandeenyu (BDB 685) innis (Iyaasas 43:3 irratti dubatameera).

■ **“Haavilahin”** kun akkuma jirutti dachee ciracha jechudha (BDB 296), Gibxii keessa biyya bakka tokkootti argamuu ta’a.

■ **“Saabita”** kunni (BDB 688) ta’uu kan danda’uu Itoophiyaa ishee ammayyooftuu keessatti kan argamu ta’a, innis ba’a Afrikaa yookaan ta’uu kan danda’uu biyyaa Arabaatti kan argamu ta’a.

■ **“Raa’ima”** kun ta’uu kan danda’uu Sabasihanoot kibba lixaa Araba kan jiraan fakkata (BDB 947).

■ **“Sabaqata”** kunnis immoo kan argisisuu Itoophiyaadha (BDB 688)

■ **“Sheeba”** kun (BDB 985) isaa beekkama biyyaa mootitti Saabati kan inni fakkatuu, kibba Lixaa Araboota (I.10:1-10, Iyoob 1:15, 6:19, Faarsaa 72:10, 15, Iyaasas 60:6 Irmiaas 6:20).

■ **“Diidaan”** kun ta’uu kan ini qabu bakka biyyaa Arabaa keessa jirudha (BDB 186) ijoolleen Kuush kan jiraatani baha Afrikaa fi biyyaa Araboota ta’uun isaa ifadha. Innis Isaayaas irratti 21:13, Irmiaas 25:23, 49:8, Hiziqeel 25, 13, 27:20.

■ **10:8 “Abbaa Namiruud”** Namiruud (BDB 650) keessumatti sababni inni mogafamee fi inni isaa jalqaba qaroomina kan labsee waan ta’eef kanaas jechuun kan ta’u sanyii Kaam Babilooniin misoomsuu keenya. Innis ijoollee Kuush wajjiin walitti dhufa Sababni isaas Kasitis maqaa jedhamuu kan jiruu adeemsa qooqa wal fakkachuu isaati. Kuush irraa garee Imaatuu jira, tokkoon lakkoofsa 7 irra garba diimaa garaa bahaati yemmuu ta’u akkasumaas inni kun lakkoofsa 8 garba diima gara lixaa jedha.

■ **“Naamiruud”** jechiichii ta’uu kan dabda’uu “Jijjirama” akka Raashinaa fi Lihoopalidi. Kana yaadatti qabannee itti fuufe kan jiruu gaalee gurgudda lamaa, “jabaa kan ta’ee” fi “Fayisa jabaa” kan hiikani (negatively) hiikan “bitta hamaa” yookaan “injifataa” yookaan “namoota akka ajessuu”. Namni kunni Magaala Mesopotamiyaa gurguddoo ijaaruu jalqabeera akkasumaayyuu inni walumagalaatti isaa jalqab human biyyaa lafaa jalqabeera. Baay’een akka jedhaanitti kun kan argisisuu Tuukulii –Nimuuraata lammaaffadha, garuu inni Dhaloota Kiristoos duraa hangaa jaarra 13 hin jiranne, Soriyadhaa fi Baabilooniin hanga to’atutti. Innis in wamama kan ture Nimuusiin yemmuu ta’uu, haa ta’uu malee yeroon isaa kan Namurudi wajjiin baayee walirra fagaata. Kan biroon kan jedhan , kun kan argisisuu Sargoona 1dha, Bitaa Magaala Akaad.

10:9 “Waaqayyoo duratti Fayisaa jabaa” ibsitooni tokko tokkoo akka jedhanitti, Waaqayyoo fayisaa kan inni beekkuu hulfinaa isaati gaditti, haa ta’uu malee gaalichii kan inni argisisuu isa jalqaba seera namoota biyya lafaa kan injifatee fi misoomsa kan ta’e (Mikiyas 5:6) eega Waaqayyoo isa kan hubatuu gargaruuf akka ta’utti.

10:10 “Baabi’eel” Babiloonota kan jedhu jechii kunni (Baab-iili) jechudha (Balbalaa Waaqayyooli jechudha). Ta’uus, Seera uumama 11, Yiwudoonni isaa yeroo hiikanii (Baaliil), hiika jedhuun “inni waliin makkera” (BDB 93).

■ Lakkoofsa kan irratti Magaalonna tarreefamani Magoolota gurguddodha, Shinaaritti al tokkoonniis ta’ee yeroo biraadhaaniis.

■ **“Kaaline”** tokko tokkoo kan jedhan kunni (BDB 484) kan argisisuu Magaalaa Niifuuridha, warroni biroon immoo jechamma kan ammas jijiran “hundummasaa” kan jedhanin ka’u.

■ **“Biyyaa Sinaar”** kun akkaata qooqaatiin “Suumer” yookaan “Suumeriyaa” kan jedhuu wajjin deema (BDB 1042). Innis kan inni agarsisuu kibba Mesopotamiyaa biyyaa jirudha.

10:11 “innis gara Sooriyaa deemee” warri tokko tokko kan inni argisiisu Naamiruudin yemmuu ta’u innis barreefamni inni wajjin walii galu (Mikiyaas.5:6). Ta’uus, kan biroon SEPT, Vaalgeet, Siryaak, Maartiin Luuteer, fi Jon Kalviniin dabalatee kan inni ibsu Asherin dha.

■ **“Naanawwee ‘** kun (BDB 644) bittaa Sooriyyaa (Impa’eera) Magaalaa guddaa yemmuu ta’uu kan inni argamuus garba Xeegiroositi. (2 Motoota 19:36, Isayaas 37:37, Yoonas 1:2, 3:2-7, 4:11, Nahoom 1:1, 2:8, 3:7, Sofoniya 2:13).

■ **“Rohoobot-ir”** Kun akkuma jiruutti kan inni dubbatuu “Magaalaa kara bal’a” yookaan “bakka Magaala bal’a” kanaaf tarii labsii Nanawweeti. (BDB 944 II).

■ **“Kaalayy”** kun isa guddaa Magaalaa Soriyaati (BDB II). Maqaan ammayyaa isaa Nimuurudi yemmuu ta’uu, Namuurudi maqaa jedhuu wajjiin akka wal-qabatuu ifaa dha.

10:13 “Misrahiim” baay’een kan isaan jedhaan kan inni argissuu Gibxii gara olitti fi gara gaditti jedhu (BDB 595).

■ **“Luudiim”** kun tarii kan inni argisisuu Eshiyaa xiqqoo kan jiraan Lidiyaahoota (BDB 530).

■ **“Anamiim”** kun tarii Gibxii irraa gara lixaatti kan jiruu Ganaata gammoojji kan qabatan garee sanyii ta’a (BDB 777).

■ **“Laahibiim”** kun dubbachuu kan barbaduu kaaba Afirikaa moggaa garbaati kan argamaan sanyii gammoojjiitti (BDB 529).

■ **“Niftaaleem”** kun ta’uu kan barbaduu sanyii magaala Meemifiis cinaa jirudha (BDB 661). isaan kun lakkoofsa 13 irrati kan dubbatamee hundumaa Gibxiidhaa fi naannoo ishee kan jiran wal-qabachuun isaa ifaadha.

10:14 “Faafirusiim” kana jechuun lafa kaabaa fi tarii kan inni margisisuu Gibxii gara olitti (BDB 837).

■ **“Kaasiluyiim”** (Filsxeemonnii isarraa dhufaan) gaalee kan irraatti mare bal’aan geggefameera, sababii isaa Amoots kan inni argisisuu Filisxemooti Keereti dhuufu isaanitti. Kunnis bakka sanarra tokkoo ta’e, kan ittiin dubbatamuu haala tessumma lafaa ta’uu waan danda’uuf. Itti fufeenya kan qabuu dha’aa ari’atamaata fi biyyaa biraa qabachuu, innis uummata garba Eshiyaa Addunyaa mogaa Garba Medetiriyaan goolerra, Filxeemii fi gibxii dabalate waa’ee Kalulihii fidduudhaaf (BDB 493) jilaali.

■ **“Qaaftooriin”** “kan argisisu kunkan argisisuu barbaduu jiratoota biyyaa bishaan giddu Kireet kan ta’an, Qaaftoori jedamani kan beekamaan (BDB 499).

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Hara 10:15-20

¹⁵ Kana’aan , Sidoonin dhalche, inni ilma isa isaa angafa ture;itti aansees Heetin ¹⁶ Yibusoon, Amooron, Gigaashon, ¹⁷ Hiiwoon, Arqon, Siinon, ¹⁸ Arwaadon , Simaaron, Kamaaton dhalche;booddee immo qomoon Kana’aan in tatamsa’an. ¹⁹ Lafti warra Kana’aan Sidooni ka’ee karaa Geraar irra hamma Gaazatti in bal’ata. ²⁰ Ilmaan Kaam warri akka qomoo qomoo isaanitti, afaan afaan isaanitti, biyya biyya isaanitti, saba saba isaanittis lakkaa’aman isaan kana.

10:15 “Siidoon” kan beekamee bakka buufata Dooni kan warra fiinqee, akkasumaas ka’umsii isaa Magaalaa gudditti, kara kaaba Filisxeemi (BDB 850).

■ **“Heezii”** kun (BDB 366) kan ta’uu qabu maqaa warra Seem hin taanedha. Innis ta’uu kan qabu garee warra jalqaba Hitayitidha. Macaafnii Qulqulluun bakka lammatti isaan ramada, (1) Naannoo magaala Keebironi fi (2) gidduugalleesa Turkii gara kaaba kan Filisxeemota. Isaaniis kan wali galaaa daanga bara Dhaloota Kiristoos dura 1800 -1200 bitaniru. Gareen sanyii hiivaayitas yeroo jedhamuu jecha Heez jedhamuu wajjiin walitti hidhata qabachuu danda’a.

10:16 “Iyaabusahoota” isaan kun kan Saaleem yookaan kan Jeebuus booda irraatti kan Yerusaleem jirattoo magalichaa turan (BDB 101).

■ **“Amooranoota”** jechii kun (BDB 57) jechaa wal-makka Amoorotaa ta’uu danda’a (Seera uumama 15:16) akkuma jecha Kana’anoota.” Badumma” hiika jedhuu qabaachuu akka danda’uu tilmaamna (akkuma jiruutti maqaan isaa “warra lixaa” jechuu yemmuu ta’uu) Kana’anoota “Gammoojumma” hiika jedhuu waaan qabaatuufidha. (akkuma jiruutti hiikii isaa “biyyaa Amirahoota”. Macaafa Qulqulluu keessaatti bakkaa baay’eeti dubbatamaniru. (1) sanyii garee lamaa Seera uumama 13:7, 34:30, Abbota firdii 1:4, 5, (2) uummata torbaan Seera keessa deebi 7:1, Iyaasu 3:10, 24:11, (3) Kan uummata kudhani Seera uumama 15:19-20, fi (4) Baay’ee kan barratamee fayadamma kan ta’uu mogafamma uummata ja’ati, innis yeroo baayee fi Peentatiyotni fayidaa irraa oolera.

■ **“Gargeesahoota”** kun sanyii Kana’anoota yemmuu ta’uu baayinnaan sanyii Kana’anoota tarreefamma keessati yeroo hundumaa mogafama (BDB 173, Seera uumama 10:16, 15:21, Seera keessa deebi 77:11, Iyaasu 3:10, 24:11, Namiyaa 9:8, isaaduraa seena bara 1:14) Haa ta’uu malee naannoon tokkoyyuu raawwate hin beekamne.

10:17 “Ewiyahoota” isaan kun jiraatoo giddu-galeessa Filisxeemoota ta’un isaani in hafuu (BDB 295). Muraasni isaaniin kan ibsan warra Hurihaniis wajjiin. Seera lakkofsa 13:19 guudunfa tessuma lafaa gaaidha, isaan kanaaf Filisxeemooti sanyii qoqoodamanidha.

■ **“Aruukehoota”** kun kan ta’uu gara kaaba Sidooniin magaalota moggaa garbaa fi jiratoota biyyaa bishaan gidduti (BDB 792)

■ **“Sininim”** kun jiratoota cinna magaala Arkee fakkaata (BDB 696).

10:18 “Areedohoota” kun kan dubbatu gara kaaba Filisxeemoota fi moggaa garbaa fi jiratoota biyya bishaan gidduu citaani jiran fakkata (BDB 71). Akkumma gosa lammaan armaan olitti, gara kaaba Tiriiboolitti.

■ **“Amatitahoota”** kun kan argisisuu jiratoota magaalaa Garba Oroontoos jiraatanidha (BDB 333)

10:19 “Sadoomii fi Gammora akkasumaas Adaamaa fi Sobohiin” isaan kun magaalota bakkee irraa jiraatan yemmuu ta’an booda irratti Waaqayyo isaan balleessera. Isaanis moggaa kaaba garba du’aatti argamu.

■ **“Laasa”** Jaaroom akka jedhuutti kan gara baha garba du’aati ture (BDB 546).

10:20 Kun akka lakkoofsa 5 guddunfa rammadilleeti.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haara 10:21-31

²¹Seemiifis immoo ijoolleen dhalataniru; Seem obboleessa Yaafet isa angafa; sanyii ijoollee Ebeer hundumaafis isatu abbaa ture*. ²²Ilmaan Seem immoo Elaam, Ashuur, Arfaaksaad, Lud, Aaram turan. ²³Ilmaan Aaram immoo Uz, Hul, Geterii fi Maash*. ²⁴Arfaaksaad Shaala dhalche, Shalaan immoo Ebeeriin dhalche; ²⁵Ebeeriif ilmaan lama in dhalatan; bara inni tokko dhalate lafti waan hirmaatameef maqaan isaa “Feleg” jedhame; (“Feleg” jechuun “Hiramuu” jechuu dha). Maqaan obboleessa isaa immoo Yoqxaan ture. ²⁶Yoqtaan ilmaan dhalche. Isaaniis Almoodaad, Sheef, Hasarmaawet, Yaaraa, ²⁷Hadoraam, Uzaal, Diqilaa, ²⁸Obaal, Abiimaa’el, Sheebaa, ²⁹Offiir, Hawiilaa fi Yobaab turan; warri kun hundinuu ilmaan Yobxaan. ³⁰Lafti taa’umsa isaani Meshaadhaa ka’ee karaa Sefaar hammaa tulloota gara ba’a-biiftuutti in bal’ata. ³¹Ilmaan Seem warri akka qomoo qomoo isaaniitti, afaan afaan isaaniitti, biyya biyya isaaniitti, saba saba isaaniittis lakkaa’aman isaan kana.

10:21 “Seem” kun jechaa Ibiroota “Maqaa” jechudha (BDB 1028 II). Fayadamni isaa in mul’ata, sababnii isaa asi irratti 11:10-26 irratti dubbatamuu isaati. Boqonnaa 10:11 irratti sabnii hamaan jiran matuma saaniitiin “maqaa” ijaaraniru. Maqaan isaas 4:26 wajjiin wal-qabata (jechuun maqaan Yahiwee haa kabajamu) innis eebba hidda dhaloota isa bakka bu’a (12:2).

■ **“Hebor”** hundeen jecha maqaa kanaa “Hibiroota” jecha jedhuun baay’ee wal fakkaata. (BDB 720 II), innis kan inni argisisuu kan Yihudoota irra garee bal’adha. Falmiwwaan hedduun adeemsifamaniru. Bakka Heebora fi bakkewwaan heddu bishaan giddu jiru fi Isteels, innis Gibxitti “Heebriv” jedhamee kan wamaamu giddutti kan argamu hidda. (Uumamaa 14:13). Laa’eboor ta’uu kan danda’u hundeen dhugaa jechoota “irraaniis keessaaniis darbuuf, “yemmuu ta’uu kunis hubachuu kan barbaadu lammiiwwan bakkaa bakkatti deemuun jiratan.

■ **“Angafnii Yaafeti inni guddaan”** Rashii kan jedhu Hibirichi filachuuf wallalchiseera, eenyuyyuu angafa akka ta’e.

10:22 “Helaam” kun mooti isa gudda dhSa, karaa bahaan karaa lagaa Xeegiroos, magaalaa guddoon isaas Suusaan kan ture. Kun tarii gareewwaan karaa moggaa bahaan jiraatan kan boqonnaa (BDB 743) kan ibsaman ta’a.

■ **“Asoor”** kan (BDB 78) kan argisisuu danda’u (1) Nama dhuunfa (2) magaala yookaaan (3) Uummatoota (jechuun Soriyaadha).

■ **“Arfaakiisid”** kun (BDB 75) ta’uu kan qabuu garee sanyiwwaan kara kaaba Naanawweetiin jirudha. Magaalaa guddaan Soriyaa kan biraan. Hiikaan NIV Arfaaksad qaba.

■ **“Luudii”** kun tarii kan agarsisuu uummata Liidiyahoota Eshiyaa xiqqaatti (BDB 530). Heroduutus kan jedhu, isaan Naanawwee irra isa tokko ta’uu isaaniti kan isaan dhiyeesan, magaalaa Seemawi.

■ **“Araam”** kun kan argisisu, bakka ammayooftuu Sooriyaati. (BDB 74).

10:25 “Faaleq” kun hidda dhaloota addaati Abiraham kan ittiin dhufu, inniis 11:18-27 tarreefama dhaloota keessatti guutuuma guutuutti mula’teera. Inni jechuu kan barbaadu “qoqqoodamudha” (BDB 811 II).

■ **“Bara sanatti lafti qoqqodamteetti”** waan ta’eef akkuma jiruutti jechi Hibiroota kan jedhu “yaa’aa jal’isii” yemmuu ta’uu, innis kan inni ittin wali galuu kibba Mesopotamiyaati. Haa ta’u malee hundeen jechaa kan inni ittiin beekame “qoqqodamtoota” (BDB 811, KB, 928 Niifal kan xumurame). Bakka kanatti sirni sagalee jira, Faaleeqii fi qoqqodama (Nifileeqa) gidduuti. Kun tarii kan argisisuu boqonnaa 11 irratti kan argisisuu qoqqodamina qooqaati waan ta’eef kan boqonnaa 10 tatamsa’ina seena duraa boodatii ala, boqonnaa 11 wajjiin yeroo wal-bira qabamu.

10:26-29 kun sanyii Arabootaa kan dhoksuudha.

10:28 “Saabaa....Avilaa” kun lakkoofsa 22 kan qabu Aseeriin cinaatti qabachuu kan danda’u, lamaan isaanii tarreeffama kaamiif tarreeffama Seemidha. Kun sababi ta’eef tokko illee (1) Ari’atama tessuma lafaa (2) Lolaan injifannoo gochuu yookaan (3) Gareen lamaan fuudhaaf heerumaan wal-makuu isaaniiti. Tarreeffamni kun karaa baay’eedhaan, adda addaan (adda) miti.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haara 10:32

32 Qomoon ijoollee Nohi, akka hidda dhaloota isaanii fi akka sabasaba isaanitti isaan kan turan; bishaan badisaa booddee, sabni garaa garaa isaan kana irraa argamanii biyya lafaa kana irra in tatamsa’an.

GAAFFIILEE MAREE

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Seera uumamaa 10 akkeeki isaa maalidha?
2. Naamiruud bifa addaan qophaa isaati maaliif ilaalamuu danda’e?
3. Isiraa’eel, Mohaabii fi Heedomi tarreeffama uummata kanaan gidduutti maaliif hin dubbatamne?

SEERA UUMAMAA 11:1-32

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

UBS4	NKJV	NRSV	TEV	NJB
Afaan Ammayyaa Walmake Baabel	Gimbii Baabiloon	Gimbii Baabiloon	Gimbii Baabiloon	Gimbii Baabiloon
11:1-9	11:1-9	11:1-9	11:1-9	11:1-4
Dhalootee Seem	Dhalootee Seem	Dhalootee Abraihaam	Dhalootee Seem	11:5-9
11:10-11	11:10-11	11:10-11	11:10-11	Abboota Bishaan Badiisaa Booda
11:12-13	11:12-13	11:12-13	11:12-13	11:10
11:14-15	11:14-15	11:14-15	11:14-15	11:10b-11
11:16-17	11:16-17	11:16-17	11:16-17	11:12-13
11:18-19	11:18-19	11:18-19	11:18-19	11:14-15
11:20-21	11:20-21	11:20-21	11:20-21	11:16-17
11:22-23	11:22-23	11:22-23	11:22-23	11:18-19
11:24-25	11:24-25	11:24-25	11:24-25	11:20-21
11:26	11:26	11:26	11:26	11:22-23
11:27-30	Dhalootee Taaraa	11:27-30	Dhalootee Taaraa	11:24-25
11:31-32	11:27-30	11:31-32	11:27-30	11:26
	11:31-32		11:31-32	Dhalootee Taaraa
				11:27
				11:27b-30
				11:31
				11:32

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaadanama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QABIYYEE BARREEFAMA YAADA WALI GALAA.

- A. Boqonnaa 10-11 seena duraa dubaa isaa hin eeganne.
- B. Hagamillee wal-makuun Afaani, tatamsa'ina namoota waliin bu'a dheekamsaa yoo fakkateyyu, inni sabummaadhaaf guddini inni qabu hanga kanatti. Innis gara sochii siyaasa Addunya tokkotti. Kanaafis, kun akka eebba waaqayyoo godhame fudhatama.
Kiristaanafii, guyyaa ayaana shantaamaffaa siidaa baabeliifii faallaa qo'aanna waa'ee Waaqayyoo ture.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 11:1-9

¹Bara sanatti namni lafa irraa guutummaatti, afaan tokkichaa fi haasa tokkicha qaba ture.²Namoonni ba'a biiftuutii yeroo godaananitti, biyya Shiina'oriitti bakkee diriiraa argatanii achi qubatan.³ isaan, "kottaa, suphee dhoofnee cimsinees ibiddaan ni gubnaa!" waliin jedhan; qooda dhagaa xuuphiin, wal qabachiisuuf immoo leeleen isaaniif ni hojjete; ⁴Yommus, "kottaa, mandara riqaan isaa bantii waaqaa bira ga'u tokko ofii keenyaaf ni ijaarrannaa, nuyi guutummaa lafaa irra diidatti akka hin bittimmoofnetti ittiin maqaa ni godhannaa!" jedhan. ⁵Waaqayyoo yommus mandarichaa fi riqaa isa ilmaan namaa ijaaran ilaaluudhaaf gad bu'e*;⁶ Inni, "kunoo, isaan saba tokko, hundumti isaaniis afaan tokkicha dubbatu, kun wanta isaan hojjechuuf jiran keessa isaa jalqabaa ti; egaa wanta isaan hojjechuuf yaadaa qaban keessa, tokkollee kan isaan bira ga'uu dadhaban hin jiru."⁷kottaa gad buunee, inni tokko afaan isa kaanii akka hin dhageenyetti, afaan isaanii duraa waliin ni maknaa!" jedhe*.⁸Achiis Waaqayyoo guutummaa lafaa irra isaan bittimse; isaaniis ijaarsa mandarichaa achumatti ni dhiisan*.⁹ Waaqayyoo achitti afaan guutummaa lafaa waan waliin makeef, maqaan iddoo sanaa "Baabel" jedhamee moggaafame; ("Baabel" jechuun" waliin makamaa" jechudha) achiis Waaqayyoo guutummaa irra lafaa irra namoota ni bittimse*.

11:1 "Guutummaan biyyaa lafaa hundumtuu afaan tokkoo fi haasaa tokkiicha qaba ture" boqonnaan 11 kan ibsu boqonnaa 10 irraatti kan ibsamee tatamsa'uu isaanitti.

Afaan tokko kun innis walumaa galatti deebi'ee garaa Eedeenti yeroo deebi'u, afaan Ibiroota miti. Barrefamnii afaan durii warra qarooman birratti kan beekkamuu, Konfoormii Sumeeriyaan yemmuu ta'uu, barri isaas dhaloota Kiristoos duraa bara 3000 fulduraan kan ta'e (ABD, keeyyata 1 fuula 1213), Kanaaf Aadaan saa Dhaloota Kiristoos dura bara 10,000-8000ti.

11:2 "Ba'a biiftuutti yeroo godanaani" kun hubachiisu kan inni yaalu Doonichi bakka jiru, gaara Haaratati irraa fageenya sochii inni qabudha. "Godaanan" jechi jedhu "harkisuu" jechudha. (BDB 652, KB 704) Ijaarsaa Infinitifi). Messopotamiyaan kibba Ba'ati, gaara Haraarati irraa (innis Turkii ishee ammaa qabatee gara Iraanittii ce'a).

■ **"Ardii Seenahool"** kun kan argisiisuu Mesoobotamiyaa ishee gara gadiitti jirtu ykn Babiloon, akkasumaas Kaalada (BDB 11042).

11:3 Lakkofsii kun xiyyaafannoo tokkofi kan walii wajjin deemu bocaa wal simaattuu lama qaba. Kunis kan ibsamuu tooftaa dubbifama innis gama seenaatiin Mesoobotamiyaaf ifaadha. (Ragaa kan hin qabne). bakka kanaattii dhagaan hin jiruu waan ta'eef xuubiitu gubaata ture. Macaafa qulqulluu hiikaa King Jamsi "dhoqqee" kan jedhu qaba, kun garuu ifatti kan argisiisuu guraacha, wanta walittii qabsisuu innis bakka kanati kan danfudha. isas reenji, asfaaltii yookiin atalaa zayiti jenne waamna (BDB 330, 6:14).

11:4 Lakkoofsi kun tokko xiyyafannoodhaa fi lama kan wal simuu kan hin xumuramne yoo jiraate bu'aa irra kan oole akka wal simsiisuutti. Akka kun ibsutti waan afur kan ammatee fakkaata. (1) Magaalichaa fi siidichaa ijaaru, (2) Yeroo sanatti qabiyyeensaas caasaasa yeroo sana ture irraa adda kan ta'edha. (3) Isaaniif maqaa akka ta'u barbaadaniruu. akkasumaas (4) Isaan bakka fagootti akka tamsa' aan hin barbanne. jechuun, (Biyyaa lafaa hundumaa irratti). Hiikii saa sirritti kan ammansiiisuu miti. Baayeen saani akka jedhanitti inni kan walittii dhiyaatu Baabilonicha

Ziguraati wajjin. Haa ta’u malee jechii Ibiroota Migidalidha. Innis yeroo hiikamu “Siidaa da’oodha” (BDB 153, Abbota Firdii 8:9-17). Innis ilmi nama Waaqayyoorra fagachuuf of ijaaruuf yaalii isaan godhanidha. kanaaf fedhaa isaa fudhachuu diduudha. Filoon akka jedhuttii tokkoon tokkoon xuubii irratti maqaa isaani barresaniru, akka ni tattamsaaneetti. Kun fakkenyaa oftuumma nama isa jalqabatti, gurma’aani Waaqayyoorraa fagaatanii hojjechuun (Dani’eel fi Mul’ata 18 fi 19).

■ **“Siidaa mataan isaa Waaqa birra gahu”** uummatni Messopotamiyaa saba waaqa tolfamaa waaqessudha, (jechuun samii fi ifaa kan kennuu waaqa tolfamoo turaan). Siidawaan kun lafa ol ka’arra kan isaan turanif, halkaan keessa samii hubachuufi. Isaaniis waaqni tolfamaan bakka itti waaqefamaani fi kan isaan itti wal qunamaan ture.

11:5 kun baayee kan Antiropamorfiyaadha. (18:21; Seera Ba’uu 3:8).

11:7 “Kottaa gadii buuna” jechii kun goochimmni xiyyafanno (dirqisisaa) kan wal fakkatan lama qaba kan walsiman walmaktuu lamaa wajjin. Kun booca lakkofsaa baayeetti, innis kan akka 1:26; 3:22. kutaan kun afaan ingilifaatiin ammam Antiropamorfihoota yoo fakkateyyuu inni akkaataa Waaqayyoon biratti dadhaabii nuyi qabnu hin agarsiisu. Garu akka gocha ayyanichatti innis cubbuun kan guutamee ilmaa nama jireenyi isaani gara kufaatitti akka hin deemsifnee kan inni itti dhabachiisedha (Roome 1-3).

“Iini” kan jedhuu gochaan Waaqayyumma “inni” kan jedhuu jalinaa namoota morma (lakkofsa 3,4,7).

11:9 “Baabi’eel” hubatamu kan qabu wanta dirqisisaa ragoolee barreefamaa Arkiyoolojii barreefama lafaa gochuudhaaf innis aadaa Sumaariyaa, Messopotamiyaa ta’e kan ibsamee yeroo kana namni hundumtuu afaan tokkoon akka dubataa turaanidha, (jechuun Samuu’eel, Noohii, Kiramer barreefamaa isaaratti “Qooqa Baabi’eel, kan Sumeeriyaaraa dhufee” kan uummata Ameerikaa orentaal, 88:108-111). Kan warra Ibrootaahiddi jechaa beekamaan kan “wal makedha.” (jechuun Baalal, BDB 93), innis ibsuudhaaf kan yaalu Waaqayyoo afaan tokkicha isaan qaban akka waliin makeedha. Jechii Baabi’el jedhuu “balbala Waaqayyoo jechudha.” (Akaadiyaan Baab-Ilani), innis kan birraara maqoota Ziguratis waliin baayee wal fakkata, isaaniis caasaa gudda kan qaban ta’era, mataa isaani irratti waaqa tolfama Astira’eel mana waaqefana qabu. Babiloon fakkenyaa biyya lafaa isa jabaa kufe ta’era, innis fakkenyaa Namirudin kan isa godhudha booda immoo Nabukedenastor akkasumas dhumma irratti bineensa galaana keessa mul’ata Yohaaniis irratti ibsameedha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 11:10-11

¹⁰Hiddi dhaloota sanyi Seem kanatti fufee ni lakka’ama; Seem dhalatee waggaa dhibba tokkott rfaaksaadin dhalche; kunis bishaan badiisaa booddee waggaa lamatti ture*. ¹¹Arfaaksaad erga dhalatee booddee, Seem waggaa dhibba shan jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas ni godhate.

Sanyiin Seem hiddi dhaloota Masihii akka itti fufuu taasiseera, Seeti irraa Seera Uumamaa 5:3-32 fi 10:21-31. Hiddii kun kan itti fufuu Taara (Abrihamidha 11:10-25 (Luqaas 3:23-38)).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 11:12-13

¹²Arfaaksaad dhalatee waggaa soddomii shanitti shalaa dhalche; ¹³Shalaan erga dhalatee booddee, Arfaaksaad waggaa dhibba afurii fi sadii jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas ni godhate.

Dhoksaan barreefama kana Qaa’eeniin dabala lakkoofsa 13 irratti, Garu SEPT kan inni dabalatuu Luqaas 3:36 akka jedhedha.

■ **“Saala”** BDB 1019 II ilaali

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 11:14-15

¹⁴Shalaan dhalatee waggaa soddomatti Ebeerin dhalche; ¹⁵Ebeer erga dhalatee booddee, Shalaan waggaa dhibba afurii fi sadii jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas ni godhate.

■ **“Eeboor”** BDB 720 ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:11:16-17

¹⁶Ebeer dhalatee waggaa soddonii afuriitti Felegin dhalche; ¹⁷Feleg ergaa dhalatee booddee, Ebee waggaa dhibba afurii fi soddoma jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas ni godhate.

❑ “Faaleqi” BDB811 II ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:11:18-19

¹⁸Feleg dhalatee waggaa soddoomatti Re’uu dhalche; ¹⁹ Re’uun erga dhalatee booddee, Feleg waggaa dhibba lamaa fi sagal jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas ni godhate.

❑ “Re’uu” BDB 946 ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:11:20-21

²⁰Re’uun dhalatee waggaa soddoomi lamaatti Seruugin dhalche; ²¹Seruug erga dhalatee booddee, Re’uun waggaa dhibba lama fi torba jiraate.

❑ “Seruug” BDB 974 ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:11:22-23

²²Seruug dhalatee waggaa soddoomatti Naahoorin dhalche; ²³Naahor erga dhalatee booddee, Seruug aggaa dhibbaa lamaa jiraatee, ilmanii fi intaloota biraas ni godhate.

❑ “Naakor” BDB 637 ilaali

GAAFFIILEE MAREE

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Siidaan Babiloon maal turee?
2. Seera Uumamaa boqonnaa 11 irratti namni Waaqayyoon mormuuf yaalii inni godhe maalii?

Seensa Seera Uumamaa 11:24-13:18 irratti

- A. kutaan Seera Uumamaa kun kan inni jalqabuu hidda sanyii Masihicha Abraham keessatti ibsudha.
- B. Macaafnii Seera Uumamaa boqonnaan shantamanu xiyyefanaan isaa saba kakuu Waaqayyoo qabu fayisudha malee Umamaa irratti miti, tokkoo waamuudhaan hundumaa keenya waamu isati akka xiyyeffannoo Macaafichatti.
- C. Abiraham kan ilaalamee dadhabi isaaf akkasumas amanamummaa isaatin. Waaqni haraara kayyoo fayisuu isaatiif isaa waame.
- D. Waaqayyoo Abirahamiin fo’achuun isaa biyya lafa fo’achuuf(12:3; Seera Uumama 19:4-6; IIPHaxiroos.2:5-9; Mula’ta.1:6). Waaqayyoo namoota fakkenyaa isaatti uumamaan akka fayyaan barbaada.(Seera Uumamaa.3:15; Hisqi’eel.18:23,32; I Ximo.2:4; II Phexiroos.3:9)
- E. Taalmudi waamicha isaa LXX eebba agarsise.
 1. Abraham abbaa saba guddaa ni ta’a.
 2. Innis bara jireenya isaa ni eebbifama.
 3. Maqaan isaa beekama ta’a.
 4. kan biraaf eebba ni ta’a.
 5. Isa kan ulfeesan kan biroon ni eebbifamu.
 6. Isa kan hin simane kan biroon ni abaaramu.
 7. Dhiibbaan isaa guutummaa addunyaa irratti ta’a

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:11:24-25

²⁴Naahor dhalatee waggaa digdamii sagalitti Taaraa dhalche; ²⁵Taaraan erga dhalatee booddee, Naahor waggaa dhibbaa fi kudha sagal jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas hin godhate.

11:24 “Taaraa” “Taaraa” jechuun kan inni ta’uu danda’u “turuu,” “turuu,” yookaan “biyyagadidhiisuu” dha (BDB 1076). Iyaasu 24:2 irraa ka’uudhaan isaas ta’ee maatiin isaa hordoftoota Waaqollii tolfamoo akka ta’e ifaadha. Maqaan maati isaatti dursa kan agarsisaan, Waaqa tolfamaa Ji’aa ishe Ziniini jedhamtudha. Isheenins biyyoota Uuri, Teema, fi Kaaran waaqefamti turte. Haa ta’uu malee, Seera Uumamaa. 31:53 kan agarsisuu inni Yaawiyee akka beekudha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:11:26

²⁶Taaraan dhalatee waggaa torbaatamatti Abraam, Naahorii fi Kaaraan dhalche*.

11:26 “Abraam, Naahotii fi Kaaraan” bu’aan kana tartiiba isaa yoo ta’e malee kan umurii ta’uu dhiisu danda’a. Maqaan Abraham jedhu maqaa ta’u kan danda’u (1) “Abbaa kabajamaa”; (2) “Abbaa Ulfinaa”; yookaan (3) “Abbaa ulfina Abbaa kooti.” Waan jedhu fakkaata. (BDB 4). Naahor maqaan jedhu “Arganuu” afuura gargar cicituu yookaan maqaa biyyaa Soriyaa keessa bakka tokkoo kan agarsiisu yeroo ta’u (BDB 637), Haaran jechuun immoo “Tulluu” jechudha (BDB 248).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:11:27-30

²⁷Hiddi dhaloota sanyii Taaraa kanatti fufee ni lakkaa’ama; Taaraan isa Abraamiin, Naahorin Kaaraanin dhalchee dha; Kaaraan immoo isa Looxin dhalchee dha. ²⁸Kaaraan biyya itti dhalate, Ur biyya Kaldootaatti abbaa isaa Taaraa dura ni du’e. ²⁹Abraamii fi Naahor niitii ni fuudhan; maqaan haadha manaa Abraam “Saaraayi”, maqaan haadha mana Naahor immoo “Miilkaa” ture; Milkaan intala Kaaraan; Kaaraan kun immoo abbaa Miilkaa fi Yiiskaa ture*. ³⁰Saarayi dhabduu turte, mucaas hin godhanne*.

11:27 “Looxi” BDB 532 II ilaali.

11:28 “Haaraaniis abbaa isaa dura du’e” kun haasa ciigoo (qaxaamuraa) Ibirotaati. Haaraan abbaa isaa dura waa’ee du’uusaa.

❑ “Uur biyyaa Kaldootaatti” aadaan warra Kaldaanota kan inni guddataa dhufee (jechuun ciminaaf gabina aadaa warra Sumeriyanoota) kanaaf bara Abbiraham booda gudata dhufe (BDB 505).

11:29 “Saara” BDB 979 ilali.

❑ “Miilkaa” BDB 574 ilali.

❑ “Kanaaf Yoosikaa”, namni kun (BDB 414) kanaaf dhoksaan lakkoofsa kanaan argamu isa hin beekamne. Barsisoni (Akkasumas Joosefas, Jeroom, fi Awugisxinoos) isheen Saaradha jedhu, haa ta’u malee barrefamichi kan dubbatu abbaan saani tokkoo akka hin taanedha.

11:30 “Saaraan dhabdu turte” kan Saara, Raahel, fi Ribqaa dhala godhachuu dadhabu isaani (BDB 785) tokkoffaan kara Waaqayyoo itti gargaarameef ragadha. Jechuun inni humnaa isaatti fi seenaa namoota akkasumas dhaloota akka to’atu agarsisuudhaaf. walhormaata namoota Masiihiif isa guddaa bifa hidda dhaloota miti.

Kun wal fakkata kan ta’e bifa qo’anna amala Waaqayyuma kan qabu seenan Isira’eeli kan ittin mula’atu dhugumma ilma angafaa hidda dhaloota Masiihiicha akka hin taanedha Akka Aadaati ilmi angafii dura-bu’a gosaatti garuu saba Yaahiwee giddutti kun hin ta’u!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 11:31-32

³¹Taaraaniis Abraamiin ilma isaa, Looxiin ilma ilma isaatii ilma Kaaraan, saarayin haadha manaa Abraam ilma isaati fudhatee, walii wajjin Ur biyya Kana'aanittii ka'anii gara biyya "Kaaraan" jedhamu yeroo dhufan achuma taa'an.³²Taaraan waggaa dhibba lamaa fi shan jiraatee, Kaaraanitti ni du'e.

11:31 "Isaaniis ni ba'aan" maree bal'aan geggefameera, Taaraan maatii isa fudhe akka ba'e yookaan Abiraham fudhate akka ba'edha. Namooni tokko tokkoo akka jedhanitti Waaqayyoo dura Taaraa waamee, Haa ta'u malee inni gara waaqa tolfamaatti deebi'e jedhu. Abraham Uuriin yeroo gad dhiise firoota isaa qofa hin dhiifne, Waaqa tolfama biyyichaas dhiiseera.

11:32 "Umuriin Taaraa dhibba lamaa fi shan ta'e" eenyullee 11:26 ; 12:4 irraa kan jiruun yoo walitti eda'amee waggaa 145 ta'a. Akkasumaas isa kana 205 irraa yoo hir'ise Taaraan kan inni ta'u, Abraham Kaaraaniin erga gadi dhiise booda kan inni jiratee waggaa 60 ta'uun isaa ifadha. Kun lallaba Isxifanoos Hojjii Ergamoota 7:4 irra kan jiruu wajjiin kan wal falleessuu fakkata. Baayeen isaa biifni teessuma seena Isxifaanoos amma kan nutii beeknuu kakkuu moofa wajjiin wal faallessa. Tarii inni kan gargaramee tooftaa hiikaa Barsisoota ta'u danda'a. beektootni biroon kan jedhan Abraham kaminillee yoo ta'e yeroo jalqabaa 11:26 irratti yoo galmaa'elle kan inni dhalate baayee tureetti, Isxifanoosi sirridha jechudha. Kan nama aja'ibsiisuu Pentatonni warra Samariyoota iddoo kanatti "144" qabaachuu isaati.

BEEKSISA AMNTII

Ani hundumaan olitti waa'ee ibsa ejjennoo amntiif dhimma hin qabu. Ani Kitaaba Qulqulluu mataa isaa mirkaneeffachuun filadha. Garuu ibisi aejjennoo amantii kootii jarreen ilaalcha barsiisa kootii qorachuu arbaadaniidhaaf karaa akka agarsiisu nan amana. Bara keenyatti dogoggorsii fi gowwomsaan barnoota amantiiheedduun ni jiru, armaan gaditti goollabbiin barnoota amantii kooti ni argamu.

1. Macaafini Qulqulluun lachanuu Kakuu Haaraanii fi Kakuu Moofaan, kan hafuura Waaqayyoon dhufan, kanhin kufine, abo qabeessa, sagalee Waaqayyoo jiraataadha. Inni karaa Waaqayyoo ofii isaa mullise namootaan kan barreeffame geggeessaa sammuu namaa oliitiin. Inni waa'ee Waaqayyoo fi kaayyoo isaaf dhugaa qulqulluudha. Inni ammas dabalataan amantiitif madda tokkicha fi Waldaa isaatiif shaakala.

2. Baraa tokkotu jira. Inni uumaa kan argamanuu fii hin argamnee waan hundumaati. Inni ofii isaa kanmullise akka jaallataa fi kunuunsatti ta'us inni dabalataan dhugaa fi sirriidha. Inni karaa sadiin of mulise: Abbaa, Immaa fi Hafuura Qulqulluu, kan gara gara ta'an garuu Waaqayyoo tokkicha.

3. Waaqayyoo biyya lafaa kana amma eegaa jira. Uumama isaaf kaayyoo hin jijjiramne bara baraa fi akkasuma dhuunfaatti fedhii ilma namaa hayyamu irratti kan xiyyeeffate lammantu jira. Hayyama fi beekumsaa Waaqayyoo malee humtuu hin ta'u. Ammayyuu filannoo dhuunfaa namaa fi ergamootaaf ni hayyama. Yesus nama Waaqayyoon filatamedha akkasuma immo hundumtuu isaan filatamuu. Waaqayyoo waantota ta'an duraan dursee beekuun isaa utuu humtuu hin barreeffammin dursee fedhii namootaa gad hin hirrisu. Hundi keenya waan hokjjennee fi dubbanneef itti gaafatamummaa qabna.

4. Ilmi namaa, bifa Waaqayyootii fi cubbuu malee uumamu illee, Waaqayyoo irratti finciluu filate. Ta'us karaa uumamann gararraa ta'een qorame, Addaamiif Hewaan ofii isaaniitiin kan filataniif itti gaafatamummaa qabu turan. Fincila isaanii namummaa fi uumama irratti rakkoo fide. Hundi keenya haala walii galtee keenyaa karaa Addamii fi fincila fedhii keenyaaf dhuunfaatiif araraara fi ayyaana Waaqayyoo nu barbaachisa.

5. Waaqayyoo namummaa kufeef karaa dhiifamaa fi haarominaa qopheesse. Gooftaan Yesuus ilmi addaa Waaqayyoo nama ta'e, jireenya cubbu maleeyyii jiraate, karaa du'a bakka bu'iinsaatiin, gatii cubbu ilma namaa kaffale. Inni haarominaa tokkummaa Waaqayyoo wajjiniitiif karaa isa tokkicha. Karaan fayyinaa kan biraa hin jiru hojii inni xumuretti amanuun malee.

6. Tokkoon tokkoon keenya dhuunfaa keenyaatti kenna dhiifamaa Waaqayyoo fi haaromina Yesuusiin arganne. Kun kan inni raawwatame karaa fedhii mataa keenyaatiin abdi Waaqayyoo karaa Kiristoosiitti amanuudhaa fi cubbuu beekamaa irraa fedhii guutuudhaan deebi'udhaa.

7. Hundumti keenya gutummaa guutuutti dhiifama arganneerra Kiristoositti amanachuu keenyaa fi cubbuu keenya irraa deebi'udhaan. Garuu kun walitti dhufeenyi haaraan kun kan ittiin ilaalamu jijjiiraa fi jijjiirama jireenyaatiin. Galmi Waaqayyoo namummaadhaf qabu gaaf tokko Samii irratti qofa miti, amma Kiristoosiin fakkaachuudha. Jarreen dhugumaan fayyan, darbee darbee cubbuu ni hojjetu, amantii tti fi qalbii diddiirachuu bara jireenya isaanii ittuma fufu.

8. Hafuurri Qulqulluun "Yesuus kan biraa" Inni warra badan gara Kiristoositti fiduu fi jireenya Kiristoos fakkaatu warra fayyan keessatti guddisuudhaaf biyya lafaa kana keessa jira. Kenna hafuura yeroo fayyinaa kennamu. Jarri jireenyaaf tajaajila isaa dhagna isaa, waldaa kiristaanaa gidduutti. Kennaawwan jalqabumaan iyyuu amalaa fi fedhiin Yesuus kan kaka'uu barbaachisan firii hafuuraatiin. Hafirichi akkuma bara Kitaaba Qulqulluu turetti bara keenyattis hojii irra jira.

9. Waaqayyoo abbaan Yesuus Kiristoos isa du'aa kaafame waan hundumaa irratti abbaa firdii isa taasise. Nama hunduma irratti firdii kennuudhaaf inni gara biyya lafaatti deebi'ee dhufa. Jarreen Yesusitti amananii fi maqaan isaanii galmeeta kitaaba jireenyaa isa kan Hoolichaa irratti barreeffame yeroo inni deebi'ee dhufu dhagna isaanii isa ulfina qabeessa argatu. Isaa wajjin bara baraan ta'u. Garuu jarreen dhugaa Waaqayyootiif deebii laachuu didan gammachuudhaaf walitti dhufeenya sadan Waaqa tokkichaattii bara hanga bara baraatti gar gar ba'u. Seexanaa fi ergamoota isaa wajjin asabamu. Kun dhugumaan guutuu fi of eeggannoodhaan waan hojjetame miti. Garuu inni kun dhandhama barumsa kan hafuraa isa garaa koo irraa akka siif kennu nan abdadha. Ani hima kana nan jaalladha.

"Barbaachisoo irratti - tokkummaa, waan hin barbaachisne irratti - filannoo, karaa hundumaan- jaalala."